# WAAN AMANNE MAALIIF AMANNE

(Oromoo)

**By**

**J.C.Choate**

**Published by:**

**World Evangelism Publications**

**Winona, Mississippi**

© Copyright, World Evangelism Publications

This printing - 1,000 copies - 2023 – **Oromoo**

**InDesign Layout**: Shane Fisher

**Translated by**: Belay Kebede Areri
**WhatsApp number**: 0913611000.
**Email**: ddcoc321@yahoo.co.uk

**Websites**:
www.worldevangelismlibrary.org
www.gospelgazette.com
www.worldevangelism.org
www.worldevangelismmedia.com

Macaafa Kana Kaffaltii malee kan Argattan.
Waldaa Kristoos Dirree Dawa, Lakkoofsa saanduqa Poostaa 1376,
lakkoofsa bilbilaa 0913611000.

**Note**: Deebisaa isaa Waraqaa Adii irratti honjedhaa yeroo xumurtan Macaafaicha Nuuf deebisaa. Eebbifamaa.

## Waan amanne maaliif amanne

**YAADACHIISA BARBAACHISAA:-** Macaafni kun Qabeenya Waldaa Kristoosi, Macaafni kun Dhuma Barumsaa irratti Gaaffii fi Deebii qaba. **HADARAA MACAAFA IRRATTI HIN HOJJETINAA**:-Deebisaa gaaffii keessanii Waraqaa adii mataa Keessanii irratti guutaatii macaafichaa wajjin Teessoo armaan Olii irratti jechuunis Belay Kebede. Lakkoofsa sanduqa poostaa 1376 Dirree Dawaa, lakk. Bilbilaa 0913611000 email. ddcoc321@ yahoo.co.uk irratti erguu dandeessu. Yeroo ergitan Maaaa keessan, lakkoofsa bilbila keessanii fi magaalaa keessa jirtan barreessuu hin dagatinaa.

**Funded by**:
World Evangelism Publications
Winona, MS 38967

## QABEENTOTA


Barumsa 1. Waaqayyotti maaliif amanne..........................................................4
Barumsa 2. Krstoositti maaliif Amanne..........................................................7
Barumsa 3. Hafuura Qulqulluutti maaliif Amanne..........................................11
Barumsa 4. Macaafa Qulqulluutti maaliif Amanne..........................................15
Barumsa 5. Maaliif Seera jala hin jirru..........................................................19
Barumsa 6. Fayynni Maaliif barbaachise........................................................23
Barumsa 7. Wangeelli maaliif human Fayyna Waaqayyoo ta`e.......................26
Barumsa 8. Amantiin maaliif barbaachisaa ta`e.............................................30
Barumsa 9. Yaada garaa geeddarachuun maaliif barbaachise..........................34
Barumsa 10. Maaliif Cuuphamne....................................................................38
Barumsa 11. Abboomamuutti maaliif Amanne................................................41
Barumsa 12. Maaliif miseensa Waldaa Krstoos taane......................................45
Barumsa 13. Maaliif Krstiyaana Duwwaaa jedhamne.....................................48
Barumsa 14. Tokkummaatti maaliif Amanna..................................................52
Barumsa 15. Krstoos Maaliif Fannoo irratti du`e.............................................56
Barumsa 16. Krstoos du`aa ka`uu isaatti maaliif Amanne...............................59
Barumsa 17. Krstoos deebi`ee dhufuu isaa maaliif Amanne............................63
Barumsa 18. Harra`a Krstiyaanummaan maaliif Barbaachise..........................66
Barumsa 19. Dhiiga Kristoos keessa humni maaliif jira jenna.........................71
Barumsa 20. Bu`uurri Maaliif Barbaachisaa ta`e...........................................76
Barumsa 21. Haaraatti dhalachuu maaliif lalabna...........................................79
Barumsa 22. Bara kana Maaliif Cuuphaa tokkitti jedhama.............................83
Barumsa 23. Yaada Namootaa maaliif Sirri dha hin jennu.............................86
Barumsa 24. Maqaa Gooftaa Maaliif Waamna................................................90
Barumsa 25. Maaliif Haalaa fi amalli gaariin fayyinatti nama hin geessu........94
Barumsa 26. Waaqeffachuuf maaliif walitti qabamna.....................................97
Barumsa 27. Turban irraa guyyaa jalqabaa maaliif Waaqeffanna..................100
Barumsa 28. Irbaata qulqulluu maaliif fudhanna...........................................103
Barumsa 29. Maaliif waaqeffannaa irratti sagalee keenya qofa fayyadamna..106
Barumsa 30. Kadhannaatti maaliif Amanna...............................................110
Barumsa 31. Gara abbaatti kan geessu karaan tokkitti maaf ta`e..................114
Barumsa 32. Seexaanni jiraachuu maaliif Amanna.......................................118
Barumsa 33. Jannatatni jiraachuu maaliif amanna........................................123
Barumsa 34. Jahaannamni jiraachuu Maaliif amanna....................................127
Barumsa 35. Firdii isa dhumaatti Maaliif amanna.........................................132
Barumsa 36. Kristiyaanummaan maaliif Adda ta`e. .....................................136

## Barumsa 1
## Waaqayyotti maaliif Amanne

Bara kana biyya lafaa hunda keessatti yaadota wal morman, kan faallaa walii ta`antu baayyata. Gariin isaanii Waaqayyoh in jiru jechuudhaan jiraachuu Waaqayyo kan ganantu jiru, karaa biraatiin immoo Waaqolii Baayyeetu jiru, isaan kun immoo ilmi namaa dingata Uumame, waan jedhaniif, ilmi namaa hundinuu Uumamuu isaatiifis waa`ee isaatiifis itti gaafatamaan matuma isaati jedhu. isaan kana keessaa gariin isaanii Waaqolii tolfamoo, muka irraa, fakkii harka namaan hojjetame, bifa horii namaa fi kkf itti amanu. Ati kan kana dubbisaa jirtu isaan kana keessaa kami wajjin jirta? Maalitii amanta?

Ani Kristiyaanaa kan Kristoositti amane Miseensa Waldaa Krstoosi. Kanaaf iyyuu anii fi Obboleeyyan koo hafuuraa Waaqayyo Waaqa jiraataa fi dhugaa isa ta`etti amanna.innis isa Waan hundumaa kan Uuume, Waaqa jabaa, Waaqa waan hundumaa Beeku, Waaqa waan hundumaa danda`u, Waaqa iddoo hundumaatti argamuu fi jiraataa bara baraa ta`uu isaatti amanna. Inni Hafuura, wanti isa jalaa dhokate tokko illee hin jiru, Atis akka isatti Amanattu si jajjabeessuu jaalladha.

Maaliif akka Waaqayyotti amanannu gaaffii sitti ta`uu danda`a, yookanis si dinqisiisuu danda`a, Yoo gaaffii qabaatte waa`ee Amantii keenyaa gaafachuudhaaf mirga guutuu qabda. Nutis maaliif akka Waaqayyotti amanannu sababoota baayyee dhiheessuu dandeenya. Inni duraan dursaa Waaqayyo Uumaa wann hundumaa ta`uu amanuun sababaani, Samii fi dachii ykn Ardi ikan Uume tokkotu jira, akkuma Macaafni barreeffame barreessaa qabu, akkuma manni ijaarame Ogeessa ijaare qabu, akkuma Makiinaa ykn konkolaataan nama tolche qabu, Uumaan biyya lafaa fi jiraattota keessa jiraatan hunda kan Uume Waaqayyoodha. Macaafni qulqulluun barreeffama isaa jalqaba irratti akkas jedha “Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan waaqaa fi lafa Uume” (Seera Uumamaa 1:1) isa jedhu dubbifanne.

Inni lammataa warra dandeettii yaaduu qaban warra lubbuu qaban hunda kan Uume Waaqayyoo Isa bantii Waaqaa uumaa waan hundumaa ta`uu isaa in amananna. Biyyi lafaa kun Horii fi bineensa lubbuu qaban akkasumas biqiltootaan guutamuu duwwaa utuu hin ta`in, ilmi namaas akkuma isaan kanaa warra biyya lafaa keessa jiraatan keessaa Yaaduudhaan sammuudhaan Sadarkaa Ol`aanaa kan jiruudha. Ilmi namaa dandeettii ykn kennaa yaaduu fi Ubachuu qaba.kana duwwaa utuu hin ta`in ilmi namaa jireenya isaa keessatti guddina qaamaa fi hafuuraatiin guddachuu yeroo dhaa gara yerootti dabalaa deema.kana jechuunis barachuu fi beekumsa araga-

chuudhaaf dandeettii qaba. ijaaruu uumuu fi hojjechuu in danda`a. kanas kan godhe kan Uume Waaqayyo isa Uumaadha, kana malees Waaqayyo inni ilma namaa uume biqiltuu fi horii fi bineensota, lubbuu qaban hundumaa faayidaa ilmaan namaatiif akka ta`aniif kenne. Akka Caaffanni qulqullaa`oon nutti himanitti Waaqayyo Samii fi dachii uumee guyyoota itti aa`anatti immoo waan lafa irra munyuuqanii fi waan samii irra balali`an Simbirroo fi Qurx-ummii galaana keessaa dabalatee hunduma uumuu isaa dubbifanna, waan kana hundumaas eebbise, dhiiraa fi dubartiis Uumee isaan eebbise akkas jed-heen "Horaa Baayyadhaas, lafa guutaa, isas harka jala galfadha, qurxummii galaana irratti, simmbirroota qilleensa keessa balali`an irratti Uumama lafa irraa, munyuuqaa hundumaa irrattis mootummaa qabaadhaa jedhee isaan eebbise" (Seera Uumamaa 1:28)

Sadaffaan :- Waaqayyotu ilma namaa uume jennee amanna.sababni isaa Ilmi namaa uumaa lakkuuti lakkuu jechuun, Kan foonii fi Hafuuraan Uumameedha. "egaa Waaqayyo akka bifa isaatti nama Uume, akka bifa Waaqayyootti nama Uume dhiiraa fi dubartii godhee Uume" (Seera Uu-mamaa 1:27) kana adda baafachuudhaaf Waaqayyos Hafuura ta`uu isaa ubanna (Yohaannis 4:24), Waaqayyo akka fakkeenya isaatti nama Uume jechuun, waan ofii qabu kenneef jechuudha, innis Hafuura, akkas jedha "Waaqayyo gooftaan nama biyyoo lafaatti nama tolchee hafuura jireenya itti godhu funyaan isaaniitti in baafate, akkasitti ilmi namaa Uumama lubbuu qabaatee jiraatu ta`e" (Seera Uumamaa 2:7), egaa Waaqayyo akka isaatti Uume jechuun keessa ilma namaa bara baraan kan jiraatu hafuua keessa kaa`e, yeroo namni du`u qaamni isaa inni biyyoo irraa tolfame gara biyyooti deebi`a garuu hafuurri ykn lubbuun Waaqayyo biraa namaaf kenname gara Waaqayyootti ol in deebi`a,Ogeessichi Solomoom kana dubbata (Lallaba 12:7). Ilmi namaa Waaqayyotti amanuudhaaf kun iyyuu ragaa ga`aa dha, namni du`a jaallatu tokko illee hin jiru, haa ta`uuti duuti foonii isa maayyii ykn isa dhumaa miti, warri Waaqayyoon hin amananne, warri isa ganan, duuti foonii du`a isa dhumaati jechuudhaan du`a foonii akka Aaa`ara gal-fiitti lakkaa`u, garuu duuti foonii du`a isa maayyii isa dhumaa miti, du`a foonii booda jireenyatu jira, warri Waaqayyotti amananii abboomaman, ji-reenya bara baraa erga du`anii booda jiraatu, kana Krstoos yeroo nutti himu "waa`ee kanaa hin dnqisiifatinaa, warri du`anii Awwaalaman sagalee isaa yeroon itti dhaga`an in dhufa, isaan awwaala keessaa in ba`u, warri waan gaarii hojjetan jireenya argachuudhaaf in ka`u, warri waan hamaa hojjetan immoo firdiitti dhi`aachuudhaan in ka`u" jedha (Yohaannis 5:28~29).

Afraffaa :- Waaqayyootti in Amanna, sababni isaa,Tokkuummaa yeroo,

ykn waqtii, haala qilleensaa, jireenya biqiltuu, jireenya galaanaa, pilaaneetii, kkf, walm alee jiraachuu hin dandaa`an inni tokko isa tokko irratti dabaree dhaa walii isaanii irratti deggersa yookaan waan waliin qaban qabu, aduu fi urjiin, ji`oonni hundi fageenyi isaan gidduu jiru fageenya ogeessa kan ta`e Waaqayyoo herregameedha, taa`umsi isaaniis dinqiidhaan waaqayyoon tolfameera, Faarfataan Mootiin Daawwit akkas jedha "Bantiiwwan Waaqaa ulfina Waaqaa himaa jiru, wanti bantii waaqaa jalaan mullatus hojii harka isaa in labsa, guyyaan guyyaa isatti aanutti kana in dabarsa, halkanis halkan isatti aanutti waa`ee kanaa in beeksisa, isa kanaaf jechi, dubbiinis hin jiru, sagaleen isaaniishin dhagaa`amu, haa ta`u iyyuu malee, wanti isaan dabarsan guutummaa biyya lafaatti in ba`e, wanti isaan himanis andaara ga`e, gooftichi achi bantii waaqaa keessatti biiftuudhaaf godoo in dhaabe, isheen akka dhirsa misirroo diinqa isaatii ba`utti in baati, akka nama jagnaattis adeemsa ishee raawwachuu in gammaddi" (Faarfannaa 19:1-5).

Jiraachuu Waaqayyoottti in amanna, sababni isaa, Macaafni Qulqulluun akka jedhutti, Macaafni qulqulluun Sagalee dubbii Waaqayyoo kan biyya lafaa hundumaaf kennameedha (Macaafa Fakkeenyaa 26:10), Waaqa jabaadha, (Isaayyaas 9:6-7) Waaqa dhugaa fi Fiedii Qajeelaa kenna (Ermiyaas 10:10) inni Waaqayyo Hafuura (Yoohannis 4:24), inni Jaalala (1ffaa Yohaannis 4:1), Waaqayyoh in loogu (Roomaa 2:11), inni Waaqa hin Qoramneedha (Yaaiqoob 1:13), Waaqayyo of nu barsiisuudhaaf Uumaa isaa akkamittiin akka qabu raga dhibbootaan lakkaa`amn dubbateera.

Waaqayyotti in amanna, sababni isaa inn tokkicha, isa malee kan biraa hon jiru." Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta, iddoo hundumaa jiras" (Efeesoon 4:6), Waaqayyo Waaqa hinaafaa waan ta`eef, Uumani isaa, warra lubbuu hin qabne, Waaqolii tolfamoodhaaf akka sagadan hin hayyamu, bara duraatti "Waaqolii biraa hin Sagadniif" jedheera (Seear aba`uu 34:14), ammas "Waaqayyolii wanta baqfame irraa tolfaman hin godhatin" jedheera (Seera ba`uu 34:17) jedheera, yeroo biraa immoo "Bifa qirxame, fakkeenya wanta ol waaqa irra jiruu, gad lafa irra jiruu, yookis bishaan keessa lafa jala jiruu hin tolfatin, ati bifa fakkeenyaa kanaaf hin sagadin, isaafis hin hojjetin ! Ani Waaqayyo gooftaan kee Waaqayyo hinaafaa dha, cubbuu abbootaa hamma dhaloota sadii hamma dhaloota afuriittis harka ijoollee warra na jibbanii keessa nan barbaada . dhaloota warra na jaallatanii Abboommii koo eegganiitti garuu , kumaatama isaaniitti gaarummaa koo nan agarsiisa " jedha (Seera Ba`uu 20:4-6), Caaffanni qulqulaa`oon akka Waaqoliin tolfamoon Waa`ee hin baafne, mukeelee, kaan ittiin nyaata godhatanii kaanis qoraaniif akka fayyad-

amanii itti abidda qaammatan, isa irraa hafe immoo Akka sagadaniif Waaqa tolfamaa akka godhatan dubbata (Isaayyaas 44:15-16).

Torbaffaa :- Waaqayyo akka ittiin fayynuuf, jaalala irraa kan ka`e tokkicha ilma isaa Yesuus Krstoosiin nuuf erguu isaatiif Waaqummaa isaatti in amananna, (Yohaannis 3:16-17, Efeesoon 2:8-9).

Dhuma irratti Waaqayyootti in amananna, sababni isaa inni filmaata isa maayyii dha, kan biraa kan isaan dorgomsiisan hin jiru. Kanaa achi isa fudhachuu dhiisuu fi isa ganuun, ilmi namaa tasa ykn dingata kan uumameedha, sanyii jaldeessaa irraa uumame isa jedhu jechuu dha, wanti kun immoo takkaa kan hin mirkanoofnee fi waan dhugaa hin taanee fi madda dhugaa kan hin qabneedha. Daawwit akkas jedha “Gowwoonni garaa isaaniitti `Waaqayyoh in jiru` jedhu, isaan amalli isaanii manca`aa dha, wanta ciiggaasisaa in hojjetu, namni waan gaarii godhu tokko illee hin jiru” (Faarfannaa 14:1).jarri kun waan barbaadan jechuu fi waan barbaadan itti amanuun mirga isaaniiti, nuti garuu kan amanne kan nutti himame “Caaffata Qulqullaa`aa keessatti, “Dhuguma ana isa jiraataa, Jilbii hundinuu anaaf jilbeenfachuuf arrabni hundinuus ani Waaqayyo akkan ta`e beeksisuuf jiru, jedha gooftichi kan jedhu, Caafameera, Kanaafis nu keessaa hundumtinuu adda addaan waan godhe sababii isaa wajjin Waaqayyootti himuuf jira” (Roomaa 14:11-12).

Ati Waaqayyootti in amantaa ? Yoo hin amantu ta`e waa`ee kana qalbii ke isa keessaatiin itti yaadi, yoo Waaqayyoo fi ilma isaa Yesuus Krstoositti amante, yaada garaa geeddaradhu, Krstoos ilma Waaqayyo ta`uu isaa afaan keetiin dhugaa ba`I, dhiifamaa fi dhiqamuu Cubbuu keetiiifis bishaan keessatti awwaalamuudhaan Cuuphami, kana goonaan Gooftaan si fayyisa, waldaa isaattis si dabala, kana akka Raawwattuufis gara Waaqayyootti kadhannaa waa`ee keetiif dhiheessina.

## Barumsa 2
## Kristoositti maaliif amanna

Namni tokko waan tokkotti yeroo Amanu, waan itti amane sanaaf Sababa gahaa qabaachuu qaba, Anii fi obboleewwan Kristiyaanaa, kan miseensa Waldaa Kristoos taane, kanatti in amananna.

Maaliif akka Waaqayyotti amannu, sababa amma ta`e dhiheesseen ture, amma immoo Yesuus Krstoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa maaliif akka amannu ammas sababoota tokko tokkon isiniif dhiheessuu barbaada.

Duraan dursa Yesuus Krstoos nama duwwaa akka hin taanen sitti himuu barbaada, inni barsiisaa sobaas miti, kan du`es fuulduraaf kka hin jiraannetti miti, lammaffaan Krstiis durumaan Iyyuu Waaqayyoon bira ture (Seera

Uumamaa 1:1), hundumtuu isaan ta`e, isaan malee kan ta`e tokko illee hin jiru (Yohaannis 1:1), akka Abbaattis hin himamne (hojii ergamootaa 17:39, Roomaa 1:20, Qolaasiyaas 2:9) akka Waamametti human Waaqummaa keessa qaamni sadii akka jiran hubadu, innis Waaqayyo abbaa, Krstoos ilmaa fi Hafuura Qulqulluu ta`uun Efeesoon 4:4~6, in ibsa, akkasumas Waa`ee Waaqa tokkichaa Caaffanni qulqulluun in ibsa (1 Xiimotewaos 2:5) akka himametti waa`ee waaqa tokkichaa dubbata, kana namoonni baayyeen hubachuu dadhabu. Kanas akkamitti Waaqay ta`a kan jedhu Kaasu, kun immoo, maqaa addaa addaa kan qaban garuu human Waaqumma kan qooddatan, kan wajjin haasa`an, kan wajjin hojjetanii dha (Yohaannis 17:5, Yohaannis 16:13), Yesuus erga mucaa Waaqayyoo ta`ee Waaqayyo fuudheera jechuudha, kan jedhanii mormanis jiru, kana baruudhaaf, waan sammuutii olii itti ta`a, garuu dhaloota fooniif dhiigaatiin miti, dhaloota hafuura qulqulluutini malee, kana malees seeraa fi amala ilma namaa haala Waaqayyoo wajjin walitti fiduun hin dandaa`amu, Krstoos durumaan iyyuu Waaqayyoo wajjin ture,Waaqayyoo wajjin walqixa waan tureef akka ilmaatti dubbateera, dubbatameeras, garuu biyya lafaa kana dgufuudhaaf, gadi of deebise, dubartii irraas dhalate, kana Cubbuu ilmaan namaatiif jedheeti, ilmaan namootaa isaan akka fayyaniif, cubbuun isaanii warra isatti amaneef akka dhiifamuuf,, abdii jireenya bara baraas akka argataniif kun ta`eera. Waaqayyoon guutuu guututti beekuudhaaf ilma namaa waan taaneef dandaa`amuu baatus waa`ee Waaqayyoos kan amananne Amantiidhaann waan ta`eef waa`ee krstoosis isa Caafame amananna.amantiidhaan fudhana.Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa in amanna.

Kristoosii fi du`aa ka`uu isaatiin akka fayyinni argamu amanuu keenya maaliif akka ta`e amma tokko itti daballee qu`annaa keenya itti fufna,Kristoos akka raajiitti, akka fayyisaatti, akka ilma Waaqayyootti, akka barsiisaa guddaatti,jaala daangaa hin qabne nu jaallatee biyya lafaa irrattis du`a dubattis nu fayyisuudhaaf akka inni nuuf du`e du`a nu Oolfate Krstoos kanatti amanna.

Kristoositti in amanna , sababni isaa inni jiraataa bara baraat ikan turee dha, (Seera Uumamaa 1:1) Waaqayyoo wajjin ture."Sagalichi Jalqaba waan hundumaa dura ture, sagalichi Waaqayyo bira ture,sagalichi ofii isaatiif iyyuu Waaqayyo ture,inni kun jalqabumaa jalqabee Waaqayyo bira ture, wanti hundumtuu isaan ta`e isaan ala kan ta`e tokko illee hin jiru" (Yohaannis 1:1-3).

Nuyi Krstoositti in amanna, sababni isaa hundumtuu isaan Uumame (Seera Uumamaa 1:1), akkuma dubbatametti inni Uumuu waan hundu-

maa keessatti hirmaateera, (Seera Uumamaa 2:26-27), nama uumuudhaa Waaqayyoo wajjin walitti qabameera (Yohaanis 1:1-3), sagalee kana keessatti “hundumtuu isaan ta`e wanta ta`e keessaa isaa ala kan ta`e tokko illee hin jiru” jedha., kana jechuun wanti naannoo keenyatti argamu hundinuu iddoo tokkoo dhufe, eessaa dhufee? Eenyuun uumamanii? Kristoosiin uumamaan. Egaa kun dhugaa taanaan waa`ee keenya yeroo yaadnu nuti illee isaan Uumane, kanaaf isa yaadachaa jiraanna. Erga akkas ta`ee maaliif Krstoositti amanuun nu dhiba ree? Phaawloos akkas jedha “Ilma isaa Kanaan furamuu dhiifamuu cubbuus arganneerra, Krstoos bifa Waaqayyoo inni ijaan hin argamne ittiin namatti mul`atuu dha, Uumama hundumaa duras dhalate, wanti waaqa keessa jiruu fi wanti lafa irra jiru hundinuu wanti ijaan argamuu fi wanti ijaan hin argamne, warri teessota irra taa`anii fi warri mootummaa qaban, warri bantii waaqaa keessaa gooftummaa fi abo qabu jedhamanii sodaataman isaan Uuumaman, wanti hundinuu karaa isaa uumame isaafs uumame, inni wanta hundumaa dura ture, karaa isaa wanti hundinuu iddoo godhatee in jiraata” (Qolosaayis 1:14-17).

Kristoositti in amanna, sababni isaa, dhalachuun isaa raajiidhaan dubbatameera, inni dubbatame sunis raawwateera, ergaa jannata Edeen keessatti ilmi namaa Cubbuudhaan kufee booda, ilmi namaa namoota fayyisuuf in dhufa kan jedhame raawwateera (Seera Uumamaa 3:15), raajonni waa`ee dhalachuu isaa dubbataniiru, waa`ee isaas baayyee raajaniiru, dhuguma dubbachuuf, dhheekkamsa Mootiif jedhamee biyya gibxiitti akka baqatu caafameera, warrootuma firoota isaatiinis akka ganamu, achii booda dhuga baatota sobaatiin akka dabarfamee kennamu, akka fannifamu, akka du`u akka awwaalamu, gaafa guyyaa sadaffaas Awwaala keessaa akka ka`u, erga ka`ee boodas gara abbaa isaatiitti akka ol ba`us raajiin dubbatameera, fakkeenyaaf Isaayyaas 53, irrati isa Caafame sana, Hojii ergamootaa 8, irratti namichi Itiyoophiyaa akka utuu dubbisaa jiru Filiiphoos dhaqaee caaffata sana addaa baaseef, caaffanni sun Waa`ee Yesuus dubbachuu isaa ibsuufii isaa dubbifanna. Egaaa seenaan kun waan dingata ta`e miti duruma duraa kun akeeka Waaqayyoo ta`uu isaa mirkaneeffanna.

Kristoositti in amanna sababni isaa inni karaa ta`ee hin beekneen, dinqiidhaan dhalate, waa`ee dhalachuu isaatii Raajichi Isaayyaas barootа dheeraa dura dubbatee ture akkas jedhee dubbate, “Kanaafis Waaqayyo ofii isaatii milikkita isiniif in kenna, kunoo, durbi in ulfoofti, ilmas in deessi, maqaa isaas `Amaanu`el` jettee in moggaafti, Amaanu`el jechuunis Waaqayyo nu wajjin jira` jechuu dha” jedhe (Isaayyaas 7:14), raajii baroota dheera dura raajaman kun immoo Raawwachuu isaa akkasitti dubbifanna, “Dhala-

chuuun Yesuus Krsistoos akka kanatti fufee jiru ture, Maariyaam haati isaa Yooseefiif Kaadhimamtee turte, isheen Yooseefii wajjin utuu wal bira hin ga`in, hafuura qulqulluudhaan ulfooftee argamte, Yooseef inni nama jireenya qajeelaa jiraatu waan tureef, dhoksaatti ishee dhiisuudhaaf murtoo godhe malee, immata duratti ishee yeellaasisuu hin barbaanne, Utuu Yooseef kana yaadaa jiru, kunoo, ergamaan gooftaa abjuutti itti mul`ate "Yaa Yooseef ilma Daawit, Maariyaam kaadhimni kee hafuura qulqulluudhaan waan ulfoofteef, ishee of biratti fudhachuu hin sodaatin, isheen ilma in deessi, atis maqaa isaa `Yesuus` jettee in moggaafta, inni ofii isaatii saba isaa cubbuu isaaniittii isaan fyyisa" jedheen, kun hundinuu inni Waaqayyo gooftaan afaan raajichaatiin dubbate akka raawwtamuuf ta`e, Innoo, "kunoo, durbi in ulfoofti ilmas in deessi, maqaa isaas `Amaanu`eel` jechuun "Waaqayyo nuu wajjin jira` jechuu dha, Yooseef hirribaa dammaqee , akkuma ergamaan gooftaa isa abboometti kaadhimaa isaa of biratti in fudhate, haa ta`u iyyuu malee, inni hamma isheen ilma ishee deessutti ishee hin barre, mucicha immoo `Yesuus` jedhee in moggaase" (Maatewoos 1:18~25) kana jechuun Yesuus abbaa foonii hin qabu, abbaa isaa isa Waaqa irra biraa dhufe, utuu Krstoos akkuma namoota kaanii haadhaa fi abbaa biyya lafaa irraa dhalateera ta`ee, fayyisaa ta`uu hin danda`u.

Kristoositti in amanna sababni isaa Inni Waaqayyo biraa ta`uu isaa mirkaneessuuf dinqii baayyee hojjeteera,, naafota dirriirseera, warra dawwee qaban fayyiseera, jaamaa ija baneera, duudaa gurra baneera, lamxii qulqulleesseera, du`aa kaaseera kkf, godheera., gaafa Cidhaa bishaan daadhiitti jijjiireera, bubbee fatee gab godhhera, bishaan irra adeemeera,, Wangeella Maatewos, Maarqoos, Luuqaasiii fi Yohaannis hundi dinqii Yesuus hojjete Galmeessaniiru, Yeruusaalemitti Dnqii inni hojjete arganii namooni baayyeen isatti amananiiru (Yohhaannis 2:23), Angafni warra Ayihudotaa fi Barsiisaan Seeraa Niqodimos akkas jedhee dhugaa ba`eera, "Inni kun halkaniin gara Yesuus dhufee "Rabbii akka ati barsiisaa taatee Waaqayyo biraa dhufte nuyi beekna, homtinuu yoo Waaqayyo isaa wajjin jiraate malee milikkita ati argisiiftu kana, danda`ee hin argisiisu ittiin jedhe" (Yohaannis 3:2) dhuma irrattis kan akkana jedhu dubbifanna, "Yesuus Macaafa kana keessatti kan hin Caafamin, milikkita kan biraa baayyee bartoota isaa duratti hojjeteera, isaan kun garuu, Yesuus ilma Waaqayyo ta`uu Kristoosicha ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka amanataniif, amanachuu keessaniinis maqaa isaatti jireenya akka qabaataniif Caafameera" (Yohaannis 20:30-31)

Kristoostti in amanna Sababni isaas, Waaqayyos, Ergamoonni isaas, namoonnis, diinonni isaa illee isaaf dhugaa ba`aniiru, Waaqayyo akkas jed-

he, “utuu inni kana dubbachaa jiruu, kunoo duumessi ifa of keessaa qabu tokko isaanitti uffise, Sagalichi duumessicha keessaa dubbatee “kun ilma koo isa ani jaalladhuu, gammachuun koos isatti in raawwatama, isa dhagaa`aa” jedhe” (Maatewoos 17:5) yeroo biraa immoo pheexroosii fi Bartoonni kaan Maatewoos 16:18-19, irratti dhugaa ba`aniiru, kuni waan dingata ta`e utuu hin ta`in karoora Waaqayyoo isa bara dheera dura karoorfamee dha.

Kristoositti in amanna, sababni isaa inni cubbuu hin qabu, cubbuu tokko malee cubbuu irraa nu oolchuuf nuuf du`ee, awwaalamee, du`aa nuuf ka`e, (1ffaa Pheexroos 2:22), phaauloosis yeroo dubbatu “Waaqayyo garuu utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristoos nuuf du`uu isaatiin hammam akka nu jaallate in agarsiisa” (Roomaa 5:8). Dabalataanis Kristoos, nuuf jedhee fannifamee du`ee, du`aas nuuf ka`eera jedhee dubbata (1 Qorontoos 15:1-4) Krstoositti in amantaa, ilma Waaqayyoo ta`uu isaa in amantaa? Kristoos yeroo dubbatu, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa jedha, (Yohaannis 14:1), Kristoos nama duratti yoo raga baaneef inni immoo Abbaa isaa isa Waaqa irraa duratti raga akka nuuf ba`u dubbateera (Maatewos 10:32) kanaaf iyyuu fayynni keenya amantii keenya isa Kristoos irratti hundaa`ee dha.

Kristoositti akka amanattu sin jajjabeessa, Cubbuu kee irra akka yaada garaa geeddarattu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka dhugaa baatu, akkasumas Dhiifamuu cubbuu keetiitiifis akka bishaan keessatti Awwaalamuudhaan Cuubamtu sin jajjabeessa yoo kana goote, gooftaan Si fayyisa, Waldaa isaa irrattis si dabala (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:47). Kana akka gootuufis Siif kadhanna.

## Barumsa 3
## Hafuura qulqulluutti maaliif amanna

Waanan godhutti Amanuu kiyyaaf sababa gurguddoon qaba, atis Amanaa ta`uu dhaa yoo baatte, akka tokko taatu sin jajjabeessa, kanaafis Yaada kiyyan siif hiruu barbaada. Dhugaadhumatti amantii kana keessatti ani qofaa ko miti, addunyaa mara keessa kan akka kootti amanan obboleeyyan dhiiraa fi obboleettiwwan dubaraa baayyeetu addunyaa mara keessa jira, Waaqayyo tokkichatti waan amannuuf amanitin keenya tokko, Kristoositti in amanna, Hafuura qulqulluutti in amanna, Kun hundumtuu Caaffata qulqullaa`oo keessatti Caafamee kan jiru Sagalee dubbii Waaqayyoo irratti kan hundaa`ee dha.

Qu`annaa keenya kana keessatti maaliif hafuura qulqulluu fi hojii isaatti akka amannu ibsuu barbaanna.Hafuurri qulqulluun human Waaqummaa keessati akka qama sadaffaati, Phaauloos ergaa gara warra Efeesoonitti yeroo barreessu akkas jedha Waaqa tokko, gooftaa tokko, Hafuura tokko

jedha (Efeesoon 4:4-6). Bikka biraatti immoo "Nuyi lamaanuu hafuuruma tokkoon karaa isaa akka itti abbaa bira geenyu qabna" (Efeesoon 2:18), as irratti sadeen waaqummaa iyyuu mata mataatti ibsamaniiru, "Yesuus yommus Yohaannis cuuphaan akka isa cuuphuuf Galiilaadhaa Yordaanositti isa bira dhufe, Yohaannis garuu, Siin cuuphamuun anaaf barbaachisa, ati immoo cuuphamuuf gara koo dhuftaa? Jedhee jabeessee isa ittise, Yesus garuu deebisee, "Waaqayyo duratti waan qajeelaa ta`e hundumaa akkasitti ra awwachuun waan nuuf ta`uuf, amma ana ittisuu dhiisi! Jedheen, kana irratti Yohaannis isa ittisuu dhiise, Yesuus cuuphamee bishaanicha keessaa akkuma ba`een, kunoo, bantiiwwan waaqaa hundinuu isaaf banaman, achumaanis hafuurri Waaqayyo akka gugeetti gad dhufee isa irra bu`uu isaa in arge, Kunoo sagaleen immoo, `inni kun ilma koo isa jaallatamaa dha, gammachuun koos isatti in raawwatama" jedhee waaqa irraa in dubbate" (Maatewos 3:13-17) akka Yesuus cuuphamee ba`een hafuurri Waaqayyo akka gugeetti irra qubatee Ayyaana Yesuus irra jiru labsuu isaa hubadhu, kana jechuun akkuma Waaqayyotti, amanne, akkuma Krstoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa amanne, Hafuura qulqulluuttis amanuu akka qabnu nu barsiisa. Iddoo biraattis akkas jedha "dhuga baatuu sadiitu jira, isaan kunis hafuuricha,…" (1 Yohaannis 5:7) sagalichis Kristoosiin bikka bu`ee dubbatameera, (Yohaannis 1:1) hafuurrii fi hafuurri qulqulluun tokko ta`uu isaanii beekuu qabna, kana beekuu dhabuun bitaa akka namatti galu gochuu danda`a.

Hafuura qulqulluutti in Amanna, Sababni isaa, Maariyaam hafuura qulqulluutiin Ulfoofte, akkas jedha, "Maariyaam hafuura qulqulluudhaan ulfooftee argamte" (Maatewos 1:18), "Utuu Yooseef kana yaadaa jiruu, kunoo, ergamaan gooftaa abjuutti itti mul`ate, "Yaa Oooseef ilma Daawit, Maariyaam kaadhimni kee hafuura qulqulluudhaan waan ulfoofteef, ishee of biratti fudhachuu hin sodaatin" jedheen (Maatewos 1:20), Maariyaam anoo dhiira hin beeku akkamitti akkas ta`a jettee gaafannaan, deebisaan ergama gooftaatiin kennmaeef "Ergamich immoo, "Hafuurri qulqulluun si irra in bu`a, humni aabbaas si golbooba, kanaafis mucichi si irraa dhalatu kun qulqulluudhaa fi ilma Waaqayyoo jedhamee in Waamama" (Luuqaas 1:35) karaa biraatiin Maariyaam kan deesse hafuura qulqulluutiini jechuudha.

Hafuura qulqulluutti in Amanna sababni isaa Caafanni qulqullaa`oon hundumtuu dhuga ba`insa hafuura qulqulluu fi sagaleenis hafuura qulqulluutiin ta`uu isaa mirkaneessu. Waggoota dhibbootaaf warri macaafa qulqull barreessan hafuura qulqulluutiin geggeeffamaniiti., kanas Akkasitii dubbifanna "Caaffanni qulqullaa`oon hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame, barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf

dhimma in baasa, Namni Waaqayyoo waa gochuuf kan danda`e hojii gaarii hundumaafis kan qophaa`e akka ta`u in godha" (2 Ximotewos 3:16-17), sagalichi dhugaa dha, birmaduus in baasa, (Yohaannis 8:32, Yohaannis 17:17) Bara Krstoosii fi Ergamoota isaatiin isa Dinqii hojjete sana human hafuura qulqulluutti in amanna Krstoos hafuura isaa safara malee in kenna (Yohaannis 3:35), hafuurri qulqulluun Krsoosii wajin jiraate, kanaafis hafuura qulqulluun Krsistoosiif hin daangeffamne, Kristoosiif daangaa malee kenname jechuun warra kaaniif daangaadhaan kenname jechuu dha.

Krsistoos Mootummaan Waaqayyoo humnaan in dhufti jedhe (Maarqoos 9:1). Kana jechuun Waldaan Kristiyaanaa Humna hafuura qulqulluutiin hundeeffamti jechuudha. Krsistoos yeroo Xinnoo booda akka olba`u waan beekuuf ergamoota isaatiin ka nisin jajjabeessu, kan isinii wajjin jiraatu hafuurri qulqulluun isiniif in ergama jedhe.isin irrattis in bu`a, jedhe, hafuurri qulqulluu kun yeroo dhufu waan inni itti hime sana isaan yaadachiisa, isaaniinis in geggeessa, afaan haaraatiinis akka dubbatan in godha, dinqii gochuus isaan in dandeessisa, Yhohaannis 15:26, irratti Krstoos hafuura qulqulluu isiniif dubbatu jedheera, Yohaannis 16:13, irratti immoo dhugaa isinitti hima jedheera, kanaaf iyyuu dinqii yeroo godhan yeroo dubbii isaa dubbatan hafuurri qulqulluun isaanii wajjin ta`ee dubbicha dhugaa ta`uu mirkaneessaa ture.

Gooftaan du`ee, Awwaalamee awwaala keessaa ba`ee booda utuu gara abbaatti ol hin ba`in dura ergamoota isaatiin akkas jedheen "Isin garuu, hafuurri qlqulluun yommuu isin irra bu`u, human in godhattu, Yeruusaaemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga baatuu koo in taatu" isaaniin jedhe (Hojii ergamootaa 1:8), kana malees kan akkas jedhu dubbifanna "Ayyaanni guyyaa shantamaffaa inni "pheenxeqostee" jedhamee beekame yommuu ga`e, hundinuu iddoo tokkotti walitti qabamanii turan, Dingatas huursaan waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhaga`amee, manicha isaan keessa jiranis guute, Arraba ibiddaa kan fakkaatan isaanitti mul`atan, gargar tamsa`anis wanti akka arraba ibiddaa kun tokkon tokkoo isaanii rra ta`an, yommus hundumti isaanii hafuura qulqulluudhaan guutaman, akka hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kennetti, afaan garaa garaa dubbachuu jalqaban" (Hojii Ergamootaa 2:1-4), yeroo ergamoonni afaan haaraatiin dubbachuu jalqaban warri achitti walitti qabaman hundi dinqisiifatanii, warri kaan jarri kun daadhii dhuganii machaa`anii ? jedhan, kaanis akkamitti afaan nuti itti dhalanneen nutti dubbatu jedhanii walii wallaalan, yommuu kana Pheexroos ergamoota isaa wajjin jiran keessaa ka`ee dhaabbatee akkas jedheen yaa jara nana akka isin jettan machaa`anii miti, garuu

raajii Iyyu`el bara boodaa, hafuura ko foon qabeessa hundumaa irratti nan dhangalaasa, isa jedhee (Yo`el 2:28-29), irratti raajametu harra`a Raawwate, jedheen. Akka ragaan dubbichaa mirkaneessutti harka ergamootaatiin dinqii fi milikkita gurguddaa baayyeetu godhamaa ture ( Hojii Ergamootaa 2:43), haa ta`uuti aboon dinqii fi milikkita gochuu Eenyuuf kenname? Dhugumatti aboon kun ergamoota gooftaa duwwaadhaaf kenname, isaanis aboo Kanaan fayyadamanii dinqii hojjetaniin bu`aan gaafas argame, guyyuma sanatti akki lubbuu 3000 lallaba kanatti wangeelaaf abboomamanii cuuphamanii waldaan Krstiyaanaa hundeeffamte, gooftaanis guyyaa guyyaa irraa lubbuu fayyan waldaa isaatti in dabale (Hojii Ergamootaa 2:38, 47).

Haa ta`u malee hojiin humnaa kun Ergamoota sana duwwaadhaan akka hin hojjetamneef ergamoonni kun harka namoota irra kaa`anii human kana dabarsanii, dinqii godhuus afaan haaraan dubbachuus akka dandaa`an godhaniiru warri harki irra kaa`amee humni darbeefis dinqiis godhaa afaan haaraatiinis dubbachaa turan (Hojii Ergamootaa 6:1-8).

Ergamoota gooftaa fi warra ergamoonni kun harka irra kaa`anii kadhataniif irraa kan hafe, dinqii fi milikkita godhuu eenyu iyyuu hin kennamneef, garuu Kristiyaanotni hundinu yeroo cuuphaman kan fudhatan hafuura qulqulluu fudhatu malee isa afaan haaraan dubbachuu, dinqii godhuu hin turre (Hojii Ergamootaa 2:38), garuu wanti addaa kan tokko Hojii ergamootaa boqonnaa 10 fi 11 irratti ta`eera, innis akkuma ergamoota irratti bu`ett hafuurri qululluun Qorneliyoosii fi maatii isaa irratti bu`eera, kunis akkuma Yhudootaa warri Yihudoota hin taanes human kana fudhachuu isaanii mirkaneessuufi.

Dhuma irratti ergamoonni gooftaa sagalee dubbii Waaqayyoo caafanii, erga Ergamoonnii fi warri ergamoonni harka irra kaa`anii kadhataniif du`anii booda, dinqii fi milikkita gochuun hafee Wangeelli kan lallabamaa ture isa Caafame dubbisuudhaan ta`ee amma harraa`aatti itti fufee jira. Kanaaf egaa hojiin dinqii fi milikkita godhuu, afaan haaraatiin dubbachuu, hundinuu hojii isaa dhaabeera (1 Qorontos 13:8-10), amma bara kana aboo kana godhuu qabna kan jedhan yoo jiraatan inni soba ta`uu isaa beekuu qabna. harra`a hafuurri qulqulluun dinqii gochuuf milikkitas gochuuf namootaan hin fayyadamu.

Hafuurri qulqulluun dinqii gochuu erga nuuf hin ayyamnee ykn aboon dinqii gochuu erga nuuf hin kennamnee akkamitti qabna jechuu dandeenya? Kaayyoon hafuura qulqulluu maali? Nu keessatti maal godha? Waa`een Waaqayyoos Waa`een Krsoosis akkasumatti gaaffiin ka`uu danda`a. akkuma Caaffata qulqullaa`aa keessatti Caafame dhuga ba`insa hafuura qulqul-

luutti in amanna. Gooftaan yeroo amannee Cuuphamuudhaan abboomamnu kennaa hafuura qulqulluu nuuf kenna, in fudhanna (Hojii Ergamootaa 2:38) achii booda hafuurri dubbii isaatiin nu geggeessa (Roomaa 8:1), Ijoollee Waaqayyo ta`uu keenya dhugaa nuuf ba`a, (Roomaa 8:16) Hafuurri waa`ee keenyaaf nuuf dubbata (Roomaa 8:16) hafuurri qabdii fayyina keenyaati (Efeesoon 1:14), dubbiin hafuuraa billaa dha (Efeesoon 6:17, Ibroota 4:12)

Hafuurota sobaa baayyeetu jiru, garuu inni dhugaan inni Waaqayyo biraa ta`e Hafuura qulqulluu jedhama. Ati hafuura qulqulluutti in amantaa? Hafuurichi si keessa jiraa? Yoo si keessa hin jiru ta`e ati ilmoo Waaqayyoo miti.

Yaada garaa geeddaradhuuti gooftaatti amani, Kristoos ilma Waaqayyo ta`uu isaa dhugaa ba`I, achii booda dhiifamaa fi dhiqamuu Cubbuu keetiifis Cuuphami, yeroo sana gooftaan si fayyisa, kennaa hafuura qulqulluus in fudhatta, waldaa isaattis si dabala. Kana akka gootuuf siif kadhanna.

## Barumsa 4
## Macaafa qulqulluutti maaliif amanna

Macaafni qulqulluun Macaafa bara duriiti, Macaafa kana barreessuuf waggoota dhibbootaan lakkaa`aman waan fudhateedha. Barreessitoonni macaafa qulqulluu hundinuu Seenaa, jireenya, teessoo mataa mataa isaanii qabu, walis hin beekan baroonni isaaniis wal irraa fagoodha, garuu kan hunda isaanii barreeffamni isaanii yeroo walitti qindeeffamu, Macaafa tokko ta`e, Seera Uumamaatii kaasee, Seenota addaa addaa lafaa fi waan lafa keessa jiran hunda ibsaa, achumaanis ilmaan namaatiif fayyisaan akka barbaachisu tuttuqaniiru, Macaafni qulqulluun jechuun macaafni kun iddoo ykn bikka lamatti qoodama, isaanis kakuu Moofaa fi kakuu haaraa jedhamanii beekkamu, kakuu moofaan macaafa 39 yeroo qabaatu, kakuu haaraan macaafa 27 qaba. walii gala macaafni kun macaafa 66 yeroo ta`an, isaan kuni immoo Seera saditti qoodamanii ilaalamu, ykn beekkamu, isaan kunis Seera abbootaa ykn Bara abbootaa, yeroo ta`u, inni kunis Addaami irraa kaasee amma seera Museetti kan ture jechuudha, inni kun Waggoota 2500. Baroota kana keessa Waaqayyo abbootatti dubbatee maatii isaaniitti akka dabarsan godhaa ture, inni lammataa Seera Musee ykn bara Musee jedhama, inni kun immoo Musee irraa jalqabee amma Kristoositti yeroo ta`u inni kun umurii 1500ti inni sadaffaan immoo seera Kristiyaanaa ykn bara Kristiyaanotaa jedhamee beekkama, erga Kristoos dhufee amma gara wagga 2000 kan ture yoo ta`u amma yoomiitti akka turu eenyu iyyuu hin beeku.bara abbootaa bara urjii, bara Musee, bara ji`aa, bara aduu bara krstiyaanaa, jedhameera baroonni

kun ifa qabaachuudhaa iddoo bu`aniiru, barri aduu inni jedhus bara Kristiaanotaa jedhamee iddoo bu`eera.

Baroota kana keessa kakuu lama gurguddoon waan jiraniif kakuulee kana lameen adda baafnee maalummaa isaanii beekuu qabna. Inni duraa Waaqayyo fedhii isaa Abbootaaf ibseera kan musees itti fufeera, achii booda Seera haaraa kakuu haaraatu dhufe kakuun kunis karaa Krsistoos dhufeetu amma harraa`aati hojjechaa jira.Waaqayyo kakuu haaraa ykn seera haaraa yeroo kenne seerri inni duraa in moofa`e. kanaaf kakuun ykn seerri duraa sun akka seera dirqisiisaa ta`uun isaa in dhaabbate jechuunis karaa irraa maqeera. harra`as Waaqayyo warra abboomaman eebbisuun isaa warra hin abboomamin adabuun isaa akkuma jirutti ta`ee garuu kkuun duraa sun seerri sun akka dirqisiisaatti hin hojjetu seenaa ta`ee jiraata. Bara kana harra seerri hojjetu seera krsistoos isa seera ykn kakuu haaraa dha. Barreessaan macaafa Ibrootaa akkas jedhee barreesse " Dhaamsi dhaalaa hojii irra Ooluun yeroo ga`utti, namichi inni dhaala dhaameef sun akka du`e beekkamuun irra jira. Dhaamsi dhaalaa gaafa namichi dhaala kenne sun du`e duwwaa hojii irra oola malee, utuu inni fayyaatti jiruu hojii irra ooluu hin danda`u" (Ibroota 9:16-17) itti aa`nsees "itti dabalees immoo, kunoo, ani jaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera" jedheera kanaanis aarsaa isa lammaffaa iddoo buusuudhaaf isa duraa iddoo dhaa fuudhe, akka jaalala Waaqayyoo sanatti dhaqni Yesuus krsistoos yeroo hundumaaf akka ta`utti , al tokkicha aarsaa ta`ee dhi`eeffamuudhaan nuyi waaqayyoof qulqulloofneerra" jedha (Ibroota 10:9-10).

Wantoota armaan olitti barreeffaman qalbii keessatti yaadachaa gaaffii Macaafni kun maaliif aka macaafota biro hundumaa wajjin tokko hin taane? Maaltu adda isa godha isa jedhuuf, kan hin haalamne Macaafni kun Macaafa guddaa dha, Macaafa Seenaa, macaafa Saayinsii, Macaafa ji`ograafii, macaafa barreeffama ogummaa guddaati. Haa ta`u malee Macaafni Qulqulluun isa kanaa olitti jedhamanii ol kan ta`ee dha. Macaafni qulqulluun Sagalee dubbii Waaqayyootiin kan guutame, hafuura Waaqayyootiinis kan Caafameedha, kana ta`uu isaa itti amanna" (Ermiyaas 14:1). Phaawloosis akkas jedheera "Caaffanni qulqullaa`aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin Caafame, barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelummattis leejjisuudhaaf dhimma in baasa, Namni Waaqayyoo waa gochuuf kan danda`e, hojii gaarii hundumaafis kan qophaa`e akka ta`u in godha" (2 Ximootewos 3:16-17), Pheexroosis akkas jedhee labseera " Caalaadhumatti immoo raajiin caaffata qulqullaa`aa akka namni tokko yaada ofii isaatiin kennutti hiikamuun akka hin taane beekuun isin irra jira, Raajii dubbachuun takkaa jaalala namaatiin hin taane, garuu namoonni hafuura qulqulluudhaan ge-

ggeeffamanii, wanta Waaqayyo biraa fudhatan dubbataniiru" (2 Pheexroos 1:20-21)

Macaafa qulqulluutti in amananna, sababni isaas inn sagalee dubbii Waaqayyooti, dubbiin isaas dhugaa dha. Yesuus akkas jedhe "dubbiin kee dhugaadha" (Yohaannis 17:17), Phaawloosis akkas jedhe "dubbiin Kristoos akka badhaadhummaa isaatti isin keessa haa jiraatu, ogummaa hundumaan wal barsiisaa wal gorsaas, qooqa garaa garaatiin faarfannaa galataatiin weed-duu hafuuraatiinis galata garaa keessanii Waaqayyoof faarfadhaa" jedha (Qolosaayis 3:16), ammas deebisee "Amantiin dhagaa`uu irraa dhufa, egaa wanti dhaga`uun ta`u immoo dubbii Kristoosiin in beekama" (Roomaa 10:17) iddoo biraattis akkas jedha "Dubbicha lallabi , "kun yeroo dha, kun yeroo miti" utuu hin jedhin qophaa`ii argami, Nama balleessaa isa,, hubachiisi,i-fadhu,obsa hundumaan gorsi barsiisis" (2 Ximotewos 4:2), Yaaqoobis akkas jedha "Warra dubbicha hojii irra Oolchan ta`aa malee, warra dhaga`uu du-wwaadhaan of gowwoomsan hin ta`inaa" (Yaaqoob 1:22). Macaafni qulqul-luu dubbii sagalee Waaqayyooti, dubbii Kristoosi, dubbii gooftaati, Caaffata qulqullaa`oo dha, dhugaa Waaqayyooti, Abboommii Waaqayyooti, kanaaf iyyuu Macaafa Qulqulluutti Amanuu qabna.

Macaafa qulqulluutti in amanna, sababni isaa, bara ykn jaarraa keenya kana keessatti kan akka Arkiyooloojii, Saayinsii, seenaa addaa addaa fi bar-noota addaa addaa, qorumsa isaanii keessatti wanti itti dhufan waan ma-caafni qulqulluun waggoota dhibboota baayyee dura dubbate ta`uu isaa bira ga`aniiru, fakkeenyaaf, Seenaan baayyeenii fi Saayinsii baayyeen Ji`oograafi-in, Macaafa qulqulluu wajjin waliigalu, fakkeenyaaf kan akka maqaalee Magaalotaa, lagootaa, gaarota ykn tullootaa galaanotaa kkf hundi karaa Macaafa qulqulluu gara keenya dhufaniiru, namoonni murtaa`an, Saayinsii fi Macaafni qulqulluun wal ta`iinsa hin qaban jedhu, kuni dhugaa miti, wal hin faalleessan, Saayinsiin yaada dhugaa irratti kan hundaa`an hundi Ma-caafa qulqulluu wajjin walii galu, Macaafni qulqulluun Saayinsii sobaa yaada namoota, yaada sobaa wajjin garuu walii hin galu faallaadhas.walii galuu Macaafa qulqulluu fi Saayinsii keessaa inni tokko Lafti ykn dacheen Geengoo dha isa jedhuu dha. (Isaayyaas 40:22, Iyyoob 26:7) isaan kana duwwaa utuu hin taane kan biros baayyeetu jiru.

Macaafa Qulqulluutti in Amanna sababni isaas raajonni Caaffata qul-qullaa`aa keessatti baroota baayyee dura raajaman hundi raawwatamanii-ru kanaaf macaafni qulqulluun dubbii waaqayyo biraa ta`eedha.isaan kana Keessaa Isaayyaas 7:14 irratti dubri hin deessi, kan jedhamee raajame, Wan-geela Maatewoos irratti Raawwatameera, akkasumas Yoo`el 2:28-29 irratti

kan raajamee foon qabeessa hundumaa irratti hafuura ko nan dhangalaasa inni jedhame baroota dhibboota booda Hojii Ergamootaa boqonnaa 2 irratti raawwatameera, kana malees raajii baayyeen kan dubbataman immoo kan raawwataman raga Macaafni qulqullaa`oon nuuf raga ba`an qabna.kanaaf Macaafni qulqulluun dubbii sagalee Waaqayyoo ta`uu isaatti in amanna.

Macaafa Qulqulluutti in amanna sababni isaa inni Deebisaa jireenya fooniis hafuuraa, jireenya bara baraas ta`ee hojjeteera, hojjechaas jira,ilmi namaa eessaa dhufe, as biyya lafaa kana irra maaliif jiraachaa jira, eessa dhaqas gaaffilee jeduuf macaafni qulqulluun deebisaa ta`eera."Fayyuudhaaf maal godhuu qabna, maal gochuun qaba?" gaaffii jedhuuf deebisaa ta`eera (Hojii Ergamootaa 2:37-38, Hojii Ergamootaa 16:30-33).

Macaafa qulqulluutti in amanna sababni isaa, inni waan gaariidhaaf jireenya ilma namaa irratti dhiibbaa godha, ilmi namaa cubbuu irraa adda ba`ee, jireenya qajeelummaa akka jiraatuuf, du`a bara baraa jalaa ba`ee jireenya bara baraa akka jiraatu kan godhu Macaafa Qulqulluu duwwaadha, biyya lafaa gara jireenya sirriitti kan geessu macaafa qulqulluu duwwaadha.

Macaafa qulqulluutti in amanna, sababni isaa dubbiin sagalee Waaqayyoo kan bara baraan jiraatuudha, kan hin dabarreedha, Kristoos akkas jedha, "Waaqnii fi lafti darbuuf jiru, dubbiin ko garuu gonkumaa hin darbu" Jedha (Maatewos 24:35), Pheexroosis akkas jedha, " Isin Sanyii baduttii utuu hin ta`in sanyii hin badnettii sagalee Waaqayyoo isa jiraataa fi isa akka jirutti hafuun, haaraa taatanii dhalattaniittu" (1 Pheexroos 1:23), Kristoos dhuma biyya lafaa gaafa maayyii kan nu irratti murteessu dubbii isaa ta`uu dubbateera (Yohaannis 12:48).

Dhugaan jiru, Macaafni Qulqulluun diinota baayyee qaba, haa ta`u malee, isaan kun in dhufu in deemu in darbus garuu sagaleen dubbii Waaqayyoo bara baraan jiraataa dha.

Kanaaf iyyuu ati Waa`ee Macaafa qulqulluu maal yaadda? Macaafa Qulqulluutti in amantaa? Namoonni baayyinnni isaanii hin lakkaa`amne itti amananiiru, Macaafni Qulqulluu guutuu biyya lafaa keessatti afaan addaa addaatiin barreeffamuudhaan, yeroo baayyee maxanfamuudhaanis Kan ittiin dorgomu hin jiru. Atis akka itti amantun si gorsa.

Macaafa qulqulluu akka dubbiftu, akka qu`attu, sin jajjabeessa, Yesuus akkas jedha, "Caaffata qullaa`oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettani waan yaaddaniif, Caaffatoota in qortu, Caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba`u" jedhe (Yohaannis 5:39) Phaawloosis Macaafa qullaa`oo akka qua`annuuf nu jajjabeessa, (2 Xiimootewos 2:15) Yesuusis "Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba`u-

uni malee kan jedhamu Caafameera" jedheera (Maatewos 4:4) Yohaannosis akkas jedheera "Barri kun itti raawwatamuuf waan dhihaateef, Namni isa inni dhugaa ba`e kana, dhageessisee dubbisu, warri dubbii Raajii dubbatame kana dhagaa`anii wanta isa keessatti Caafames eeganattam haa gammadan" jedha (Mullata Yohaannis 1:3).

Dubbii Waaqayyoo kana akka dubbiftu, akka qu`attu akka ittis amantu siin nan jajjabeessa, itti amantee, yaada garaa geeddarattee, Kristoosiin dhugaa baatee dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu keetiif yoo Cuuphamte Gooftaan si fayyisa waldaa isaattis si dabala (Hojii Ergamootaa 2:38, Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:47).

## Barumsa 5
## Maaliif Seera jala hin jirru

Barumsa keenya Macaafa qulqulluutti maaliif amanna isa jedhu irratt waa`ee Seerota sadanii, fi yeroo isaanii qu`anneerra, isaanis Seera ykn bara abbootaa, seera ykn bara Musee, fi Seera Kristoos isa nuyi amma keessa jirruu ta`uu ilaalleerra. Macaafni Qulqulluun Seerrota kana Kakuu moofaa fi kakuu haaraa jechuun iddoo lamatti hiree akka hubannu nuuf godheera, Barri abbootaa fi kan Musee Kakuu moofaa keessatti kan hojjete ykn kan dubbifannuu dha, Seerri Kristoos immoo seera kakuu haaraati, kanaaf Macaafa kakuu haaraa keessatti argama. Kana jechuun karaa biraatiin dirqisiifama kakuu moofaa jala akka nuti hin jirre nutti mulli`isa. Garuu kakuu haaraan amma kan hojjechaa jiruu fi amma dhumaattis kan hojjetuu dha. Egaa waa`ee kanaa ilaalchisee Qu`annaa keenya caaffatoota qullaa`oo irratti hundoofnee itti fufna.

Beektus Beekuu baattus amma bara kana biyya lafaa kana irra Kakuu moofaa wajjin kan walitti hidhamanii warri kaanis akka hidhaman kan godhan, Dhaaba amantaalee guguddoo sadiitu jiru. Kun egaa dogoggora yeroo ta`u, Caaffata qulqullaa`aa irraa dogoggora isaanii ilaalla.

Dhaamsi dhaalaa, akkaataa qaba waan ta`eef akkanatti ibsina, fakkeenyaaf Waa`ee nama tokkoo isa kakuu ykn dhaamsa dhaalaa kennuu fudhanna. Bara keenya keessatti namoonni baayyeen erga du`anii booda Horii ykn maallaqa, qabeenya isaanii ilaalchisee waan ta`uu qabu utuu hin du`in dhaamsa dhaalaa godhu, utuu hin du`in dura dhaamsa dhaalaa kana yeroo tokkoo ol godhu, sababni isaa turtii isaanii keessatti dhaamsa dhaalaa isa duraa sana diiganii haaraa kan biraa mallatteessuu in danda`u, utuu lubbuun jiranii akka qabeenya isaanii horii isaanii akka barbaadanitti dhaamsa dhaalaa jijjiiruu mirga qabu, eenyu illee isaan dhowwuu hin danda`u. garuu

erga du`anii booda dhaamsi dhaalaa isaan mallatteessan ykn kakuu seenan duwwaatu hojjeta, isa diiguun hin dandaa`amu. Kana jechuun erga isaan du`anii booda qabeenyi sun kan namicha du`ee miti, kan namicha dhaala sana fudhatuu kan isa lubbuun jiruuti malee.

Kanaan walfakkaatee Waaqayyo kakuu kennee ture,, kakuun kunis waggoota dhibboota baayyeedhaaf hojjetannii turan, garuu Waaqayyo booda irra kakuu haaraa, kenneera, kakuu haaraan kun yeroo hojii jalqabu kakuu inni duraa sun moofa`eera, akka duraa sanatti dirqisiisee hin hojjetu jechuudha. Kunis kakuu moofaan erga dulloomee booda inni haaraan immoo dhiiga Kristoosiin haareffamee, hojii isaa jalqabe, kanaaf jedhamee yeroo Caafamu Kakuu moofaa kakuu haaraa, kan jedhamu, nutis akkasitti kan fayyadamnu. Egaa kakuu haaraa kanatti qabamnee seera isaatti jiraachuu qabna.

Egaa kana akka barsiisaa jiran ilaaluuf gara Caaffata qulqullaa`oo dhaquu qabna, kana hubachuudhaaf gara macaafa qulqulluu isa barreessaan Ibrootaa barreessetti deemna , akkas jedha "Kanaafis giddu galee kakuu haaraa Waaqayyoo fi namoota gidduu kan dhaabu isa, irra-daddarbaa kakuu isa duraa  jalatti hojjetan irraa duuni isaan furu erga argamee, kakuu haaraan sun, warri bara baraan itti darbanii fudhachuudhaaf waamaman abdii sana akka argataniif in barbaadama. Dhaamsi dhaalaa hojii irra ooluun yeroo ga`utti namichi inni dhaala dhaameef sun akka du`e beekkamuun irra jira. Dhaamsi dhaalaa gaafa namichi dhaala kenne sun du`e duwwaa hojii irra oola malee, utuu inni fayyaatti jiruu hojii irra ooluu hin danda`u" (Ibroota 9:15-17), yaadadhu Kristoos fannoo irratti erga du`ee ka`ee kakuu haaraatu ta`e.

Qu`annaa keenya yeroo itti fufnu  Barreessaan Macaafa Ibrootaa akkas jedha, "Seerichi garuu gaaddidduu wanta gaggaarii dhufuuf jiran sanaati malee, bifa dhugaa isa isaan ittiin muli`tan miti, inni karaa aarsaa wagga waggaadhaan utuu gargar hin citin dhieeffaman Sanaa, warra dhi`aatan fiixaan kan ba`an gochuu matumaa hin dandeenye. Warri Waaqayyoof sagadan yeroo hundumaaf akka ta`utti al tokkicha dhuguma cubbuu isaaniittii utuu qulleeffamaniiru ta`ee, cubbuun isaanii yaada garaa isaaniitti waan hin dhagaa`amneef, aarsaa dhi`e essuun in hafa ture mitii ree?  Amma garuu aarsaa wagga waggaatti dhi`ahaataniin namoonni cubbuu isaanii in yaadatu. Dhiigni korommii fi re`ootaa cubbuu namoota irraa fuudhuu matumaa hin danda`u, kanaaf kunoo Kristoos gara biyya lafaa yommuu dhufe,"Ati aarsaa, kennaas hin jaallanne, garuu dhagna abboomamuu anaaf qopheessiteetta, Ati kennaa qalmaa isa gubamutti, aarsaa sababii cubbuutiif dhi`aatuttis hin gammanne, Kanaaf ani immoo `Macaafa maramu keessatti waa`ee kootiif akkuma caafamee jiru, yaa Waaqayyo kunoo, ani jaalala kee raawwachuud-

haaf dhufeera, nan jedhe" jedhee dubbate. Utuma isaan kun akka seerrichi abboomutti dhi`aatanii iyyuu, kana gararraatti "Ati aarsaa, kennaas, kennaa qalmaa isa gubamu, aarsaa sababii cubbuutiif dhi`aatus hin jaallanne,ittis hin gammanne" jechuu isaa argineerra, ittii dabalees immoo "Kunoo ani jaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera" jedheera, kanaanis aarsaa isa lammaffaa iddoo buusuudhaaf, isa duraa iddoodhaa fuudhe. Akka jaalala Waaqayyoo sanaatti dhagni Yesuus Kristooa yeroo hundumaaf akka ta`utti al tokkicha aarsaa ta`ee dhi`eeffamuudhaan nuyi Waaqayyoof qulqulleeffamnneerra" jedha. (Ibroota 10:"1-10) Barreessaan Macaafa kana kan nutti himaa jiru sseerranni kakuu moofaa keessatti sseerratame, isa dhufuuf jiruuf gaaddisa ta`uu isaa duwwa dha jedha. Kan biraa kan inni himaa jiru aarsaan wagga waggaan kennamu, cubbuu isaanii yeroo hundumaaf utuu hin ta`in, yeroo muraasaaf kan ta`e cubbuun isaanii wagga booda aarsaa biro barbaaduu isaa ibsa, kanaaf Kristoos immoo cubbuu ilma namaa cufa bara baraan irraa mulquuf foon uffatee ofii isaa aarsaa godhee kennuu isaa nutti hima, kana gochuu isaatiinis kakuu isa duraa jechuun kakuu moofaa fudhee karaa irraa maqsee kakuu haaraan akka iddoo bu`u gochuu isaa nutti hima, Kristoos aarsaa bara baraa erga nuuf ta`ee egaa aarsaa isa bara baraan nama hin qulqulleessine maaliif jala jiraanna ree? Du`a fannoo irratti Kristoos nuuf du`een fayyuun utuu jiru gara sanatti deebi`uun hin barbaachisu.

Kristoos ofii isaatii jireenya seera duraa sana keessa jiraateera, seerichas ee`egeera, ittis buleera,. Garuu du`uu isaatiin seericha kakuu haaraa isa bara baraan jiraatu sana barsiiseera. Ssericha kakuu duraa sana jiraachuu bira darbee akka jiraataniifis dubbateera, "Seeraa fi barsiisa raajotaa diiguudhaaf waanan dhufe hin se`inaa, ani isaan raawwachuudhaafan dhufe. Ani dhuguman isinitti hima, hamma waaqnii fi lafti badanitti seericha keessaa fidalli xinnaan tokko yookiis gar tokkoon fidalaa utuu fiixaan hin ba`in hin badu" jedhe (Maatewos 5:17-18) As irratti Kristoos Seerri sun hin diigamu garuu in Xumurama in Raawwata jechaa jira. Erga raawwatee booda maal ta`a? dirqisiisaa ta`uu hin danda`u jechuudha.

Yeroo Yesuus Kristoos fannoo irratti du`e golgaan mana qulqullummaa olii amma gadiitti iddoo lamatti tarsa`e (Matewos 21:51), kun egaa inni duraa sun karaa irraa ba`uu isaa fakkeenya agarsiisuu isaati. Kana booda kakuun duraa ykn seerri duraa sun nama irratti hin hidhamu jechuudha.

Phaauloos akkas jedha, "Isumatu seera caafamee kennameen utuu hin ta`in, hafuura qulqulluudhaan kakuu haaraadhaaf hojjechuu nu dandeessise, seerri caafamee kenname du`a in farada, hafuurri garuu jireenya in kenna" (2 Qorontos 3:6) nuyi hojjettoota kakuu haaraati jedha, kakuu moofaan du`a

farada, Seerri kan Kristoos ykn seerri Kristiyaanaa, ykn seerri kakuu haaraa jireenya kenna. Seerri fidalaa inni dhagaa irratti caafame sun seera kristoos isa laphee irratti caafamee Sanaa wajjin wal faalleessa.

Phaawloos Kristiyaanota Galaatiyaatiif akkas jedhee Caafe, “Egaa Seerri maaliif dhimma baasa ree? Hamma hiddi inni abdichi gara isaa ilaalu dhufutti , seerri, irra daddarbuu maal akka ta`e mul`isuudhaaf dabala ta`ee kenname, seerri ergamoota Waaqayyootiin kara namicha isa isaaniif namoota gidduu dhaabbatee kenname, inni gidduu dhaabatu illee tokkoof hin dhaabbatu, waaqayyo garuu tokko. Egaa seerri abdii waaqayyoo abdachiiseera in mormaa ree? Kun matumaa hin ta`u ! Seerri nama jiraachisuh danda`u utuu kennameera ta`ee seera eeggachuudhaan qajeelummaan in argama ture,. Abdiin Yesuus Kristoositti amanuudhaan akka argamuuf kenname warra isatti amananiif akka raawwatamuuf, caaffanni qulqullaa`aan waan hundumaa cubbuu jalatti boojisiise. Utuu amanitin hin dhufin dura, hamma gaafa inni mul`ifameetti booji`amnee harka seeraa jalatti hidhamnee turre. Nuyi amantiidhaan qajeelota taanee akka lakkaa`amnuuf seerri adabduu keenya isa gara Kristoositti nu geessu ture. Amanitin erga dhufee garuu, si`achi harka adabduu jala hin jiraannu. Amantiidhaan isin hundumti keessan kara Kristoos Yesuus ilmaan Waaqayyooti. Warri Kristoositti dabalamuudhaaf cuuphaman Kristoosiin akka uffataatti uffataniittu. Karaa Kristoos Yesuus isin hundumti keessan tokko, Yihudii yookis Griikii, garba yookiis birmaduu , dhiira yookis dubartii gidduu garaagarummaan hin jiru. Erga kan Kristoos taatanii, yoos isin sanyii Abrahaam waan Waaqayyo abdachiises in argattu” (Galaatiyaa 3:19-29).as irratti Phaauloos seerri gara Kristoositti akka isaan fiduu fi kana booda seerrichi irratti dhiibbaa akka hin qabne himaa jira, Amma egaa nuyi warri Kristoositti amannee abboomane Kristoosiin jirra malee seericha miti.

Seera isa Caalu Seera Kristoos malee seerri Musee seera kakuu moofaa jala hin jirru, caaffanni qulqullaa`oon baayyee waa`ee kanaa ballinaan nu barsiisu.

Jaalleewwan Kristoos isiniif jedhee du`eera, Awwaalameera, Awwaala keessaas ka`eera, yoo isatti amantanii, yaada garaa geeddarattanii, Kristoos ilma Waaaqayyoo ta`uu isaa dhugaa baatanii, dhiifamuu cubbuu keessaniif Cuuphamtan, Kristoos isin fayyisa waldaa isaattis isin dabala, kanaaf murtii jireenya bara baraa jiraachuu kana ammuma murteessuun ogummaa dha.

## Barumsa 6
## Fayyinni maaliif Barbaachisee

Qu`annaa keenya amma ammaatti maaliif, Waaqayyotti akka amannu, maaliif akka Kristoositti amannu, maaliif Hafuura Qulqulluutti akka amannu, maaliif Macaafa qulqulluutti akka amannu ilaalleerra. Barumsa keenya dhumaatti Maaliif akka Seera ykn kakuu Musee jala nuti jiraachaa hin jirre ilaalleerra. Fayyinni utuu kakuu moofaa ykn Seera duraa keessaan in ta`a ta`eetii Kristoos dhufuun isa hin barbaachisu ture isa jedhun qu`anneerra. Fayyisuu dadhabuun Seerichaa immoo dhufaatii Kristoos ykn Barbaachisummaa Kristoos mirkaneessa.

Amma Fayyinni maaliif barbaachisa isa jedhu ilaalaa jirra, kuni immoo ilmi namaa  waan badeefi, kun immoo dhugaa dha, Phaauloos akkas jedha "hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaan irraa hirr`ateera" (Roomaa 3:23) jedhe kana malees akkas jedheera "Caaffanni qulqullaa`oon "Namni qajeelaan hin jiru, lakkii tokko illee hin jiru " (Roomaa 3:10), egaa yakkaniiru kan jedhaman kun Ijoollee Xixiqqoo daa`ima in ilaallataa ? lakki hin ilaallatu, sababni isaas, dubbiin kun kan ilaallatu, Cubbamoota, warra soban, warra ajjeesan, warra nama Arrabsan, warra abaaran, warra Waaqayyoon mormanii dha,  kan jechuun warra dhugaa fi soba hamaa fi gaarii adda baasee beeku duwwaa ilaallata. Daa`imoota waan akkasiitiif itti gaafatama hin fudhanne Macaafni qulqulluun qulqulloota jedheeraan Yesuus bara isaa sana keessa mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf namni hundi akka daa`imootaa ta`uu akka qaban dubbateera (Maatewos 18: 1-6), cubbamoonni qulqullina akkasii keessa hin jiran, dhugaa fi soba gaarii fi hamaa adda baafatanii waan beekaniif yeroo godhan beekaa godhu waan ta`eef. Kanaaf iyyuu cubbamoonni yakkamtoota jedhamniiru,  ulfinni Waaqayyoos isaan irraa hirra`ateera. Yohaannis yeroo dubbatu akkas jedha, "cubbuu kan hojjetu hundinuu seera malee in jiraata, cubbuunis seera malee jiraachuu dha" jedha (1 Yohaannis 3:4).

Haa ta`uuti cubbuun akkamitti gara ilma namaa dhufe, akkamitti namatti seene isa jedhu ilaaluuf gara jalqabaa dhaqna. Achi jannata sana keessa Waaqayyo dhiiraa fi dubartii Uumee isaan kaa`ee, ija mukaa achi keessa jiran sana hundumaa nyaadhaa, garuu tokko kan gaarii fi hamaa beeksisutu jira isa hin nyaatinaa  gaafa kana nyaattan in duutu jedheen, Seera Uumamaa 3 irratti. Mee dhaqnee haa ilaallu " Bineensa bakkee Waaqayyo gooftaan Uume hundumaa keessaa bofti caalaa haxxee ture, Innis dubartittiidhaan, "Dhuguma Waaqayyo ija mukeetii iddoo dhaaba kana keessa jiran, hundumaa irraa hin nyaatinaa isiniin jedhee?" jedhee gaafate, Dubartitti-

inis bofichaan “nuyi ija mukeetii iddoo dhaabaa keessa jiran irraa nyaachuu in dandeenya, garuu muka isa iddoo dhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa, Waaqayyo “ija isaa irraa hin nyaatinaa, isattis hin bu`inaa ! kanaa achi in duutu” jedheera” jette. Bofichi immoo deebisee dubartittiidhaan “Hin dutan” Ija mukichaa irraa yeroo nyaattan iji keessan akka banamu hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka Waaqayyoo akka isin taatan, Waaqayyo in beeka” jedheen. Dubartittiin ija mukichaa nyaataaf gaarii ta`uu isaa, ija namatti kan tolu ogeessa nama godhuudhaafis gomjaasisaa ta`uu isaa argitee, ija isaa irraa kutattee in nyaatte, abbaa manaa ishee isa ishee wajjin tureefis immoo in laatte innis in nyaate, Yommus lamaanuu ijji isaanii in baname, qullaa ta`uu isaaniis in beekan, kana irratti isaan baala arbuu walitti hulluuqsisanii marxoo isaa hojjetatan” (Seera Uumamaa 3:1-7). Barreeffamni akka dubbatutti, Waaqayyo yeroo dhufee isaan gaafatu, Addaam Haadhamanaa isaa himate, haati manaa isaas bofa sana himatte, haa ta`u iyyuu malee hundumti isaanii iyyuu adabamaniiru, yeroo ija muka kanaa nyaatan akka du`an itti himeera, kanaaf cubbuun kun akkuma jedhame du`a foonii akka du`a hafuuraa du`an isaan godheera. Kanaafis diina Waaqayyoo ta`an.

Waaqayyo qulqulluu Cubbuu irraa wallaba ta`uu isaa Macaafni qulqullaa`oon nu barsiisu, kana malees Waaqayyo sobuu hin danda`u (Ibroota 6:18), akkasumas Waaqayyoo eenyuun iyyuu hin qoru (Yaaqoob 1:13) Kristoos Cubbuu irraa Walaba (1 Pheexroos 2:22) Waaqayyo qulqulluudha, cubbuu hin hojjetu, kana malees Namoonni cubbuu hojjetaniiru, Cubbuun isaanii kun immoo Waaqayyoo wajjin adda isaan baaseera, Isaayyaas raajichi akkas jedha “Kunoo Harki Waaqayyoo gabaabbatee isin fayyisuu hin dadhabne, gurri isaas duudee Iyya keessan dhaga`uu hin dadhabne, yakki keessan isinii fi Waaqayyoo keessan gidduu goree gargar isin ittise, akka isiniif hin dhageenyeef sababii cubbuu keessaniitiif Waaqayyo fuula isaa isin irraa in deebise” jedha (Isaayas 59:1-2) akkasuma Pheexroosis “Ijji gooftichaa, gara warra qajeeltotaa in ilala, gurri isaas kadhata isaanii in dhaga`a, garuu fuulli gooftichaa warra hamaa godhanitti nyaara guureera” jedhe (1 Pheexroos 3:12).

Bara Kakuu Moofaatti Waaqayyo dhiifama cubbuutiif aarsaa horii akka kennan dhiiga horii akka dhangalaasaan gaafataa ture, kunis ta`ee garuu cubbuun namootaa ammas Waggaatti in yaadatama ture, kanaaf iyyuu wagga waggaatti aarsaa horii godhamuun dirqama ta`e, kanaaf dhiigni korommii fi Re`ootaa cubbuu ilma namaa bara baraaf irraa qulleessuu hi dandeenye, (Ibroota 10:1-4), booda irra Waaqayyoo bara baraan cubbuu namootaa kan qulqulleessu Kristoos Yesuusiin erge innis aarsaa ta`e (Ibroota 10:5-10)., Pheexroosis akkas jedheera “Isin kana gochuudhaaf waamamtaniittu , Kristoos

immoo isiniif dhiphatee, faana isaa duukaa aaka buutaniif fakkeenya isiniif kenneera, caaffata qulqullaa`aa keessa ‘inni cubbuu hin hjjenne, dubbii isaa keessatti haxummaan hin argamne” kan jedhu jira. Inni yommuu arrabsame deebisee hin arrabsine, yommuu dhiphates Waaqayyo isa firdii qajeelaa faradutti kennate malee, warra isa dhphisan hin doorsifne. Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba`e, madaa`uu isaatiin isin in fayyifamtan” (1 Pheexroos 2:21-24) kanaaf iyyuu ilmi namaa badeera, qulqullina keessaas ba`eera, gooftaa irraas fagaateera, gaaromminni isaa, tola ooluun isaa, isa fayyisuu hin dandeenye, seerri duraas isa fayyisuu hin dandeenye, Phaawloos akkas jedha “Waaqayyo hojii nuyi qajeelummaadhaan hojjenneef utuu hin ta`in akka araara isaatiitti dhiqannaa lammaffaa dhalachuutiin, haaressuu hafuura qulqulluutiinis ny fayyise” (Tiitoo 3:5), itti dabalees akkas jedha Phaauloos “Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan, inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti, hojiidhaanis miti, namni tokko illee akka ittiin of hin janyetti” (Efeesoon 2:8-9), kanaaf iyyuu Kristoos qulqullichi ilmi namaa hundi akka fayyaniif fannoo irratti aarsaa kaffaleera, Abdii fayyinaas akka argatan godheera.kanas yeroo dubbifnu “Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate, kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti, Waaqayyo biyya lafaatti farachiisuuf miti, biyyi lafaa isaan isaan haa fayyuuf ilma isaa biyya lafaatti erge malee” (Yohaannis 3:16-17) itti fufnees kan dubbifannu dhiigni Yesuus inni dhangala`e cubbuu keenya dhiquuf ta`uu isaati, Phaauloos akkas jedha “Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kristoos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuu qabna” (Efeesoon 1:7). Yesuus afaan isaatiin “Dhiigni koo kun dhiifamuu cubbuu namoota baayyeetiif dhangala`a” jedheera (Maatewos 26:28), haa ta`u malee ayyaana kana argachuudhaaf fayyuudhaaf namoonni hundi Yesuusitti Amanuu qabu (Yohaannis 14:1, Hojii Ergamootaa 2:37), cubbuu isanii irraas yaada garaa geeddarachuu qabu (Luuqaas 13:3), Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu qabu (Maatewos 10:32), dhuma irratti bishaan keessatti awwaalamuudhaan Cuuphamuu qabu, Pheexroos akkas jedha “Yaada graa Keessanii geeddaradhaa, maqaa Yesuus Kristoosiin Cuuphamaa” jedha (Hojii Ergamootaa 2:38) kana yeroo Raawwannu duwwaadha kan fayyinu, kan ilmoo Waaqayyoos taanu, kan Waldaa Kristoosittis inni nu dabalu, yeroo kan goonu duwwaadha dhiigni isaas kan nu qulqulleessu (1 Yohaannis 1:7) kana booda Kristiyaanni tokko yoo cubbuu hojjetee Waaqayyoo irraa deebi`e kan inni godhuu qabu yaada garaa

geeddaratee araarama gaafachuudhaaf fuula Waaqayyoo duratti badii isaa mullisuu qaba (Yaaqoob 5:16)

Kristoos yeroo aarsaa inni kaffaleef, Waaqaa fi namoota walitti araarsuufi, angafa lubaas nuuf ta`uufi, nu fayyisuufi, warra Waaqayyo irraa fagaanne gara Waaqayyootti nu fiduufi, (1 Ximmotewos 2:5, Efeesoon 2:16, 1 Yohaannis 2:1, Ibroota 8:1, Ibroota 8:21).

Jaallewwan koo ! nuyi Cubbamoota, nuyi yakka warra hojjeteedha, nuyi warra badeedha, cubbuu kan jalaa kan birmaduu nu baasu hin jiru, seerri kam iyyuu cubbuu kana irraa nu hin fayyisu, dhaabni amantaa kami iyyuu, jaarmiyaan namootaa uumaman kam iyyuu, abbaan amantaa kam iyyuu gaaromminni keenya kam iyyuu cubuu kan jalaa nu baasuu hin danda`u, gooftaa garaa dhaan Jaallachuun keenya duwwaanis, isaaf sagaduun keenya duwwaanis nu fayyisuu hin danda`u, akka fedhii abbaa karaa hin taaneen waaqeffachuunis nu hin fayyisu, garuu akkaataan ittiin fayyinu caaffata qulqullaa`oo keessatti tartiibaan barreeffamee jira, inni duraa Waaqayyotti Kristoosittis Aamnuu dha, (Yohaannis 14:1) Cubbuu keenya irraa yaada garaa geeddarachuudha (Luuqaas 13:3, Hojii ergamootaa 2:37-38), Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uudha (Maatewos 10:32), Dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu keenyaaf bishaan keessatti Awwaalamnee cuuphamuudha (Maarqoos 16:16, Hojii ergamootaa 2:38, Hojii ergamootaa 8:36-39), kana erga goonee booda gooftaan isin fayyisa, waldaa isaattis isin dabala (Hojii ergamootaa 2:47) karaa kana duwwaa dhaan yeroo fayyinu Kristiyaana taana, isaa wajjin amanamuudhaan jiraanna, isas tajaajilla, guyyaa tokko dhufee nu fudhatee isaa wajjin jireenya bara baraa jiraanna.

## Barumsa 7
## Wangeelli Maaliif human Fayyisuu Waaqayyoo ta`e

Maaliif ilmi namaa hundi fayyuun isa barbaachise ? Namoonni badaniiru yeroo jennu fayyuu qabu yeroo jedhamu jireenyi isaanii gaaga`ama guddaa keessa jira jechuudha ilmi namaa ofii isaatiin nama ga`aa miti, yeroo nama ga`aa miti jennu baayyeen namootaa aa`aaruu danda`u, garuu warri kanatti aa`aaran haala sodaachisaa keessa jiru. Baduu ofii beekuun barbaachisaa dha, garuu baduu ofii beekuun duwwaan ga`aa miti, baddisa kana jalaa akkamitti akka ba`uu dandaa`an yoo hin beekin, baduu beekuu duwwaan maal waa`ee baasa,? Namoonni baayyeen amma iyyuu badanii jiru garuu fayyineerra jedhanii yaadu, yookiinis yaada nama fayyee keessa of galchaniiru, jara kana bira ga`uun rakkisaa ta`us jara kanaaf Gargaarsi in barbaachisa.

Gara gaaffiitti yeroo deebinu, ilmi namaa akkamitti bade? Ilmi namaa

badeera, waan badeefis cubbamaa jedhame. Cubbuu jechuun seera Cabsuudha, Yohaannis akkas jedha “Cubbuu kan hojjetu hundi seera malee jiraata, cubbuun seera malee jiraachuudha” (1 Yohaannis 3:4), “cubbuun seera malee jiraachuudha, cubbuun gara du`a bara baraatti nama geessa” (1 Yohaannis 5:17), kanaaf iyyuu cubbuun waan gaarii hin taane hojjechuu seera cabsuu ykn seera malees jiraachuudha, Yohaannis ammas cubbuun seexaana irra dhufe jedha “Seexaanni jalqabaa jalqabee cubbuu waan hojjeteef, namni cubbuu hojjetu kan Seexaanaati, Ilmi Waaqayyoo immoo hojii Seexaanaa diiguuf mulla`ate” (1 Yohaannis 3:8), Phaauloosis akkas jedha “Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaan irraa hirr`ateera” jedha (Roomaa 3:23, Roomaa 3:10), Waan gaarii ta`e godhuu dhiisuunis cubbuu dha, Yaaiqoob “Namni wanta gaarii hojjechuu beeku, wanta gaarii sana yoo hojjechuu dhhise, cubbuu itti in ta`a” (Yaaqoob 4:17).

Egaa ilmi namaa erga Cubbuu keessa jiraatee akkamitti cubbuu kana jalaa ba`uu dandaa`a, akkamitti fayyuus dandaa`a? dhugaa dubbachuudhaaf eenyu iyyuu ofii isaa fayyisuu hin danda`u, cubbamaa biraas isa fayyisuu hin danda`u, gaaromminni inni godhus hojii gaariin inni godhus isa fayyisuu hin danda`u. erga akkas ta`ee nama kanaaf Abdiin jiraa? Eeyyee Abdiin jira, Cubbuu keessaa nu baasuuf, nu fayyisuuf kan dabarsee of kenne tokkotu jira.

Waaqayyo waggoota dhibbootaan lakkaa`amaniif ilma nama cubbuu irraa oolchuuf aarsaa dhiiga horii akka dhiheessan barbaadee ture, garuu Aa`arsaan kun yeroo yerootti kan haarmfamu ture (Ibroota 10:1-4), kana waan ta`eef Waaqayyo cubbuun ilma namaa bara baraan akka dhiifamuuf tokkicha ilma isaa dabarsee kenne, (Yohaannis 3:16-17, Roomaa 5:8) Barreessaan Macaafa Ibrootaa akkas jedhee barreesse “Kristoos garuu al tokko aarsaa dhi`eessee, bara baraan gara mirga Waaqayyoo taa`e, achi taa`ee diinonni isaa ejjeta miilla isaa hamma godhamanitti in eeggata, al tokkicha aarsaa dhi`eessuudhaan, warri Waaqayyoof qulqulleeffaman yeroo hundumaaf akka fiixaan ba`an godheera” (Ibroota 10:12-14).

Kristoos cubbuu ilma namaaf erga du`ee Awwaalamee Awwaala keessaa ka`ee booda fayyisaa ta`uun isaa misraachoo ykn oduu gaarii dha. Sababni isaa ilmi namaa isatti amanuudhaan abdii jireenya bara baraa qaba waan ta`eef. Kunis Wangeela jedhama.kana jechuun Wangeela jechuun du`uu awwaalamuu fi du`aa ka`uu Kristoosi, misiraachoo dha. Kunis bara baraan oduu gaarii ta`ee amma dhuma biyya lafaatti hojjeta. Phaauloos akkas jedha “ Caaffanni qulqullaa`aan Namni maqaa gooftaa waammatu hundinuu in oola” in jedha, Namoonni immoo, nama itti hin amanne attamit-

ti waammatu ree? Attamittis nama waa`ee isaa dhagaa`anii hin beeknetti amanu ree? Namni utuu isaanitti hin lallabin attamitti waa`ee isaa dhaga`u ree? Namoonni yoo ergaman malee, attamitti lallabu ree? Warri oduu gaarii fidanii dhufan maal maal nama gammaciisu" kan jedhu illee Caafamee jira" (Roomaa 10:13-15), itti fufee Phaauloos akkas jedha "Yaa obboloota ko ! Abboonni keenya hundinuu (utubaa) duumessaa sana jala akka turan, hundumti isaaniis galaanicha akka ce`an akka beektan nan barbaada. Hundumti isaaniis kan Musee ta`uudhaaf duumessichaa fi galaanicha keessatti cuuphamaniiru. Hundumti isaanii nyaata hafuuraa isa tokkicha sana nyaataniiru , hundumti isaanii dhugaatii hafuuraa isa tokkicha sana dhuganiiru, isaan kattaa hafuuraa isa guddicha , isa isaanii wajjin adeemaa turetti dhuganiiru, kattaan guddichi sun immoo Kristoos ture" (1 Qorontoos 10:1-4).

Garuu dhugaan kun akkamitti fayyisa? Lallabni kunis akkamitti fayyisa ? Amanuun hoo akkamitti Fayyisa? Mee gara caaffata qulqullaa`aa dhaqnee waan jedhu ilaalla. Kristoos erga du`ee, Awwaalamee Awwaala keessaas ka`e utuu gara abbaa isaa gara Waaqaatti ol hin ba`in ergamoota isaatiin akkas jedhe "Egaa gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa Uumama hundumattis Wangeela lallabaa, kan amene Kan Cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama" jedheen (Maarqoos 16:15-16). Maatewosis akkanatti nu dubbisiise "Yesuus immoo gara isaaniitti dhi`aatee "Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf Kennameera. Egaa dhaqaa, maqaa Abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa, Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa. Kunoo ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira" isaaniin jedhe (Maatewos 28:18-20), Luuqasis Dubbii gooftaan dubbate akkasitti hima "Kristoosichi dhphachuuf , guyyaa sadaffaattis du`aa ka`uuf akka jiru, Yaada garaa geeddarachuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yeruusaaleemii jalqabee saba lafa irraa hundumaatti akka lallabamuuf jiru Caafameera" (Luuqaas 24:46-47).

Wangeelota sadan keessatti kan Gooftaan ergamoota isaatti hime ykn abboome gara biyya lafaa hundumaa gara saba hundumaa, gara ilmaan namaa hundumaa akka deemanii Wangeela lallabanii dha. Wangeelli isaan lallaban kunis du`uu, Awwaalamuu, Awwaala keessas gaafa guyyaa sadaffaa ka`uu isaa akka lallabaniidha, Wangeelli kana. Misiraachoon kana. Oduu gaariinis isa kana. Garuu kana irraa kan hafe yookaan kanaa ala kan ta`e wanti inni abboome jiraa? Lakkii hin jiru. Isuma kana namootatti lallabu, namoonnis in amanu, yaada garaa geeddaratu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`u, achii booda Maqaa Abbaatii fi ilmaatti kan ha-

fuura qulqulluuttis Cuuphamanii fayyu. Egaa kanatti amananii namoonni maal ta`an? Akkuma Macaafa Hojii Ergamootaa qu`annutti jaroonni kana godhanii wangeelaaf abboomamanii fayyanii Waldaa Kristoosittis Kristoosumaan dabalaman.

Garuu kun hundi fayyinni du`uu awaalamuu fi awaalaa ka`uu Kristoosii wajjin maaltu walitti fida? Kristoos namoonni akka fayyaniif fayyina isaanii dura wantoota godhuu qaban abboommii kenneera. Ilma Waaqayyoo kan ta`e, fannoo irrattis kan du`e waaqaa fi lafa irrattis aboo waan qabuff waaqummaa waan qabuuf akkaataa fayyinaa kaa`eera, fayyuudhaaf isatti amanuu yaada garaa geeddarachuu, ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu, fi dhuma irratti cuuphamuu akka barbaachisu himeera, namni kana godhe dhuguma fayyinaaf kan abboomame ta`uu isaati., kun egaa human wangeela keessa jirutti of kennuu dha, Phaauloos human wangeelaa akkasitii hima, "Ani Wangeelatti hin yeella`u inni human Waaqayyoo isa warra amantii qaban hundumaa duraan dursee warra Ihudootaa akkasumas warra Griikotaa fayyisuu dha,Qajeelummaan Waaqayyo namaaf kennu amantii irra in dhaabbata gara amantiittis nama in geessa, kunis wangeela keessatti in mulla`ta, akkuma Caafamee jiru, immoo "Namni amantiidhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta`e jireenya dhugaa in jiraata" (Roomaa 1:16-17).

Phaauloos Roomaa 6 irratti Kristoos du`uu awwaalamuu fi du`aas ka`uu isaa nu agarsiisa, namni tokko yeroo wangeelaaf Bishhan keessatti awaalamuudhaan cuuphamu, du`a awwaalamuu fi du`aa ka`uu kristoosii wajjin akka inni tokko ta`u nu agarsiisa. Akkas jedha "Yookiis nuyi Warri Kristoos Yesuusitti dabalamuudhaaf cuuphamne du`a isaattis isatti dabalamuudhaaf cuuphamne in Wallaaltanii ree ? nuyi cuuphamuudhaan du`a isaatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra. Kristoos human abbaa isa ulfina qabeessaan warra du`an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraatti in jiraanna. Akkuma du`a isaatti isaa wajjin walitti dabalamne akkasuma du`aa ka`uu isaattis isaa wajjin walitti in dabalamna. Nuyi deebinee garba cubbuu akka hin taanetti dhagni inni cubbuu hojjetu akka badduu baafamuuf namummaan keenya inni moofaan isaa wajjin akka fannifame in beekna" (Roomaa 6:3-6) itti aa`ansees "Waan tokko of irratti gooftaa godhattanii harka isaa jala yoo of galchitan, isin wanta sanaaf garba akka taatan hin beektanii ree? Cubbuudhaaf yoo abboomamtan du`aaf, Waaqayyoof yoo abboomamtan qajeelinaaf in bultu, Waaqayyoon galanin haa ga`u! isin dur garboota cubbuu turtan, amma garuu qomoo barsiisa keenyaa isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abboomamtaniittu" (Roomaa 6:16-17) barumsi inni jedhu kun du`uu awwaalamuu fi du`aa ka`uu Kris-

toositti amantanii cuuphaadhaanis abboomamtanii du`a isaa du`aa ka`uu isaa wajjin wal fakkaattaniittu jechaa jira. Bishaan keessaa yeroo ba`an booda jireenya haaraa jiraachuudhaaf jechuudha.

Ergaa 2 Tasaloonqee 1:7-9 irraatti Phaauloos yeroo nutti himu gooftaan bara dhumaa sanatti warra Wangeelaaf hin abboomamin akka inni hijaa ykn haaloo ba`uuf jiru dubbateera. Akkasuma Pheexroos immo ergaa 1ffaa 4:17 irratti warri Wangeelaaf hin abboomamne baduuf akka jiran dubbateera. Kanaaf wangeela Amanuu duwwaa utuu hin ta`in wangeelaaf abboomamuun dirqama ta`a jechuuudha, yeroo abboomaman Kristoos warra abboomaman in fayyisa waldaa isaattis in dabala.

Wangeelli Caaffata qulqullaa`oo irratti dhugaadhaan lallabameera, nuyis kanuma lallabna Phaauloos "Wangeela yoon lallabuudhaa baadhe anaaf Wayyo" jedha (1 Qorontoos 9:16), akkasuma Wangeela adda ta`e warra lallaban Phaauloos Abaareera (Galaatiyaa 1:6-9), kunis wangeelli sirri ta`e al tokko lalabameera waan ta`eef isa irraa kan adda ta`e eenyu illee yoo fide abaaramaa haa ta`u jedha.

Jaallewwan koo ! Wangeela Kristoos amantaniittuu? Abboomamtaniittuu? akka isin kana gootan isiniifan kadhadha. Karaa qaxaamuraa fayyinaaf ta`u tokko illee hin jiru.

## Barumsa 8
## Amantiin maaliif Barbaachisa

Amanitin maali ? wanti amantii ibsuu danda`u jiraa? Yeroo baayyee waa`ee amantii kanaa ilaalchisee Ibroota 11:1 ibsa amantii goona.Barreessaan macaafa ibrootaa akkas jedha "Amantiin wanta abdatan "Dhuguma in ta`a" jedhanii fudhachuu dha, waan ijaan hin argines akka waan arganiitti "Jira" jedhanii lakkaa`uu dha," (Ibroota 11:1), fakkenya inni nuuf kaa`u, akka Abrahaam, Musee, Daawwit, Eliyaasii fi jarreen gurguddoonni akka abboota amantii ta`an nan amana, kan biros jiru, nan amana garuu jara kana ani ijaan argee hin beeku, garuu jiraachuu isaanii kan dhugaa ba`u, caaffatatu jira, seenaan isaanii guutuu guutuutti waan Caafameef wanti dhugaa ta`uu isa ana shakkisiisu hin jiru, kanaaf iyyuu dhuga ba`insa macaafni waa`ee jara kanaa ibse amanees fudheera.kanaaf iyyuu amanitin macaafa qulqulluu waa`ee isaanii himu irraa qabuun jarri kun yeroo ta`e tokko turaniiru, amma lubbuun hin jiran.. akkasuma Kristoos, Phaauloos, Pheexroosii fi kanneen biro jaarraa tokkoffaa sana akka turan nan amana,. Kanaa walfakkaatee waa`ee Amantii Phaauloos yeroo barreessu "Amantii dhaga`uu irraa dhufa, kan amanuun ta`us dubbii Kristoosi" jedha (Roomaa 10:17).

Ani akka dhuunfaa kootiitti Namoota bebbeekamoo, bulchoota biyyaa baayyee kanin ijaan hin argin, kanin jiraachuu isaanii dhaga`e baayyeetu jiru, akka isaan turan nan amana. Jiraachuu isaaniif ragaa kan naaf ta`u kan caafaman waa`ee isaanii kan dubbatan akka Gaazexaa, televiizinaa, tamsaasa Raadioofa irraan dubbisa, dhaggeeffadhas, ragaalee kanneeniin Bulchoonnii fi gurguddoonni kun jiraachuu isaanii amanee jiraadheera, amanaan jiras.

Akkasuma ani Waaqayyoon ija kiyyaan hin argine, ana duwwaa miti, Yohaannisis akkas jedha "Namni tokko illee Waaqayyoon takkaa hin argine, yoo wal jaallanne Waaqayyo nu keessa in jiraata, jaalalli inni ittiin nu jaallatus nu keessatti fiixaan ba`uu isaati" (1 Yohaannis 4:12), Waaqayyoon arguu dhaa baadhus jiraachuu isaa nan amana. Maaliifi? Sababni isaa jiraachuu isaatiif ragaalee baayyeen qaba. Uumani hundi isaan uumaman (Seera Uumamaa 1) waa`ee kanaa Caaffanni nutti hima (2 Ximotewos 3:16-17), akeekani jireenya keenyaa isa (Ermiyaas 10:23) barreessaan Macaafa Ibrootaa "Amantii malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin dandaa`amu, eenyu illee Waaqayyotti dhihaachuu yoo barbaade inni akka jiru warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira" jedha (Ibroota 11:6).

Amantii jaamaa, amantii waa`ee hin baafne akka hin qabaanneef gooftaan dubbateera. Kanaaf iyyuu amantiidhaa isaa fi fedhii ykn akeeka inni nuuf qabu akka beeknu barbaada. Waaqayyo karaa ilma isaa Kristoos Yesuus dubbateera.gaafa Yesuus gaara dheeraatti ol ba`eebifti ulfina isaatii isaanitti mullate sana Waaqayyo akkasitti isaanitti dubbate "Utuu inni kana dubbachaa jiruu, kunoo duumessi ifa of keessaa qabu tokko isaanitti uffise, Sagaleenis duumessicha keessaa dubbatee, "Kun ilma koo isa ani jaalladhu, gammachuun koos isatti in raawwata, isa dhagaa`a" jedhe (Maatewos 17:5). Barreessaan macaafa Ibrootaas akkas jedha "Bara duriitti Waaqayyo si`a baay`ee karaa gara garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyaa bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate, Waaqayyo ilma isaa Kanaan Waaqaa fi lafa Uume, waan hundumaas harka isaatti kennuuf isa dhaabe" (Ibroota 1:1-2) garuu akkamitti dubbata? Kristoosiin dubbata,, Yaaiqoob akkas jedha "Namni seera birmadummaa isa hri`ina hin qabne, isa dhaga`ee hojii irra kan oolchu malee, kan hin irraanfanne garuu, gocha isaatti gammaduuf jira" (Yaaqoob 1:25). Phaauloosis akkas jedha "Caaffanni qulqullaa`aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame, barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimma in baasa. Namni Waaqayyoo waa gochuuf kan danda`e, hojii gaarii hundumaafis kan qophaa`e akka ta`u in godha" (2 Ximotewos 3:16-17), Pheexroosis akkas jedha "Gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenya Yesuus Kristoosin beekuudhaan Xuraa`ummaa biyya lafaa

duraa baqatanii erg aba` ba`anii deebi`anii ittiin qabamanii yoo mo`aman, akki isaan itti jiran inni booddee isa duraa irra in hammaata. Karaa qajeelummaa erga beekanii booddee, abboommii qulqulluu isa isaaniif kenname irraa garagaluu irra, takkaa utuu hin beekin hafaniiru utuu ta`ee, isaaniif in wayya ture. Jechi inni "Sareen diddigee diddiga isaatti in deebi`a" akkasumas "Booyyeen dhiqatee dhoqqee keessa gangalachuutti in deebi`a" jedhu dhugaa ta`uun isaa, waan isaan kana irra ga`uun in mull`ata" (2 Pheexroos 2:20-22). Ammas yeroo biraa akkas jedhe "Isin dhugaadhaaf abboomamuu keessaniin, jireenya keessan qulleeffattanii, obboloota garaa qulqulluudhaan jaallachuu bira geessaniittu, ammas jaalala ho`aa isa garaa keessaa dhufuun wal jaalladhaa. Isin sanyii baduttii utuu hin ta`in, sanyii hin badnettii sagalee Waaqayyoo isa jiraataa fi isa akka jirutti hafuun, haaraa taatanii dhalattaniittu" kanaaf caaffanni qulqullaa`oon Namni foon uffate hundinuu akka margaa ti, ulfinni isaa hundinuus akka daraaraa margaa ti, margichi in coolloga, daraaran isaas in harca`a. dubbiin gooftichaa garuu, hafee bara baraan in jiraata" in jedha, dubbiin kun immoo isa misiraachoo isinitti himamee dha" (1 Pheexroos 1:22-25).

Egaa Erga Waaqayyo kara dubbii isaatii kara Macaafa qulqulluu nutti dubbata ta`ee, macaafa qulqulluu kana dubbifannee, qu`annee, isa dhaga`uun ga`ee kootiif ga`ee kee ta`uu beekuu qabna. Phaauloos akka nuti qu`achuu qabnu nu gorsa (2 Ximotewos 2:15), gooftaa Yesuusis "Waa`ee koo isinitti himuuti Caaffata ilala" jedha (Yohaannis 5:39) maaliif isa dubbifna, maaliif isas qu`anna ? sababni isaas isa qu`achuudhaan, jaalala waaqayyo ykn fedhii Waaqayyoo barree akka inni achi irra kaa`etti akka abboomamnuufi. Egaa namoonni badiisi isaanii bifa lamaani inni 1ffaan Maalis ta`e maal dubbii sagalee Waaqayyoo kana macaafa qulqulluu kana amanuu dhiisuudhaan, mormuu dhaan baduu dha. Inni lammataa immoo Waaqayyo akka jiru, Kristoosis ilma Waaqayyoo ta`uu isaa amananii garuu abboomamuu diduudhaan baduu dha. Amma bara kana namoonni baayyeen Amantiin duwwaatu fayyisa jedhanii mormu kanaafis akka ragaatti kan isaan dhi`eessan Wangeela Yohaannis 3:16, himu. Garuu dhugaa dubbachuudhaaf dubbii kana keessa amantii duwwaa kan jedhu hin jiru, mee dhuguma erga gooftaatti amannee isa inni abboome raawwachuu hin qabnuu ? barumsa isaatti yoo abboomamuu baanne, dhuguma amantii isa gammachiisu qabaachuu dandeenyaa?

Yaaqob waa`ee Amantii ilaalchisee akkas jedha, "Yaa obboloota ko! Namni tokko "Ani amantii qaba" jedhee, hojii gaarii isa ittiin amantii qabachuu isaa argisiisu immoo hin qabu yoo ta`e, maaliif waa`ee baasaaf ree? Amanitin inni jedhu sun isa fayyisuu dandaa`aa ree? fakkeenyaaf obbolees-

si tokko obboleettiin tokko bututtuu in uffatu akkasumas guyyaa guyyaatti nyaata ga`u hin argatan yoo ta`e, isin keessaa tokko immoo waan namummaa isaaniitiif barbaachisu utuu hin kenniniif, Nagaadhaan dhaqaa, isinitti haa ho`u quufaas" yoo ittin jedhe, bu`aa maalii qabaaf ree? Amantiinis akkasuma, hojii gaariidhaan hin agarsiifamu yoo ta`e inni ofii isaatii du`aa dha. Namni tokko garuu "inni tokko amantii qabaatee, inni kaan immoo hojii gaarii yoo qabaate maal ta`a? in jedha ati immoo "Ati immoo amantii qabachuu kee hojii gaarii malee na agarsiisi, Ani immoo amantii qabaachuu koo hojii koo isa gaarii dhaan sin agarsiisa. Waaqayyo tokkichi akka jiru, ati in amanta mitii? Ba`eessa goote ! isa kana hafuuronni hamoon iyyuu in amanu, in roqomus. Namicha gowwaa nana! Amantiin hojii gaarii yoo hin agarsiisuudhaa baate, waa`eek an hin baafne akka ta`e beekuu hin barbaaddaa ? nan jedha. Abrahaam abbaan keenya ilma isaa Yishaaqin, iddoo aarsaa irratti yeroo dhi`eesse, hojii isaatiin qajeelaatti lakkaa`amee mitii ree? Kana keessatti amanitin isaa hojii isaa isa gaarii wajjin wal gargaaraa akka ture amantiinis hojiidhaan fiixaan akka baafame in argita. Inni caaffata qulqullaa`aa keessaa "Abrahaam Waaqayyoon amanatee kunis qajeelummaatti in lakkaa`ameef" jedhu in raawwatame, inni fira Waaqayyoo jedhamee in waamame. Egaa namni amantii duwwaadhaan utuu hin ta`in , hojii gaariidhaan qajeelaatti akka lakkaa`amu in argita. Akkasuma Rahaab ejjituunis yeroo warra ergamanii dhufan sana simtee karaa biraa akka ba`an goote, hojii gaariidhaan qajeeltuutti lakkaa`amtee turte mitii ree? Akkuma dhagni hafuurri keessaa ba`e du`aa ta`e akkasuma amanitin hojii gaarii hin argisiifne du`aa dha." (Yaaqoob 2:14-26) Yaaqoob kan jechaa jiru, Amantii qabachhun waan tokko, isa mirkaneessuun immoo waan kan biraati. Waan hundumaaf iyyu Amantiin maal godhuu dandaa`a? Amantii gatii maalii qaba? Akka Yaaqoob ibsutti Amantiin hojii hin qabne kan du`ee dha, jedha. Amanitin dhugaan kan hojjetuu dha.

Amanitin kan hojjetu erga ta`e fayyinni ayyaanani mitii? Phaauloos waa`ee Ayyaanaa ilaalchisee akkas jedha, "Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan, inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gocha ofii keessan miti, hojiidhaanis miti, namni tokko illee akka ittin of hin jaynetti" (Efeesoon 2:8-9), namni tokko fayyina argachuudhaaf Waaqayyo irra gargar ba`ee, gaarummaa mataa isaatiitin fayyuu hin danda`u. as irratti Phaauloos warra mormaniin dubbata, as irratti ayyaana Waaqayyootiin fayyifamtaniittu jechuun , ayyaanni kun namoota iddoo bu`eera jechuudha. Waaqayyo ayyaana isaatiin fayyina kenneera. Garuu fayyina kana fudhachuudhaaf ga`ee namootaati. Erga Waaqayyo nuuf kennee hin fudhannu

jechuun rakkisaa dha. Yeroo Waaqayyo nuuf kennu fudhachuun nu fayyisa. Garuu akkamitti fudhanna ? isa caaffata keessatti fayyina ilaalchisee barreeffame fudhannee amannee yeroo abboomamnuu dha. Utuu hin abboomamin ayyaana duwwaadhaan fayyuun hin dandaa`amu.

Macaafa hojii ergamootaa guutuu yeroo dubbifnu tokkoo tokkoon barreeffama achi irraa fedhii Gooftaan fayyina namootaatiif qabuu fi akkamitti immoo namoonni sun immoo fedhii gooftaa raawwachuudhaan abboomamanii fayyan argina. Dubbii Waaqayyoo dhaga`an, in Amanan, yaada garaa isaanii geeddaratan, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`an, achii booda dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu isaaniitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan in cuuphaman, kana booda gooftaan isaan fayyisee waldaa isaatti isaan dabale. (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamoota 2:47) namni tokko amaneera haa jennu garuu Cuuphamuudhaaf yoo hin hayyamu ta`e, inni fayyeeraa? Akka Maarqoos 16:16, namni kun hin fayyine, kana irraan kan ka`e namni kun akka warra hin amaniitti lakkaa`ama. Gaafa dhuma baraa warra hin amannetti Kristoos itti faraduuf jira. Kanaaf iyyuu fayyuudhaaf firdii jalaa ba`uuf abboommii caaffata qulqullaa`oo keessa jiraniif abboomamuun dirqama.

Amantii akkamii qabda? Amantiin ke kan hojjetuu dhaa? Amantii kee irratti abboomamuuf tarkaanfii fudhachuuf qophoofteettaa ? yoo gooftaaf abboomatee akka inni jedhu goote, inni si fayyisa, waldaa isaattis si dabala.

## Barumsa 9
## Yaada garaa geeddarachuun maaliif barbaachise

Yaada garaa geeddarachuun macaafa qulqulluu keessatti kan caafaman keessaa isa tokkoo dha. Yaada garaa geeddarachuu jechuun, jijjiirama haalaa fi amalaa jechhuus in ta`a, karaa duraa irraa karaa haaraatti karaa jalli`anaa irraa karaa qajeelinaatti geeddaramuuf murteessuu jechuus in ta`a. Kanaan wal fakkaachuudhaan yaada garaa geeddarachuun yakka hojjetaniif gadduu dhaa oli. Badii ykn yakka ofiitti gadduun yaada garaa geeddarannaa keessaa isa tokko ta`uu dandaa`a, haa ta`u malee cubbuun isaa mullachuu isaatiif gaabbuu danda`a, garuu gaabbuu duwwaa utuu hin ta`in irraa deebi`uuf murteessuu qaba. Phaauloos akkas jedha, "Akka Waaqayyo biratti fudhatamutti gadduun, yaada garaa geeddarachuu fida, inni immoo gara fayyinaatti geessa malee, nama hin gaabbisiisu, akka biyya lafaa keessatti fudhatametti gadduun garuu du`a fida" (2 Qorontos 10:7).

Gooftaan waa`ee yaada garaa geeddarannaa ilaalchisee Seenaa Namicha abbaa ijoollee lamaa akkas jedhee dubbate "Yesuus amma immoo

“Waa`ee isa ani isinitti himuuf jedhu kana maal yaaddu? Namni ilmaan lama qabu tokko ture, innis ilma isaa isa tokko bira dhaqee `Yaa ilma ko, dhaqii har`a dhaaba wayinii keessa hojjedhu!` jedheen. Ilmi isaa sun immoo `Anoohin dhaqu` jedhee deebiseef, ergasii garuu gaabbee dhaqe. Namichi ergasii ilma isaa isa kaan bira dhaqee isuma ilma isaa isa tokkotti dubbate itti hime, inni immoo `Tole yaa abbaayyee ko!` jedhe, garuu hin dhaqne. Isaan lamaan sana keessaa isa kam inni jaalala abbaa isaatii godhe? “jedheen jarri immoo “isa duraa ti “jedhanii deebisan. Yommus Yesuus “Ani dhuguman isinitti hima, warri jal`isaanii qaraxa fuudhanii fi gaalamootonni isin dura mootummaa Waaqayyootti in galu. Yommuu Yohaannis cuuphaan qajeelummaa isin barsiisuu dhufe, isin isa hin amanne, qaraxoonnii fi gaalamootonni garuu isa in amanan. Isin immoo erguma kana argitanii booddee iyyuu, gaabbitanii isa hin amanne” isaaniin jedhe” (Maatewos 21:28-32) Yesuus bara isaa sanatti lubootaa fi Geggeessitoota amantaa waliin dubbataa ture, jarri kun warra amantaati, garuu Amantaa dogoggora keessa jiru, Yesuus akka isaan yaada garaa geeddaratan barbaadee akkas jedheen, Yesuus yaada garaa geeddarachuun maal akka ta`e ibseeraaf. Gurbaan “hin dhaqu” jedhee garuu gaabbee dhaqe sun yaada isaa gara gaariitti geeddarachuun isaa fakkeenya yaada garaa geeddarannaa akka ta`e itti himeera, gurbaan inni nan dhaqa jedhee garuu hin dhaqne sun nama gaarii fakkaatee garuu hin abboomamne, isaan keessaa kamtu sirrii dha jedhe yeroo gaafatetti isaanis isa duraati jedhaniin. Kanaaf gooftaan isin warri luba taatan, warri silaa sirrii dha ofiin jettan utuu jirtanii warri qaraxanii fi warri gaalamoota ta`an mootummaa Waaqayyootti isin dura galu jechuun isaanitti himeera.

Garuu yaada garaa geeddarachuun maaliif barbaachise ? sababni isaa biyyi lafaa hammeenyaan waan guutamteefi, cubbuun waan jiruufi, jalli`nni waan biyya lafaa guuteefi, hojiin foonii waan jiruufi, tokkoon tokkoon cubbuu immoo badiisa, inni immoo du`a waan ta`eefi, Phaauloos akkas jedha “Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du`a, kennaan Waaqayyoo inni Kristoos Yesuus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuu jireenya bara baraati” jedha (Roomaa 6:23) dabalees akkas jedha “Waaqayyo kan itti ga`isan miti`o hin gowwoominaa! Namni Waanuma facaase in galfata. Namni akka yaada foon isaatiitti facaasu, yaada foon isaatii sana irraa badiisa in galfata, akka yaada hafuuraatti kan facaasu immoo akka yaada hafuuraa irra jireenya bara baraain galfata” (Galaatiyaa 6:7-8)

Egaa Cubbuun nama balleessa erga ta`e cubbuu kana irraa yaada garaa geeddarachuu kan qabu eenyu? Warri yaada garaa geeddarachuu qaban cubbuu kanaaf itti gaafatamoo warra ta`anii dha, isaanis gaarii fi hamaa

gargar baasanii warra beekan, warra cubbuu hojjetanii dha (Roomaa 3:23) isaan kunis warra Seera Waaqayyoo cabsanii, irra dardarba raawwatan, warra fedhii Waaqayyoof hin abboomaminii dha.

Bara kakuu haaraa keessatti biyyi lafaa hammeenyaan guutamte, cubbuun biyya fudhate, Waaqayyo yakka jalli`ina ilmi namaa godhe ilaalee nama Uumuu isaatti in gaabbe, garuu nama qajeelaa tokko argate, innis Nohi jedhamuun Ati namootatti Wangeela lallabi jedheen, Namoonni yoo yaada garaa geeddarachuu dhaa baatan yoo gara Waaqayyootti deebi`uu baatan, badiisa guddaa badiisa bishaanii akka dhufu akeekkachiisi jedheen, Nohis kana in godhe garuu, namoonni hundi isa dhaga`uu didan. Utuu dhaga`aanii in fayyu turan, booda irra Nohii fi haadha manaa isaa ilmaan isaa sadanii fi haadha manoota isaanii waliigala namni 8 hafanii kaan badiisa bishaaniitiin dhuman (Seera Uumamaa 6, 8)

Tarii seenaa Yoonaas in yaadatta ta`a, akkas jedha "Gaaf tokko dubbiin Waaqayyoo gara Yoonaas ilma Amiitaayi dhufee, "Ka`I gara Nanawwee mandara guddittii dhaqi ! Hamminni namoota ishee guddatee na bira waan ga`eef, irratti labsi" jedhe. Yoonaas garuu isa dhiisee , fuula Waaqayyoo duraa mandara Tarshiishiitti baqachuudhaaf ka`e, mandara Yopheetti gad bu`ee markaba Tarshitti dhaqu argate, inni warra markabichaa wajjin adeemuudhaaf gatii isaa baafatee, fuula Waaqayyoo duraa gara Tarshishitti sokkuudhaaf keessa in lixe" (Yoonaas 1:1-3), akka galmeen Caaffata qulqullaa`oon himutti, markaba sana irratti bubbeen hamaan ka`ee, warri markabaas waan godhan wallaalanii, Yoonaas mataan isaa akka darban himee isaanis galaana sana keessatti darbatan achitti qurxummiin guddaan isa liqimsee guyyaa sadii garaa qurxummii keessa turee Waaqayyo achii isa baasuu isaati, mee haa dubbifnu "Ergasii dubbiin Waaqayyoo si`a lammaffaa gara Yoonaas dhufee, "Ka`ii, gara Nanawwee mandara guddittii dhaqi, wanta ani akka ati labsituuf sitti himu irratti labsi" jedhe. Kana irratti Yoonaas akkuma Waaqayyo isatti himetti ka`ee gara Nanawwee dhaqe, Nanawween fuula Waaqayyoo duratti iyyuu mandara baay`ee guddoo turte, gara tokkoon lixanii gara kaaniin ba`uudhaaf adeemsa guyyaa sadii in fudhata ture. Yoonaas mandarattii keessa lixuu jalqabee adeemsa guyyaa tokkoo erga adeemee booddee "Nnawween Galaggaluudhaaf guyyaa afurtama duwwaatu hafe "jedhe, Warri Nnawwees dhaamsa Waaqayyoo kana amananii fudhatan, gurguddaan Xixiqqaan akka soomananiif labsanii uffata gaddaa in uffatan. Dubbiin kun mootii bira ga`ee yommus inni teessoo isaa irraa ka`ee , uffata isaa isa surra qabeessa of irraa fuudhee, uffata gaddaa uffatee daaraa keessa in taa`e. Achumaan mootichi guutummaa mandara Nanawwee labsiin akka labsamu in godhe , labsiin ba`e sunis "Mootichaa fi gurguddoota

isa biraa akka abboomametti , Namni, sa`I, bushaa`een , horiin , qe`ee warri kaanis , waa afaaniin hin qabin , marga hin dheedin bishaan iyyuu hin dhugin ! Namnii fi horiin gadda haa uffatan jabeessaniis gara Waaqayyootti haa iyyan namni adduma addaan karaa isaa isa hamaa irraa , irree isaa nama irratti argisiisuu irraas haa deebi`u. waaqayyo isa fiduuf yaade dhiisee in deebisa ta`a maaltu beeka? Akka nuyi hin badnettis aarii isaa isa finiinaa irraa in deebi`a ta`a kan jedhu ture , Waaqayyo kana gochuu isaaniii karaa isaanii isa hamaa irraa deebi`uu isaaniis in arge, kanaaf inni wanta hamaa isaanitti fiduudhaaf dubbate sana in dhiise, irrattis hin fidne" (Yoonaas 3:1-3) Yoonaas dura Waaqa jalaa baqatus booda irra dhaqee Nanawweetti lallabee, Hammeenya irraa akka deebi`an lallabe, Nanawween guuddittiinis Dubbii Waaqayyoof amanamanii yaada garaa geedddaratanii gara Waaqayyootti deebinaan, Waaqayyos isaaniif garaa laafee badiisa irraan ga`uuf jedhe dhiiseef. Egaa haalli Waaqayyo akkasuma, yeroo Cubbuu ofii irraa deebi`anii fuula isaa duratti dhiifama gaafachuuf abboomaman Waaqayyos araaramaa dha.

Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyo Israa`eloota yeroo baayyee akka isaan yaada garaa geeddaratanii gara isaatti deebi`an irra deddeebi`ee kadhachaa ture. Yoo kana godhan akka isaan Eebbisu, akka lola isaaniis isaaniif lolu, akka isaanii wajjin dhaabbatu abdii kenneefii ture, isaan garuu dhaga`uu didanii Waaqa tolfamoo naannoo isaanii jiranii waaqeffachuu itti fufan, Waaqayyo isaaniin in adabe, Diinota isaaniitti dabarsee isaan kenne, diinota isaanitiif gabroomaman, diinaanis booji`aman. Kun hundi bu`aa yaada garaa geeddarachuu diduu isaaniiti. Namni ogeessi tokko akkas jedhe "Qajeelummaan saba ol in kaasa, Cubbuun garuu saba hundumaaf yeelloo dha" (Fakkeenya 14:34).

Maatewos 3 : 1-3 irratti Yohaannis Mootummaan Waaqayyoo dhihaateraatii yaada garaa geeddaradhaa, jechaa ture. Kristoosis Warra bara isaa turaniin, Yaada garaa geeddarachuudhaa yoo baattan in baddu jechaa ture (Luuqaas 13:3). Pheexroosii fi Ergamoonni kaanis gaafa Ayyaana pheexeeqoosxee sana magaala Yeruusaaleem keessatti saba achi jiranitti cubbuu isaanii itti himan, isaan kana keessaa warri Yesuusiin fannises keessa jiru, isaan kunis erga lallaba kana dhaga`anii booda maal gochuu akka qaban yeroo gaafatanitti "Pheexrosis :- yaada garaa geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf tokkon tokkoon keessan maqaa Kristoos Yesuusiin Cuuphamaa,.." jedhe (Hojii Ergamootaa 2:38), kunis akka Cubbuu isaanii irraa deebi`anii fi akka cubbuu kanattis hin deebinee cubbuu hojjechuu akka dhaabaniif Yaada garaa geeddarachuun barbaachisaa ta`eera. Yaada garaa geeddarachuun Ulaagaa fayyinaa tartiiba keessaa isa tokkoo dha malee

yaada garaa geeddarachuun duwwaan hin fayyisu, garuu yaada garaa geeddarachuu, Kristoos Ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu fi dhiqamuu Cubbuu isaaniitiif Bishan keessatti Awwaalamanii cuuphamuu dha. Kana yeroo godhan gara fayyinaatti dhufaniirujechuudha, gooftaanis isaan fayyisa, Waldaa isaattis isaan dabala. (Maarqos 16:16, Hojii Erg. 2:38, Hojii Ergamootaa 8:36-39, Hojii Ergamoota 2:47).

Hojii ergamootaa 17:30 irratti "Waaqayyo bara Wallalummaa isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa`uu dhiiseera, amma garuu namni hundinuu iddoo hundumaatti yaada garaa isaanii akka geeddaratan abboomeera" Hojii Ergamootaa 17:31 irratti immoo guyyaa isa dhumaa Waaqayyo karaa nama isa fo`ate Sanaa namootatti faraduuf akka jiru muree kaa`uu isaa dubbata, kanaaf iyyuu nama guyyaa sana faraduu wajjin firdii qajeelummaatiin isaan wal arguudhaaf yaada garaa geeddarachuu, cubbuu irraa fagaachuu, fedhii gooftaa raawwachuu qabna.

Garuu Kristiyaanni yoo Cubbuutti kufe hoo? Kunis Fuula gooftaa isa irraa akka galagalu godha. (1 Pheexros 3:12), karaan Cubbuun nama irraa ka`u, yookan dhiifamu karaan jiru tokkittii dha, innis namni cubbuu hojjete sun Cubbuu isaa fuula Waaqayyo dura kaa`ee araarama kadhachuu duwwaadha. (Hojii Ergamootaa 8:14-25, Yaaqoob 5:16).

Ati hoo yaada garaa geeddaratteettaa? Cubbuu keessa jirtaa cubbuutti deebitee? Barumsi kun kan sibarbaachisu ta`uu isaa hubadhu, Kristoositti amani, yaada garaa geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, bishaan keessatti awwaalamuudhaan Cuuphami, yeroo kana in fayyita, waldaa Kristoosittis si dabala, jireenya bareedaa jiraatta , jireenya aa`ara galfiis jiraatta, yeroo kana gootu wantoonni naannoo ke jiran hundi in jijjiiramu.

## Barumsa 10
## Maaliif Cuuphamna

Macaafni qulqulluun waa`ee cuuphaa cimsee barsiisa, kanaaf iyyuu cuuphaan maal akka ta`e, kaayyoon isaas maaliif akka ta`e baruudhaaf gara macaafa qulqulluu dhaquun nu barbaachisa. Kanaaf iyyuu gara Caaffata qulqullaa`aa deemnee ilaaluutu nu irra jira.

Gara caaffata qulqullaa`oo yeroo deemnu, duraan dursa Yohaannis namni jedhamu cuuphuudhaaf akka ba`e dubbifanna. Namni kun maqaa isaa iyyuu Yohaannis cuuphaa, ykn Yohaannis cuuphphaa jedhamee waamameera. Yohaannis namoota baayyee cuupheera. Maatewos 3:1 irratti akkasitti dubbifama "Bara sana Yohaannis cuuphaan sabatti mul`atee lafa onaa

Yihudaatti labsee “Mootummaa Waaqaa dhihaateeraati yaada garaa keessanii geeddaradha,” jedhe. “Isayas raajichi, “Sagaleen lafa onaa keessaa iyya , dhaga`aa dhaggeeffadhaa, gooftichaafis karaa tolchaati haaraa, daandii inni irra adeemus qajeelchaa, yommuu jedhe waa`ee namicha kanaaf dubbate, Yohaannis uffata rifeensa ggalaa irraa dha`ame uffat, mudhii isaas teephaan hidhate, nyaanni isaa immoo hawaannisaa fi damma moggaa ture, Yeroo sanatti warri Yeruusaalem jiraatan warri Yihudaa, warri kutaa biyya naanna`aa Yordaanos jiraatan hundinuu lafa Yohaannis Cuuphuphaan jirutti ba`an. Isaan kun cubbuu isaanii himachaa laga Yordaanositti isa of in Cuuphsisu turan” (Maatewos 3:1-6). Kana malees “Yohaannis immoo mandara Enon isa Saaleemitti dhioo, iddoo bishaan baayy`een argame, sanatti in cuupha ture, namoonnis achi dhaqanii in cuuphaman” (Yohaannis 3:23).

Qu`annaa keenya yeroo itti fufnu, Yohaannis Kristoosiin cuuphuu isaa dubbifna, “Yesuus yommus Yohaannis cuuphaan akka isa cuuphuuf Galiilaadhaa Yordaanositti isa bira dhufe. Yohaannis garuu. “Siin cuuphamuun anaaf barbaachisa, ati immoo cuuphamuuf gara koo dhuftaa?” jedhee jabeessee isa ittise. Yesuus garuu deebisee “Waaqayyo duratti waan qajeelaa ta`e hundumaa akkasitti raawwachuun waan nuuf ta`uuf, amma ana ittisuu dhiisi” jedheen, kana irratti Yohaannis isa ittisuu dhiise. Yesuus cuuphamee bishaanicha keessaa akkuma ba`een, kunoo bantiiwwan waaqaa hundinuu isaaf banaman, achumaanis hafuurri Waaqayyoo akka gugeetti gad dhufee isa irra bu`uu isaa in arge. Kunoo, sagaleen immoo “Inni kun ilma koo isa jaallatamaa dha. Gammachuun koos isatti in raawwatama” jedhee waaqa irraa dubbate” (Maatewos 3:13-17).

Amma cuuphaan Yohaannis faayidaa maalii qaba? inni karaa gooftaaf qopheessuus Kristoos dura kan dhufee dha. Inni namoota baraa isaa jiranitti waa`ee cuuphaa beeksisee, Kristoosii fi ergamoota isaafis cuuphaa akka barsiisan haala mijeesseera. Haa ta`u malee cuuphaan Yohaannis lallabaa ture bishaan keessatti cuuphamuu geeddarannaa yaada garaatii fi malee maqaa Yesuusiinis miti, kennaa hafuura qulqulluus hin qabu ture. Kanaafitu Phaauloos Hojii Ergamootaa 19:1-5 irratti Warra Efeesoon warra Cuuphaa Yohaannis cuuphamanii garuu kennaa hafuuraa hin qabne, maqaa Kristoosiinis kan hin Cuuphamin barsiisanii isaan cuuphan, kana Jechuun cuuphaan Yohaannis yaada garaa geeddarachuu ta`eetu booda irra cuuphaan kun Cuuphaa barsiisa Kristoosiin iddoo bu`e.

Kristoos erga du`aa ka`ee booda utuu gara abbaa isaatti ol hin ba`in dura ergamoota isaa akkas jedhee Abboome “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa, uumama hundumaaf Wangeela lallabaa, kana mane kan Cuuphames

in fayya kan hin amanin garuu itti faradama “ jedhe (Maarqoos 16:15-16) akkasumas Abboommii guddicha jedhamee kan beekkamu, Maatewos akkasitti nuuf galmeesseera “Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa. Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa ! Kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira” isaaniin jedhe (Maatewos 28:19-20), Luqqistoonni kun “Abboommii guddaa” jedhamanii waamaniiru, isaan kun wangeela biyya lafaatti akka labsamu, du`uu Awwaalamuu fi Awwaala keessaa ka`uu Kristoosii wajjin kan wal qabatan yeroo ta`u, kunis misiraachoodha. Namoonni akka lallaba dhagaa`an, amanan, yaada garaa geeddaratan, Kristoosiin dhugaa ba`an, cuuphamuudhaanis fayyanii dha. “kana mane kan cuuphames in fayya kan hin amanin garuu itti faradama” (Maarqoos 16:15-16).

Egaa cuuphaan tartiiba fayyinaa keessaa tarkaanfii isa maayyii dha, cuuphaan bishaanii kunis fakkeenya ta`a (1 Pheexroos 3:21).

Macaafa Hojii Ergamootaa guutuutti yoo dubbifanne, namoonni akkamitti akka gooftaaf abboomaman hubanna, jarri kun hundi sagalee dubbii Waaqayyo lallaba dhaga`anii, Amananii, yaada garaas geeddaratanii, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`anii cuuphamuudhaan akka fayyan argina, Hojii Ergamootaa 2 irratti yeroo Pheexroos lallabe, isaanis garaan isaanii baqaqee maal goonu ? jedhanii yeroo gaafatan deebisaan kennameef akka abboomamanii dha, isaanis akkasuma godhanii fayyan, akkasuma Hojii Ergamootaa 16:31, irratti Phaauloosii fi Siilas yeroo eegduu mana hidhaatiif lallaban innis “fayyuuf maal godhuu ree?” yeroo jedhetti akka innii fi maatiin isaa amananii cuuphaman achii booda akka fayyan itti himame, namni kunis maatii isaa guutuu wajjin amanee cuuphaman.akkasuma Hojii Ergamootaa 8:26-39, irrattis namicha sabaan Itiyoophiyaa ta`e, Filiiphoos itti lallabee dhuma irratti cuuphaa dhaan fayyina isaa mirkaneeffate argina. Hojii ergamootaa 10 irratti Qorneliyoosii fi maatiin isaas lallaba dhagaa`anii akka cuuphamaniif abboomamuu isaanii dubbifanna. Hojii ergamootaa 9 fi 22, irratti nama Saa`ol jedhamu booda irra Phaauloos ta`e hojjetaa gooftaa amanee erga jedhee booda “maaliiif lafa irra arkifatta ree? Ka`ii maqaa isaa waammadhuu cuuphami, cubbuu kees of irra dhiqi” jedhamuu isaa fi innis kanaaf abboomamuu isaa dubbifanne kanaaf iyyuu galmeen kun hundinuu tarkaanfiin fayyinaa inni maayyiin Cuuphaa ta`uu isaa nuuf waan mirkaneessaniif Cuuphaan dirqama raawwatamuu akka barbaachisu dubbiin Waaqayyo nu hubachiisu.

Akka Phaauloos nutti himutti Cuuphaan Awwaalamuudhaani, ak-

kas jedha “Cuuphaadhaan Kristoosii wajjin awwaalamtanii hojii aangoo Waaqayyoo isa warra du`an keessaa isa kaasetti amanuu keessaniin, isinis immoo isaa wajjin du`aa kaafamtaniittu” (Qolaasiyaas 2:12) Roomaa 6:3-5, irrattis Awwaalamuudhaan akka cuuphaman in dubbifama, Hojii Ergamootaa 8, 26-39, irrattis Filiiphoos nama Itiyoophiyaa sana cuuphuuf bishaan keessa gadi lixuu isaa argna, Cuuphaan Kristoositti nama dabala (Roomaa 6:3-6, Galaatiyaa 3:26-27), akkasuma Cuuphaan namoota waldaatti dabala, (1 Qorontos 12:13) Kristoos akki jedhe, Lammata dhalatanii mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf bishaanii fi hafuura irraa dhalachuutu barbaachisa jedhe (Yohaannis 3:5) as keessatti bishaanichi kan mullisu cuuphaa yeroo ta`u, Mootummaan Waaqayyoo immoo Waldaa Kristiyaanaati. Yeroo kun dubbatame waldaan hin hundeeffamne ture, garuu fuulduraaf abdiitu ture. Egaa Kristoos yeroo dhioo booda akka du`ee du`aa ka`ee achii booda Waldaan isaa hundooftu waan beekuuf kana jedhe. Amma garuu namni tokko waldaa kriatiyaanaatti dabalamuuf akka abboommii gooftaatti cuuphaadhaan abboomamuu qaba, erga cuuphaadhaan abboomamanii booda gooftaan waldaatti in dabala. (Hojii Erg. 2:47).

Maaliif cuuphamna? Sababni isaa fayyinaaf Cuuphamna. Kristoositti dabalamuuf cuuphamna. Waldaa kristoositti dabalamuuf cuuphamna. Fakkeenya du`uu, awwaalamuu fi du`aa ka`uu isaa raawwachuudhaaf cuuphamna (Roomaa 6), Kristoos du`eera nutis cubbuu keenyaaf du`uu qabna, Kristoos Awwaalameera, nutis bishaan keessatti Awwaalamuu qabna, Kristoos du`aa ka`eera, nutis du`aa ka`uu isaa fakkaachuuf bishaan keessaa isaa wajjin kaana, bishaan keessaa cuuphamnee ka`uu dhaan jireenya haaraa jiraachuudhaaf, jireenya Kristiyaanummaa jiraachuudhaaf, akkas raawwachuudhaan Kristoos du`uu isaa Awwaalamuu isaa fi du`aa ka`uu isaa amanuu keenya cuuphamuudhaan mirkaneessina jechuu keenya. Namni tokko akka barumsa macaafa qulqulluutti yoo cuuphame, Kristoosii wajjin du`eera, awwaalameera, du`aas ka`eera jechuudha.

Ati hoo akka Barumsaa fi abboommii Macaafa qulqulluu keessa jirutti Cuuphamteettaa? Yoo hin goone ta`e, akka ati kana gootu kadhannaa keenya. Kana irraa kan ka`e yeroo dhihoo keessatti akka ati abboomamtu abdii keenya.

## Barumsa 11
## Abboomamuutti Maaliif Amanna

Abboomamuu jechuun qu`annaa kana keessatti baayye`ee barbaachisaa akka ta`ee fi atis waan kana irratti xiyyeeffannaa guddaa akka itti ken-

nitun si yaadachiisuu barbaada. Atis in goota jedheen abdadha.

Bara kana bara namoonni  human fayyinaa hin hubanne kanatti Waaqayyo akka namoonni abboomaman duwwaa utuu hi ta`in warra abboomamaniif gatii akka kennu akka beekan barbaada.kanaafis jedhee Qajeelfama kan ta`e Macaafa qulqulluu nuuf kenne. Macaafni qulqulluun fayyinaafi, bara kana bara dhaabni amantaa tokko tokkos, bara namoonni baayyeen, mata jabeenyaan Barsiisa namootaa ol fuudhanii faarsanitti, bara akka barbaadadanitti waan barbaadan hojjetan kana keessa dubbii Waaqayyoo qu`atanii abboomamuu dhaaf nama lapheen ykn garaan qophaa`e arguun dinqisiisaa fi gammachiisaa dha. Kunis karaa ishee dhiphoo gara mootummaa Waaqayyootti nama geessu filachuu irraa kan ka`ee dha.

Waaqayyo warra isaaf abboomaman akkam akka eebbisuu fi warra isaaf abboomamuu didan immoo akkamitti akka adabu ilaaluudhaaf mee wajjin gara caaffata qulqullaa`ooh aa deemnu. Phaauloos kana sammuu isaa keessatti yaadaa “Egaa gaarummaa fi human Waaqayyoo yaadadhu ! Warra irraa kufanitti hamaa dha, siif garuu gaarii dha, kunis yoo ati gaarummaa isaatti jabaatte duwwaadha, kanaa achi atis immoo mukicha irraa in muramta” (Roomaa 11:22).

Macaafa qulqulluu keessatti fakkeenya warra abboomamnii tokko tokko ilaalla, kakuu moofaa keessatti abboomamuudhaan kan beekkamu Nohi ture. Waaqayyo warra hamoota adabuudhaaf yeroo murteessetti nama qajeelaa kana akka Markaba hojjetuuf abboome. Akkas jedha “Waaqayyo yommus, jal`inni namaa lafa irratti baay`achuu isaa, wanti namni guyyaa hundumaa garaa isaatti yaadee qopheessu hundinuus jal`aa duwwaa ta`uu isaa in arge. Waaqayyo nama lafa irratti uumuu isaa in jibbe, guutummaa garaa isaatiinis in gadde. Waaqayyo, “Nama isa ani uume lafa irraa nan haxaa`a nama, horii qe`ee, bineensa, wanta lafa irra munyuuqu, warra qilleensa keessa balali`anis akkasuma nan godha, anoo isaan uumuu koo jibbeera” jedhe. Nohi garuu Waaqayyo duratti faara tolaadhaan ilaalame” (Seera Uumamaa 6:5-8). Itti aansuudhaan akka galmeen himutti Waaqayyo akkamittiin akka jali`oota balleessu, Nohitti in hime, kanaanis Nohii fi haadha manaa isaa ilmaan isaa dhiiraa sadii fi haadha manoota isaanii duwwaa oolchuu isaa argina. Kanas kan godhe Nohiin Markaba muka irraa akka tolchu abboome. “Nohi akkuma Waaqayyo isa Abboometti kana hundumaa hojjetee in raawwate” (Seera Uumamaa 6:22). Bu`aa kanaatiinis Nohii fi maatiin isaa badiisa irraa oolfamanii warri Jali`oonni hundi garuu badiisa bishaaniitiin dhumaniiru.

Macaafa Moototaa isa 2ffaa irratti immoo namicha Na`amaan jedhamu Biyya Sooriyaatti abbaa duulaa kabajamaa tokkotu ture, namichi kun

abboomamuu dhabuudhaan fayyina isaa shakkuu isaa argina, galmeen akkas jedha “Baras “Na`maan “kan jedhamu tokko abbaa duulaa mootii Sooriyaa ture, sababii Waaqayyo karaa isaa Sooriyaadhaaf mo icha kenneef, inni gooftaa isaa duratti nama guddaa, ulfina qabeessaa fi loltuu jabaa ture, garuu dhukkuba lamxii qaba ture” (2 Mototaa 5:1), lamxiin kun rakkina itti ta`ee ture, utuu Kanaan jiruu, xombooreen ykn hojjettuun mana moottichaa giiftii isheetti akkas jettee himte, “Gaaf tokko Xombooreen giiftii isheetiin, “Gooftaan koo gara raajicha isa Samaariyaa jiruu utuu dhaqee, raajichi dhukkuba lamxii isaattii isa in fayyisa ture “ jette (2 Moototaa 5:3). Kana booda oduun kun Na`amaan bira ga`e, innis akkuma jedhame, Raajicha Elsa`I bira dhaqe, Elsaais bishaan Yordaanos keessatti yeroo torba keessa lixee yoo ba`e lamxiin kun irraa ka`a. jedhe, kana dhaga`ee Na`maan in Aa`are, akkas jedhe, Ani Waaqa abboota isaatii naaf kadhata qoricha naaf godha jedheen yaade malee, bishaan keessa lixanii ba`uun waan guddaa dha, kana akkamitti ta`a? jedhe. Namoonni isa bira jiranis maali Raajichi waan ulfaataa si hin abboomneeti kana gochuun maaliif sitti ulfaate? Akkuma inni jedhe godhii ilaali jedhaniin. Na`amaanis akkuma jedhame godhee bishaan Yordaanos keessatti yeroo lixee ba`uu, tokkoffaatti homtuu hin taane, lammaffaattis homtuu hin taane, sadaffaatti, afraffaattis shanaffaattis, jahaffaattis homtuu hin taane, dhuma torbaffaa irratti garuu lamxiin isaa akkuma jirutti irraa ka`ee qulqullaa`ee fayye. (2 Mototaa 5:14), Na`amaaniin Eenyutu fayyise? Waaqayyotu fayyise, kunis Abboommii fi tartiiba Raajiin Waaqayyoo Elsaa`in isa ajaje waan ordofeef fayyuu danda`e. utuu tartiiba sana jala deemuu dhaabaate hin fayyu ture. Kanaaf abboomamuu fi abboomamuu dhiisuun bu`aa fayyuu fi fayyuu dhabuu ta`a jechuu dha.

Abboommii Waaqayyo dhaga`uudhaan warri abboomaman baayyee kan eebbaa waaqayyoo fudhatan fakkeenya warra nuu ta`an as irratti dhiheessuu in dandeenya. Amma garuu warra abboommii waaqayyoo eeguu diduu ykn abboomamuu diduudhaan adabaman haa ilaallu. Adaamii fi Hewaan abboommii gooftaa irra dubbii sagalee bofaa dhaga`anii ajaja Waaqayyoo cabsuudhaan hin adabamnee? Sababa cubbuu isaaniitiin ilma namaa hundumaaf duuti foonii ta`e, isaan immoo du`a foonii fi hafuuraatiin du`an (Seera Uumamaa 3) Karaa biraa macaafa Saamu`el 1ffaa 15, irratti Waaqayyo Amaaleqootaa fi waan isaan qaban hundumaa utuu hin anbisin akka fixu abboome, garuu Saa`ol Qabeenya isaanii dhiiseera mee haa dubbifnu “ Saa`olii fi namoonni isaa Agaagin mooticha in mararsiifatan, karra bushaayee, karra saawwaa, horii dilbii, coccoomoo fi ilmoolee keessaa warra gaggaarii hundumaa ajjesanii fixuu hin barbaanne, warra waa`ee hin baafnee fi warra tuffatamoo

hundumaa garuu raawwatanii in balleessan" (1 Saamu`el 15:9) achi booda gara mana isaanii dhaqan, akka Barreeffamni jedhutti "Kanaafis Saamu`el achitti gara Saa`ol in dhaqe, Saa`olis "Waaqayyo si haa eebbisu" jedhe, itti fufees "Ani wanta Waaqayyo na abboome eaawwadheera" jedheen. Saamu`el garuu " Sagaleen bushaayeetii fi saawwanii ani dhaga`u kun immoo maali ree? "Jedheen" (1 Saamu`el 15:13-14). Saa`ol ibsuufii jalqabe, Uuummatatu aarsaa Waaqayyoof jedhanii kanneen hanbisan jedhe. Haasawaa isaanii booda akkas jedha "Saamu`el immoo, "Dhuguman Waaqayyo nama dubbii isaa dhaga`ee abboomamutti akka gammadu, qalma gubamuu fi aarsaatti in gammadaa ree? Kunoo, abboomamuun aarsaa irra caala, dhaggeeffachuunis mooraa korbeessa hoolaa dhi`eessuu irra in wayya" jedheen (1 Saamu`el 15:22) Saa`ol in wawwaate, garuu wawwaachuun itti guyya`eera, kanaaf mootii Israa`el ta`ee itti fufuu hin dandeenye, in kuffifame. Utuu waan Waaqayyo ittiin jedhe abboomame isaaf gaarii ture. Wanti nama gaddisiisu kana hubachuu dadhabuu isaati. Namoonni yeroo gooftaadhaan morman ajajamuu didan, gatii in kaffalu, nuyis akkasuma ta`aa turre. Phaauloos gara kakuu haaraatti nu geessee, barumsi bara sana turanii wajjin waan Waaqayyo gorsuuf jiru nuuf ibsa, "Nuyi obsaa fi jajjabina caaffanni qulqullaa`oon nuuf kennaniin abdii akka argannutti, wanti caaffata qulqullaa`oo keessatti caafaman hundinuu nu barsiisuuf caafaman" (Roomaa 15:4). Dhugumatti iyyuu Kakuu haaraan waan baayyee nu barsiisa.

Yeroo gara Kristoos dhufnutti immoo kan akkas jedhu dubbifanna "Utuma Ilma Waaqayyoo ta`ee jiruu immoo dhiphina isatti dhufe hundumaa keessaa abboomamuu bare. Inni waan isa waan hundumaa fiixaan baase ta`ee erga argamee immoo warra isaaf abboomaman hundumaaf sababii fayyna bara baraata`e" (Ibroota 5:8-9). Kristoos karaa hundumaan akka Waaqayyoof abboomametti, nutis akka isaaf abboomanu in barbaada. Wangeelota Maatewos, Maarqoos, Luuqaasii fi Yohaannis akkasuma Kakuu haaraa hunda keessatti waa`ee jireenya Kristoos dubbifadhu, Gooftaan ilmi namaa hundumti akka isaan irraa abboomamuu barbaadu hubanna. Amantii isa irraa qaban, jaalala isaaf qaban, of kennuu isaa qaban, hundumaan akka ga`aa ta`an barbaada. Kristoos iddoo tokko itti illee warri isaaf hin abboomamne, isaan eebbifamaniiru kan jedhu hin jiru.

Kristoos yeroo dubbatu "Nama fedhii abbaa kootii raawwate malee "Yaa Gooftaa Yaa Gooftaa" naan jechuu duwwaadhaan mootummaa Waaqayyootti galu miti" jedha (Maatewos 7:21) itti aa`aansees "Egaa namni dubbii koo dhaggeeffatee akka isaatti hojjetu hundinuu nama ogeessa mana isaa dhagaa irratti ijaarratetti fakkeeffama" jedha (Maaewos 7:24), Yaaqoobis akkas jedha "Nama dubbicha hojii irra oolchan ta`aa malee, warra dhaga`u du-

wwaadhaan of gowwoomsan hin ta`inaa" jedha (Yaaqoob 1:22). Pheexroosis akkas jedha, "Isin dhugaadhaaf abboomamuu keessaniin, jireenya keessan qulleeffattanii, obbolaa garaa qulqulluudhaan jaallachuu bira geessaniittu, ammas jaalala ho`aa isa garaa keessaa dhufuun wal jaalladhaa" (1 Phhexroos 1:22), dhuma irrattis Phaauloos 2 Tsaloonqee 1:7-9, irratti gooftaan gaafa dhumaa warra wangeelaaf hn abboomamne akka inni haaloo ba`u dubbateera. Kristoos amma dhumaatti amanamnee yoo jiraanne gonfoo ulfinaa fi jireenyaa nuuf kenna ( Mullata Yohaannis 2:10, Mul. Yohaannis 22:14)

Namoonni kan badaniif Kristoosiif Abboommuu dhabuu irraa kan ka`ee dha.namni ofii isaa fayyisuu hin danda`u, dhaabni Amantaa isa fayyisuu hin danda`u, gaarii inni hojjete, isa fayyisuu hin danda`u, cubbamoonni, abbootiin amantaas, falaasamni biyya lafaas isa fayyisuu hin danda`u. namni tokko Waldaa Filannoo isaa keessa jiraachuu danda`a, waldaa namoonni hundeessan keessa jiraachuu danda`a, waaqeffachuus danda`a, garuu akka abboommii Kristoositti miti yoo ta`e, amanuun isaas, Waaqeffachuun isaas lallabuun isaas, waa`ee hin baasu, fayyinaaf hin ta`uuf. Gara mootummaa Waaqayyoottis isa hin geessu, fayyina dhugaa argachuudhaaf, karaan jiru Kristoos duwwaadha, qajeelfama fayyinaas kan argamu isuma duwwaa iraati malee karaan qaxxaamuraa hin jiru.

Ati gooftaaf abboomamteettaa? In Abboomamtaa? Kristoos yeroo dubbate "Egaa gara biyya lafaa dhaqaa, uumama hundumatti Wangeela lallabaa, kana mane kan Cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama" jedheera (Maarqos 16:15-16). Macaafa Hojii Ergamootaa guutuutti yoo dubbifatte, akka yaada garaa geeddaratanii kan isaan godhan waanuma wal fakkaatuudha, in amanan, yaada garaa geeddaratan, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`an, in Cuuphaman, kana booda gooftaan Waldaa isaatti isaan dabale, Kristiyaan ta`anii Waaqeffachuu itti fufan. Isaan kana godhan sun namoota addaa ta`anii miti, akkuma keeti, garuu laphee isaaniin bananii amananii abboomaman. Atis akka akkas gootun si jajjabeessa.

## Barumsa 12
## Maaliif Miseensa Waldaa Kristoos taane

Waldaa Kristiyaanaa kan jedhu kan dhufe jecha Griikii irraa dhufe, inni "Akileeshiyaa" kan jedhu yeroo ta`u, innis "Kan Waamaman" jechuu iddoo bu`a. akka kanatti Kristoos akka isa duukkaa bu`aniif namoota biyya lafaa keessaa Waame jechuudha. Kristoos waa`ee ergamoota isaatii warra biyya lafaa keessaa waameef akkas jedhe "Dubbii kee isaaniif kenneera, akkuma ani kan biyya lafaa hin ta`in, isaanis kan biyya lafaa waan hin taaneef

biyyi lafaa isaan jibba" jedhe (Yohaannis 17:14). Kristoos yeroo qabamee gara firdiitti geeffamuu jedhe sana uummata naannoo isaatti walitti qabamaniin akkas jedhe "Yesuus garuu deebisee, "Mootummaan inn ikan kootii Mootummaa biyya lafa kanaa miti, utuu mootummaa biyya lafa kanaa ta`ee akka ani Yihudootatti hin kennamneef, namoonni koo anaaf in lolu turan, garuu mootummaan inn ikan kootii mootummaa biyya lafa kanaa miti" jedhe (Yohaannis 18:36), Kristoos mootummaa kan jedhu Waldaa Kristiyaanaati, Yeroo sana Waldaan hin hundeeffamne turte. (Maatewos 3:1).

Akka caaffata qulqullaa`ootti Waldaan Kristiyaanaa Waldoota jedhamaniiru, jechuunis waldoota iddo iddootti dhaabamanii dha (1 Qorontoos 1:2), waldaa Tasaloonqee ( 1:1) kan kana fakkaataan baayyeetu jiru, kana malees, guutuu addunyaattis himameera. Isaan kun iddoo iddoo isaaniitti Waldaa Kristoos jedhamaniitu, walitti qabaan isaanii immoo ,Waldoota Kristoos jedhamu (Roomaa 16:16), sababni isaas hundinuu kan Kristoos waan ta`aniif (Maatewos 16:18), dhugumattis kan Kristoos waan taateef maqaa isaa Uffachuu qabdi, maqaa isaatiinis Waamamuu qabdi.

Akka Caaffata qulqullaa`ootti waldaan kan ittii Waamamte "Mootummaa Waaqayyo" (Luuqaas 21:31) "Mootummaa Kristoos" (Efeesoon 5:5), "Mootummaa Waaqaa" (Maatewos 5:19), "Waldaa Kristiyaanaa kan Waaqayyoo" (Hojii Ergamootaa 20:28), "Waldoota Kristiyaanaa Kristoos" (Roomaa 16:16), "Dhagna Kristoos" (1Qorontos 12:27), "Mana Waaqayyoo" (1 Xiimotewos 3:15), kanaa fi kan kana fakkaatanii dha, kana malees waldaa Kristiyaanaa gooftaan "Misirroo " jedheera, ( Mullata Yohaannis 3:19), "Gola Hoolotaa" (Yohaannis 10:1-8) "Damee muka Wayinichaa" (Yohaannis 15:1-8), karaa biraa dhagna Hafuuraa Kan Kristoosi (1 Qorontos 12), "Kristiyaanota" (Hojii Ergamootaa 11:26), "Kan warri fayyan itti dabalaman" (Hojii Ergamootaa 2:47) jedhameera waldaan kristiyaanaa.

Macaafa qulqulluu keessatti kan dubbifachuu dandeessu Waldaan Kristiyaanaa dhugaan tokkittii dha, isheenis Waldaa Kristoosi, garuu kan fakkeeffamanii maqaa waldaatiin of moggaasan, kan namoonni Uuman kan namoonni akka barbaadanitti moggaasan baayyeetu jiru.

Amma anii fi obboleeyyan kiyya maaliif akka miseensa Waldaa Kristoos taane sitti himuun barbaada.

Nuyi miseensa Waldaa Kristoosi sababni isaa Duraan dursee Raajiin dubbatameera, innis Yeruusaalem keessatti akka ta`u (Isaayyas 2:1-3), Yoo`el akka Waldaan Humnaan dhuftu raajeera (Yo`el 2:28-29). Daaniel akka inni hin badne garuu bara baraan cimee akka dhaabbatu raajeera (Daaniel 2:44) Raajonni dubbataman kun hundinuu Hojii Ergamootaa 2 irratti raawwa-

chuun isaanii Caaffanni qulqullaa`oon nuuf mirkaneessaniiru.

Nuyi miseensa Waldaa Kristoosi, sababni isaa Kristoos akka Waldaa isaa humnaan utuu Ergamoonni isaa lubbuun jiranii hundeeffamtu dubbateera (Maarqoos 9:1), kana Malees Ergamoota isaatiin "Anis sittan hima, akkuma Phhexroos jechuun dhagaa jechuu ta`e, ati dhagaa dha, anis dhagaa hin sochoone kana irratti waldaa ko nan ijaara, gooftummaan du`aas matumaa waldicha irratti human hin godhatu hin mo`us" jedheera (Maatewos 16:18), kana kan inni dubbate du`aa isaatiin dura, ganaa waldaan hin dhaabbanne ture. Egaa namni tokko miseens waldaa kristiyaanaa ta`uu Yoo barbaade, Waldaa Kristoos isa Caaffanni qulqullaa`oon nutti himu caalaa eessaa argachuun danada`ama?

Nuyi miseensa Waldaa Kristoosi, sababni isaas Waldaan Kristiyaanaa, bara 33, magaalaa Yeruusaalem keessatti hundeeffamte, kunis akka raajiin kakuu moofaa keessatti dubbatameeni, akka Kristoos dubbateen akka hundeeffamtu ta`e. guyyaanis guyyaa Ayyaana wagga shantamaffaa pheenxeeqoosxeeti. Guyyaa kana addunyaa irraa Ayudoonni iddoo hundumaatii ayyaana kanaaf walitti qabamanii dha. Gooftaanis Ergamoota isaa kan fo`ateefis kaayyoodhaafi, guyyaa kanaa hafuurri qulqulluun ergamoota kana irra bu`e, isaanis gargaarsa hafuura kanaatiin afaan haaraa dubbachuu dinqii hojjechuudhaan dinqiin kunis human Waaqayyoo ta`uu isaa mirkaneessuuf, human Kanaan wangeela lallaban, guyyaa sana lubbuu 3000 wangeela dhaga`an kanaaf abboomamanii cuuphamanii cubbuun isaaniis dhiifameefii kennaa hafuura qulqulluus fudhatan. Akka galmeen ibsutti gooftaanis guyyaa guyyaadhaan warra fayyan Waldaa isaatti dabalaa ture.(Hojii Ergamootaa 2:47) kana jechuun Bara 33 kan hin turre waldaan hundeeffamte jechuudha. Kan nuyi jechaa jirru Waldaa keenya utuu hin ta`in Waldaa Kristiyaanaa kan Kristoosi malee. Isheenis bara 33 Yeruusaalem keessatti kan hundeeffamtee dha.isheenis ammas jirti, fuul duraafis bara baraan kan jiraattuu dha. Atis kan kana dubbisaa jirtu waldaa Kristiyaanaa Waldaa Kristoos kana ilaalchisee Macaafa qulqulluu akka keessa isaa qu`annaadhaan sakattaatee hubattun si jajjabeessa.

Nuyi Miseensa Waldaa Kristoosi, Kristoos irrattis kan dhaabbannee dha, Phaauloos akkas jedha " Isuma dur kaa`ame sana malee homtinuu hundee biraa kaa`uu hin danda`u, hundeen dur kaa`ame sunis Yesuus Kristoosi" (1 Qorntoos 3:11). Pheexroosis dhagaa jiraataa, gati qabeessa, dhagaa mataa golee qajeelchu isa fo`amaa, xiyoon keessa nan kaa`a, inni isatti amanatu immoo hin yeella`u jedheera (1 Pheexroos 2:4-8), Kristoosiin ala kan hundaa`e hundi hin jiraatu, (Maatewos 7:24-27), Waldaan Kristiyaanaa Kristoos irratti

waan hundoofteef, hundee cimaa hundee hin sossooneedha. Mana jireenya Waaqayyooti (1 Ximootewos 3:15), dhugaa kana irra waan dhaabbatteef Waldaan Kristiyaanaa addunyaadhaaf Wangeela labsiti.

Nuyi miseensota Waldaa Kristoosi, sababni isaa waldaan kristiyaanaa dhiiga Kristoosiin bitamte, Phaauloos warra Efeesooniin akkas jedha "Of eeggadhaa, karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis, eeggadhaa ! Waldaa Kristiyaanaa isa Waaqayyo dhiiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa" jedha (Hojii Ergamootaa 20:28), kan Kristoos du`eefii gatii itti kaffale (Efeesoon 5:25), Kristoos Waldaa ko nan ijaara jedhe (Matewos 16:18), Kristoos dhangala`uu dhiiga isaatiin warra abboomaman qulqulleessee Waldaa isaatti dabaleedha (Hojii Ergamootaa 2:47), egaa Waldaan Kristiyaanaa barbaachiftuu taanaan gooftaan dhiiga isaa dhangalaaseef, dhugumatti iyyuu Waldaan Kristiyaanaa barbaachiftuu dha.

Nuyi miseensa Waldaa Kristiyaanaati, sababni isaa Kristoos Waldaa koo jedheera (Maatewos 16:18, Efeesoon 5:23). Kun immoo dhugaa mirga abbummaa Waldaan kan isaa ta`uu labsaa jira. Kana kan mirkaneessanis Caaffata qulqullaa`oo irraa raga qabna. (Roomee 16:16), dhagna isaa (1 Qorontos 12:27), Mootummaa ilma isaa (qolaasiyaas 1:13), kun hundi Waldaan kan Kristoos ta`uu ishee cimsanii nutti labsu. Nutis maqaa isaa uffanneerra (Hojii Ergamootaa 11:26, 1 Pheexroos 4:16) fayyinnii isaan malee karaa biraa karaa kamiin iyyuu hin jiru.(Hojii Ergamootaa 4:12)

Nuyi miseensa Waldaa Kristoosi sababni isaa inni fayyisaa waldaa Kristoosi (Efeesoon 5:23) inni mataa Waldaati (Qolaasiyaas 1:18, Efeesoon 1:22-23), Waldaan kunis tokkittii dha (Efeesoon 4:4)

Ati missense Waldaa Kristoosii? Miseensa Waldaa biro ti? Hubadhu Waldaan ati itti dabalamuu qabdu tokkittii dha, isheenis ishee macaafa kana irratti waa`ee ishee qu`atteedha. Waldaa isaa kanatti dabalamuu dhaaf, Kristoositti amani, yaada garaa keetii geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, achii booda dhiifamuu cubbuu keetiitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphami, yoo kana goote gooftaan si fayyisa, Waldaa isaattis si dabala (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38, 47) Waldaan nama hin fayyiftu, garuu Kristoostu Waldaa Fayyisa, fayyinaan Kristiyaana taanee jireenya Kristiyaanummaa jiraanna, gaafa dhumaatti gooftaan dhufee nu fudhata (Yohaannis 14:1-3).

## Barumsa 13
## Kristiyaana duwwaa kan taane maaliifi

Akkuma beekkamu addunyaa guutuu keessatti namoonni miliyoonotaan

lakkaa`aman Kristoositti akka amanan labsu, dubbatu, dhugaas ba`u, garuu isaan kun baayyeen isaanii Kristoosiin hin uffanne, akka inni fedhe sanattis hin abboomane, kan isaan uffatan, maqaa namootaa, maqaa qulqullootaa, maqaa Ergamootaa fi maqaa namoonni uuman, barsiisa namootaa, guyyoota keessaa maqaa guyyaa faa dhak an isaan uffatan. Wantoonni tuxuqaman kun immoo barsiisa Macaafa qulqulluutiin kan faallaa ta`anii dha. Nuyi immoo  barsiisa namootaa kana, maqaa qulqullootaa uffachuu kana, Aa`adaa kana hundumaa hin fudhannu, sababii nuti kanneen hin fudhanneef immoo Barsiisa Macaafa qulqulluu barannee wangeelaaf abboomamnee kan nuti taane Kristiyaanaa fi Kristiyaana duwwaadha.

Gara macaafa qulqulluutti yeroo deebinu fayyinni Kristoos duwwaadhaan malee eenyuun iyyuu hin jiru jedha. "Fayyinnis Yesuus Kristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru, maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta`u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne" (Hojii Ergamootaa 4:12). Dhugumatti addunyaa kana guutuu keessa namootaa waan addaa addaatiin gurguddoota ta`an, hayyoota ta`an baayyeetu jiru, jaroota kana akka namaatti waan isaan ta`aniif in dinqisiifanna, in kabajnas, jiraachuun namoota bebbeekamoo kan waan turee dha, waan jiruudhas, kuni hin haalamu, haa ta`u malee ammam yoo beekaa ta`anis, ammam yoo qajeeltota ta`anis, ammam waan gaggaarii yoo hojjetanis, maqaa isaanii uffachuudhaaf aboo tokko illee hin qaban, dandeettii fi human isaa hin qaban, kanaaf egaa Maqaan uffatamuu qabu, maqaan itti amanuun nuuf ta`u, Kristoos malee kan biraa hin jiru kan jennuuf, kanaaf egaa nuyi isatti amannee isaaf abboomamnee maqaa isaa uffanneerra. Kan fayyisuu danda`us isa duwwaadha.

Macaafni qulqulluun yeroo Kristoositti amannee, yaada garaa geeddarannee, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa baanee, Dhiifamaa fi dhiqamuu cubbuu keenyaaf cuuphamnu, akka nu fayyisu, nu fayyisees akka Waldaa isaatti nu dabalu nu barsiisa. Yeroo kana goonee abboomanu Kristoosiin uffanneerra. "Kan Amane, kan Cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama" (Maarqoos 16:16), kana irraan kan ka`e warra guyyaa guyyaan fayyan gooftaan Waldaa isaatti isaan dabala jedha (Hojii Ergamootaa 2:47). Garuu Waldaa Kristiyaanaa kamitti isaan dabala? Dhugumatti Waldaa Kristoositti isaan dabala. Waldaa koo nan ijaara jedheera waan ta`eef (Maatewos 16:18). Kristoos akka itti dabalamnuuf Waldaa kana dhiiga isaatiin bituu isaa dubbifanneerra (Hojii Ergamootaa 20:28). Efeesoon 5:23 irratti inni fayyisaa Waldaa ta`uu isaa hima.kun hundi egaa fayyisaa ta`uu isaa, waldaa isaatti dabaluu isaa, nut ikan isaa qofa ta`uu keenya nu

agarsiisa, kannaf iyyuu kan isaa waan taanee maqaa isaa uffanneerra, utuu kan isaa ta`uudhaa baannee, maqaa isaa uffachuudhaaf mirga hin qabnu turre. Argitee, maqaa namootaa fi maqoolii biro utuu uffannee kan Kristoosiin uffanneerra jechuu hin dandeenyu. Argitee, qabeenyi tokko abbaa qabeenyaa sanaan Waamama, manni ofii maqaa ittiin galmaa`een maqaa mana sana irraatti mirga qabuun waamama, haati manaa maqaa abbaa manaatiin waamamti, ilmaan maqaa abbaa isaaniitiin waamamanii kan abbaa isaanii ta`uu isaanii mulisu kanaa fi kana karaa fakkaatuun Namootaa fi Kristoos gidduus kan jiru kanuma, Warri Kristoosiin uffatan Kristiyaana jedhamanii Beekkamu, Waamamus. Kunis kan Kristoosi jechuudha.

Kristiyaana jechi jedhu Macaafa qulqulluu keessatti yeroo sadii Caafameera. Inni jalqabaa Hojii Ergamootaa 11:26 irratti caafame. Bartoonni gooftaa Anxookiyaa itti jalqabaaf Kristiyaana jedhaman. Jedha, isaan dura maal jedhamaa turan? Kristiyaana duukka buutota Kristoos garuu ittiin waamamuun luqqisa kana irraatti. Inni itti aa`anu immoo Hojii Ergamootaa 26:28 irratti barreeffame. As irratti Mootiin Agriiphaa fi Phaauloos gidduutti amanti ilaalchisee dubbii isaanii keessatti yeroo Phaauloos lallabu Agriiphaan akkas jedhe “Agriiphaan Yommus Phaauloosiin “Yeroodhuma gabaabduu keessatti Kristiyaana na gochuuf jetta” jedhe (26:28). Namoonni tokko tokko Mootichi Phaaulloositti ga`isaa jira jedhu, waan fedhes haa ta`u karaa gaariis haa ta`u karaa hamaa Waa`ee Kristiyaanaa namichi kun waan beeku qaba. agriiphaan tarii Phaauloosiin dura waa`ee Kristiyaanummaa beekuu danda`a. Yeroo kana Phaauloos Hidhamaa ture, hidhamaa ta`ee Roomaatti ergamuuf jedha, kunis hidhamuun isaas Kristoosiin lallabuu fi Kristiyaana ta`uu isaa irraan kan ka`eedha, kanaaf Phaauloos akkamittiin akka Kristiyaana ta`uu qabu itti himeeras ta`uu danda`a. as irratti utuu Bartoonni gooftaa duukka buutonni gooftaa maqaa namootaa ykn maqoolii biraa uffataniiru ta`ee silaa Agriiphaan maqaa sana kaasa ture, garuu kan inni dhugaa ba`e amantoonni bara Sanaa kan ittiin waamaman Kristiyaana ta`uudhaani. Inni sadaffaan immoo 1 Pheexroos 4:16 irratti Pheexroos akkas jedha “Kristiyaana ta`uu isaatiif yoo dhiphate garuu hin yeella`in ! maqaa Krstoosiin waamamee isa hojjete sanaan Waaqayyoof ulfina haa kennu” (1 Phexroos 4:16). As irratti Phexroos Rakkina Cubbuudhaan dhufuu fi Rakkina Kristiyaanummaadhaan dhufu waliin madaalaa jira. Rakkinni badii dhaan dhufu adaba qaba, Waaqa birattis gatii hin qabu, Rakkinni Kristiyaana ta`uudhaaf Kristoosiif jedhamee dhufu garuu, Kan ittiin galateeffatanii fi gooftaa birattis galata waan qabuu dha jechaa jira. Kristiyaanni eenyu? kan Kristoosiin duukkaa bu`ee isas fakkaatuu dha, Nama waaqummaaadhaaf Qajeelinaan

jiraachuudhaaf Yaalii godhu tattaafatuu dha. Waa`ee maqaa kanaatiif Rakkachuun rakkoo maalii qaba? carraa kana namni baayyeen hin arganne waan ta`eef namni carraa akkasii argate Waaqayyoon galateeffachuu qaba malee yeella`uu hin qabu. Yaaqoob kalltiidhaan Kristiyaana jedhee dubbachuu baatus barreeffama isaa irraa Kristiyaana jechuu isaa hubanna akkas jedha “Maqaa ba`eessa isa isin ittiin waamamtan kan arrabsu isaan mitii ree?” jedha (Yaaqoob 2:7) Yaaqoob hafuura qulqulluutiin geggeeffamee kan Caafe kun waa`ee ijoollee Waaqayyooti, waa`ee maqaa kanaati, egaa Maqaa Kristoos jedhuu fi Kristiyaana jedhu Caalaa maaltu uffatamuu qaba ree? Namni tokko yeroo abboomamu Kristiyaana jedhamuu duwwaa utuu hin ta`In jireenya isaatiin mullisuu qaba. Phaauloos akkas jedha “Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hundinuu maqaa gooftaa Yesuusiin haa ta`u, isumaanis Waaqayyo abbaadhaaf galata dhi`eessaa “ (Qolaasiyaas 3:17).

Nuyi kan Kristiyaana taane, barsiisa Macaafa qulqulluu, qajeelfama isaatiinis kan ta`ee dha. Macaafni qulqulluun Namni tokko Kristoositti Amanee yoo abboomamee fayye kan Kristoos ta`uu isaa barsiisa, kanaaf iyyuu Kristiyaana ta`uu isaa Kristoositti amanuun isaa Eenyuun akka uffate mullisa. Namni akkamitti maqaa namootaa uffatee, maqaa qajeeltotaa uffatee ani kan Kristoosi jechuu danda`a?

Nuti Kristiyaanota, sababni isaas, duukka buutuu Kristoosi, Kristoos gooftaa keenya Barsiisaa keenyas. Gara ofii isaatti nu waameera (Maatewos 11:28-30), nutis gaafii isaatiif deebisaa kennine, abboomane (Maarqoos 16:15-16).

Nuyi Kristiyaanota sababni isaa maatii Waaqayyooti, akka maatiitti maqaa Maatii Waaqayyoo jedhu uffanneerra (Efeesoon 3:13-14).

Nuti Kristiyaanota, sabani isaa akka Kristiyaanaatti turban irraa guyyaa isa jalqabaa Waaqeffachuudhaa walitti qabamna (Hojii Ergamootaa 20:7) Duukka buutota Kristoos ta`uudhaaf yeroo hundumaa tattaafanna (Luuqaas 9:23).

Mee waan tokkon si gaafadha. Ati Kristiyaanaa ? ati amanaa dha? Akka Caaffata qulqullaa`oo keessatti hin barreeffaminiin, miseensa Waldaa taatee? Miseensa waldaa namoonni uumanii, miseensa waldaa maqaa biraa uffattee jirtuu uffatteetta yoo ta`e ati Kristiyaana miti. Miseensa Waldaa Kristiyaanaa isa dhugaa sana ta`uudhaaf gara Macaafa qulqulluutti deebi`ii dubbisi, qu`adhus, achumaan maaliif akka taate, macaafa isaa boqonnaa isaa lakkoofsa luqqisichaatiin adda baafadhu.

Kristiyaanaa yoo hin ta`in, akka Kristiyaana taatu si jajjabeessina. Lristoositti Amantee, cubbuu kee irraa yaada garaa geeddarattee, Kristoos Ilma

Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa baatee, dhiifamuu cubbuu keetiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan yoo cuuphamte, Kristoos si fayyisa Waldaa isaattis si dabala (Maarqoos 16:15-16, Hojii Ergamootaa 2:38, Hojii ergamootaa 2:47). Kana booda ati Kristiyaana taata, Maatii Waaqayyoo taata, miseensa Waldaa Kristoos taata, kana gochuun siif baayyee salphaa dha, atis yommus Akka Phaauloos faa , akka Pheexroos fa Kristiyaana ta`uu keetti in gammadda, itti aa`ara galfatta. Ergamoonni gooftaa jaarraa isa jalqabaa sana Kristiyaanota turan, atis Bara kana Kristyaana ta`uudhaaf, Odeeffannoo ati amma Macaafa qulqulluu barumsa kana irraa argatte siif ga`aa dha.

## Barumsa 14
## Maaliif tokkummaatti amanna

Amantaa keessatti tokkummaan baayyee barbaachisaa dha. Waaqayyoo, Kristoosii fi Hafuurri qulqulluun tokkummaa qabu. Macaafa qulqulluu keessatti tokkummaa dubbifanna. Amantoota gidduu tokkummaatu jira, maatii Waaqayyoo gidduu tokkummaatu jira, Waldaa Kristiyaanaa gidduu tokkummaatu jira. Namaa fi gooftaa gidduu tokkummaatu jira. Gooftaa keessa kan ta`an Kristiyaanaa fi gooftaa gidduu tokkummaatu jira.

Tokkummaa jechuun, walii wajjin walii galuu, yaadaan tokko ta`uu, walii wajjin hojjechuu waliif yaaduu wajjin mar`iachuu guutummaa kkf jechuudha.

Nuyi kan gooftaati, tokkummaa Waldaa Kristiyaanaatti in amanna. Sababni isaa faallaan tokkummaa gargar ba`uudha, caaffata qulqullaa`oo keessatti utuu gara barums tokkummaatti hin dhaqin mee waa`ee gargar bai`insaa waan jedhu ilaalla. Gargar ba`insi maali, maal iddoo bu`a, gargar ba`insa kana maaltu hooggana, isa jedhu yoo hubanne nuyi Amantoota tokkummaa ciccimoo taana jedheen yaada. Ogeessichi Cimaan Solomoon baroota dheera dura namoota Waaqayyo jibbu keessaa "Nama sobaan nama irratti dhugaa ba`u, isa soba gadi jijjgsu, nama gargar ba`uu obboloota gidduutti facaasuu dha" jedha (Fakkeeenya 6:19). Kuni gabaabaadhumatti nama gargar ba`insa uumu ilaallata. Phaauloos obboleeyyan Kristiyaaanaa Roomaa jiraniin akkas jedhee Caafeef "Obboloota koo ! Warra barsiisa isin fudhattaniin mormuudhaan yaada namootaa gargar baasanii, amantii irraa kuffisanittii akka of eeggattan isinan gorsa, isaan irraa fagaadhaa! Warri wanta akkasii hojjetan kun garaa isaaniitiif yaadanii hojjetu malee, Kristoos gooftaa keenyaaf hin hojjetan, isaanis dubbii gurra namaatti tolee gaarii fakkaatuun garaa namoota garraamotaa in gowwoomsu" jedha (Roomaa 16:17-18). As irratti wanti hubachuu qabdu warra gargar baasanii fi warra badii godhan

akka hubatanii dha. Jarri kun isa isaan baratanii wajjin faallaa isa ta`e, godhuu fi barsiisuu dhaan kan beekkamanii dha.Phaauloos jarri kun akka isaan gooftaa tajaajilaa hin jirre, akka isaan kana irraa akka fagaatan himaa jira. Jarri kun Kristoosiif utuu hin ta`in fedhii mataa isaanii, garaa isaaniif jedhanii warra hojjetanii dha, isaan kun Afaan sossobbii gaarii fakkaatuun nama gowwoomsu jedha. Phaauloos nama addaati mitii ree? Garuu Obboloonni kun akka hin dogoggorreef akeekkachiisuun baayyee barbaachisaa dha.

Phaauloos 1 Qoroontoos 1:11-17 irratti akkas jedha "Obbolootta koo, wal qoccoluun akka isin keessa jiru, namoonni aaddee Klo`ee anatti himaniiru/ qoccolloon ani jedhus isa isin keessaa kaan "Ani kan Phaauloos, kaan Ani kan Apholos ! Kaan Ani kan Keefaa ti, Kaan immoo Ani kan Kristoosi ! " jedhan jechuu kooti" Kristoos gargar hirame moo ree? Phaauloostu isiniif jedhee Fannifame moo ree? Yookis maqaa Phaauloositti cuuphamtan moo ree? Kriisphoosii fi Gaayos irra kan hafe isin keessas nama kan biraa iyyuu began hin Cuuphin" Egaa namni Maqaa Phaauloositti cuuphamtan" isiniin jechuuu hin danda`u. haa ta`u iyyuu malee, Isxifaanaasii maatii isaa immoo cuupheera, kanaa achi nama biraa kanan cuuphe hin beeku. Kristoos wangeela akkan lallabuuf na erge malee, akkan cuuphuuf ana hin ergine, fannifamuun Kristoos ulfina isaa akka argatuttan lallabe malee, fannoo isaa salphisuudhaaf ogummaa namaatiin hin lallabne" (1 Qorontoos 1:11-17)

Phaauloos Kristiyaanota Qorontoos gidduu gargar ba`insi akka jiru arguu isaa dubbifanneerra.isaanis warri kaan "nuyi kan Phauloosi" kaanis "nuyi kan Aphiloos" kaanis "nuyi kan Kristoosi" jechuu isaanii ilaalchisee dogoggora ta`uu isaa beeksisuuf, Phaauloos gaaffii sadii dhiheesseef, 1ffaa "Kristoos hirameeraa?" kan jedhu 2ffaa "Phaauloos, Aphiloos, Pheexroos isiniif fannifamaniiruu?" kan jedhu sadaffaan, "maqaa Phaauloosiin, ykn maqaa Aphiloosiin ykn maqaa Pheexroosiin cuuphamtanii?" kan jedhu gaafate. Dhugumatti akka Kristoos hin hiramin, kan isaaniif fannifame Kristoos ta`uu fi maqaa Kristoosiin cuuphamuu isaanii in beeku. Egaa Phaauloosiin ykn Aphiloosiin ykn Pheexroosiin duukka bu`un kan isaaniiti ofiin jechuun isaanii gowwummaa ta`uu itti himeera. Kristoos hin hiramne, isa duwwaatu isaaniif fannifame, maqaa isaatiin cuuphaman, kanaaf isaan Kristoos duwwaa duukka bu`uu qabu, darbees isaan kan Kristoos duwwaa dha. Isaa hundi yoo kana godhan dhugumaan tokkummaa isaanii eeggachuu danda`u jechuudha. Kana waan ta`eef akka duukka buutuu isaa hin taaneef namoota baayyee cuuphuu dhiisuu isaatiif Waaqayyoon galateeffata. Ani cuuphuu dhaaf utuu hin ta`in wangeela lallabuudhaafan waamame yeroo jedhu Cuuphaan hin barbaachisu jechuu miti, garuu inni dura ta`uu qabu wangeela

lallabuudha, lallaba kana booda namoonni abbomamuuf murteessan yoo iraatan garuu Cuuphuun dirqama ta`a.

Akka caaffata qulqullaa`oo irraa hubannetti gooftaan gargar ba`insa Kristiyaanota sanaatti hin gammadne, garuu in morme, in balaaleffates malee. Barbaachisummaa tokkummaa ibsuudhaaf, akkamittis akka tokko ta`an Phaauloos yeroo ajaju akkas jedha "Obboloota koo, isin hundumti keessan waan dubbattanitti akka walii galtan, yaada tokkoon akeekkattanii, tokkummaadhaanis raawwachuudhaaf akka qophooftan malee, isin gidduutti gargar ba`uun akka hin jiraanne , maqaa gooftaa keenya Yesuus Kristoosiin isinan gorsa" jedha (1 Qorontos 1:10) akkuma argite yeroo tokkummaadhaaf gorsan, gargar ba`insa immoo balaaleffateera.

Wangeela Yoohaannis 17, irratti immoo Kristoos bartoota isaatii fi nu warra isatti amane hundumaaf tokkummaa kadhateera, akkas jedha "Isaan kana duwwaadhaaf miti, warra dubbii isaanii dhaga`anii anatti amananiifis immoo nan kadhadha malee, Isaanis tokko haa ta`aniif, yaa abbaa, akka ati ana keessa jirtu anis si keessa akkan jiru, isaanis nu keessa haa jiraataniif, biyyi lafaas ati akka nu ergite haa beekuuf kadhachuu koo ti. Akkuma nuyi tokko taane, isaanis tokko haa ta`aniif, ulfina ati anaaf kennite isaaniif kenneera. Ani isaan keessa atis na keessa jiraachuu keetiin isaanis raawwatanii tokko haa ta`an, biyyi lafaas ati na erguu kee, akkuma na jaallattes isaan immoo jaallachuu kee haa beekan" (Yohaannis 17:20-23), hubadhu warra anatti amanan jechuun warra wangeelaaf abboomaman jechuu isaati (Maarqoos 16:16). Kanaaf hundinuu tokko haa ta`aniif kadhateera. Yoo ergamoonni tokko ta`an, barsiisa wal fakkaatu barsiisu, lallaba wal fakkaatu lallabu, warri isaan dhagaa`anis waan wal fakkaatu dhaga`u waan wal fakkaatu amanus, warri amanus tokko haa ta`aniifi, akkuma Abbaa fi Kristoos tokko ta`anitti warri isatti amanan hundis tokko akka ta`aniif kadhate. Kun egaa tokkummaa barbaachisuu dha. Karaa biraatiin immoo tokkummaadhaaf kadhachuun isaa wangeela kana biyya lafaa hunda amansiisuuf waan deemaniif, tokko ta`uu yoo baatan, yaada faallaa dubbatu biyyi lafaa immoo walfaallessuu isaaniitiif isaanitti kolfiti, amma garuu tokko ta`uu isaaniitiin waan tokko ta`e lallabanii kunoo biyya lafaa ga`eera. Tokkummaan waan gaariitiif human ta`uu isaa, gargar ba`insi garuu badiisa ta`uu isaa hubadhu.

Efeesoos 4:1-6 irratti Phaauloos waa`ee tokkummaa akkasitti ibsa "Egaa ani Waa`ee hojii gooftaatiif hihamee kanan jiru, waamicha isa itti waamamtan sanaaf akka ta`utti akka jiraattan isin nan gorsa. Gad of deebisuu fi garraamummaa hundumaan, obsaanis walii wajjin jiraadhaa, jaalalaanis waliif dandaa`a. hidhaa nagaatiin tokkummaa hafuura qulqulluu

of harkatti eeggachuudhaaf dhama`aa. Akkuma abdiin waamichaa inni isin itti waamamtan tokkicha ta`e, dhagni tokko, amanitin tokko, cuuphaan tokko, Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta, iddoo hundumaa jiras" jedheera. As irratti hubadhu Phaauloos kan jechaa jiru, Waaqa tokko, gooftaa tokko, hafuura tokko, amantii tokko, cuuphaa tokko dhagna tokko, jechuun Waldaa Kristiyaanaa tokko, Abdiinis tokko hundeeffamuu dubbataa jira. Karaa biraa Waaqa tokko ykn Abbaa tokko jira, innis karaa hafuura qulqulluu fedhii isaa kan nuuf mulli`se, gooftaa fi Qoricha tokko Yesuus Kristoos yeroo ta`u nuyi hundi keenya barumsa tokkicha kan isaa fudhannee abboomanee fayyinu gooftaan immoo dhagna tokkicha kan isaatti nu dabale dhagni kunis Waldaa Kristiyaanaa kan isaati. Waldaan Kristiyaanaa tokkichi kun barsiisa tokko waan barsiiftuuf, barsiisa Waldaa Kristiyaanaa kun barsiiftu barannee akkamitti gargar ba`insi jiraachuu danda`a ree? Tokkummaatti nu cimsa malee, gargar nu hin baasu, tokkummaan eebba qaba. Mootiin Daawwit akkas jedha "Ilaa, obboloonni walii wajjin jiraachuun, attam gaarii dha, attam namatti tolas" jedheera (Faarfannaa 133:1).

Jaallewwan koo ! Amma bara kana warra Kristoosii duukkaa buuna kan jedhan dhaaba Amantaalee gidduu gargar ba`insi akka jiru in beekna. Kuni baayyee gaddisiisaa fi laphee namaa Cabsuu dha. Kanaaf garuu Kristoosii fi barsiisa isaa komachuun hin barbaachisu. Waan kanaaf itti gaafatamoonni ilmaan namaati, isaanis waan gooftaan isaan gaafate sana raawwachuu didanii karaa isaanii yaada isaanii jala waan demaniifi, adaraa yaa jaala ko ati wanti akkasii si hin gowwoomsin, gara dubbii Waaqayyoo caaffata qulqulluutti kottu, Amani akka dubbii isaattis Abboomami, gooftaan si fayyisa, waldaa isaa tokkittii sanattis si dabala, kunis Waldaa ati Caaffata qulqulluu keessatti dubbifattuu dha.warra fayyanii wajjin walitti dabalamta, waldaa fi Kristiyaanota gooftaan kadhateef sanatti dabalamta. Waldaan kun ammas jirti, Waldaa Kristoosi, Waldaan kun booda irratti gooftaan gara Waaqayyootti kan fudhatuu dha, gara Abbaa gara Waaqayyoo dhaquu kan caalu wanti tokko illee hin jiru.

Ati Kristiyaanaa ? Ati miseensa Waldaa Kristoosii? Yoo miti ta`e akka taatuuf siif kadhanna. Kana gochuudhaaf, Kristoositti amani, cubbuu kee irraa yaada garaa keetii geeddaradhu, kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu cubbuu keetiif bishaan keessatti Awwaalamuudhaan Cuuphami. Achii booda gooftaan si fayyisa waldaa isaattis si dabala Kristiyaanota keessaas isa tokko taata.

## Barumsa 15
## Kristoos Maaliif Fannoo irratti du`e

Jalqaba duraatiif Waaqayyo dhiiraa fi dubartii godhee yeroo nama Uume, isaan cubbuu hin qaban turan, qulqulloota turan. Garuu qulqullummaa sana keessa yeroo baayyeedhaaf turuu hin dandeenye, Seera ykn Abboommii Waaqayyoo cabsanii argaman. Kanaaf Eden bareedduu sana keessaa ari`atamanii, firdii du`aa argatan kana malees dhiirrichi akka dafqee jiraatuuf, isheen dubartii immoo dhaluu irratti dhiphinaan akka dhaltu itti faradame. Dhuma irrattis du`a foonii akka du`an ta`e.( Seera Uumamaa 1-3), kanaaf ilmi namaa diina Waaqayyoo ta`e.

Ilmi namaa gara qulqullummaa kanaatti of deebisuu waan hin dandeenyeef, darbees aarsaan dhiiga horii cubbuu isaa dhaabbataan irraa haquu waan hin dandeenyeef Waaqayyo ilma isaa tokkicha Yesuus Kristoosiin gara biyya lafaa erge. Innis Aarsaa gatii kaffalee, Waaqayyoo fi namoota walitti araarsuuf, walittis fiduuf, karaa isaa namoota gara Waaqayyootti deebisuudhaafi (Ibroota 10:4, Seera Uumamaa 3:15) kanaafitu Dubaree Maariyaam irraa akka dhalatu godhee, Kaadhimaa ishee Yooseefiin akkas jedhe “Isheen ilma in deessi, atis maqaa Isaa `Yesuus` jettee in moggaafta, inni ofii isaatii saba isaa cubbuu isaaniittii isaan in fayyisa” jedheen (Maatewos 1:21).

Yesuus Kristoos dhalachuu isaatiin dura gara biyya lafaa akka dhufu raajiidhaan dubbatameera, wanti kun waan haaraa waan hin amanamne fakkaatus Waaqayyo akka inni du`ee biyya lafaaf furmaata ta`u isa ergeera. Akkas jedha “Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate, kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaataniif malee, haa baduuf miti. Waaqayyo biyya lafaatti farachiisuuf miti, biyyi lafaa isaan haa fayyuuf ilma isaa biyya lafaatti erge malee” (Yohaannis 3:16-17). Biyya lafaatti ergee akka du`uuf kan ergeef, Warra cubbamoota, warra hamootaaf akka du`uuf erge, akkas jedha “Nuyi amma illee of-dadhaboo taanee utuu jirruu yeroon yaadame yommuu ga`etti Kristoos warra akkuma keenya Waaqayyo irraa fagaatan hundumaaf du`e. tarii namni, nama waan gaarii godhe tokkoof du`uuf fedha qaba ta`a malee, nama qajeeleedhaaf waan du`uuf hin fakkaatu, Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristoos nuuf du`uu isaatiin hammam akka nu jaallate in agarsiisa. Kanaafis amma nuyi dhiiga isaa isa dhangala`een qajeelota erga taanee, hammam caalaatti isumaan immoo dheekkamsa Waaqayyoo jalaa ooluuf jirra” (Roomaa 5:6-9). Kristoosis Ergamoota isaatiin akkas jedhe “Abboommiin koo isa kana, ani akkan isin jaalladhe, isinis wal jaalladhaa. Namni tokko firoota isaatiif jireenya isaa dabarsee kennuu irra kan caalu jaalala

guddaa qabaachuu hin dandanda`u. Waanan isin Abboome yoo gootan, isin firoota koo ti" (Yohaannis 15:12-14). Yohaannisis akkas jedheera. "Waaqayyo akka nuyi isaan jireenya argannuuf, tokkicha ilma isaa gara biyya lafaatti erge, Kanaan jaalalli Waaqayyoo nu gidduutti in mul`ate. Nuyi Waaqayyoon hin jaallanne, inni garuu nu jaallate, ilma isaas cubbuu keenyaaf furee haa ta`uuf nuuf erge, Jaalala jechuun isa kana" jedha (1 Yohaannis 4:9-10).

Yesuus yeroo biyya lafaa kana irra deddeebi`aa ture waan gaarii baayyee hojjeteera.dhukkubsataa fayyiseera, jaamaa akka argu godheera, duudaan akka dhaga`us godhhera, naafni akka diriiru godheera, du`aa Awwaalaa baaseera, du`aatti lubbuu deebiseera, kunis akka inni Waaqayyo biraa dhufe akka mirkaneessuuf ture. Yohaannis akkas jedha "Yesuus macaafa kana keessatti kan hin caafamin, milikkita kan biraa baayy`ee bartoota isaa duratti hojjeteera. Isaan kun garuu, Yesuus Kristoosicha ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka amanattniif amanachuu  keessaniinis maqaa isaatti jireenya akka qabaattaniif caafaman" (Yohaannis 20:30-31).

Yesuus gaarii dha, inni qulqulluudhas, cubbuus waan tokko hin qabu, kana Phaauloos akkas jedha "Isa cubbuu tokko illee hin qabne, nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti, nuuf jedhee cubbamaa isa godheera" (2 Qorontoos 5:21). Pheexroosis akkas jedha "caaffata qulqullaa`oo keessa , "Inni cubbuu hin hojjenne, dubbii isaa keessatti haxxummaan hin argamne" kan jedhu jira" (1 Pheexroos 2:22).

Namni gaarii hojjete  kan Cubbuu tokko illee hin hojjetin ilmi Waaqayyoo kun cubbuu ilmaan namaatiif fannoo irratti du`uun isaa himameera."Inni gad of deebisee, hamma du`aatti, hamma fannifamee du`utti iyyuu abboomamaa ta`e" (Filiphisiiyus 2:8). Pheexroosis akkas jedheera "Isin kana gochuudhaaf waamamtaniittu, Kristoos immoo isiniif dhiphatee, faana isaa duukaa akka buutaniif fakkeenya isiniif kenneera. Caaffata qulqullaa`aa keessa "Inni cubbuu hin hojjenne, dubbii isaa keessatti haxxummaan hin argamne kan jedhu jira" . inni yommuu arrabsame deebisee hin arrabsine, yommuu dhiphates Waaqayyo isa firdii qajeelaa faradutti kennate malee, warra isa dhphisan hin doorsifne. Nuyi cubbuu jalaa duunee qajelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba`e, madaa`uu isaatiin isin in fayyifamtan" (1 Phexroos 2:21-24). Phaauloosis akkas jedha "Caaffanni qulqullaa`aan akka jedhanitti, Kristoos cubbuu keenyaaf du`eera" jedha (1 Qorontos 15:3).

Garuu Kristoos namni gaariin kun maaliif fannifame? Jechuunis maaliif akka du`u ta`e? cubbuu namootaaf jedhee biyya lafaatti Waaqayyoon ergamus, warri Waaqayyoon iddoo bu`u jedhaman kan akka luboota, caafo-

taa, geggeessitoota amantaa, hinaaffaadhaan irratti ka`aniiru, isaaniifis dhufus fudhachuu hin dandeenye, akkas jedha “Gara biyya dhuunfaa isaa dhufe namoonni isaa garuu isa hin simanne” (Yohaannis 1:11). Innis akkas jedha “Haa ta`u iyyuu malee, jireenya akka qabaataniif gara koo dhufuu hin barbaadan” jedha (Yohaannis 5:40). Namoota Warra Amantaa qaban Kanaan Pheexroos guyyaa Ayyaana pheexeeqoosxee akkas jedheen “Isin yaa warra Israa`el, dubbii kana dhaggeeffadhaa, Waaqayyo harka Yesuus nama Naazreet Kanaan, hojii Aangoo isaa. Dinqii dhaa fi milikkita garaa garaa ka nisin beektan, isin gidduutti hojjechuu isaatiin fudhatamaa isa godhe. Namni kun akka Waaqayyo dur murtoo godhetti, akka yaada isaattis dabarfamee kenname, isin immoo harka warra seera Waaqayyoo hin eegneetiin, muka irratti fanniftanii isa ajjeestan. Waaqayyo garuu hidhaa du`aattii hike, inni harka du`aa jalatti qabamee turuu waan hin dandeenyeef, du`aa isa kaase” jedhe (Hojii Ergamootaa 2:22-24). Guyyaa dabarfamee kenname sana akka galmeen jedhutti “Innoo luboonni warri angafoonni hinaaffaadhaan dabarsanii akka isa kennan hubatee ture” (Maarqoos 15:10). Kanaafuu Kristoos dhuga baatota sobaatiin dabarfamee kennamee duuti itti faradameera, jall`ootaanis reebame, arrabsame, ittis ga`isan, ittis tufan, warra jalli`oota yakkamtoota gidduuttis fannifame. Fannoodhuma sana irratti lubbuu isaa kenne, gad buusanii Awwaalanii dhagaa guddaadhaan awwaala isaa cuqqaalan, Kristoos garuu guyyaa sadaffaa isaatti du`aa ka`e, awwaala diigee ka`e, kanas of dura dubbateera (Yohaannis 14:10), yeroo Awwaalaa ykn du`aa ka`u gooftaa ta`ee ba`e. gaafa guyyaa sadaffaa ganama yeroo dubartoonni dhufan ergamaa Waaqayyoo tokko akkas jedheen “Inni as hin jiru akkuma jedhe ka`eera, kottaa iddoo reeffi isaa kaa`amee yure iyyuu ilaalaa” jedheen (Maatewos 28:6). Ergamoota isaa fi gara namoota 500 itti erga mullatee booda Mootii mootootaa, gooftaa gooftolii ta`ee ol gara abbaa isaatti ol ba`e.(1 Qoroontoos 15:1-8, Hojii Ergamootaa 1:1-11, ) amma harraa`atti Waaqa irra jiraata.

Daballee ammas Kristoos maaliif fannifamee du`e isa jedhuuf sababani biraanis jira. Fannifamuun du`uu fi du`aa ka`uun isaa inni guddaan akkuma beekkamu Cubbuu ilmaan namaa warri isatti amanan akka fayyaniifi. Inni lammaffaan immoo raajii raajiin kakuu moofaa keessatti raajame akka raawwatamuufi (Isaayyas 53, hojii Ergamootaa 8). Seera kakuu moofaa karaa irraa baasufi ( Qolaasiyaas 2:14, Yohaannis 1:17, Maatewos 26:28). Dhiigni isaa inni dhangala`e cubbuu ilmaan namaa akka qulqulleessuufi (Efeesoon 1:7, Hojii Ergamootaa 22:16). Waldaa Kristiyaanaa hundeessuufi (Efeesoon 5:25), warra fayyaniif abdii jireenya bara baraa kennuufiifi (2 Tasaloonqee 2:16).

Dhugumatti duuti Kristoos sababni isaa ilmaan namaa badiisa irraa

oolchuufi, sababni isaa ilmaan namaa badaniiru. Maaliifi ? sababa baayyeetu jiru. Irra guddaan fedhii Waaqayyoo Wallaluu irraa kan ka`ee dha. Phaauloos utuu Kristiyaana hin ta`in duraan, waldaa Kristiyaanaa ar`iachaa ture, kristiyaanotas hidhaa ture, kana kanin godheef wallaalummaa irraati jedha Phaauloos (1 Xiimotewos 1:13). Warri kaan immoo qajeelummaa, gaarummaan isaanii akka waan isaan fayyisuu itti fakkaateeti, garuu isaan keessaa namni gaariin qajeelaan, waaqayyoon kan sodaatu Qornelyuusii fi maatiin isaa wangeelaaf abboomamanii fayyaniiru (Hojii Ergamootaa `10). Warri kaan immoo ulfina Waaqayyoo caalaa ulfina namootaa jaallataniiru, ykn Caalchisaniiru. Kristoos akkas jedha "Isaan Waaqayyo irraa ulfina argachuu caalaa, nama irraa ulfina argachuu jaallatan" jedha(Yohaannis 12:43). Warri kaan immoo barumsa sobaatiin gowwonfamanii badaniiru. Yohaannis akkas jedha "Michoota ko! Warra hafuuraan dubbanna jedhan hunda hin amaninaa, Waaqayyo biraa yoo ta`an hafuura isaan ittiin dubbatan qoraatii ilaalaa malee, raajonni sobduun baayy`een gara biyya lafaatti ba`aniiru" jedha (1 Yohaannis 4:1). Amma bara kanas Barsiisa sobaa duukkaa bu`anii baayyeen, biyya lafaas jaallatani badaniiru, Yohaannis akkas jedha "Biyya lafaa ykn waan biyya lafaatti hin jaallachuutti hin hidhaminaa, namni tokko biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame. Waaqayyo abbaa jaallachuun isa keessa hin jiru" (1 Yohaannis 2:15). Kunis hojii foonii waan ta`eefi, hojiin foonii immoo du`atti geessa (Galaatiyaa 5, Roomaa 3:23)

Jaala ko ! Kristoos siin fayyisuudhaaf fannoo irratti du`uu isaa in beektaa? Adaraa kan, hin haalin, kana hin shakkinis, amani. Tokkichaa biyya lafaa hundumaaf abdii ta`e kana shakkii malee fudhadhu. Isatti yoo amante, cubbuu kee irraa yaada garaa yoo geeddaratte, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa yoo dhugaa baate, dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu ketiitiif bishaan keessatti Awwaalamuudhaan yoo cuuphamte, Kristoos si fayyisa Waldaa isaattis si dabala. Amma dhumaatti amanamaa taatee yoo jiraatte, guyyaa tokko in dhufa gara abbaa isaattis si fudhata.(Maarqoos 16:16, Maatewos 10:32, Hojii Ergamootaa 2:38, Hojii Ergamootaa 2:47, Mullata Yohaannis 2:10).

## Barumsa 16
## Kristoos du`aa kaa`uu isaa Maaliif amanna

Kristoos fannoo irratti fannifamee du`uun isaa waggoota 2000 ol ta`uu isaa in beekna.kristoos du`ee achumaan hafe utuu ta`ee amma irraanfatameera ture. Garuu amma illee sammuu namoota miliyoonotaan lakkaa`amn keessatti yaadatamee jiraata. Maaliifi ? sababni isaa hammeenya hiriyaa hin qabneen fannifamee du`us gaafa guyyaa sadaffaa du`aa ka`eera. Nuyis du`uu

isaa duwwaa utuu hin ta`in du`aa ka`uu isaas lallabaa jirra, ganaas in lallabna, inni isuma. Barreessaan macaafa Ibrootaa akkas jedha “Yesuus Kristoos kaleessa isuma ture, harra`as bara baraanis isuma sana” jedha (Ibroota 13:8).

Yesuus Kristoos akka gaafa guyyaa sadaffaatti du`aa ka`u of dura dubbateera, “Yommus Yesuus deebisee, “Mana qulqullummaa kana jigsaa ! Ani immoo guyyaa saditti deebisee isa nan dhaaba” jennaan. Yihudoonni immoo “Mana qulqulluummaa kana ijaaruun isaa wagga afurtamii ja`a fudhate, ati immoo guyyaa sadii keessatti deebisee isa dhaabdaa ree? Jedhanii gaafatan. Yesuus garuu waa`ee mana qulqullummaa yommuu dubbate waa`ee dhagna ofii isaa, dubbachuu isaati “ (Yohaannis 2:19-21). Achii boodas akkana dubbifna “Yeroo Sanaa jalqabee Yesuus gara Yeruusaalem akka dhaqan harka maanguddootaatiin, harka luboota warra angafootaa fi barsiisota seeraatiin guddaa dhiphifamu, ajjeefamuun akka isa irra jiru bartoota isaatti muli`suutti ka`e” (Maatewos 16:21). Yeroo sanatti wanti inni dubbatu isaaniif hin galle ture, booda irra garuu erga inni du`aa ka`ee isaanis duga baatuu isaa ta`anii waan hundumaa yaadachaa dhufan.

Kristoos hammeenya hiriyaa hin qabneen dhiphinaanis erga fannifamee du`ee booda akka galmeen jedhutti “Yommuu galgalaa`e sooressi mandara Armaatiyaa, Yooseef jedhamu tokko dhufe, namichi kun ofuma isaatii bartuu Yesuus ta`eera. Inni Philaxos bira dhaqee, reeffa Yesuus kadhate, kana irratti philaaxos akka kennamuuf in abboome. Yommus Yooseef reefficha fuudhee, Wayyaa haarrii quncee talbaa irraa dha`ameen kafanee, awwaala isa reefuu ofii isaatiif garaa dhagaa keessatti tolfate keessa kaa`e, dhagaa guddaas gara balbala awwaalichaatti gangalchee, adeeme. Maariyaam isheen Magdalaa Maariyaam isheen kaanis fuullee awwaalichaa in taa`u turan” (Maatewos 27:57-61). Kun egaa dhuma Yesuus fakkaata, raawwachuu isaa fakkaata, Bartoonni isaas abdii kutatanii gara jireenya mataa isaaniitti deebi`uuf yaaduu jalqabaniiru, diinonni Yesuus garuu isa inni utuu lubbuun jiruu dubbate hin irraanfanne turan, kaanaafis akkas jedhan “Guyyaa qophaa`ummaa darbee borumtaa isaa luboonni warri angafoonnii fi Fariisonni philaaxoos duratti walitti qabamanii “Gooftaa ! Inni Wallalchifataan sun utuu jiruu, Guyyaa sadii booddee nan kaafama, akka inni jedhe yaadanneerra. Kanaafis awwaalch hamma guyyaa sadaffaatti akka eeggamu abboomi ! Kun yoo ta`uu dhaabaate garuu bartoonni isaa dhufanii isa hatanii namootaan immoo “Inni du`aa ka`eera” in jedhu wallaalchisuun inni gara dhumaa kun immoo isa duraa irra caalaa kan hammaatu in ta`a” jedhaniin. Philaaxoos yommus “Warra eegan fudhadhaa dhaqaatii akka beektanitti eegsifadhaa” isaaniin jedhe. Akkasitti isaan eegdota Sanaa wajjin dhaqanii,

dhagichatti mallattoo godhanii, awwaalcha eegsisan" (Maatewos 27:62-66)

Namoonni sun Kristoos Awwaala keessaa in ka`a jedhanii hin amanne turan. Garuu sodaan isaanii bartoonni isaa dhufanii hatu jechuu ture. Kun immoo sodaatamuu fi Jaallatamuu Kristoos isa duraa Caalchise. Isaanis Awwaalicha cuqqaalanii chaapphaadhaan cufan.

Dubbisuu keenya yeroo itti fufnu akkas jedha "Sanbanni erga darbee, jalqaba torbaniitti barii gaafa sanbata guddaa, Maariyaam isheen Magdalaa fi Maariyaam isheen kaan awwaalcha ilaaluu dhaqan. Kunoo, ergamaan gooftichaa waaqa irraa gad bu`ee, dhufee dhagicha balbala awwaalchaa irraa galagalche waan irra ta`eef, sochii lafaa guddaan isaa in ta`e. bifni isaa akka bakkalchaa, uffanni isaas akka cabbii adii ture. Warri eegdonni awwaalichaa isa sodaachuu irraa kan ka`e rom`anii, akka waan du`anii ta`an. Ergamaan sun garuu warra dubartootaan, "Isin Yesuusiin isa fannifamee ture akka barbaaddan anuu beeka. Hin sodaatinaa. Inni as hin jiru, akkuma jedhe ka`eera, kottaa iddoo reeffi isaa kaa`amee ture iyyuu ilala. Ammas dafaa dhaqaa bartoota isaatti "Inni du`aa ka`eera, kunoos, inni isin dura Galiilaa in dhaqa, achitti isa in argitu` jedhaatii himaa! Kunoo, ani isinitti himeera" jedhe. Yommus isaan soda fi gammachuu guddaadhaan awwaalicha keessaa ba`anii, bartoota isaatti himuudhaaf in fiigan. Kunoo, Yesuus isaanitti dhufee, nagaa isaan gaafate, isaan immoo itti dhi`aatanii miilla isaa qabatanii sagadaniif. Yommus Yesuus, " Hin sodaatinaa, dhaqaa Galiilaatti akka gad bu`aniif obboloota kootti himaa ! isaanis achitti na arguuf jiru" isaaniin jedhe" (Maatewos 28:1-10). Kun egaa Akka jedhame bartoonni isaa hataniitii? Lakkii isaan iyyuu akkuma warra kaaniitti kana dinqisiifataniiru. Bartoonni tokko tokko immoo kanuma iyyuu shakkanii turan.

Dubbisuu caaffataa yeroo itti fufnu, waa`ee warra eegdotaa du`aa ka`uu Yesuusii wajjin walqabatee waan ta`e ilaalla, akkas jedha "Warri dubartootaa utuu karaa adeemaa jiranii, kunoo, warra awwaalicha eegaa turan keessaa kaan gara mandaraa dhaqanii, waan ta`e hundumaa luboota warra angafootaatti hima. Luboonni warri angafoonnis manguddootaa wajjin wal ga`anii erga mar`atanii booddee, horii ga`u warra loltuu sanaaf kennanii. "Waa`ee isaa immoo bartoonni isaa halkan dhufanii utuu rafnuu, reeffa isaa hatanii sokkan" jedhaatii namootatti himaa. Dubbiin kun gurra bulchaa biyyaa bira yoo ba`e immoo nuyi in qabbaneessina, isin rakkinatti akka hin galles in goona" jedhaniin. Kanaaf warri eegdonni horicha fudhatanii, akka isaanitti himame in godhan. Egaa dubbiin kun hamma har`aatti iyyuu Yihudoota gidduutti akkasitti in odeeffama." (Maatewos 28:11-15). As irratti eegdonni sun waan ta`e beekanii gara lubootaa fi maanguddootaa himuuf dhaqan,

maanguddoonnis horii kennanii akka sobanii namootatti himan godhaniiru. As irratti utuu rafnuu bartoonni isaa hatan, jechuun eegduun akkamitti rafuu danda`a isa jedhuufis bulchiinsa bira yoo qa`e nuti In qabaneessina jedhaniiru, kun egaa dubbiin kun hundi soba ta`uu isaa mirkaneessa. Utuu dhugaa ta`ee horii kennuunis hin barbaachisu ture.

Egaa warri reeffa isaa bartoonni hatan jedhanis ta`ee, warri Yesuus fannoo irrattis hin fannifamne hin duune jedhanis hundi isaanii yaada sobaati. Wangeelonni Maatewos, Maarqoos, Luuqaas, Yohaannis akkasumas caaffanni kakuu haaraa hundinuu Yesuus du`uu, awwaalamuu, Awwaala keessaas ka`uu isaa dhugaa ba`u. kana duwwaa utuu hin ta`in, fayyinni, yaada garaa geeddarachuun, cuuphamuun, waaqeffachuun, waldaan kristiyaanaa hundinuu kan hundeeffamtee jirtu, du`uu fi du`aa ka`uu Kristoos irratti.macaafni qulqulluun dhugaa dubbii Waaqayyooti, inni du`aa ka`uu Kristoos barsiisa. Barsiisni isaas sirrii dha. Nutis kana itti amanna.

Phaauloos akkas jedha "Ammas yaa obboloota koo! Wangeela isa ani isinitti lallabe, isa isin fudhattan, isa isin itti cimtanii dhaabbattanii jirtan isin nan barsiisa. Sababii amanataniif utuu hin beekin fudhattan yoo ta`e malee, akkuma ani isinitti lallabetti yoo eeggattan wangeelichumaan in fayyitu. Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera, innis caaffanni qulqullaa`aan akka jedhanitti, Kristoos cubbuu keenyaaf du`eera. Inni awwaalameera caaffanni qulqullaa`oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du`aa kaafameera. Inni Pheexroositti mul`ate, ergasii bartoota kudha lamaan keessaa warra hafanitti mul`ate. Kana booddee immoo ergaan-takkaa obboloota dhibba shan caalanitti mul`ate, isaan keessaa kaan illee boqotaniiru garri caalaan garuu amma iyyuu jiru. Erga Yaaqoobitti mul`ate booddee immoo, warra ergamoota jedhaman hundumaatti mul`ate. Hundumaa booddee ana isa akka nama iddoo hin ga`in dhalateetti immoo mul`ateera" jedha (1 Qorontoos 15:1-8).

Phaauloos eenyu ture? Kristiyaana ta`uu isaan dura inni Saa`ol jedhama, inni Ayihudii dha, miilla Gamaaliyal jala taa`ee nama baratee dha, inni Amantii isaatiif nama hinaaffaa qabu ture. (Filiphisyus 3:4-7). Inni amma gooftaan itti mul`ate isa jijjiirutti, Waldaa Kristiyaanaa, Kristiyaanota Ari`achaa ture. (Hojii Ergamootaa 9, 22). Achi booda wangeelaaf Abboomamee, Kristoosiin, fannifamuu, du`uu fi du`aa ka`uu isaa lallabuu jalqabe.(Hojii Ergamootaa 9:20, 17:18). Phaauloos nama dingata Amanuu dhabuu irraa gara amanuutti, nama dingata Gooftaa mataa isaa irraa mul`ata fudhatee dha.

Ati hoo du`aa ka`uu Kristoositti in amantaa? Amma hoo inni jiraataa ta`uu isaa, guyyaa tokko dhufee akka inni warra kan isaatii fudhachuu dhufu

in amantaa? Yoo hin amanne ta`I, Amani, yaada garaa geeddaradhu, Kristoos Ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu keetiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphami, yommuu sana gooftaan si fayyisa, Waldaa isaattis si dabala (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38, 47).

**Barumsa 17**

**Kristoos akka deebi`ee dhufu maaliif Amanna**

Yesuus Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa, du`uu, Awwaalamuu fi Awwaala keessas ka`uu isaa in Amanna. Phaauloos waa`ee du`aa ka`uu isaatii, ragaalee namoota raga ba`anis lakkoofsaan 1 Qorontoos 15, irratti nutti himeera. "Kristoos warra du`an keessaa kaafamuun isaa erga lallabamee, attamitti isin keessaa kaan "Warri du`an ka`uun hin jiru" jechuu danda`aan ree? Warri du`an ka`uun hin jiru erga ta`ee, Kristoos immoo du`aa hin kaafamne. Kristoos du`aa hin kaafamne erga ta`ee lallabuun keenya dhimma hin baasu, amanachuun keessanis dhimma hin kutu. Nuyis Waaqayyo, Kristoosiin du`aa kaaseera jennee, Waaqayyoof dhugaa ba`uu keenyaan sobduu taanee argamuu keenya, warri du`an hin kaafaman erga ta`ee, Waaqayyo Kristoosiin immoo du`aa hin kaafne jechuu dha. Warri du`an hin kaafaman erga ta`ee, Kristoos immoo du`aa hin kaafamne. Kristoos du`aa hin kaafamne erga ta`ee, amanitin keessan immoo waa`ee hin baasu, cubbuun keessan ammuma iyyuu isin irra jira. Yoos immoo warri Kristoositti amananii obbaafatan baduu isaaniiti. Jireenya amma biyya lafaa kana irra jiraannu duwwaadhaaf Kristoosiin abdanna erga ta`ee, namoota hundumaa caalaatti nuuf boo`uutu ta`a. amma garuu Kristoos warra du`an keessaa kaafameera, warra obbaafatan keessaas isatu jalqaba ta`e" (1 Qorontos 15:12-20).

Du`aa ka`uu Kristoositti in amanna, akkasumas deebi`ee dhufuu isaatti in amanna, Kristoos akkas jedheera, "Yesuus itti fufee bartoota isaatiin, Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa. Mana Abbaa koo keessa iddoon jireenyaa baay`eetu jira, utuu inni hin jiru ta`ee, isinitti nan himan ture, iddoo jiru sana isiniif qopheessuudhaaf nan adeema. Yommuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif, deebi`ee dhufeetan gara ofii kootiitti isin fudhadha" (Yohaannis 14:1-3).

Gooftaan gara Abbaa isaatti utuu ol hin ba`in dura akka galmeen ibsutti "Dubbii kana dubbatees, utuma isaan ilaalanii gara waaqaatti ol fudhatame, duumessi isa simate, ija isaanii duraas in dhokse. Utuma isaan karaa inni ol ba`e sanatti ija hin buqqifatin, kunoo, namoonni uffata adaadii uffa-

tan lama isaan bukkee dhaabbatanii. “Isin namoota Galiila, maaliif dhaabbattanii waaqa keessa ilaalaa jirtu? Yesuus, inni isin biraa gara waaqaatti ol fudhatame kun, akkuma amma itti gara waaqaa dhaquu isaa argitan kanatti immoo, deebi`ee in dhufa” jedheen. (Hojii Ergamootaa 1:9-11). Namoonni tokko tokko Dhufaatii Yesuus in dhufa, dhufees mootummaa isaa lafa kana irratti dhaabee wagga kuma tokko jiraata jedhanii mormu, garuu Ergamoonni warri Wayyaa adadaii uffatan sun waa`ee kana waan jedhan hin qaban, akka ol ba`etti deebi`ee dhufa duwwaa jedha. Utuu hin biyya lafaa keessa jiruu, mootummaan isaa (Waldaan Kristiyaanaa), utuu bartoonni isaa lubbuun jiranii akka humnaan dhuftu dubbateera (Maarqos 9:1). Lammaffaa Waldaa isaa ijaaruudhaaf mootummaa du`aa illee akka isa dhowwuu hin dandeenye dubbateera (Maatewos 16:18), sadaffaa Hojii Ergamootaa 2 irratti Mootummaan jedhamte kun hundeeffamuu ishee dubbifna, (Hojii Ergamootaa 8:12, Qolasiyus 1:13, Ibroota 12:28), Mootummaa Waaqayyoo jedhameera. Dhuma irratti Kristoos Mootii moototaa, gooftaa gooftotaa jedhameera (1 Ximotewos 6:15). Kana jechuun Mootummaan Kristoos waldaa isaa ta`uu, inni hundeessuu, inni mataa ishee ta`uu, ammas inni bitaa jiraachuu isaa nu hubachiisa.kana erga ta`ee Kristoos waan dhufee wagga kuma tokko jiraatee mootummaa as itti hundeessuuf hin qabu jechuudha. Egaa yoo kana hin godhu ta`e maal godha ree?

Dhufaatii gooftaa ilaalchisee Pheexroos akkas jedha “Guyyaan gooftaa immoo akka hattuun dhuftutti in dhufa, guyyaa sanatti bantiiwwan waaqaa sagalee guddisee didichuun in dhidhimu ijoon uumama lubbuu hin qabne hundinuu ho`a ibiddaatiin wal in gad dhiisa, lafti, wanti isa irratti hojjetame hundinuu gubatanii in badu. Wanti kun hundinuu akkasitti wal in gad dhiisa erga ta`ee, isin namoota attamii ta`uutu isiniif ta`a ree? Jireenya qullaa`aa, jireenya namoota Waaqayyoof ta`u jiraachuun isin irra jira. Akkasitti jiraattanii dhufa guyyaa Waaqayyoo in eeggattu, isaafis ariifattanii in hojjettu. Guyyaa sanaafis bantiiwwan waaqaa ibiddaan gubatanii wal in gaddhiisu, ijoon uumama lubbuu hin qabne hundinus ho`a ibiddaatiin in baqa. Nuyi garuu akka abidii inni nuuf kenneetti, bantiiwwan waaqaa haaraa, lafa haaraas warra qajeelummaan keessa buufatu in eegganna, kanaafis michoota koo, isaan kana eeggachaa warra xurii fi mudaa hin qabne taatanii Waaqayyoo wajjin nagaa qabaattanii akka argamtaniif dhamaa`aa” (2 Pheexroos 3:10-14)

Phaauloosis akkas jedhee Caafe “Obboloota nana Akka namoota abdii hin qabnetti akka hin gaddinetti, waa`ee warra obbaafataniif abdii jiru akka beektan in barbaanna. Yesuus du`ee du`aa akka ka`e erga amannee akkasuma immoo Waaqayyo warra obbaafatan karaa Yesuus, isumaa wajjinis dee-

bisee akka fidu in amanna" (1 Tasaloonqee 4:13-14)

Phaauloos ammas akkas jedha "Isin warra rakkachaa jirtan immoo gaafa gooftaan Yesuus ergamoota aangoo isaa wajjin waaqa irraa mul`atu nuyi wajjin kana jalaa isin in baasa. Gooftichi ibidda bobaa`aa wajjin in mul`ata, gaafas warra Waaqayyoon beekuu hin barbaadin, warra wangeela gooftaa keenya, Yesuusiif hin abboomaminis in adaba. Isaan kun argaa gooftaa duraa, ulfina aangoo isaa duraas fageeffamanii badiisa bara baraatiin in adabamu" (2 Tasaloonqee 1:7-9).

Phaauloos warra Qorontoosiin akkas jedheera "Kristoos immoo gooftummaa hundumaa, aboo hundumaa, human hundumaa golgoleessee, mootummicha deebisee Waaqayyo abbaatti erga kennee booddee dhumni in ta`a" jedhe (1 Qorontos 15:24)

Amma waan kanaa olitti dubbifne haa Xiinxallu me:- tokkoffaa Kristoos lammata deebi`ee akka dhufu abdii kenneera, lammaffaa:- akkuma ol ba`etti duumessaan in dhufa. Sadaffaa :- akka hattuutti dingata utuu dhufaatii isaa hin labsin dhufa. Afraffaa :- yeroo inni dhufu hundumtuu in ta`u, waaqaa fi lafti in badu. Shanaffaa:- yeroo inni dhufu, qajeelonni warri du`an in ka`u. warri lubbuun jiran immoo ol butamu. Jaffaa:-gaafa dhufu sana warra Waaqayyoof hin abboomamin warra wangeela hin ajajamin haaloo in ba`a. gaafas Kristoos wangeelaaf abboomamuu dhiisuu wallaalummaa dhaafi kan jedhu sababa tokko illee hin fudhatu, hin dhaga`us, dubbateera waan ta`eef, biyya lafaa hundumatti Uumama hundumatti ergeera waan ta`eef. Akkas jedheera " Egaa gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa Uumama hundumatti Wangeela lallabaa, kana mane kan Cuuphames in fayya, kan hin Amanin garuu itti faradama" jedhe (Maarqoos 16:15-16). Warri Abboomaman in fayyu, warri abboomamuu didan in badu. Guyyaa sana Gooftaan firdii kanaa ala kan biraa kenna kan jedhu Caaffata qulqullaa`oo keessatti hin Caafamne. Kristoos yeroo dubbatu akkas jedheera "Nama ana tuffatee, dubbii koo fudhachuu didetti kan faradu jira, dubbii ani dubbadhetu guyyaa isa dhumaatti isatti farada" jedheera (Yohaannis 12:48). Barreessaan macaafa Ibrootaas akkas jedha "Namoonni al tokko du`uuf kaa`amaniiru, isa booddee immoo firdiitti in dhi`aatu" jedha (Ibroota 9:27). Guyyaa dhumaa sana Kristoos warra jallootaa fi qajeeltotaan, akkas kedha "Isaan gara Adaba bara baraa, warri qajeelonni garuu, gara jireenya bara baraatti in dhaqu" (Maatewos 25:46)

Torbaffaa :- guyyaa dhumaa sana jall`oonni Waldaa Kristiyaanaa keessaa in baafamu "Ilmi namaa ergamoota isaa in erga isaanis karaa waan nama fufachiisu hundumaa, warra hamaa hojjetan hundumaas mootummaa isaa

keessaa walitti in qabu, boolla ibiddaattis isaan in darbatu. Achitti booi`chii fi ilkaan qaruun isaan irra in ga`a." (Maatewos 13:41-42). Qajeeltota kan iddoo buutu waldaan Kristiyaanaa , Waaqayyotti kennamanii bara baraan isaa wajjin jiraatu, Kristoos akkas jedha "Waa`ee kanaa hin dinqisiifatinaa , warri du`anii awwaalaman sagalee isaa yeroon itti dhaga`an in dhufa. Isaan awwaala keessaa in ba`u, warri waan gaarii hojjetan jireenya argachuudhaaf in ka`u, warri waan hamaa hojjetan immoo firdiitti dhi`aachuudhaaf in ka`u" jedhe (Yohaannis 5:28-29).

Kanaaf iyyuu lammata dhufaatii Kristoositti in amananna, Kristoos nu akeekkachiiseera waan ta`eef, fedhii fi jaalala isaa nu beeksiseera, fayyina nuuf kenneera, akkasumas carraa isa fudhachuu isaaf abboomamuu nuuf mijeesseera, kanaaf iyyuu carraa kanatti fayyadamnee, dhufaatii isaa lammataatiif of qopheessuun qooda keenya, ga`ee keenya.

Kristoositti in Amantaa? Dhufaatii isaa lammataatti in amantaa? Yeroo inni dhufu isaa wajjin wal qunnamuu in barbaaddaa? Wangeelaaf abboomamteetta yoo ta`e gaarii dha. Hin abboomamne yoo ta`e garuu kunoo carraa qabda, Kristoositti Amani, cubbuu kee irraa yaada garaa geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu cubbuu keetiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphami, yeroo kana gootetti gooftaan si fayyisa Waldaa isaattis si dabala.(Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38, 47), Amma dhumaatti amanamummaadhaan yoo jiraatte gonfoo jireenyaatu siif kennama (Mullata Yohaannis 2:10).

## Barumsa 18
## Amma Kristiyaanummaan maaliif Barbaachise

Bara kana Amantaalee baayyeetu guutuu addunyaa irra jira, garuu Kristiyaanummaa kan fakkaatu, kan isaa wajjin madaalamu hin jiru. Kan akka Kristiyaanummaa barbaachisaa ta`es hin jiru.

Kristiyaanummaan Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa irratti kan hundaa`ee dha, Kristiyaanummaa warri hojii irra oolchan warra barsiisa Kristoosiif abboomamanii dha.

Nuyi Kristiyaanummaatti in amanna, yooknis Amantii Kristoositti in amanna, akkasumas waan amannu kana in lalabna. Waan hundumaa caalaa immoo haala waaqeffannaa isaatii irratti dhaabbata ykn hundaa`a, sababni isaa waan dubbichi jedhu hojiin agarsiisuu dha. Yaaqoob akkas jedha. "Warra dubbicha hojii irra oolchan ta`aa malee, warra dhaga`uu duwwaadhaan of gowwoomsan hin ta`inaa" jedha (Yaaqoob 1:22). Itti dabalees akkas jedha "Namni seera birmadummaa isa hir`ina hin qabne keessa lixee

ilaalu, isa biraas kan hin deebine, isa dhaga`ee hojii irra kan oolchu malee, kan hin irraanfanne garuu, gocha isaatti gammaduuf jira" jedha (Yaaqoob 1:25). Ammas itti dabalee akkas jedha "Namni nama amantii qabu of se`ee arraba isaatti immoo luugama hin keenye, inni of sossoba malee, amanitin isaa waa`ee hin baasuuf. Waaqayyoon sodaachuun inni Waaqayyo keenyaa fi abbaa keenya duratti qullaa`ee fi xurii hin qabne, dubartoota abbaan manaa irraa du`es rakkina isaanii ilaalanii gargaaruu dha, xuraa`ummaa biyya lafaa irraas of eeggachuu dha" (Yaaqoob 1:26-27).

Bara kana biyyi lafaa ammam akka hammeenyaan guutamte beekkamaa dha. Haalli naamusa dhabiinsaa, haalli hammeenyaan miidhaa geessisuu, taayitaa dhaaf jedhanii, ulfina dhabuun, malaanmaltummaan, ajjechaan, nagana dhabamuun, yaaddoon, manni diigamuun, maatiin faca`uun, lollii kallatti hundaan baayyachuu fi kkf biyya lafaa kana irratti yeroo dhaa gara yeroo babayyaachaa jiru. Haala kana yeroo ilaallu biyyi lafaa garamitti deemaa jirti? Gaaffiin jedhu ka`uun isaa dirqama. Kanaaf egaa Jijjiiramni gara nagaatti gara gaariitti jijjiiramni baayyee barbaachisaa dha. Haa ta`u malee jijjiiramni kun akkamitti argama, eenyutu fida? Inni jedhus gaaffii tokko. Dhuguma dubbachuuf jijjiirama kanaaf Kristiyaanummaatu barbaachisa, barsiisa Kristoosii fi Amantii Kristoostu barbaachisa jedheen Amana. Yeroon akkas jedhu kana tarii si dinqisiisuu danda`a. garuu biyya lafaatiif nagaa fiduudhaaf, waan baayyeetu hojjetame, waraana gurmeessuun lolaan nagaa fiduun, hayyoota biyya lafaa mari`achiisuun baayyeetu godhame, kun hundi itti caalchise malee deebisaa hin taane. Namoonnis nagaa gammachuu argachuuf, waan jaallatan hunda jala deemaniiru, waan fedhan hundas godhaniiru, garuu wanti kun hundinuu nagaa dhaabbataa fiduufii dandaa`aniiruu? Matumaa nagaa hin fidneef. Kanaaf iyyuu tokkichi nagaa fiduuf aboos humnas qabu Kristiyaanummaa dhaa fi Kristoos duwwaadha.

Karaa dhimma hafuuraatiin Barbaachisaan Kristiyaanummaa duwwaadha. Kunis barsiisa Kristoos isa Caaffata qulqullaa`oo irra jiraniin kan ta`e jechuu dha. Kana jechuun Kristoos Amantii Addaa addaa hin arsiifne, maqaa tokko uffachuu maqaa isaa duwwaa akka uffatan, Amantii tokko, akka qabaatan, barsiisa wal fakkaatu akka barsiisa, Waldaa Kristiyaanaa tokkitti kansaatti akka dabalaman, yaada tokkoon akka mana isaa keessa jiraatan barsiisa dubbiin Kristoos inni Caaffata qulqullaa`oo keessatti galmeeffame. Kristoos Kristiyaanota gidduutti waldoota gidduutti tokkummaan akka jiraatu, gargar ba`insi akka hin jiraanne kadhateera. (Yohaannis 17). Gargar ba`insi Macaafa qulqulluu keessatti balaaleffatameera (Roomaa 16:17-18). Kana malees barsiifni namootaa inni akka fedhii Waaqayyoo hin taane gar-

gar ba`insa waan uumuuf fudhatama hin qabu. (Maatewos 7:21-23).

Amantii Kristiyaanummaa warri Ordofan, saba gaarii saba naamusa qabu, saba seera biyya isaatiif abboomamu ta`u. phaauloos akkas jedha "Namni hundinuu warra biyya bulchaniif haa abboomamu ! Fedha Waaqayyoo malee aboo qabaachuun hin dandaa`amu, warra aboo qabaatanis Waaqayyotu achi isaan dhaabe. Kanaaf namni aboo kanaaf abboomamuu didu, waan Waaqayyo dhaabeen in morma, warri kana godhanis firdii of irratti in fidu. Namoota waan gadhee hojjetan malee, namoonni gaarii hojjetan warra biyya seerratan hin sodaatan. Egaa atis aboo isaanii akka hin sodaanne godhachuu in barbaaddaa? Yoos waan gaarii hojjedhu ! Akkasitti warra aboo qaban biraa galata in argatta. Isaan kun waan gaarii hojjechuudhaaf Waaqayyo biraa siif kennaman. Ati waan hamaa yoo hojjette garuu, isaan sodaadhu. Isaan nama hamaa hojjetu irratti adaba Waaqayyoo raawwachuudhaaf malee, billaa isa ittiin adabuudhaaf itti kenname sana akkasumaan hin baatan. Kanaafis namni adaba Waaqayyoo duwwaaf utuu hin ta`in, yaada garaa isaa ciibsachuuf abbooomamuun in ta`a." (Roomaa 13:1-5). Kristiyaanonni Mootummaa biyyaatiif gibira kaffaluutti in amanu, Phaauloos akkas jedha "Isinis kanaaf gibira baaftu, warri aboo qaban kunis yeroo kana raawwachuudhaaf dhaabbatanitti Waaqayyoof hojjechuu isaaniiti. Egaa hundumaaf waan isaan isin irraa argachuuf malan, baasuuf, isa gibirri isaaf ta`uuf gibira, isa qaraxi isaaf ta`uuf qaraxa, isa sodaatamuun isaaf ta`uuf sodaatamuu, isa ulfinni isaaf ta`uuf ulfina kennaaf" jedha (Roomaa 13:6-7). Kristiyaanonni Warra biyya bulchaniif kabajaa kennu, Pheexroos akkas jedha "Namoota hundumaaf ulfina kennaa, obbolummaa amantootaa jaalladhaa, Waaqayyoon sodaadhaa mootiidhaaf ulfina kenna" jedha (1 Pexroos 2:17) dhugumatti dhugumaan biyya keenya jaallachuu qabna, Kristiyaanonni biyya isaanii jaallachuudhaan beekkamu. Yoo Kanaan dura waan akkasii hin goone ta`e godhuun abboommii Waaqayyoo waan ta`eef kana shaakaluu qabna. Dhugumatti Hooggantoota biyyaatiin mormuun, gibira kaffaluu diduun, mormitootaa wajjin tumsuun haala Kristiyaanummaa miti. Namoonni baayyeen waan biyya isaanii irraa argataniif cimsanii yaadu malee, waan ofii isaaniitii biyya isaaniitiif kennuu qaban hin yaadan. Kun immoo haala Kristiyaanummaa miti. Biyya Kristiyaanni itti baayyate ykn itti guddate, dhugumatti biyya sanaaf guddina, badhaadhina, nagaatu ta`aaf.

Warri jireenya Kristiyaanummaa shaakalan, badiisa hawaasaan walqabatu hunda warra mormanii dha. Kanneenis akka ulfa garaa baasuu, dhugaatii macheessaa dhuguu, waan nama adoochu fayyadamuu, bulti keessatti wal hiikuu, qumaara xaphachuu, walqunnamtii dhiiraa fi dhiiraa

ykn dhalaa fi dhalaa (Sodoom), malaanmaltummaa, obboleessaa fi obboleessa, sanyii fi sanyii, gosaa fi gosa gidduu jibbiinsa uumanii wal lolchiisuu, fi kan kana fakkaatan hunda Kristiyaanummaan in morma. Phaauloos akkas jedha “Egaa warri jalli`oonni mootummaa Waaqayyootti akka hin galle hin beektanii ree?  Hin gowwoominaa Warri halaleen, warri Waaqayyoolii tolfamoo waaqessan , warri ejjan, warri gadhaa`an, warri nama gadhoomsanis, warri hatan, warri sassatan,warri machaa`an, warri maqaa namaa balleessan, warri nama saamanis matumaa mootummaa Waaqayyootti hin galan” jedha (1 Qorontos 6:9-10). Wantoota kanaa olitti barreeffaman Amantaan balaaleffatu kam akka ta`e in beekta, amantaa kristiyaanummaa duwwaadha. Baayyeen amantaa waan kanaa olii keessaa kan hojjetan hin dhaban, tarii Kristiyaana ta`anii waan kana akka dhuunfaatti kan hojjetan jiraachuu malu, haa ta`uutii kristiyaanummaatu dogoggora jechuu miti, garuu nama sanatu dogoggoree jira jechuu dha malee. Kanaaf iyyuu jarri akkas godhan cubbuu keessa jiru jechuudha. Amma yaada garaa geeddaratanitti jarri sun cubbuu keessa jiraatu. Phaauloos ammas akkas jedha “Hojiin foonii mul`ataa dha. Isaanis halalummaa, xuraa`ummaa jireenya gad-dhiisii, waaqayyoolii tolfaman waaqessuu, qoricha namatti gochuu, diinummaa, qocolloo, hinaaffaa, dheekkamsa, ofittummaa, yaadaan gargar ba`uu, barsiisaan gargar ba`uu, weennoo, machii, albaadhummaa, wanta kana fakkaatus. Akkuma ani Kanaan dura isinitti himee ture, warri wanta akkasii hojjetan mootummaa Waaqayyootti galuu akka hin dandeenye ammas isinitti nan hima” (Galaatiyaa 5:19-21). Warri waan akkasii hojjetan mootummaa Waaqayyootti hin galan jechuun isaa yoo itti fufan yoo dhiisanii yaada garaa geeddarachuudhaa baatan, mootummaa Waaqayyoo ykn Waldaa Kristiyaanaa keessa hin jiraatan jechuu isaati. Garuu waan kana irraa deebi`anii yaada garaa geeddaratanii, yoo wangeelaaf abboomaman, gooftaan itti araarama, in fayyisa waldaa isaattis isaan in  dabala. (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38, 47). Achii booda hojii hammeenyaa kana irraa deebi`anii, kristiyaana ta`uudhaan jireenya kristiyaanummaa,itti jireenya haaraatti deddeebi`uudhaaf shaakaluu danda`u.

Warri jireenya Kristiyaanummaatti jiraatan, jireenya isaanii wayyeeffachuudhaaf, tattaaffii godhu, jireenyi isaanii qulqulluu, manni isaanii qulqulluu uffatni isaanii qulqulluu ta`uu isaa Amanu. Ilmaan isaanii barsiifatu, namootaa wajjin amanamummaadhaan jiraatu, karaa hundaatti hojjetoota ciccimoo ta`u. namoota jaallatu walii walii issaniis in jaallatu, Phaauloos akkas jedha “Wal jaallachuu irraa kan hafe, gatii wal dubbifatan hin qabaatinaa! Namni nama jaallatu waan seerri isa irraa barbaadu raawwachuu isaa-

ti" jedha (Roomaa 13:8). Ammas akkas jedha "Nama jaallachuun keessan jaalala dhugaa haa ta`u, waan hamaa jibbaa, wanta gaarii ta`etti qabamaa jiraadhaa. Jaalala obbolummaatiin ho`isaa wal jaalladhaa, walii keessaniif ulfina kennuudhaaf wal dorgomaa. Waa dhimma baasuudhaaf hin dhibaa`inaa! Hafuura gubaa qabaadhaa! Gooftichaafis of irraa bu`aa hojjedhaa! Abdii qabdanitti gammadaa, rakkina obsaa, Waaqayyoon kadhachuuttis cimaa. Warra Waaqayyoof qulqullaa`an, rakkina isaaniitti gargaaruu keessaa qooda qabaadhaa ! keessummoota simachuutti dhimmaa. Warra isin ari`atan eebbisaa, isaan eebbisaa malee hin abaarinaa. Warra gammadanii wajjinis gammadaa, warra boo`anii wajjinis boo`aa. Waa`ee walii keessaniif yaada tokko qabaadhaa. Isin ol of qabuu hin yaadinaa, warra gad deebi`anii wajjin jiraachuu baraa. Nuyi ogeessota ofiin jettanii ogummaa keessan of duwwaadhaaf hin godhatinaa.Namni hamaa yoo isin irratti hojjete, deebitanii hamaa irratti hin hojjetinaa. Waan fuula nama hundumaa duratti fudhatamaa ta`e yaadaatti qabadhaa ! Nama hundumaa wajjin nagaatti jiraachuudhaaf karaa keessan wanta dandaa`amu hundumaa godhaa. Michoota koo ! Ijaa baasuu dheekkamsa Waaqayyotti dhiisaa malee, ofii keessanii ijaa hin baafatinaa ! Caaffata qulqullaa`aa keessatti Waaqayyo gooftaan "Ijaa baasuun kan koo ti, ani hojii namaa mataa isaa irratti nan deebisa" jedhee dubbateera", iddoo tokkotti immoo "Diinni kee yoo beela`e nyaachisi, yoo dheebote obaasi. Kana gochuu keetiinis gaabbee akka inni yeella`u in goota" jedhamee caafameera. Waan gaariidhaan isa hamaa mo`I malee, hamaan si hin mo`in" (Roomaa 12:9-21).

Warri Kristiyaanummaa Shaakanii itti jiraatan waan gaarii hojjechuudhaan beekkamu, kanaanis hawaasa isaanii keessatti dinqisiifamu. Kunis hiyyeessota gargaaruu, warra Abbaa fi haadha hin qabne yaadachuu fi kan kana fakkaataniin beekkamu. Gooftaa Yesuus akkas jedhe "Namoonni hojii keessan isa gaarii arganii, abbaa keessan isa waaqa irraaf ulfina akka kennaniif ifni keessan akkuma kanatti namoota duratti haa ifu" jedheen (Maatewos 5:16).

Biyya hundumaa keessatti kristiyaanummaan akkasitti yeroo baballatu sabni biyyaa Sanaa hundinuu faayyadamaa ta`a. akkasumas Kristayyanummaa yeroo fudhatanii fi yeroo shaakalan biyyi lafaa jijjiirama agarsiisaa, jijjiiramaas deemti. Kristiyaanummaan nama in jijjiira. Kana jechuun akka barsiisa Macaafa qulqulluutti yoo ta`e jechuudha. Warri kana godhan hundi gara waan gaariitti jijjiiramu.

Egaa eessa irraa haa eegalu? Kan dubbisaa jirtu ofuma kee irraa jalqabi, yoo Kristiyaana miti taate, isaan keessaa tokko ta`I achii booda Atis jireenya Kristiyaanummaa jiraatta warri kaanis akka akkasitti jiraataniif fakkeenya

taata.

Kristiyaana ta`uudhaaf, Kristoositti amani, cubbuu kee irraa yaada garaa geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu keetiifis bishaan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphami, achii booda gooftaan si fayyisa, Waldaa isaattis si dabala. Kana hubachuudhaa Macaafa Hojii Ergamootaa dubbisi. (Maarqoos 16:16, Maatewos 10:32, Hojii Ergamootaa 2:38, 47, Roomaa 6:3-5).

## Barumsa 19
## Dhiiga Yesuus Keessa humni jira maaliif jedhame

Waa`ee dhiigaa yeroo dubbatamu namoota baayyeetti hin tolu ta`a, sababni isaa dhiiga yeroo yaadatan, dhiiguu, madaa`uu, muramuu, waraanamuu ykn diramuutu itti yaadatamuu danda`a, amantaan tokko tokkos kana caaffata keessaa baasuuf yaalaniiru.

Kakuu moofaa keessatti Waaqayyo dhiifama cubbuutiif aarsaa dhiiga horii barbaadaa ture. Dhiigni barbaachisaa dha, lubbuun dhiiga keessa jiras, lubbuun dhiiga keessa waan jiruufis dhiiga nyaachuun dhowwaadha. Kana ilaalchisee akkas jedha "Lubbuun uumama foon uffatee dhiiga keessa waan jiruuf, furee kan ta`us dhiiga waan ta`eef, inni furee lubbuu keessanii akka ta`uuf iddoo aarsaa irratti ani Waaqayyoo isa isiniif kenneera. Kanaafan namoota Israa`eliin, "Isin keessaa namni tokko illee dhiiga hin nyaatin. Akkasumas galaa isin gidduu jiraatu keessaa namni tokko illee dhiiga hin nyaatin" jedhe (Seera Lewwootaa 17:11-12).

Kakuu moofaan dhiigaan murteeffameera , Barreessaan Ibrootaa akkas jedha "Museen abboommii seerichaa tokko tokkoon saba sana hundumaatti erga himee booddee, dhiiga jibootaa fi re`ootaa bishaanii wajjin fuudhee, baala hisoophii isa rifeensi hiddamaan diimaan itti marameen, macaafichatti, saba sana hundumaattis in facaase. Achumaanis "Kun dhiiga isa kakicha cimsuudhaaf Waaqayyo isiniif abboomee dha" jedhe Akkasumas dhiigicha, godichaa fi qodaa achi keessaa seerri sagadaa itti hojjetamu hundumaatti facaase" jedhe (Ibroota 9:19-21). Itti dabalee barreessaan kun "Angafni lubootaa garuu kophaa isaa, godicha keessaa kutaa isa gara borootti, waggaatti guyyaa tokko duwwaa ol in gala, cubbuu inni ofii isaatii, sabni sunis utuu hin beekin hojjetaniif aarsaa dhiheessuudhaaf, inni dhiiga baatee ol in gala" jedha (Ibroota 9:7). haa ta`uutii dhiigni korommii fi re`ootaa cubbuu namoota irraa fuudhuu matumaa hin danda`u" (Ibroota 10:4).

Ammam illee horiin aarsaaf dhihaatu, fayya qabeessa horii jiran keessaa isa irra wayyaa ta`us, dhiigni sun kanuma horii waan ta`eef dhaabbataan bara

baraaf cubbuu namootaa fuudhuu hin dandeenye. Kanaaf dhiiga tokko isa bara baraan cubbuu ilmaan namaa fuudhuu danda`utu barbaachise, innis dhiiga ilam Waaqayyoo dhiiga Yesuus Kristoos duwwaadha. Innis kan cubbuu irraa wallaba ta`eedha.Pheexroos akkas jedha "Caaffata qulqullaa`aa keessa "Inni cubbuu hin hojjenne, dubbii isaa keessatti haxxummaan hin argamne" kan jedhu jira" jedheera (1 Pheexroos 2:22). Cubbuu kan hin hojjenne, seera hundumaa kan guute, cubbuu dhaafis kan hin mo`amne duwwatu ilmaan namaa cubbuu irraa bara baraan wallaba gochuu danda`e.

Nuyi dhiigni Kristoos cubbuu dhiquu isaa kan mirkaneessu faarfannaas qabna, "Dhiiga isaa keessa humni jira" kan jedhu akkasumsa "Cubbuu koo maaltu na irraa dhiqa? Dhiiga Kristoos malee" kan jedhu faarfanna. Faarfannotni kun, sagaleewwan kun ammam dhugaa fi gammachiisoo dha.

Wantoonni nama hin fayyifne baayyeetu jiru, Dhiigni horii fayyisuu hin dandeenye, akkasumsa seerri gara Kristoositti fide malee fayyisuu hin dandeenye, Phaauloos akkas jedha "Abdiin Yesuus Kristoositti amanuudhaan akka argamuuf kenname, warra isatti amananiif akka raawwatamuuf, caaffanni qulqullaa`aan waan hundumaa cubbuu jalatti boojisiise". Utuu amanitin hin dhufin dura, hamma gafa inni mul`ifameetti booji`amnee harka seeraa jalatti hidhamnee turre. Nuyi amantiidhaan qajeelota taanee akka lakkaa`amnuuf, seerri adabduu keenya isa gara Kristoositti nu geessu ture. Amanitin erga dhufee garuu, nuyi siachi harka adabduu jala hin jiraannu" (Galaatiyaa 3:22-25). Seeraan duwwaan hin fayyinu utuu hin ta`in hojii gaarii hojjeennuunis fayyuu hin dandeenyu, Phaauloos akkas jedha "Nuyis takka wallaalota, warra hin abboomamne, warra karaa irraa goran, garba kajeellaa fi hawwa garaa garaa isa foon gammachiisu, warra guyyoota keenya hamminaa fi hinaaffaadhaan dabarsine, namoota biratti jibbamne, walii keenyas jibbaa turree dha. Garuu gaarummaanii fi jaalalli Waaqayyo fayyisaan keenya ittiin nama jaallate yeroo isaatti in mull`ate, Waaqayyo hojii nuyi qajeelummaadhaan hojjennuuf utuu hin ta`in, akka araara isaatiitti dhiqannaa lammaffaan dhalachuutiin, haaressuu hafuura qulqulluutiinis nu fayyise, Hafuurichis isa inni karaa Yesuus Kristoos fayyisaa keenyaa arjummaadhaan nu irratti dhangalaasee dha. Waaqayyo ayyaana Kristoos qajeelotatti lakkaa`amnee, abdiidhaan jireenya bara baraa akka argannuuf kana nuuf godhe" (Tiitoo 3:3-7).

Pheexroosis birria yookaan Warqeedhaan miti jedha, "Akka jireenya keessaniitti, isa abboota keessan irraa isinitti darbee, isa waa`ee hin baafne sana jalaa, wanta badu waan akka meetii yookiis warqeetiin akka hin furamin, isin iyyuu in beektu. Garuu Kristoos dhiiga isaa isa gati-jabeessaan, isin fureera,

inni akka hoolotaa muaa yookiis xurii hin qabnee ti" (1 Pheexroos 1:18-19). Ilmi namaa waan barnaadu hunda bitachuu yookiis kennuu in danda`a, garuu ammam illee yoo sooressa ta`e ammam illee abbaa qabeenyaa yoo ta`e, fayyina Kristoosiin argamu horii dhaan bitachuu hin danda`u. fayyina kana eessaa iyyuu bitachuun hin dandaa`amu, kanaaf iyyuu qabeenya irratti, waan qaban hundumaa irratti abdii godhachuuu dhiisuun ogummaa dha. Akkasumas dhaabni amantaa, barsiifni namootaa fi abboommiin namootaa hundi fayyina fiduu fayyina kennuu hin dandaa`an, gara mootummaa Waaqayyoottis nama geessuu hin danda`an. Kristoos akkas jedhe "Ana waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu" isa jedhe ba`eessa dubbate" (Maatewos 15:9). Yohaannisis Waa`ee barsiisota sobaa akkas jedha "Namni barsiisa Kristoositti qabamuu dhiisee, kana irra darbee barsiisu, Waaqayyoon of biraa hin qabu, inni barsiisichatti qabamee jiraatu, immoo, abbaa ilmas of bira qaba. nani barsiisa kana hin fudhanne isin barsiisuuf yoo dhufe garuu, mana keessanitti isa hin simatinaa. Nagaa iyyuu isa hin gaafatinaa. Namni nagaa isa gaafatu, hojii isaa isa hamaatti hirmaachuu isaati" (2 Yohaannis 9-11). Phaauloosis jarri kun warra gargar ba`insaa fi addaan ba`insa fidanii dha jedha (Roomaa 16:17-18).

Nuyi amma cubbamoota taanetti kan fayyina keenyaaf nuuf ta`u, wareegama Kristoosii fi dhangala`uu Dhiiga isaa duwwaadha. Caaffata qulqullaa`oo keessatti barbaachisummaa dhiiga Kristoos kan ibsan luqqistoota baayyeetu jiru, Phaauloos akka Waaqayyoo wajjin araaramnee firoota isaa taane dubbata akkas jedha "Waaqayyo guutummaa waaqayyummaa isaatiin isa keessa jiraachuutti gammadeera. Waaqayyoo wanta hundumaa karaa isaa ofitti araarse, dhiiga Kristoos isa fannoo irratti dhangala`eenis lafa irratti waaqa irrattis nagaa buuseera" (Qolosaayis 1:19-20). Akkasuma Kristiyaanota Efeesooniin Phaauloos akkas jedha "Amma garuu Kristoos Yesuusii wajjin tokkummaa qabachuudhaan isin warri dur fagaattanii turtan dhiiga Kristoosiin dh`eeffamtaniittu. Kristoos nagaa keenya, Inni keenyaan diinummaa isa giddūu diigee, warra Yihudoota hin ta`in Yihudootas lamaanuu tokko godheera. Inni nagaa buusuudhaan qooda gosa lamaanii namummaa haaraa isatti argamu tokko akka uumuuf abboommotaa fi toora seera Sanaa namoota irraa kaase. Fannoo irratti du`uudhaan gosa lamaanuu akka dhagna tokkootti, Waaqayyotti araarsuudhaaf, ofii isaatiin diinummaa balleesse. Inni dhufee isin warra fagoo turtanitti, isaan warra dhi`oo turtanittis misiraachoo nagaa lallabe" (Efeesoon 2:13-17).

Phauloos yeroo Kristiyaanota Efeesooniif waa`ee dhiiga Kristoos dubbatu akkas jedha "Akka badhhadhummaa ayyaana isaattis Kristoos dhiiga isaa

nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuu qabna" (Efeesoon 1:7). Kristiyaanota Qolosaayisiin immoo "Ilma isaa kanaan furamuu dhiifamuu cubbuu arganneerra" (Qolosaayis 1:14). Kristoos yeroo irbaata qulqulluu fudhatan akkas jedhe "Kun dhiiga koo ti, dhiigni kun kakuu dhaabate sana cimsuudhaaf, dhiifamuu cubbuu namoota baayy`eetiif dhangala`a" jedhe (Maatewos 26:28). Warri dhiiga Kristoosiin fayyan kun Waldaa Kristoositti dabalamu (Hojii Ergamootaa 2:47). Phaauloos Manguddoota Waldaa Efeesoon jiraniin akkas jedhe "Of eeggadhaa, karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis, eeggadhaa ! Waldaa kristiyaanaa isa Waaqayyo dhhiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa" jedhe (Hojii Ergamootaa 20:28). Efeesoon 5:25, irrattis Kristoos Dhagna isaa jechuun waldaa kristoosiin akka dhiiga isaatiin fayyise dubbata. Nuyis dhiiga Kanaan qulqulloofneerra, "Akka inni ifa keessaa jiru, nuyis ifa keessa yoo deddeebine, nuyi walii keenyaa wajjin tokkummaa qabna, dhiigni ilma isaa cubbuu hundumaatti nu qulleessa" (1 Yohaannis 1:7). Dhuma irrattis turban irraa guyyaa isa jalqabaa yeroo waaqeffannaaf walitti qabamnu irabaatni qulqulluun fudhannu sun fakkeenya dhiiga Kristoosi (Hojii Ergamootaa 20:7). Phaauloosis warra Qorontoosiin akkas jedha, "Barsiifni ani isinitti dabarse, isuma ani gooftaa biraa fudhadhe ture, Innis , Yesuus gooftaan halkanuma itti dabarfamee kenname sanatti buddeena fuudhee, buddeenicha cabsee "Inni isiniif cabe kun dhagna koo ti, kanas seenaa kootiif godhadhaa ! jedhe. Erga nyaatanii booddees akkuma sanatti xooficha fudhatee "Xoofoon kun kakuu isa haaraa, dhiiga kootiin dhaabbatuu dha, yeroodhuma isa keessaa dhugdanitti seenaa kootiif godhadhaa" jedhe. Yeroodhuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodhuma xoofoo kana dhugdanitti, hamma gooftaan deebi`ee dhufutti akka inni namootaaf du`e in labsitu. Kanaafis sababii maaliitiif akka dhi`aatu utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyyatu, xoofoo gooftaa keessaa dhugu, dhagna gooftaa dhiiga isaaas in yakka. Egaa namni qoree of haa ilaalu. Ergasiis buddeenicha irraa haa nyaatu, xooficha keessaas haa dhugu. Dhagna gooftaa ta`uu isaa yaadatee utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xooficha dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaata in dhugas" (1 Qorontos 11:23-29).

Waa`ee dhiiga Kristoos caaffata qulqullaa`oo keessatti waan baayyeetu jedhamee, jira mee amma tokko keessaa ilaalla

1. Dhiigni Kristoos inni fannoo irratti dhangala`e sun, Aarsaa isa dhugaa ta`ee, furii cubbuu ta`eera.

2. Dhangala`uu dhiiga Kristoosiin, kakuu moofaan karaa irraa akka ba`u ta`ee, kakuu haaraan dhiiga isaatiin Chaappeeffameera.

3. Kan fayyine dhiiga Kristoosiini, kunis Wangeelaaf abboomamuudhaan akka fayyinu ta`e. karaa biraa Kristoos namoonni akka fayyaniif ulaagaa inni kaa`e. kristoositti amanuu, cubbuu isaanii irraa yaada garaa geeddarachuu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu, dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuutiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan Cuuphamuu, (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38). Namni tokko cuuphaadhaan yeroo abboomamu, dhiiga Yesuusii wajjin kallattiidhaan wal qunnama, kunis faayidaa duutii fi du`aa ka`uun Yesuus isaaf qabu akka argatu isa godha. Egaa bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuu isa jedhu Roomaa 6, irratti arganna. Akkasuma Saa`ol yeroo inni cubbuu kee irraas dhiqadhu jedhamu ilaalla. "Maaliif lafa irra arkifatta ree, ka`ii maqaa isaa waami cuuphami, cubbuu kee irraas dhiqadhu " jedha (Hojii Ergamootaa 22:16). Kristoos dhiigni isaa cubbuu ilmaan namaatiif akka dhangala`u dubbateera, (Maatewos 26:28, Efeesoon 1:7). Pheexroos Hojii Ergamootaa 2:38, irratti akka Yaada garaa geeddaratanii, Dhiifamuu cubbuutiif maqaa Kristoos Yesuusiin akka cuuphaman lallabee, lallaba kanaanis lubbuun 3000 akka fayyan ta`e, isaan kun Waldaa Kristiyaanaa ta`an, gooftaanis warra guyyaa guyyaa irraa fayyanis isaanitti dabalaa ture (Hojii Ergamootaa 2:47). Kanaaf iyyuu namni tokko fayyuu yoo barbaade, Kristiyaana ta`ee Waldaa Kristiyaanaatti dabalamuu yoo barbaade, Amanuu, yaada garaa geeddarachuu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`uu fi Dhiifamuu cubbuu isaatiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuu qaba. kan yoo godhe dhiiga Kristoosii wajjin wal qunnamuu danda`a.

4. Waldaan Kristoos dhiiga isaatiin kan bitamtee dha. Kanaaf iyyuu Waldaan Kristiyaanaa baayyee barbaachiftuu dha. Nutis kanaaf miseensa waldaa kanaa taane.

5. Dhiigni Kristoos Kristiyaanota ifa keessa akka deddeebi`an isaan godha.

6. Nuyi Kristiyaanota ta`uu keenyaan, ijoollee waaqayyoo ta`uu keenyaan turban irraa guyyaa isa jalqabaa, dhagna isaa kan fakkaate buddeena, dhiiga isaa kan fakkaate xoofoo fudhannee, fayyina keenyas yaadachaa nuuf du`uu isaa lallabna.

Yaa jaala koo ! Kristoos siif du`eera, dhiigni isaas siif dhangala`eera, kunis furii cubbuu keetii akka argattuufi. Itti amanteettaa? Yoo hin amanne hin fayyine ta`e akka amantee fayyituuf sin jajjabeessa. Carraan kun siif dhihaatee itti fayyadamuu dhabuun nama Gaddisiisa.

## Barumsa 20
## Hundeen Maaliif barbaachise

Akkuma beekkamu biyya lafaa kana irratti, mana ijaaruuf, gamoo ijaaruuf, duraan dursee bu`uuratu kaa`ama, bu`uura malees hin ta`u, wanti bu`uura hin qabnes cimina hin argatu, kanaaf iyyuu bu`uura irratti ijaaruun barbaachisaa dha. Akkasuma barnoonni, qu`annaan, ogummaan hundumtuu milkaa`ina akka argatuuf Qophaa`insatu barbaachisaa dha. Kunis bu`uura ta`uu dandaa`a.

Gooftaa Yesuus akka fakkeenyaatti namoota lama kaa`ee, tokko dhagaa irratti kan ijaaree fi tokko immoo Cirracha irratti mana ijaare nutti hima. "Yesuus "Egaa namni dubbii koo dhaggeeffatee akka isaatti hojjetu hundinuu nama ogeessa mana isaa dhagaa irratti ijaarratetti in fakkeeffama. Bokkaan roobee, lolaan lola`ee, qilleensi qilleensa`ee, mana sanatti bu`an, manichi garuu hundeen isaa dhagaa irra dhaabame waan ta`eef, hin jigne. Namni dubbii koo dhaggeeffatee akka isaatti hin hojjenne hundinuu garuu, nama gowwaa mana isaa hundee malee lafa cirrachaa irratti ijaarratetti in fakkeeffama. Bokkaan roobee, lolaan lola`ee qilleensi qilleensa`ee, mana sanatti bu`an manichis in jige, jiguun isaas baddu baasa ta`e" jedhe (Maatewos 7:24-27).

Gooftaa Yesuus armaa olitti nama lama tokko ogeessa tokko immoo gowwaa jedhee fakkeenya nuuf kaa`a. inni ogeessi isa dubbii Yesuusiif abboomamee, hundee cimaa irratti mana ijaarrate, inni gowwaan immoo isa dubbii isaa hin eegne, cirracha irratti mana ijaarrateedha jedheera. Inni hundee cimsate sun isa Abboomamee, kristiyaana ta`e, isa miseensa Waldaa Kristoos ta`e, isa Kristoosiin qabu, isa homtinuu hin sochoofneedha, isa abdii jireenya bara baraa qabuu dha.

Inni kaan immoo gowwaa jedhee kan kaa`e, isa cirracha irratti ijaarrate sana, inni kun isa wangeelaaf hin abboomamneedha, inni kun yaaduu in mala garuu, hin abboomamne, ykn barsiisa namaatiin qabameera, sababni isaa maalis haa ta`u maal, nama hin abboomamin ta`uu isaati. "Kanaaf Waaqayyo gooftaan, "Kunoo ! Ani dhagaa hundeedhaaf ta`u, Xiyoon keessa nab kaa`a, inni dhagaa qoramee ilaalame isa gati-qabeessa, dhagaa isa golee qajeelchuu dha, hundee amanamaa dhas, namni isatti amanu hin raafamu" jedha (Isaayyas 28:16). Mee kana hubadhu, hundeen kun, dhagaa isa gati-qabeessa, isa golee qajeelchu, isa cimee dhaabbate, isa hin raafamne jechuu isaa hubadhu. Daawwitis akkas jedha "Dhagaan inni warri ijaartuun tuffatan, isa mataa golee qajeelchu ta`e" jedhe (Faarfannaa 118:22), itti fufees "Kun Waaqayyo biraa ta`e, inni immoo ija keenya duratti dinqisiisaa dha" jedha (Faarfannaa 118:23), kun egaa kakuu haaraa keessatti kan raawwateedha.

Yeroo bara Kristoos kakuu haaraatti dhufnu akkas jedha “Egaa immoo `dhagichi mana ijaartuun tuffatan, inni dhagaa mataa golee qajeelchu ta`e` jedhamee kan caafame maal jechuu dha ree” (Maatewos 21:24, Luuqaas 20:17-18) akkasuma warra lubootaa fi barsiisota seeraatiin “Dhagaa sana irratti kan kufu hundinuu in caccaba, dhagichi nama irratti yoo kufe garuu, isa in buruqsa” jedhe (Luuqaas 20:18).kana jechuun yoo karaa sirrii itti fayyadaman waan gaarii ta`a, yoo karaa sirrii hin taaneen fayyadaman nama balleessa jechuudha.kristoosis akkasuma.

Yeroo gara Macaafa Hojii Ergamootaa dhaqnu, Pheexroos Barreessitootaa fi lubootaan akkas jedhe “Namichi amma fayyaa ta`ee isin dura dhaabbatu kun, maqaa Yesuus nama Naazreetiin akka fayye, isin hundumti keessan beekaa! Namoonni Israa`el hundinuus kana haa beekan. Isin Yesuusiin in fanniftan, in ajjeeftanis, Waaqayyo garuu warra du`an keessaa isa kaase. Inni kun dhagicha isa isin warri ijaartuun tuffattan, inni garuu dhagaa mataa golee qajeelchu ta`e, fayyinnis Yesuus Kristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru, maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta`u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne” jedhe (Hojii Ergamootaa 4:10-12). Phaauloosis Warra Ayihudotaa fi Israa`elotaatiin akkas jedhe “Egaa amma maal jennu ree? Saba Waaqayyoo warri hin ta`in, qajeelummaa argachuudhaafis warri hin dhama`in, qajeelummaa argataniiru, qajeelummaan isaanii immoo amantii keessaa in argama. Israa`el warri seera qajeelota isaan godhu argachuudhaaf dhama`an garuu, isa bira hin geenye. Maaliif isa bira hin geenye? Isaan amantii keessaa utuu hin ta`in akka waan inni hojii keessaa argamuutti waan itti dhama`aniif isa bira hin geenye, isaan “Dhagaa gufannaa” sana irratti gufatan. Akkuma caafame, “Kunoo ani dhagaa gufannaa kattaa nama kuffisus Xiyoon keessa nan kaa`a, inni isatti amanatu immoo hin yeella`u” jedhe (Roomaa 9:31-33). As irratti Phaauloos Isaayyas 28:16, irraa luqqisee dubbate.

As irratti hundeen kun dhagaan kun Eenyuu dha? Phaauloos akkasitti ibsa “Isuma dur kaa`ame sana malee homtinuu hundee biraa kaa`uu hin danda`u, hundeen dur kaa`ame sunis Yesuus Kristoosi” jedha (1 Qorontoos 3:11, ) akkasumas 1 Qorontos 10:3-4 irratti “Hundumtii isaanii nyaata hafuuraa isa tokkicha sana nyaataniiru, hundumti isaanii dhugaatii hafuuraa isa tokkicha sana dhuganiiru, isaan kattaa hafuuraa isa guddicha, isa isaanii wajjin adeemaa turettii dhuganiiru, kattaan guddichi sun immoo Kristoos ture” jedha.

Kristiyaanota Efeesooniif yeroo Caafu Akkas jedhe “Egaa isin si`achi Warra Waaqayyoof qulqullaa`anii wajjin warra biyyaa, warra mana mana

Waaqayyoo tis malee, orma, nama biyya diidaa miti. Isin hundee ergamootaa fi raajotaa irratti ijaaramtaniittu, Kristoos Yesuus immoo ofii isaatii dhagaa golee qajeelchuu dha. Guutummaa ijaarsa Sanaa isumaan walitti qabamee, mana qulqullummaa Waaqayyoo ta`uudhaaf gooftaatti in guddata, Isinis immoo isumaan mana isa Waaqayyo hafuura isaatiin keessa jiraatu taatnii itti ijaaramuu keessan" jedha (Efeesoon 2:19-22). As irratti Phaauloos Kristiyaanota Kanaan, isaan akkamitti akka mana Waaqayyoo yknis maatii Waaqayyoo ta`an dubbata, kunis Waldaa Kristiyaanaa akkamitti akka barumsa isaanii irratti hundaa`an, Kristoosis dhagaa golee qajeelchu duwwaa utuu hin ta`in baayyee barbaachisaa ta`uu isaa ibsa, hundeen kunis waldaa Kristiyaanaa uumuu isaati, mana Waaqayyoo ta`uu isaas ammas akkas jedhee ibsa "Tarii Waaqayyo keessatti Amala attamii qabaachuun akka isaaf ta`u, akka beekuuf kun si gargaara, manni kunis Waldaa Waaqayyoo jiraataa, isa utubaa fi demdemoo dhugaa ta`ee dha" (1 Ximotewos 3:15). Kristoos hundee dha, Waldaan Kristiyaanaas, hundee dhugaa Sanaa taatee, wangeela dhugaa sana biyya lafaatiif labsiti.

Pheexroos Kristiyaanota bara isaatiif akkas jedheen "Ammas hammina hundumaa, haxxummaa hundumaa, of arguu dhabuu, weennoo, maqaa namaa balleessuu hundumaas of irraa fageessaa. Akka mocooliin reefuu dhalatan aannan barbaadanitti, isinis fayyinaaf ittiin guddachuudhaaf yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaa keessa hin jirre akka aannanii sana dharra`aa. Isin gaarummaa gooftaa miyeeffattaniittu yoo ta`e, kana in gootu. Gooftichi inni isin gara isaa dhuftan kan akka dhagaa jiraataati, namoonni dhagaa sana in tuffatan, inni garuu Waaqayyo biratti fo`amaa dha gati-qabeessa. Isinis luboota qulqullummaa ta`uudhaaf, aarsaa hafuuraa isa karaa Yesuus Kristoos Waaqayyo duratti fudhatamu dhi`eessuudhaaf, akka dhagoota jiraatootti Ijaarsa mana isa hafuuraa sanaaf ta`aa" Caaffata qulqullaa`aa keessa "Kunoo dhagaa mataa golee qajeelchu, isa fo`amaa, isa gati-qabeessa Xiyoon keessa nan kaa`a, inni isatti amanatu immoo hin yeella`u" kan jedhu jira. Isin warra itti amanataniif dhagaan kun gatii guddaa qaba, warra itti hin amanneef garuu, caaffanni qulqullaa`aan akkuma jedhetti . "Dhagichi, mana ijaartuun tuffatan, Inni dhagaa mataa golee qajeelchu ta`e" Akkasuma immoo "Inni dhagaa nama gufachiisu, kattaa nama kuffisus ta`e, in jedha, isaan sababii dubbichaaf abboomamamuu didaniif in gufatu, kunis isaan irratti yaadamee ture" jedha (1 Pheexroos 2:1-8).

Barreessaan kun isa Isaayyaas 28:16, irratti Raajame sana akkamitti akka inni raawwate yeroo ibsu, dhagaa mataa golee qajeelchuu ta`ee garuu Ayihudoonni tuffachuudhaan itti gufachuu isaanii Kun Kristoos Angafaa fi hundee

Dhagichaa kan ta`e Kristoos ta`uu isaa akka hubannu nuuf hime. Pheexroos warra isa fudhatanii eebbifaman, akka eebba argatanis hin dhossine.

Kristoos Maatewos 16:13-19 irratti  biyyi  lafaa waa`ee isaa maal akka jedhan isaan gaafate, isaanis waan dhaga`an itti himan, Kristoos garuu isa isaan jedhan kan hin barbaanne, achii deebi`ee isin hoo anaan eenyu naan jettu jedhe yeroo kana "Ati Kristoos ilma Waaqayyo jiraataati" jedhan. Deebisaa isaanii kana irratti "Waldaa ko nan ijaara" jedhe, deebisaan isaanii kun kan human qabuu dha, warri gaafas kana dhugaa ba`an wangeela lallabanii bu`aa kanaa nama 3000 cuuphanii Waldaan inni jedhe sunis akka hundee dhagichaa kana irratti hundooftu ta`e. waldaan Kristiyaanaa utuu Kristoos ilma Waaqayyoo miti ta`ee dhaabbattee hin jiraattu,Waldaan Kristiyaanaa Kristoos Ilma Waaqayyoo isa jiraataa sana irratti hundoofte, kanaaf waldaan Kristiyaanaa jirti ganaas bara baraan in jiraatti. Kun egaa akkuma Phaauloos dubbate, hundeen kunis Kristoosi jechuudha.

Jaallwwan koo ! Isin hoo moo maal irratti hundooftan? Dubbii isaa dhageessanii yoo gootan, Kristoos irratti hundaa`uu dandeessu, kanas Isatti amanuu yaada garaa keessanii geeddarachuu, Kristoos ilma Waaqayyo ta`uu isaa dhugaa ba`uu fi dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu keessaniitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamuu qabdu. Kana yoo gootan gooftaan Waldaa isaa isa ofii isaatiif hundeesse irratti isin dabala (Hojii Ergamootaa 2). Yoo nama ogeessa dhugaa barbaadu taate kana goota. Nutis akka kana gootuuf Siif kadhanna.

## Barumsa 21
## Dhalachuu haaraa Maaliif lallabna

Dhalachuun Haaraatti jechuun maal jechuudha? Gaaffii bareedaa dha. Dhugaa dubbachuudhaaf gaaffiin kun yeroo baayyee gaafatamee, deebisaan addaa addaa kennameera. Ammas namoonni baayyeen maal akka ta`e hin barre.

Hiriyoonni keenya dhaaba Amantaa keessa jiran dhalachuun haaraa yeroo namni tokko Kristoosiin akka fayyisaa dhuunfaatti fudhatu ykn amanu jireenya isaa keessatti jijjiirama dinqii ta`etu argama jedhanii amanu, himus.

Kristoos Yohaannis 3 irratti lammata dhalachuun akka barbaachisu, kunis mootummaa Waaqayyootti akka nama galchu barsiiseera. Kristoos barsiisa kana utuu hin du`in duraa fi seerri dirqisiisaa yeroo hin taane keessa ta`uu isaa hubadhu. Kan inni barsiise kun Jireenya Kristiyaanummaa keessatti akka inni cimee hojjetu beeksisuu isaati. Bariisni kun utuu Waldaan Kristiyaanaa hin hundeeffamin ta`us, booda irra namni tokko Waldaa Kris-

tiyanaatti dabalamuudhaaf lammata dhalachuun akka isa barbaachisu barsiisuu isaati.

Garuu mee dhalachuu haaraa maal akka ta`e dubbii isaa irraa haa dubbifannu. “Fariisota keessa , Namni Niqoodemos jedhamu tokko tue, inni dura-buutuu Yihudootaa ture. Inni kun halkaniin gara Yesuus dhufee “Rabbii akka ati barsiisaa taatee Waaqayyo biraa dhufte nuyi beekna, homtinuu yoo Waaqayyo isaa wajjin jiraate malee milikkita ati argisiiftu kana, danda`ee hin agarsiisu” ittiin jedhe. Yesuus “Dhuguma dhuguman sitti hima, eenyu illee olii yoo dhalachuu dhaa baate, mootummaa Waaqayyoo arguu iyyuu hin danda`u” jedhee deebiseef. Niqoodimos immoo “Namni erga qancaree attamitti dhalachuu danda`a? Gadameessa haadha isaatti lammaffaa galee, dhalachuu danda`a moo? Jedhee Yesuusiin gaafate. Kanaaf Yesuus, Dhuguma, dhuguman sitti hima, eenyu illee bishaanii fi hafuura qulqulluuttii yoo dhalachuu dhaabaate, mootummaa Waaqayyootti galuu hin danda`u. nama fooniittii kan dhalate foon, hafuurattii kan dhalate hafuura. Olii dhalachuun isiniif in ta`a siin jechuu kootiif hin dinqisiifatin. Qilleensi gara fedhetti in qilleensa`a, qilleensa`uu isaa in dhageessa, eessaa akka inni dhufu, eessas akka inni dhaqu garuu hin beektu, egaa hafuurattii kan dhalate hundinuus akkuma kana” jedhee deebiseef. Niqoodemos deebisee, “Kun attamitti ta`uu danda`a?” jedhee Yesuusiin gaafate. Yesuus deebiseefii. Ati barsiisaa Israa`elkan taate, kana hin beektuu? Dhuguma dhuguman sitti hima, nuyi isa beeknu in dubbanna, isa argines dhugaa in baana, utuma ta`uu iyyuu isin isa nuyi dhugaa baanu hin fudhattan” jedhe (Yohaannis 3:1-13).

Waan olitti himame hubadhu. Niqoodemos nama jedhamutu halkaniin gara Yesuus dhufe. Namoonni tokko tokko nama fariisaawwii fi dura buutuu Ayihudootaa waan ta`eef dhossaadhaan gaafachuu dhufe jedhu. fariisonni qama amantaa ayihudotaati. Du`aa ka`uu fi Ergamootatti in Aamanu turan. Namichi kun dura buutuu Ayihudotaa waan ta`eef nama ulfina qabuudha. Gara Yesuus yeroo dhufe akka rabbi ykn Barsiisaatti isa amanuu isaa mul`iseera. Dinqii Yesuus hojjetes dhugaa ba`ee, kana nama Waaqayyo biraa ergame duwwaatu hojjeta jedhee dinqisiifateera. Kana booda Yesuus namni tokko mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf lammata dhalachuu qaba jedheen. Niqoodemos garuu waan Yesuus jedheen waan hin galleef, bitaacha itti ta`e. kanaafis Namni erga dulloome booda akkamitti lammata dhalachuu danda`a jedhee gaafatee baruu barbaade. Kana baruudhaafis lammata gadameessa haadha isaa keessatti deebi`aa jedhee gaafate. Yoo akkas ta`e Niqoodemoosiif hin dandaa`amu ture, Yesuus garuu akkasitti barsiisaa hin jiru, Yesuus waa`ee dhalachuu hafuuraanii dubbata, Niqoodemoos immoo

dhalachuu foonii yaadaa jira. Kun egaa eenyuuf iyyuu dafee hin galu ture. Sababni isaa kun dhalachuu adda ta`eedha waan ta`eef.

Yesuus itti fufee bishaanii fi hafuura irraa yoo dhalatan mootummaa Waaqayyootti galu jedhee keessa ibseef, karaa Kanaan malee karaan biraa ittiin mootummaa Waaqayyootti galan hin jiru.

Mee asitti xinnoo haa xiinxallu duraan dursee bishaan irraa dhalachuun akka barbaachisu dubbachuu isaa yaadadhu. Dhalachuu jechuun ba`uu jechuu dha, dhalachuu jechuun jireenya haaraa ibsuu danda`a. bishaan inni jedhu hoo? Yesuus dhalachuun kun, gadameessa haadha ofiitti deebi`anii dhalachuu irraa adda waan ta`eef, dhalachuu foonii wajjin walqunnamtii akka hin qabne itti hubachiiseera. As irratti bishaan isa jedhu kana namoonni tokko tokko bishaan jireenyaa jechuudha jedhu, garuu akka caaffata kanaatti bishaanni bishaan malee hiikkaa biraa hin qabu. Faayidaa isaa hoo? Bishaan jedhee waan dubbateef nuyis bishaanuma bishaaniitti fudhanna. Egaa kakuu haaraa keessatti bishaanii wajjin wal qabatee kan dubbifannu eessa dubbifanna? Dubbii caaffataa dubbifteetta yoo ta`e bishaanii wajjin kan walqabatee deemu tokko duwwaatu jira, innis Cuuphaa dha. Hojii Ergamootaa 8:26-39 irratti namicha Itiyoophiyaa tokko Cuuphamuu isaa dubbifanna, kana fakkaatee Kristoos immoo namni tokko bishaan irraa dhalachuu qaba jedheera., garuu akkamitti namni bishaan irraa dhalachuu danda`a? egaa bishaan cuuphaa ilaallata yoo ta`e, yeroo Cuuphaman Awwaalamuu ta`uu isaa yaadadhu (Qolosaayis 2:12) bishaan keessatti awwaalamuun erga jiraatee bishaan sana keessaa ba`uunis jira jechuudha, Awwaalamuun dhalachuu ta`uu isaa Phaauloos dubbateera (Roomaa 6:3-4).

Bishaan irraa dhalachuu yookaan Cuuphamuu yeroo yaadnuu itti fufnu, jireenya haaraatti deddeebi`uu isaa yaadanna. Kunis immoo cuuphaa kana ilaalchisee Phaauloos Roomaa 6:3-4 fi Galaatiyaa 3:26-27 irratti, Kristoosii wajjin awwaalamuu Kristoosii wajjinis Awwaalaa ka`uu, akkasumas Kristoosiin uffachuu akka ta`e nu barsiisa. Namni cuuphame kun uumamaa haaraa dha “Kanaafis namni kan Kristoos ta`e , uumama haaraa dha, inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhufeera” (2 Qorontos 5:17). Pheexroosis akkas jedha “ Akka mucooliin reefuu dhalatan aannan barbaadanitti, isinis fayyinaaf ittiin guddachuudhaaf yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre akka annanii sana dharra`aa,Isin gaarummaa gooftaa miyeeffattaniittu yoo ta`e,, kana in gootu (1 Pheexroos 2:2-3).

Lammaffaa :- Kristoos hafuura irraa dhalachuu jedhee dubbateera. As irratti hafuurri kun kami ? phaaulos Efeesoon 4:4 irratti Hafuura tokko jedha. Hafuurri kun maali? Human hafuuraa ti moo, hafuura qulqulluudha? (Yo-

hannis 14:26, Hojii Ergamootaa 1:8, Hojii Ergamootaa 2:38, 1 Tsaloonqee 4:8). Garuu hojiin hafuura qulqulluu maal ture? 1ffaa Dubbii Waaqayyoo kana akka Caafan ergamootaa fi raajota ajaje, achiin duras dubbii Waaqayyoo akka caafaniif Namoota geggeessaa ture (2 Pheexroos 1:21). Phaauloosis hafuura Waaqayyootiin akka caafan nutti himeera.(2Ximootewos 3:16-17), garuu dubbii Waaqayyootiin kan mulla`ate maale? Dhugaa Waaqayyooti (Yohaannis 17:17). Wangeela Kristoosi (Roomee 1:16). Yookaan dubbii namni dhaga`ee ittiin fayyu (Hojii Ergamootaa 2:37-38). Namni tokko dhugaa yoo dhaga`e hin abboomamuu? Pheexroos akkas jedha " Isin dhugaadhaaf abboomamuu keessaniin, jireenya keessan qulleeffattaniii, obboloota garaa qulqulluudhaan jaallachuu bira geessaniittu, ammas jaalala ho`aa isa garaa keessaa dhufuun wal jaalladhaa. Isin sanyii baduttii utuu hin ta`in, sanyii hin badnettii sagalee Waaqayyoo isa jiraataa fi isa akka jirutti hafuun, haaraa taatanii dhalattaniittu. Kanaaf caaffanni qulqullaa`aan , "Namni foon uffate hundinuu akka margaa ti, ulfinni isaa hundinuus akka daraaraa margaati, margichi in coollaga, daraaraan isaas in harca`a, Dubbiin Waaqayyoo garuu, hafee bara baraan in jiraata" in jedha. Dubbiin kun immoo isa misraachoo isinitti himamee dha" (1 Pheexroos 1:22-25). Yohaannis 3, irratti Kristoos hafuurattii dhalachuu isa inni yaadadhu., 1 Pheexroos 3:21, hafuura dubbii waaqayyootiin dhalachuun fayyuu dha. Dubbii kana eenyutu kenne? Hafuura qulqulluutdha. Kanaaf Hafuura irraa dhalachuu fi dubbii Waaqayyoo irraa dhalachuun tokkuma, addaa addummaa hin qaban. Garuu namni akkamitti amantii argata ? dubbi Waaqayyoo dhaga`uudhaani (Roomee 10:17) kanaafis namni dubbii Waaqayyoo yoo dhaga`e in amana, yoo amane immoo in Abboomama. Akka hafuurri Waaqayyoo geggeessetti namni tokko dubbii Waaqayyo dhaga`ee in amana, amanee yaada garaa geeddarata, achii Kristoos Ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`a, achii bishaan keessatti awwaalamuudhaan in Cuuphama. Kana booda gooftaan Waldaa isaatti isa dabala. Hojii Ergamootaa 2, dubbifadhu. Wanti Yeruusaalemitti ta`e kanuma, achi irratti lammata dhalachuu kan jedhu caafamuu baatus Yesuus namni bishaanii fi hafuura irraa yoo dhalate malee mootummaa Waaqayyootti hin galu jedheera, kanaaf isaan waan lammata dhalataniif guyyaa sana Mootummaa Waaqayyoo (Waldaa Kristiyaanaatti) dabalaman. Mootummaa Waaqayyoo fi Waldaan Kristiyaanaa tokkuma, addaa adda miti, Phaauloos Qolosaayis 1:13 irratti "Aboo dukkanaa jalaa nu baasee gara mootummaa ilma isaa isa jaallatamaatti nu dabarse" jedhe. Hojii ergamootaa 2 irratti warri cuuphamanii fayyan Waldaa Kristiyaanaatti dabalaman. Hojii Ergamootaa 8:12 irratti immoo mootummaa Waaqayyoo jedha. Kanaaf isaan

kana lamaan Waldaa Kristiyaanaa fi mootummaa Waaqayyoo gidduu addaa addummaan jiraa? Hin jiru isaan lamaan tokkuma. Kana waan ta`eef namni Wangeelaaf abboomamu mootummaa waaqayyootti Waldaa Kristiyaanaatti dabalama, nuyis kana lallabuu qabna.

Ati lammata dhalatteettaa? Ati Kristiyaanaa ? yoo miti taate, ati baddeetta. Kanaaf akka fedhii Gooftaan siif qabu akka bartee du`a bara irraa of oolchituuf macaafa qulqulluu akka qu`attun si jajjabeessa.

## Barumsa 22
## Cuuphaan Tokkittiin maaliifi

Waa`ee kanaa ammam akka ati keessa beettu ani hin beeku, garuu waa`ee cuuphaa ilaalchisee warri Kristoositti amanna jedhan dhaabni amantaa baayyeen waa`ee cuuphaa yaada garaa garaad hi`eessu, warri kaan cuuphaan mataa irratti dhangalaasuu dha jedhu, kaanis itti facaasuu dha, jedhu, kaanis hafuura qulqulluutiin cuuphamuu jedhu, bishaan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphamu kanaa fi kan kana fakkaatantu dubbatama.kaanis cuuphaan milikkitaafi yeroo jedhan kaan immoo lakkii cuuphaan dhiifama cubbuu argachuudhaaf fayyada, jedhu. egaa cuuphaawwan tokko tokko kaayyoo mataa isaanii qavbaachaa turan.

Macaafni qulqulluun garuu Cuuphaa tokkittii jedhee barsiisa. Phaauloos akkas jedha. "Akkuma abdiin waamichaa inni isin itti waamamtan tokkicha ta`e, dhagni tokko, hafuurris tokko, gooftaan tokko amanitin tokko, cuuphaan tokko, Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaan in hojjeta, iddoo hundumaa jiras" (Efeesoon 4:4-6). Egaa jecha Nama Waaqayyoo kanaa hubadhu, gooftaa tokko , Waaqayyo tokko amantii tokko, cuuphaa tokko… jedha. Egaa cuuphaan fayyisu tokko duwwaa ta`uu isaa qalbeeffadhu.

Egaa cuuphaan tokkichi kun kami ? bara kana cuuphaa namoonni dubbatan malee Macaafni qulqulluunis cuuphaa addaa addaa dubbata, fakkeenyaaf Luuqaas 7:29 irratti namoonni cuuphaa Yohaannisiin cuuphamuu isaanii dubbfanna. Kristoosis warra isa qoruu dhufaniin"Cuuphaa Yohaannis cuuphe Waaqayyo biraati mo nama biraa dhufe naaf deebisaa " jedheen (Maarqoos 11:30). Kristoos qajeelummaa raawwachuudhaaf cuuphame (Maatewos 3:13-17). Walumaa galatti namoonni hundinuu qophaa`insa Waldaa Kristoosiif cuuphamaa turan, cuuphaan sun cuuphaa yaada garaa geeddarannaa jedhameera. (Luuqaas 3:3). Phaauloos Warra Efeesoon kan cuuphaa Yohaannisiin cuuphaman garuu waa`ee hafuura qulqulluu kan hin dhageenyeen wal qunnamee ture, kanaaf kaayyoon Cuuphaa Yohaannis

maal akka ta`e isaan barsiiseera. “Apholos amma illee Qorontos utuu jiruu, Phaauloos kutaa biyya gara olii keessa darbee, Efeesoon dhufe, Achitti immoo bartoota gooftaa tokko argatee, Yeroo amantan hafuura qulqulluu fudhattaniittuu? Isaaniin jedhe. Isaan immoo, “Hafuurri qulqulluun akka jiru iyyuu hin dhageenye” jedhanii deebisan. Kana irratti Phaauloos “Yoos immoo isin maalitti cuuphamtan ree? Jedhe. Isaan immoo “Cuuphaa Yohaannisitti” jedhan. Phaauloos yommus “Yohaannis isa booddee isa dhufuuf turetti, kana jechuunis Yesuusitti, akka amanan saba barsiisee, cuuphaa geeddarannaa yaada garaa cuuphe” jedhe. Jarri kana dhaga`anii maqaa gooftaa Yesuusitti cuuphaman.” (Hojii Ergamootaa 19:1-5). Yeroo sanatti cuuphaan Yohaannis bara baraan itti fufuuf yaadamee miti. Kaayyo isaa xumuree dhaabbate.

Maatewos 3 irratti Yohaannis Cuuphaa lamaan Yesuus cuuphu dubbateera, Akkas jedhee “Yohaannis itti fufee, “Yaada garaa keessanii geeddarachuu keessaniif bishaaniin isin nan cuupha, Inni ana booddee dhufu garuu ana irra in jabaata, anis kophee miilla isaatii illee baachuudhaaf nama ta`u miti, Inni hafuuraa qulqulluudhaa fi ibiddaan isin cuupha, Oobdii isaa keessatti midhaan kan ittiin qulleessu hafarsaa of harkaa qaba, midhaan isa qulleeffames gombisaa isaatti in sassaaba, habaqii isaa garuu ibidda hin dhaamneen in guba” jedhe “ (Maatewos 3:11-12). As irratti Yohaannis uummanni achi jiran waa`eee oomisha qamadii waan beekaniif akka isaaniif galutti midhaanii fi habaqiitiin ibseef. Jarri sun qamadii Oobdii keessatti yeroo tuman isa midhaan ta`e gombisaatti dhaqatu, isa waa`ee hin baafne habaqii ta`e immoo in gatu ykn in gubu. Kanaaf Yesuus warra fayyan hafuura qulqulluutiin cuupha warra jal`iota immoo ibiddaan cuupha, in gubatu jechuu isaati. Isa booda Yesuus bartoota isaatiif akka afuura qulqulluu erguuf abdii kenneera (Yohaannis 15:26, 16:7,13). Hojii Ergamootaa 1:8, irrattis akka erguuf abdii kenneera. Dabalataanis Luuqaas 24:49 dubbifadhu. Hojii ergamootaa 2 irratti Yesuus hafuura qulqulluu ergee Ergamoota isaa irratti dhangalaase, isaanis hafuura Kanaan guutamanii, afaan haaraadhaan dubbachuu, dinqii addaa addaas gochuu akka dandaa`aniif human kenneef. Human isaanii Kanaan isaanis warri kaanis eebbifamaniiru. Egaa Kristoos Abiddaanis hafuura qulqulluunis in Cuupha jechuun maal jechuudha? Warri Hafuura qulqulluutiin Cuuphaman qajeeltota, qulqulloota yeroo ta`an warri ibiddaan cuuphaman garuu cubbamoota jali`oota. Egaa cuuphamuu jechuun liqinfamuu ykn dhuunfatamuu jechuudha. Ergamoonni isaa hafuura qulqulluutiin cuuphaman ykn dhuunfataman erga ta`ee Cubbamoonni immoo ibiddaan cuuphaman ykn dhuunfataman jechuu ta`uu isaa beekuu qabna. Caaffata qulqullaa`aa keessatti jali`oonni ibiddaan cuuphamu kan jedhu ees-

satti argina? “Waaqayyo ergamoota iyyuu warra cubbuu hojjetan gad darbatee, boolla dukkanaa keessatti funyoo sibiilaatiin hidhamanii guyyaa firdiitiif akka kaa`aman godhe malee isaan hin qusanne” (2 Pheexroos 2:4). Gara badiisa bara baraatti galu (Maatewos 25:46). Jahaannamni akka galaana ibidda bara baraas jedhameera (2 Pheexroos 3:7, Yihudaa 7, Mullata Yohaannis 20:10,14, Mullata Yohaannis 21:8). Kana jechuun warri cubbamootni, jali`oonni galaana ibiddaa badiisa bara baraatti darbatamanii bara baraan achi keessa jiraatu jechuudha.

Phaauloos 1 Qorontos 10 irratti akkas jedha “Yaa obboloota ko ! Abboonni keenya hundinuu, utubaa duumessaa sana jala akka turan, hundumti isaaniis galaanicha akka ce`an akka beektan nan barbaada. Hundumti isaaniis kan Musee ta`uudhaaf duumessichaa fi galaanicha keessatti cuuphamaniiru, hundumti isaanii nyaata hafuuraa isa tokkicha sana nyaataniiru, hundumti isaanii dhugaatii hafuuraa isa tokkicha sana dhuganiiru, isaan kattaa hafuuraa isa guddicha, isa isaanii wajjin adeemaa turettii dhuganiiru, kattaan guddichi sun immoo Kristoos ture” (1 Qorontos 10:1-4).

Haati ijoollee Zebdiyoos yeroo Ilmaan ishee mootummaa isaa keessatti bitaa firgaa akka kaa`uuf gaafatte sana Kristoos waan jedheen yeroo dubbifnu “Yesuus garuu deebisee, “Waan kadhattan hin beektan ! Isin immoo xoofoo dhiphinaa ani keessaa dhuguuf jiru keessaa dhuguu in dandeessuu?” jennaan, isaan immoo “In dandeenya” jedhaniin. Innis “xoofoo koo keessaa illee dhuguuf jirtu, gara mirga koo yookiis gara bitaa koo taa`uu garuu kennuun kan koo miti, taa`umsi sun warra Kanaan dura abboo kootiin qopheeffameefiif ta`a” isaaniin jedhe” (Maatewos 20:22-23). “Cuuphaan ani cuuphamuun ta`u tokko jira, hamma inni raawwatamuttis ataman dhiphadha laata” (jedhe (Luuqaas 12:50), kana kan Kristoos jechaa jiru, cuuphaa isaa gidiraa Fannoo irratti ta`u dubbate, innis yeroo tokko duwwaadhaaf isa irratti ta`uuf isa jiruu dha.

Dhuma irratti kan Caaffanni qulqullaa`oon dubbatan cuuphaa qulqullootaati. Inni kun bishaan keessatti awwaalamuudhaan kan raawwatamuu dha. (Hojii Ergamootaa 8:26-39, Roomaa 6:3-4, Qolosaayis 2:12), kunis cuuphaa dhiifamuu cubbuutiif ta`uu dha. (Hojii Ergamootaa 2:38). Cubbuu irraa dhiqachuufi (Hojii Ergamootaa 22:16), fayyinaafi (1 Pheexroos 3:21). Namni Kristoos keessa akka ta`uufi (Galaatiyaa 3:26-27). Waldaa kristoositti dabaluufi (1 Qorontos 12:13), kana kan maqaa Abbaa,maqaa Ilmaa fi Hafuura Qulqulluutiin cuuphaa kan jedhame (Maatewos 28:19-20). Kristoos akkas jedhe, “Gara biyya lafaa hundumaaa dhaqaa, Uumama hundumaatti wangeela lallabaa, kan Amane kan cuuphames in fayya, kan hin amanin

garuu itti faradama" (Maarqoos 16:15-16).

Phaauloos Efeesoon 4:4-6 irratti Cuuphaa tokko jedheera, kun kan barreeffame bara 64 itti. Caaffata qulqullaa`oo keessatti cuuphaan nuyi dubbifnu, cuuphaa hafuura qulqulluu, cuuphaa ibiddaa, cuuphaa duumessaa cuuphaa dhiphinaa, cuuphaa galaanaa ti. Kana Waan ta`eef inni Phaauloos 4:4-6, irratti dubbate cuuphaan tokkichi cuuphaa fayyinaa cuuphaa qulqullootaati jennee jala sararuu dandeenya. Namoonni baayyeen cuuphaan hafuura qulqulluu amma bara kana in hojjeta jedhu, garuu cuuphaa hafuura qulqulluu kan cuuphe Yesuus bartoota isaa cuupheera, kanaa achi amma bara kana kan cuuphu hin jiru. Warren biraa immoo namni utuu hin cuuphamin fayya erga fayyee booda cuuphama jedhu, akkas jechuun immoo namni tokko Waldaa Kristiyaanaa alatti fayya jechuu isaaniiti. Sababni isaa namni tokko kan cuuphamuuf Waldaa Kristiyaanaatti dabalamuuf cuuphama waan ta`eef (1 Qorontoos 12:13, Galaatiyaa 3:26-27). Jarri akkas jedhan kun barsiisa dogoggoraa keessa jiru, sababni isaa namni tokko fayyuudhaaf gooftaaf abboomamuu qaba, abboommiin gooftaa immoo cuuphaa bishaanii dabalata.

Cuuphaa bishaan facaasuu yookaan adda irratti naquudhaan cuuphna kan jedhan jiru, cuuphaan akkasii tasumaa hin ajajamne, cuuphaa jechuun bishaan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphamuu dha (Roomaa 6:3-4, Qolosaayis 2:12), facaasuun facaasuu dha, namatti naquunis naquudha malee cuuphaa hin jedhamu.

Amma gaaffiin ka`uu qabu ati cuuphaa macaafni qulqulluun barsiisu cuuphamteettaa? isa jedhuu dha. Hin cuuphamne yoo ta`e ati hin fayyine, kanaaf amma kana godhuu qabda. Macaafa qulqulluu hojii ergamootaa yoo dubbifte, warri wangeelaaf abboomaman, Amananii, yaada garaa geeddaratanii, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`anii bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphamanii Gooftaanis Waldaa isaatti isaan dabaleera. (Hojii Ergamootaa 2:38, 41, 47). Atis akka isaan godhan yoo goote si fayyisa waldaa isaattis si dabala.

Bishaan facaasuu dhaan ykn addatti naquudhaan gootee akka waann fayyiteetti yaadda yoo ta`e ati hin fayyine, kanaaf iyyuu akka macaafa qulqulluu irraa baratte kanatti akka abboomamtun si jajjabeessa siif kadhannas.

## Barumsa 23

## Yaada namaa maaliif qajeelfama sirri ta`uu hin fudhannu

Yaada jechi jedhu, laphee, sammuu fi lubbuu namaa keessaa kan ba`uu dha. Namni tokko amma ta`e odeeffannoo, qabatamaa jedhee kan amanu qabatee jira jechuu dha. Odeeffannoon kunis dhugaa ykn soba ta`uu isaa

mirkaneeffachuu dhaaf waan tokko tokkoo wajin walqabsiisa. Yaadni kun dhugaas ykn sobas ta`uu danda`a garuu sobas ta`e dhugaa akka qajeelfamaatti odeeffannootti itti fayyadama. Yaadni namaa akka qajeelfama amansiisaati jedhanii warri amanan jiru. Tokko tokko immoo namni yaada gaarii qabu yaada gaarii qabachuun isaa ofiifu sirrii dha jedhanii yaadu. Kanaaf baayyeen namaa dhuma irratti gowwoomuu isaanii argu, sababni isaa, sammuun namaa amma dhumatti isa Itti amane sana akka laphee isaatti waan ta`eef murtii dhumaa hin ta`uuf.

Yaadni namaa akkamitti akka hojjetu beekuudhaaf mee waa`ee mucaa xiqqaa tokko yaadi. Hatuun yookaan waan kan isaa hin taane fudhachuun dogoggora ta`uu isaa warri isaa isa barsiisanii guddisaniiru. Jireenya warra isaatii wajjin jiraate keessatti warri isaa kana barsiisuu itti fufaa guddisaniiru. Innis yaada warra isaatii in kabaja, akkasumas namoonni baayyeenis waan akkasii barsiisuun isaaf wal fakkaateera.. kanaaf mucaan kun waan kana akka seeraatti fudhatee guddateera. Garuu erga guddatee booda mana hiriyaa isaatii dhaqee waan baayyee isa barbaachisu tokko arge, waan kana fudhachuu kajeele, ittis qorame, booda irra in fudhate, fudhatee garuu boqonnaa hin arganne, sabani isaa wanti inni baratee fi wanti inni godhe faallaa ta`eera. Yaadni sammuu isaa isa jeeqe kanaaf waan sana deebisuudhaaf dirqame.

Mee waan kana ibsus ibsuu baatus gara dubbii Waaqayyo deemneeti ilaalla. Saa`ol namni jedhamu yaadanna. Saa`ol Ayihudii dha, Amantii Aihuudotaa ordofas, kanaaf Amantiin Kristiyaanummaa diina isaati, ittiin mormuu akka qabu itti himamee gorfamee barsiifamee guddate, kanaafis Amantii ayihudotaatiif hinaaffaa cimaa qabaachaa ture. Kana irraan kan ka`e Kristiyaanota ari`achaa ture, yeroo kana dubbifannu akkas jedha “Saa`ol garuu Waldaa Amantootaa lafa irraa balleessuudhaaf maneen keessa adeemee, dhiirotaa fi dubartoota amantoota ta`an harkisee mana hidhaatti in kenna ture (Hojii ergamootaa 8:3). Waa`ee isaa dubbisuu yeroo itti fufnu, “Saa`ol amma illee bartoota gooftaa doorsisuudhaaf ajjeesuutti banbanaa gara angafa lubootaa dhaqee, warra daandii wangeelaa irra adeeman yoo arge dhiirota ta`us dubartoota ta`us hidhee gara Yeruusaalemitti fiduudhaaf barbaade. Kanaafis ajaja maneen sagadaa Damaasqootti akka isaaf caafuuf angafa lubootaa gaafate” (Hojii Ergamootaa 9:1-2). Akka kana dubbifnu seenaan himutti Saa`olii fi imaltoonni isaa wajjinii utuu deemaa jiranii waa ta`e “Lafa dhaees sagalee “Saa`ol , Saa`ol maaliif na ari`atta ?” jedhuun dhaga`e. inni immoo, “Eenyu ati yaa gooftaa?” jedhe. Sagalichis deebisee, “Ana, Yesuus, kan ati ari`attu, garuu, ka`ii, gara mandaraatti lixi ! waan gochuun siif

ta`us sitti in himama" jedheen". (Hojii Ergamootaa 9:4-6). Akka galmeen nutti himutti Hanaaniyaa kan jedhamu hojjetaan wangeelaa, akka inni ka`ii cuuphamii cubbuu kee irraas dhiqadhu jedhu dubbifanna (Hojii Ergamootaa 22:16). Amma Saa`olm aal godhe? Inni Kristoositti amane yaada garaa geeddarate, Kristoosiin dhugaa ba`ee In cuuphame, fayyee achii booda Wangeela lallabuudhaaf ba`uu isaa waan galmaa`e sana irraa hubanna (Hojii Ergamootaa 9:20)

Mee waa`ee nama kanaa hubadhaa, namni kun Waldaa Kristiyaanaa ari`achaa ture, dhiirotaa fi dubartoota amantoota hidhaa ture, Kristiyaanummaas hinaaffaa Amantii isaatiif qabuuf mormaa ture, garuu yeroo dingata Kristoos itti mulla`atu amanee, cuuphamee Kristoosiin dhugaa ba`uu jalqabe, kana duwwaa miti, baroota isaa guutuus gooftaaf dabarsee kenneera.

Waa`ee baroota isaa darbanii maal jechuutu dandand`ama? Inni waan godhaa tureetti haqaan deemaa turee? Maaliif kana hundumaa waan godheef inni akkas jedhee himeera, "Ani iyyuu ofii kootii karaa anaaf dandaa`ame hundumaan, maqaa Yesuus nama Nazreet Kanaan mormuun, hojiidhuma koo ti, jedhee fudhadheen ture" (Hojii Ergamootaa 26:9)

Kun hundi kan nutti himaa jiran, Saa`ol yeroo Waldaa Kristiyaanaa ari`achaa ture sanatti yaada gaariidhaan turuu isaa hubanna, hamaa yaadee miti, garuu amantii isaatiif sirrii dha jedhee waan itti amaneefi, akkasumas kun sirrii dha jedhamee waan barateefi. Inni sirrii ta`uu isaatiif shakkii tokko illee hin qabu ture, kanaaf egaa, inni sammuu ykn yaada sirriitiin hojjetus hojiin isaa kun akka yaada Waaqayyoo ykn akka Fedhii Waaqayyoo hin turre. Sammuu fi yaadni gaariin Saa`ol Isaa fi warra kan isaa ta`aniif sirrii dha, ykn dhugaa dha malee, Waaqayyof miti, Kristiyaanotaaf miti, kanaaf Saa`ol erga Kristoos itti mulla`ate booda wanti inni godhaa ture hundi sirrii ta`uu dhabuu isaa cubbuu ta`uu isaa hubate, booda irraa Saa`ol erga maqaan isaa jijjiiramee Phaauloos ta`ee booda, waa`ee isaa akkas jedhee barreesse "Ani Kristos Yesuus gooftaa keenya isa hojii koo kanaaf human anaaf kenne kana, "Amanamaa dha" jedhee hojii isaa irra na dhaabuu isaatiif nan galateeffadha. Dur illee ani maqaa balleessaa, ari`achaa, humnaan nama irratti ka`aan ture, garuu amanuu koo dura Wallaalummaatti waanan kana godheef, inni araara anaaf buuse" Ayyaanni gooftaa keenyaas amantii fi jaalala Kristos Yesuusiin argamanii wajjin, guutee irra anaaf dhangalaaseera. Dubbiin , "Kristos Yesuus cubbamoota fayyisuudhaaf gara biyya lafaa dhufe" jedhu amanamaa dha, guutummaatti fudhatamuunis in ta`aaf, warra cubbamootatti lakkaa`aman sana keessaa immoo ani isa duraati" Haa ta`u malee, Yesuus Kristoos ana isa cubbuutti isa duraa ta`e kana keessaan obsa isaa guutum-

maatti akka mul`isutti, warra jireenya bara baraatiif isatti amananiif fakkeenya akka ta`uuf, ani araara argadheera. Mootii bara baraa isa hin duune, isa ijaan hin argamne, Waaqayyo tokkicha sanaaf baruma baraan ulfinnii fi guddinni haa ta`u ! Ameen" (1 Ximotewos 1:12-17).

Akka ani yaadutti Phaauloos fuula Waaqayyoo dura yaada sirriitiin jiraachuu isaa yyadata. (Hojii Ergamootaa 23:1). Garuu baroota isaa darban keessatti, Kristosiin wallaansoo qabaa, mormaa, ari`achaa dabarseera, erga dhugaa baratee booda garuu, inni cubbamoota keessaa isa duraa jedhame sun, Kristiyana ta`uudhaa abboomamee, fayyina isaatiif araarrii fi Ayyaanni Waaqayyoo baayyannaaniif, isa duraan diige sana ijaaruudhaaf, darbees biyya lafaatti wangeela lallabuudhaaf jireenya isaa guutuu kan dabarsee kenne ta`e.

Jaallewwan koo! Utuu Waaqayyo yaada gaarii, qalbii gaarii, sammuu gaarii barbaada ta`e dhaabni Amantaa hundinuu silaa in fayyu turan yookiinis fayyananiiru jedhama ture. Namni Waaqayyotti amanus Amanuu baatus yaada sirrii, sammuu sirrii qabaannaan in fayya jechuu ta`a. kun egaa Kristiyaana ta`us ta`uu baatus jijjiirama hin qabu jechuu ta`a, kun immoo namoonni waan fedhes haa ta`u, dhaaba amantaa isaaniitti, sammuu isaaniitti akka amanan godheetu, Waaqayyoon wallaaluu, irraanfachuu darbees mormuu irraan isaan ga`eetu jireenya badiisaatti geessa.(1 Ximotewos 4:1-5).

Erga kana hubannee, yaadni gaariin nama fayyisuu hin danda`u, haalaa amala gaarii qabaachuun nama fayyisuu hin danda`u, yaada gaarii fi sammuu gaarii itti amanuu isa jedhu wanti nuyi hin fudhaneefis kanaaafi. Yaadni gaariin kan inni sirrii ta`uu danda`u yoo beekumsaa fi yaada Waaqayyoo irratti hundaa`ee, madda isaa dubbii Waaqayyoo godhate duwwaadha.

Macaafni qulqulluun sagalee dubbii Waaqayyoo qabatee jira. Dubbiin Waaqayyoo immoo dhugaa dha. Yaada keenyaan utuu hin ta`in akka hafuura Waaqayyootti yeroo amanannee isaa wajjin jiraannu karaa sirrii irra jirra jechuudha. Akka inni nu gaafatetti abboomamnee yeroo fudhannu dhugumaan nuyi ijoollee Waaqayyoo taaneerra jechuudha, Phaauloos kana ilaalchisee akkas jedha "Hafuurri Waaqayyoo hafuura keenyaa Wajjin walii galee, ijoollee Waaqayyoo ta`uu keenya dhugaa in ba`a" jedha (Roomaa 8:16). Karaa biraa yeroo sagaleen Waaqayyoo lallabamu, yeroo barsiifamu, barsiisa sana keessatti, lallaba sana keessatti waan nuyi godhuu dhiifnes ta`e waan nuyi goone nutti himuudhaan in dubbata, kun egaa hafuurri sun hafuura keenyaa wajjin waan nuuf galchu qaba jechuudha, nutti dubbateera jechuus in dandeenya. As irratti eenyu akka hin fayyine beekuudhaaf barsiisa dubbii isaa irratti hundaa`e kana hubachuun gaarii dha, namni hin fayyin akka dubbii isaatti hin ajajamin ijoollee Waaqayyoo ta`uu hin danda`u.

Kana jechuun hojiin gaariin yaadni bareedaan, haalaa amalli jaallatamaan fayyina keenyaaf qophaa isaa qooda hin qabu. Adaraa ulaagaa gooftaan dubbii isaatiin barsiise kanaa ala fayyineerra jettanii of hin gowwoomsinaa. Kanaaf Dubbii isaa barannee yoo abboomane, samuu keenyas nu hin jeeqamu, karaa isaa irraa jiraachuu keenyas nuuf gala jechuudha

Yaada gaarii, qabdaa? Yaada Waaqayyoo hoo beektaa? Wangeelaaf akka Dubbii Waaqayyootti jechuunis akka yaada namaa ykn yaada keetii utuu hin ta`in akka abboommii isaatti akka ajajamtun barbaada, yoo Kristositti amante, cubbuu kee irraa yaada garaa yoo geeddaratte, Kristos Ilma Waaqayyoo ta`uu isaa yoo dhugaa baate, Bishaan keessatti awwaalamuudhaan yoo cuuphamte gooftaan si fayyisa Waldaa isaattis si dabala. (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38, Galatiyaa 3:26-27, Hojii Ergamootaa 2:47). Yoo kana goote fedhii Waaqayyoo godhuudhaaf sammuu kes fayyadamteetta, jechuudha, Gooftaanis si fayyisee maatii isaa si godhateera jechuudha.

## Barumsa 24
## Maqaa gooftaa maaliif Waamna

Caaffanni qulqullaa`oon Waa`ee maqaa Gooftaa waamuu in dubbata. "Waaqayyo ammas, "Bara booddeetti ani hafuura koo nama hundumaa irratti nan dhangalaasa, ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu, maanguddoonni keessan abjuu in abju`atu, dargagoonni keessanis mul`ata in argu, bara sanatti, ani hojjetoota koo warra dhiirotaa fi warra dubartootaa irratto iyyuu hafuura koo nan dhangalaasa. Waaqa irratti lafa irrattis milikkita dhiigaa fi ibidda, utubaa aarsaas nan argisiisa. Guyyaan koo inni guddaanii fi sodachisaan sun utuu hin dhufin dura, aduun dukkanatti, jiinis dhiigatti in diddiiramu, Maqaa Waaqayyoo warri waammatan hundinuu garuu in oolu, akkuma ani Waaqayyo jedhee ture, warri ani waame tulluu xiyoon irratti, Yeruusaalem keessattis hafanii in fayyu" jedhe (Yo`el 2:28-32).

Yeroo hafuurri Waaqayyoo ergamoota gooftaa irratti dhangala`ee, isaanis afaan haaraatiin dubbachuu jalaqabanii saba biyya addaa addaa irraa ayyaana irratti hirmaatan afaan isaaniitiin yommuu dubbachuu jalqaban, namoonnis machaaniiti jedhaniin, "Pheexroos garuu warra kudha tokkoo wajjin dhaabatee, sagalee isa ol fuudhee, namootatti dubbachuutti ka`e. "Isin yaa warra Yihudaa, warri Yeruusaaleem, jiraattanis hundinuu, mee hubadhaa, dubbiin koos isiniif haa galu ! Jarreen kun kan machaa`an isinitti hin fakkaatin, amma ganama, yeroonis sa`aatii sadaffaa dha ! inni asitti ta`e kun garuu, waan Waaqayyo afaan raajicha Yo`eliin dubbatee dha. Guyyaa gara dhumaatti akkana in ta`a jedha Waaqayyo, foon-qabeessa hundumaaf ha-

fuura koo nan kenna, ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu, dargaggoonni keessan mul`ata in argu, maanguddoonni keessanis abjuu in abju`atu. Eeyyee, guyyoota sanatti hojjeetoota koo warra dhiiraa fi dubarti-idhaaf hafuura koo nan kenna, raajiis in dubbatu. Wanta dinqisiisaa ol waaqa irraa, milikkitas gad lafa irraa, dhiigaa fi ibidda, aara lafa gurraachessus nan argisiisa, guyyaan gooftaa inni guddaanii fi dinqisiisaan utuu hin dhufin ad-uun duukkanatti in geddaramti. Maqaa gooftaa kan waammatu hundinuu immoo in oola, jedhe…." (Hojii Ergamootaa 2:14-21).

Inni Yo`el jaarrota dura raaje kun guyyaa ayyaana shantammaffaa pheenxeeqoosxee raawwatae. Kunis du`a du`aa ka`uu Kristoosii fi Dhan-gala`uu hafuura qulqulluu wajjin walqabateeti. Kunis kan kan ta`e du`aa ka`uu Kristoos booda guyyoota xiqqoo booda ta`e. barreessaan macaafa Ib-rootaa Waaqayyo bara boodaa kana karaa ilma isaa Kristoos Akka dubbatu himeera (Ibroota 1:1-2). Kristosis ergamoota isaatti dubbateera. Achi irraa ka`ee dubbii isaa keessan nutti dubbachaa jira. Kakuu haaraa keessattis "Ye-suus Kristoos anatti mul`achuu isaatiin wangeelicha nan argadhe malee, ani namattii isa hin fudhanne, namnis ana hin barsiifne" jedha (Galaatiyaa 1:12). Yohaannisis waa`ee mull`ata isaatii irratti akkas jedha "Barri kun itti raaw-watamuu waan dhihaateef, namni isa inni dhugaa ba`e kana dhageessisee dubbisu, warri dubbii raajii dubbatame kana dhaga`anii, wanta isa keessatti caafames eegan attam haa gammadan" (Mullata Yohaannis 1:3).

Kanaaf iyyuu Hojii Ergamootaa 2 irraatti hafuurri qulqulluun erga ir-ratti dhangala`ee booda lallabaa fi dinqii Kristoos ilaalchisee galmeetu jiru, waa`ee fannifamuu, du`uu, awwaalamuu fi du`aa ka`uu isaa, achi irraa im-moo gara Waaqayyootti ol ba`ee mirga abbaa isaatii jiraachuu isaa hundu-maa lallabeef. Lallaba kanas dhaggeeffatanii garaan isaaniis baqaqee garri lub-buu 3000 guyyaa sanatti wangeelaaf abboomaman, yeroo sana maal goonu ree jedhanii yeroo gaafatan galmeen akkas jiedha "Pheexroos immoo "Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tok-koon tokkon keessan maqaa Yesuus Kristoostti cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus in fudhattu. Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif warra fagaatanii jiraatanii, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaaf-is" jedhee deebiseef. Kana malees Pheexroos kan biraa dubbii baayy`eedhaan dhugaa isaanitti ba`e. "Adaba jalaa oolaa!" jedhee, cimsee isaan gorse/ warri dubbii isaa fudhatan in cuuphaman, kanaaf guyyaa sanatti akki lubbuu kuma sadii isaanitti in dabalaman" (Hojii Ergamootaa 2:38-42).

Tokkoffaa :- as irratti waan jedhame haa hubannu, Pheexroos waamicha dubbateera,Phaauloosim warra Tasaloonqeetiin akkas jedha "Ulfina gooftaa

keenya Yesuus Kristos isinis akka argattanitti inni karaa wangeela isa nuyi isiniif fidne kanatti isin waame" (2 Tasalonqe 2:14). Karaa biraa namoonni wangeela Phaauloos lallabeen waamaman. Wangeelli maali ? akka wangeelli fannifamuu, du`uu, awwaalamuu fi awwaala keessaa ka`uu Kristoosi (1 Qorontos 15:1-4). Kana irratti dabalee namni tokko fayyuudhaaf dura waan godhu qabu, Kristoositti Amanuu, cubbuu isaa irraa yaada garaa geeddarachuu qaba, achi booda Kristoos ilma Waaqayyoo ta`e dhugaa ba`uu, achi booda Bishan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphamuu qaba. hojii Ergamootaa boqonnaa 2 irrattis kan lallabames kanuma. Cubbuu isaanii irraa akka yaada garaa geeddaratantu lallabaeef isaanis akkas godhanii lubbuun 3000 kan ta`an guyyaa sanatti cuuphamaniiru, waamicha wangeelaan ta`eef kanaaf abboomamanii ,gooftaanis isaaniin fayyisee waldaa isaatti isaan dabaleera.

Lammaffaa :- maqaa Gooftaa kan waammatu hundi in fayya jedhamee Yo`el irratti raajameera. Pheexroosii fi ergamoonni kaanis raajiin kun guyyaa pheenxeeqoosxee raawwachuu isaa lallabaniiru. Egaa namni maqaa gooftaa waammatu hundi iyyuu in fayya jechuun maal jechuudha? Namoonni baayyeen kana fayyinaa wajjin walqabsiisuuf mormu maqaa isaa waamnaan fayyuun in ta`a, ykn gooftaa waamuun fayyinaaf kadhachuudha jedhanii yaadu. Garuu namni hin fayyine tokko cubbamaa jedhamee amma beekkamutti kan inni fayyuu danda`u abboomamuu dhha malee kadhachuudhaan miti. Hojii Ergamootaa 2 irratti warri Wangeelli lallabameef sun erga dhaga`anii booda maal goonu ? jedhanii gaafatan, pheexroos immoo akka yaada garaa geeddaratanii cuuphaman itti hime, kana booda lallaba Pheexroos kana amananii abboomamanii namni 3000 cuuphamaniiru. Kanaaf maqaa Gooftaa Waamuu jechuun dubbii isaatiif abboomamuu jechuudha. Kristoosis namni akkamitti akka fayyu dubbateera. (Maarqoos 16:16). Kana waan ta`eef gooftaa waamuun waamicha isaatiif o`owwaachuu, ajajamuudha.

Sadaffaa "- foon qabeessa hunda irratti hafuura isaa akka dhangalaasu raajiin dubbatameera.kanas gooftaan abdii kenne sana raawwateera, yeroo wangeelaaf cuuphaadhaan abboomaman hundumtuu kennaa hafuura qulqulluu in fudhatu. Kun immoo warra gaafa Ayyaanaa sana jiran duwwaaf utuu hin ta`in warra fagaatanii jiraniifis akka abdiin kennametti kennameeraaf, kanaafitu warra fagaatani jiran Keessaa akkuma Hojii Ergamootaa 10 irratti argine Qorneelyuusii fi maatii isaa irratti hojjeteera.egaa kennaan hafuura qulqulluu kun Kristiyaana wangeelaaf abboomamn hundumaaf yeroo ta`u, hafuura qulqulluutiin Guutamuu ykn Cuuphamuun Ergamoota gooftaatiif gooftaadhaan kan kennamee dha.

Yeroo tokko Phaauloos akkas jedhee Barreesseera "Egaa maal godhi jed-

ha ree? "Dubbichi sitti dhi`oo dha, afaan kee keessa, garaa kee keessas jira" jedha, dubbichis dubbii amantii isa nuyi lallabnuu dha. Yesuus gooftaa akka ta`e afaan keetiin yoo beeksifte, Waaqayyo du`aa akka isa kaase immoo garaa keetti yoo amante fayyina bara baraa in argatta. Namni garaa isaatiinis beeksisee in fayya. Caaffanni qulqullaa`aan. "Namni isatti amanu hundinuu hin yeella`u " in jedha. Kanattis warra Yihudootaa fi warra Yihudoota hin ta`in gidduu garagarummaan hin jiru, innoo giiftaa nama hundumaati, warra isa waammatan hundumaafis badhaadhummaa isaa irraa in kenna. Caaffanni qulqullaa`aan, "Namni maqaa gooftaa waammatu hundinuu in oola" in jedha. Namoonni immoo, nama itti hin amanne attamitti waammatu ree? Attamittis nama waa`ee isaa dhaga`anii hin beeknetti amanu ree? Namni utuu isaanitti hin lallabin, attamitti waa`ee isaa dhaga`u ree?. Namoonni yoo ergaman malee, attamitti lallabu ree? "Warri oduu gaarii fidanii dhufan maal maal nama gammachiisu !" kan jedhu illee caafameera. Hundumti isaanii garuu wangeela dhaga`aanii hin abboomamne, Isaayaas "Gooftaa, eenyutu waan nu irraa dhaga`e amane ree? " in Jedha. Egaa amanitin dhaga`uu irraa in dhufa, wanti dhaga`uun ta`u immoo dubbii Kristoosiin in beekama" jedheera (Roomaa 10:8-17)

Mee Adaraa Waan barreessaan kun jedhu hubadhu. Kan maqaa gooftaa waammatu hundi in oola, isa jedhu agarsiisa, kanaa wajjin maaltu itti fufa? Dubbii Waaqayyoo dhaga`uun amantiitu dhufa, Kristoosiin dhugaa ba`uun akka irra jiru dubbata, barreeffama kana keessa yaada garaa geeddarachuu fi cuuphamuu kan jedhu jiraachuu baatus, isaan kun qama fayyinaa ta`uun isaanii waan shakkisiisu hin qabu. Waaqayyoo fi gooftaatti amanuun barsiisa caaffatoota qulqullaa`oo iddoo baayyeetti argamanii dha. Namni tokko gooftaaf abboomamuu jechuun isa waammachuu jechuu dha, gooftaanis amma namoonni abboomamanitti obsaan eegaa jira. "Gooftaan wanta abdachiise raawwachuudhaaf hin seesu, akka namoonni tokko seesutti isa lakkaa`an miti, Inni namoonni hundinuu yaada garaa isaanii akka geeddaratan malee, garri tokko iyyuu akka badan waan hin barbaanneef obsaan isiniif in danda`a" (2 Pheexroos 3:9)

Ati hoo maqaa gooftaa Waammatteettaa? Kan ati waammattee ittiin fayyuu dandeessu, wangeelaaf abboomamuu duwwaadhaani, karaan biraa kan ittiin fayyan hin jiru. Akka abboomamtuuf kadhannaa kooti.

**Barumsa 25**

**Gaaromminni Duwwaan fayyinaaf maaliif ga`aa hin ta`u**

Beektuuf beekuu baattus badiisa namoota baayeetiif sababni isaa fayyina gaarommina isaaniitiin waan argatan itti fakkaateeti, kanaafis fayyina kana gaarommina, arjummaa isaaniitiin argachuuf baayyee tattaafatu. Kana ilaalchisee dargageessa mootummaa Waaqayyoo barbaadee Yesuusiin gaaffii gaafate tokko argina, akkasitti dubbifama, "Kunoo, namni tokko gara Yesuus dhufee, "Yaa barsiisa ! Jireenya bara baraa qabaachuuf hojii gaariin gochuun anaaf ta`u maal inni ? jedheen. Yesuus immoo, "Waa`ee hojii gaarii maaliif ana gaafatta? Isa tokkicha sanatu gaarii dha, jireenya sanatti galuu yoo feete garuu, abboomota eegi" ittiin jedhe. Kana irratti dargageessichi, "Abboommota isaan kam? Jedheen. Yesuus immoo deebisee, "Hin ajjeesin, hin ejjin, hin hatin, sobaan nama irratti dhugaa hin ba`in. abba akee fi haadha keef ulfina kenni, namas akka mataa keetiitti jaalladha " isaan jedheen. Dargageessichi yommus, "Kana hundumaa raawwadheera, egaa amma maaltu na duraa hir`ate?" jedheen. Kana booddee Yesuus deebisee, "Raawwattee guutuu ta`uu yoo feete, dhaqii qabeenya kee gurguri, warra deegaadhaaf kenni, waaqa irratti badhaadhummaa in qabaatta ! Kottuutii ana duukkaa bu`I" jedheen. Dargaggeessichi qabeenya guddaa qaba waan tureef, dubbii kana yommuu dhaga`e, gaddee achi in adeeme" (Maatewos 19:16-22).

Seenaan kun Seenaa kakuu Moofaa keessaati, akka inni seera Abboommii kurnan eeguuf Yesuus itti himeera,Inni immoo kana hoo ijoollummaa irraa kaasee godhaan ture jedhe. Namni kun dhuguma kana godheera, ta`a, darbees nama hamaa hojjetee hin beekneedha, hojii isaa kanaanis mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf yaadaa jira.yaada isaa kanas akka gooftaan mirkaneessuuf barbaadee isatti dhufe. Garuu kan duwwaadhaan mootummaa Waaqayyootti galuun hin danda`amne, booda irra waan qabu dhaqee gurguree akka warra deeganiif kennee isa duukaa bu`u, itti himnaan, namni kun qabeenya qaba waan ta`eef yaada kana yeroo dhaga`uu gaddaa of duuba deebi`e. nama gaarii ykn haala amala bareedaa qabaachuun nama lubbuu fayyisuuf ga`aa miti.

Waann akkasiitiif fakkeenya gaarii kan nuuf ta`u, Hojii Ergamootaa 10, waa`ee Qorneeliyosii fi maatii isaatiiti. Galmeen akkas jedha "Inni nama Waaqayyoof bule, maatii isaa hundumaa wajjinis Waaqayyoon kan sodaate ture, warra Yihudootaa keessaa dadhaboota kan turan baay`ee in gargaare, yeroo hundumaattis dadhabbii malee Waaqayyoon in kadhata ture" jedha (Hojii Ergamootaa 10:2). Garuu nama bade ture, garuu Waaqayyo ayyaanaa fi araara isaatiin Pheexroosii fi maatiin isaa akka walitti qabaman god-

he.achitti Pheexroos Wangeela lallabeef, akkuma wangeelli Ayihudotaaf ta`e warra ormootaafis ta`ee hafuurri qulqulluun isaan irras bu`e, akka galmeen himutti "Pheexroos kana irratti, "Jarreen amma hafuura qulqulluu, akkuma nuyi argannetti argatan kun, akka hin cuuphamneef eenyutu bishaan dhowwachuu danda`a ree?" jedhe. Isaan maqaa Yesuus Kristoositti akka cuuphamaniif abboome, jarri ergasii Pheexroos isaan bira akka turuuf in kadhatan" (Hojii Ergamootaa 10:47-48). Akkuma jreenya Qorneelewos kana namoonni baayyeen kan waaqeffatan, kan rakkatoota garagaaran, kan kadhatan, kan waaqas sodaatan, ammas in jiraatu, garuu Qorneelewos warra bade dha, fayyuudhaaf kan isa gargaare, gaarommina isaa utuu hin ta`in wangeelaaf abboomamuu isaati.abboomamee maatii isaatiin wajjin fayyee waldaattis dabalaman, utuu wangeela kanaaf hin abboomamne ta`ee silaa Hojiin isaa gaariin sun iyyuu faayidaaa ala ta`eera jechuudha.

Dhugaa dha namni tokko fayyuudhaaf, hamilee gaarii, fedhii fayyinaa qabaachuu qaba, kunis namni kun waan gadhee fi hamaa irraa deebi`uuf yaaduu danda`a, hojii foonii irraas of fageessuudhaaf murteessa. Phaauloos akkas jedha "Egaa warri jal`ioonni mootummaa Waaqayyootti akka hin galle hin beektaniiree? Hin gowwoominaa, Warri halaleen, warri waaqayyoolii tolfaman waaqessan, warri ejjan, warri gadhaa`an, warri nama gadhoomsanis, warri hatan, warri maqaa namaa balleessan, warri nama saamanis matumaa mootummaa Waaqayyootti hin galan" (1 Qorontos 6:9-10). Akkasumas walitti dhufeenya isaan biyya lafaa wajjin qaban ilaalchisee "Namoota halalummaatti jiraatanii wajjin hidhata akka hin taane ergaa koo Kanaan duraa keessatti isiniif caafeera. Ergaa koo keessatti namoota halalummaatti jiraatanii wajjin hidhata akka hin taane jechuun koo, walitti qabaatti warra biyya lafaa kana keessa halalummatti jiraatan yookiis warra  sassatan yookiis warra saaman yookiis warra waaqayyoolii tolamaniif sagadan baqadhaa jechuu koo miti, Kanaan achi raawwattanii biyya lafaa keessaa ba`uutu isin barbaachisa ture. Wanti ani isiniif caafe "Ani amaneera" jedhee nama halalummaatti jiraatu yookiis nama sassatu yookiis nama Waaqayyo tolfamaadhaaf sgadu yookiis nama maqaa namaa balleessu yookiis naman ama saamuu wajjin walitti hin hidhadhatinaa ! isaa wajjin illee hin nyaatinaa kan jedhu ture" (1 Qorontos 5:9-11). As irratti Phaauloos Warra biyya lafaa irraa fagaachuun hin dandaa`amu jedha garuu obboleessa erga fayyee gooftaa ganee wajjin hidhata hin godhatinaa jechaa jira.

Phaauloos warra Galaatiyaatiinis akkas jedha "Hojiin foonii mul`ataa dha. Isaanis halalummaa, xuraa`ummaa, jireenya gad-dhiisii, waaqayyoolii tolfaman waaqessuu, qoricha namatti gochuu, diinummaa, qoccolloo, hi-

naaffaa, dheekkamsa, ofittummaa, yaadan gargar ba`uu, barsiisaan gargar ba`uu, weennoo, machii, albaadhummaa, wanta kana fakkaatus, akkuma ani Kanaan dura isinitti himee ture, warri wanta akkasii hojjetan mootummaa Waaqayyootti galuu akka hin dandeenye ammas isinitti nan hima" (Galaatiyaa 5:19-21). Phaauloos warri waan akkasii hojjetan mootummaa Waaqayyoo yookiin waldaa Kristiyaanaatti galuu hin dandaa`an jechaa jira. Namni kana godhu Waaqayyoon gammachiisuu hin dada`u. kana godhuu dhiisuu duwwaadhaan mootummaatti galu jechuu miti, abboomamuunis ta`uu qaba. kristiyaanni waan hamaa ta`e dhiisuun immoo dirqama. (1 Tasalonqee 5:22).

Namni tokko gaarommina isaatiin akka waan fayyuutti yaaduu in danda`a, garuu kana utuu hin ta`in akka cubbamaa tokkootti of ilaalee fayyina tartiiba fayyinaa Waaqayyo ka`en malee hinfayyu. Gaarummaan isaa, arjummaan isaa, garraamummaan isaa isa fayyisuu hin danda`u. (Efeesoon 2:8-9, Tiitoo 3:5), namni tokko gaarummaa isaatiin akka fayye of se`uu irra yaada garaa geeddaratee akka dubbii Waaqayyootti fayyuu qaba, sababni isaa Phaauloos hundinuu cubbuu hojjetaniiru jedha (Roomaa 3:23). Kristoosis kan dhufeef warra badan barbaaduudhaafi (Luuqaas 19:10). Kristoos kan du`eef namoonni waan fayyaniif miti, garuu namoonni akka isatti amananii fayyaniifi malee. Pheexroos akkas jedha "Kristoos immoo gara Waaqayyootti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta`utti al tokkicha, cubbuu namoota, baay`eetiif dhiphateera, inni qajeelaan foon uffatee, qooda warra jal`ootaa ajjeefame, hafuuraan jiraachifame" (1 Phexros 3:9).

Jaala ko Fayyiteettaa ? yoo fayyiteetta ta`e akkamitti fayyite ? haalaa amala gaarii dhaan mootummaa Waaqayyootti galla akka warra jedhaniitii? Amantii kee akka eenyummaa keetii, akka dhaaba amantaa, akka barsiisa yaada namaattii moo human biyya lafaa kanatti amanattaa ? yoo akkas ta`e gonkumaa kanneen mootummaa Waaqayyootti nama hin geessan. Kristosiin ala kan fayyisuu danda`u tokko illee hin jiru. Isatti yoo amantee qulqullummaadhaan amma du`aatti yoo amanamte inni si fayyisa, si fayyisuu duwwaa utuu hin ta`in bantii Isaa wajjinis bara baraan jiraatta.

Jaarrota dheera dura Raajiin Waaqayyoo tokko waan jedhe qaba, inni inni jedhe sun amma illee in hojjeta akkas jedhe."Yaa Waaqayyo ! Namni akeeka jireenya isaatii of harka galfachuu, karaa jireenya isaatiin geggeeffachuu akka hin dandeenye ani beeka" jedhe (Ermiyaas 10:23).

Eenyuun iyyuu ta`I, jireenya keetiif akka ati gooftaaf abboomamtun si jajjabeessa akka sagalee isaatiitti yoo abboomamte si fayyisa (Maarqos 16:16) kana booda kan Kristiyaana taatee gooftaanis Waldaa isaatti si dabalu (Hojii Ergamootaa 2:47).

## Barumsa 26
## Waaqeffachuudhaaf maaliif walitti qabamna

Nuyi Akka Kristiyaanummaa keenyaatti, akka miseensa Waldaa Kristoositti turban irraa guyyaa isa jalqabaa Waaqayyoon waaqeffachuudhaaf walitti qabamna, kana kan goonuuf sababoota qabna.

Inni duraa Waaqayyo abbaa keenyaa fi Gooftaa keenya Kristoos Yesuus beekuu dha, inni Uumaa keenya. Eebba keenya hundumaa kan nuuf kenne, Waaqayyoo dha, Inni jaalala isaa isa hammana hin jedhamneen nu jaallatee ilma isaa nuuf ergee cubbuu keenyaaf akka nuuf du`u godheera. Ayyaanaa fi araara isaa nuuf baayyisee ijoollee isaa nu godhate. Ijoollee isaas waan taaneef akka fedhii isaatti jiraanna, akka fedhii isaattis waaqeffanna. Ijoollee isaa waan taaneef, isaaf jiraannee isas waaqeffanna. Hafuuraa fi dhugaadhaan waaqeffanna. Kristos akkas jedhe "Waaqayyo hafuura, warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta`aaf" ittiin jedhe (Yohaannis 4:24). Waaqayyo nama miti, Waaqayyo gaara miti, aduu ji`a, miti, inni fakkeenya waan tokkotti illee hin fakkeeffamne, inni Hafuura. Inni Uumaa waan hundumaati, lafa waaqa waan lafaa fi waaqa keessa jiraatan hundumaa kan Uume isa. Daawwit akkas jedha. "Gowwoonni garaa isaaniitti "Waaqayyoh in jiru" in jedhu, isaan amalli isaanii manca`aa dha, wanta ciiggasisaa in hojjetu, namni waan gaarii godhu tokko illee hin jiru" (Faarfannaa 14:1).

Waaqeffannaa nuyi itti hirmaannu kana Waaqayyo isa bantii waaqa irra jiruufi, isaaf galata sagada dhiheessinaaf. Kana Waaqeffannus hafuuraan waaqeffanna. Kanas kan goonu soda fi of gad-deebisuudhaan waaqeffanna. Kan waaqeffannu dhugaadhaani, kana jechuunis, dhugaa akka dubbii isaatiitti waaqeffanna, nuti kan waaqeffannaa keessatti gammachiisuuf kan goonu ofii keenya utuu hin ta`in Waaqayyoon gammachiifna.

Kana jechuunis Waaqayyoon akka barsiisa namootaa fi abboommii namootaatti utuu hin ta`in akka caaffata isaatiitti waaqeffanna, jechuu dha.

Nuyi akka kristiyaanummaa keenyaatti turban irraa guyyaa isa jalqabaa Waaqeffanna, kanaafis Ragaa qabna, "Galgala Sanbataa guddaatti bari`u, buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamnee turre. Phaaulos borumtaa isaa adeemuu waan yaadeef, dubbii isaa dheeressee hamma halkan walakkaatti namootatti dubbate" (Hojii Ergamootaa 20:7). Kakuu moofaa keessatti akka seera isaatti waaqeffannaan sanbata gaafa guyyaa torbaffaa dha, isa garuu Kristoos karaa irraa baaseera (Qolosaayis 2:14), seera kaasuudhaan sanbatni guyyaa waaqeffannaa ta`uun isaa hafeera. Kristoos turban irraa guyyaa isa jalqabaa du`aa ka`uu isaa dubbifanna (Maatewos 28:1-6). Akkasuma wan-

geelli yeroo duraatiif kan lallabame turban irraa guyyaa isa jalqabaati, waldaan Kristiyaanaas kan hundeeffamte turban irraa guyyaa isa jalqabaati (Hojii Ergamootaa 2). Phaauloos Kristiyaanota Qorontosin kennaa kan kennuu qaban turban irraa guyyaa isa jalqabaati jedheera. Namni Waliti qabamuun guyyaa isa jalqabaati kan jedhu hin caafamne jechuu danda`a, dhugaan jiru garuu turban irraa guyyaan inni jalqabaa guyyaa gooftaati, guyyaa Waaqeffannaati, kanaafis kristiyaanonni guyyaa kanatti waaqeffachuudhaaf walitti qabamuu qabu.

Barreessaan Macaafa Ibrootaa Walitti qabamuu keessan hin dhiisinaa jedha, dhageeffadhaa "Inni abdii nuuf kenne amanamaa dha,, kanaafis kottaa abdii keenya beeksisuutti jabaannee in qabamnaa ! jaalala argisiisuudhaaf, waan gaarii hojjechuudhaafis kottaa tuttuqnee yaada walii in kaafnaa ! akka jara tokkootti amala ta`e, nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu, guyyaa gooftaa dhi`aachaa akka adeemu in argitu, kanaaf ittuma caalchiffnee wal jajjabeessina. Nuyi dhugaa hubannee erga beeknee booddee yoo hojjenne, aarsaan sababii cubbuutiif dhi`aatu si`achi hin jiru. Firdiinii fi ibiddi hinaaffaa inni warra Waaqayyoon morman gubu garuu, sodaadhaan eeggatamaa jiru" (Ibroota 10:23-27). Mee waan inni jedhu hubadhaa, walitti qabamuu keenya hin dhiifnu, warri dhiisan tokko tokko jiru, nuti garuu guyyaan gooftaan dhufu guyyaa firdii dhi`aachaa waan jiruuf itti jabaachuu qabna jedha. Kun egaa fedhii Waaqayyo beekuu duwwaa utuu hin ta`in isa beekne kanatti immoo abbamamnee waaqeffachuu wal ga`ii Waldaa Kristiyaanaa irrattis argamuu akka qabnuu ibsa barreessaan kun.

Turban irraa guyyaa isa jalqabaa yeroo waaqeffannu maalfaa goona? Caaffata qulqullaa`aa keessatti waan baayyeetu caafamee jira. Akkuma Hojii Ergamootaa 20:7, irratti barreeffame Kristiyaanonni irbaata qulqulluu buddena cabsachuudhaaf walitti qabamu.phaawlos Kristiaanota warra Qorontosin akkas jedha "Barsiifni ani isinitti dabarse, isuma ani gooftaa biraa fudhadhe ture. Innis, Yesuus gooftaan halkanuma itti dabarfamee kenname sanatti buddeena fuudhee. Waaqayyoon galateeffatee, buddeenicha cabsee, "Inni isiniif cabe kun dhagna koo ti, kanas seenaa kootiif godhadhaa !" jedhe. Erga nyaatanii booddees akkuma sanatti xooficha fudhatee, "Xoofoon kun kakuu isa haaraa, dhiiga kootiin dhaabatuu dha, yeroodhuma isa keessaa dhugdanitti seenaa kootiif godhadhaa" jedhe. Yeroodhuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodhuma xoofoo kana keessaa dhugdanitti, hamma gooftaan deebi`ee dhufutti akka inni namootssf du`e in labsitu. Kanaafis sababii maaliitiif akka dhi`aatu utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xoofoo gooftaa dhiiga isaas in yakka. Egaa namni qoree of haa ilaalu Er-

gasiis buddeenicha irraa haa nyaatu, Xooficha keessaas haa dhugu. Dhagna gooftaa ta`uu isaa yaadatee utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xooficha keessaas dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaata in dhugas" (1 Qorontos 11:23-29). As irratti hubadhu, waan inni jechaa jiru, buddeenichi foon gooftaa kabajuudhaafi, xooficha immoo dhiiga gooftaa kabachiisuudhaafi, kana jechuun yeroo fudhanu sana du`a isaa yaadachaa fudhanna, yaadannoo du`a gooftaati jechuu dha. Karaa biraatiin immoo gatii inni fannoo irratti kaffale sana yaadachaa ija keenya fannoo sana ilaalla jechuudhas. Irbaatni qulqulluun baayyee barbaachisaa dha. Kristiyaanni tokko yeroo kana fudhatu ofii isaas achi keessatti of in ilala. Akkasumas amma dhumaatti du`uu awwaalamuu fi du`aa ka`uu Kristoos dhugaa ba`u jechuudha.

Itti aa`ansees Kristiyaanonni turban irraa guyyaa isa jalqabaa walitti qabamanii waaqeffatu, qabeenya isaanii irraas kennaa kennuudhaan waaqeffatu. phaawlos akkas jedha "Waa`ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoof qulqullaa`an sanaaf bu`u immoo, isinis akkuma ani waldoota kristiyaanaa kutaa biyya Galaatiyaa abboome godhaa. Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, Sanbata guddaa, torbeedhuma tokkon tokkon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu." (1 Qorontos 16:1-2) ammas Phaawlos akkas jedha "Namni harka isaa utuu hin guutin facaasu, harka utuu hin guutin in galfata Namni harka guutee facaasu immoo harka guutee in galfata. Namni adduma addaan garaa duuba yookiis giddiidhaan utuu hin ta`in, akka garaa isaatti nurtoo godhetti kennuutu isaaf ta`a, Waaqayyo nama gammachuudhaan kennu in jaallata" (2 Qorontos 9:6-7). Gooftaa Yesuus akkas jedheera "Akka kanatti dhamaanee hojjechuudhaan dadhaboota gargaaruun, isa gooftaa Yesuus ofii isaatii, "Fudhachuu irra kennuutu caalaa nama gammachiisa` jedhes yaadachuun nuuf in ta`a, anis immoo karaa kana hundumaan fakkeenya isiniif ta`eera" jedhe ( Hojii Ergamootaa 20:35). Seera moofaa ykn kakuu moofaa keessatti kurnoo jechuunis kudhan keessaa tokko kennuutu ajajamee hojjechaa ture. Amma garuu seera jala hin jirru, seerri sun karaa irraa maqeera. Amma kakuu haaraa keessatti nuti kudhan keessaa harka tokkoo ol kennuun keenya shakkii hin qabu. Warra Kristoos dura turan caalaa eebbaa abdii guddaa qabna waan ta`eef.

Waaqeffannaa keenya keessaa inni tokko guyyaa turban irraa isa jalqabaa faarfachuudhaan gooftaa in galateeffanna. Phaawlos Kristiyaanota Efeesooniin akkas jedheera "Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatinis wal harkaa fuudhaa ! Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa" jedha (Efeesoon 5:19). Ammas akkas jedha "Dubbiin Kristos akka badhaadhummaa isaatti isin keessa haa ji-

raatu, ogummaa hundumaan wal barsiisaa, wal gorsaas, Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis galata garaa keessanii Waaqayyoof faarfadhaa. Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hundinuu maqaa gooftaa Yesuusiin haa ta`u, isumaanis Waaqayyo abbaadhaaf galata dhi`eessaa" (Qolosaayis 3:16-17). Kun egaa waa`ee faarfannaa kan dubbatameedha, barreessaan Ibrootaa immoo akkas jedha. "Egaa kottaa karaa isaa utuu gargar hin kutin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhi`eessinaa ! Aarsichis maqaa isaa beeksisuudhaaf wanta afaan keenya keessaa ba`uu dha" (Ibroota 13:15). Akka Kristiyaanaatti akka nuyi yeroo Waaqeffannu, meeshaa muuziqaa hin fayyadamnu. Meeshaa Muuqiqaatiin faarfachuun rakkoo maal qaba ? kan jedhan jiru, akka kakuu haaraatti kan jedhame "Faarfadhaa" kan jedhuudha malee, meeshaa muuziqaatiin hin jedhamne, luqqistoonni caqafamanis afaan keenyaan akka faarfannuu dha. Kanaaf akka Amantootaatti dhugaa fi hafuuraan afaan keenyaan Faarfannee gooftaa gammachiifna malee meeshaa muuziqaatiin fayyadamnee of gammachiisuudhaan miti. Waaqayyo isa waaqeffamutu waaqeffannaa keessatti gammaduu qaba.

Dhuma irratti akka Kristiyaanummaa keenyaatti guyyaa torbaan irraa isa jalqabaa Waaqayyoof sagaduuf walitti qabamna. Guyyaa kanatti akka Waaqayyo dubbii sagalee isaatiin akka nutti dubbatu hayyamnaaf. Nuyis Waaqayyotti kadhannaadhaan itti dubbachuudhaan in jajjabaanna ( 2Ximotewos 2:15). Kristos Macaafa akka sakkattanee dubbifnuuf dubbateera (Yohanis 5:39). Kristiyaanonni warri durii sun barsiisa ergamoota gooftaatti, buddeena fudhachuutti, kadhatattis, tokkummaa isaaniittis cimanii dhaabbataniiru" (Hojii Ergamootaa 2:42). Qu`annaa Macaafa qulqulluu malee, kadhatas malee akkamitti Waaqayyoon Waaqeffachuun dandaa`ama ree?

Waaqayyoon in Waaqeffattaa ? wali irraa utuu hin kutin gootaa ? ati Kristiyaanaa ? akkas hin gootu yoo ta`e karaa sirrii isaa wajjin wal hin qunnamne jechuudha. Akka ati Kristiyaana taatu sin jajjabeessa. Kristoos "Kan amanee kan Cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama" jedheera (Maarqoos 16:16). Yoo kana goote, gooftaan si fayyisa, waldaa isaattis si dabala (Hojii Ergamootaa 2:47), yoo kana raawwatte, Waaqeffachuu dandeessa.

## Barumsa 27
## Turban irraa guyyaa jalqabaa maaliif Waaqeffanna

Macaafni qulqulluun nuti Kristiyaanonni miseensi Waldaa Kristos dhugaa fi hafuuraan akka Waaqeffannu nu barsiisa (Yohaannis 4:24). Yeroo

waaqaeefannu dhugaadhaan, hubannoodhaan, gadi of deebisuudhaan Waaqeffanna. Gaaffiin ka`uu qabu garuu, Yoomi kan waqeffannu ? isa jedhuudha. Jimaataa? Roobii dha? Sanbata duraa dha? Waa`ee Waaqeffannaa amma barannetti guyyaa itti waaqeffatan beekuun garuu baayyee barbaachisaa dha.

Kakuu haaraa keessatti Waaqayyo Israa`elota guyyaa sanbataa akka qulqulleessanii qulqullaa`an irraa barbaada ture.kun immoo Abboommii kurnan keessaa isa tokko (Seera keessa deebii 20:8-11). Yeroo gara Kakuu haaraa bara Kristoos kana dhufnee immoo, erga Kristos du`aa ka`ee, seera kakuu moofaa karaa irraa maqsee kakuu haaraa dhaabeera. (Yohaannis 1:17, Qolosaayis 2:14, Ibroota 9:15-17). Kanaaf iyyuu erga kakuu haaraan karaa irraa maqee, kakuu haaraatu iddoo bu`e. kun dhugaa dha, kakuu moofaan gad-dhiisee kakuu haaraa keessatti gooftaan guyyaa haaraa beeksisee, Amantoonni guyyaa kanatti akka walitti qabaman godheera. Guyyaan kun guyyaa turban irraa isa jalqabaati, kristoos waan hundumaa isa duraa waan ta`eef guyyaan waaqeffannaas guyyaa torban irraa isa jalqabaa akka waaqeffannu godheera.

Macaafni qulqulluun waa`ee waaqeffannaa guyyaa jalqaba torban irra isa jalqabaa akka ta`e in barsiisa. Akka sagalee dubbii caaffataatti mee waan tokko tokko ilaalla.

Tokkoffaa :- Kristos du`aa kan ka`e guyyaa torban irraa isa jalqabaati. Utuu sanbatatu guyyaa qulqullaa`aa ta`e, utuu guyyaa isa torbaffaatu qulqulluuaa`aa ta`e, utuu guyyaan waaqeffannaa guyyaa isa torbaffaa ta`e, Kristoss maaliif guyyaa isa jalqabaa ka`e? utuu dhuguma Kristoos torbaan irra guyyaa isa tobaffaa, sanbata duraa du`aa ka`e ta`ee guyyaan Waaqeffannaa guyyaa kana hin ta`u turee? Garuu kristoos guyyaa torban irraa isa jalqabaa du`aa ka`e , akkas jedha “Sanbanni erga darbee, jalqaba torbaniitti barii gaafa sanbata guddaa, Maariyaam isheen Magdalaa fi Maariyaam isheen kaan awwaalcha ilaaluu dhaqan” jedha (Maatewos 28:1), achii boodas gooftaan guyyaa kanatti awwaalaa ka`uu isaa Maarqoos 16:1,2, Kanaan wal fakkaatee Luuqaas 24:1,2, kana malees Yohaannis 20:1 , irratti argina.

Lammaffaa :- Kristoos torban irraa guyyaa isa jalqabaa awwaalaa ka`ee, yeroo addaa addaatti ergamoota isaatti mullaa`achuun barbaachisaa ta`uu isaa argee mulla`ate. Lamaanuu torbaan irraa guyyaa isa jalqabaati, akkas jedha “Guyyaa saddeet booddee Toomaasiin, “Quba kee fidii as irra kaa`I, harka koo lamaan ilaali, hark akee fidiitii madaa cinaacha koo keessa kaa`I, kan hin amanne hin ta`in, kan amante ta`I malee” jedhe .Toomaasis, “Gooftaa ko, Waaqayyoo ko! jedhee deebiseef. Yesuus immoo “Yaa Toomaas, waan

ana argiteef amantee? Utuu ana hin argin kan amanan, attam haa gammadan ! ittiin jedhe." (Yohaannis 20:26-29). Torbaan eegee guyyaa saddeettaffaatti guyyaa isa jalqabaa lammata mul`achuun kaayyoo waan qabu hin fakkaatuu? Dhugumatti karoora isaati. Egaa deddiibi`ee guyyaa isa jalqabaa kana mullachuun guyyaan kun isa biratti iddoo guddaa qabaachuu isaa akka hubattanin isin gorsa.

Sadaffaa :- Pheenxee Qoosxeen yeroo hundumaa guyyaa isa jalqabaa faasikaa booda gaafa guyyaa shantammaffaati. Hojii Ergamootaa 2, irratti gooftaan hafuura isaa ergamoota isaa irratti dhangalaasuuf guyyaa kana fo`achuun isaa wangeelli haa lallabamuufi. Guyyaa kanatti dhiirotaafis dubartootaafis wangeelli lallabameera, maal gochuu akka qabanis itti himameera, kunis guyyaa kanatti waldaan Kristiyaanaa akka hundeeffamtutti, egaa guyyaa kanaaf xiyyeeffannaa kennuu hin qabnuu? Egaa guyyaan kun guyyoota jiran keessaa guyyaa addaa ta`ee filamuun isaa ta`a. guyyaan sanbataa utuu amma iyyuu in hojjeta ta`ee maaliif gooftaan guyya kab hin fo`atin ree? Kanaaf iyyuu guyyaan torban irraa inni jalqabaa guyyaa waaqeffannaa ta`ee filameera.

Afraffaa :- Kristiyaanonni dur durii waaqeffannaadhaaf torbaan irraa isa jalqabaa walitti qabamaa turan. "Galgala Sanbata guuddaatti bari`u, buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamnee turre, Phaawulos borumtaa isaa adeemuu waan yaadeef, dubbii isaa dheeressee hamma halkan walakkaatti namootatti dubbate" (Hojii Ergamootaa 20:7). Guyyaa kanatti walitti qabamuun isaanii foonii fi dhiiga Kristoos irra hirmaachuudhaafi, kana fakkaatees 1 Qorontos 11:23-29, kunis fakkeenya hafuuraatiin guyyaa kanatti Kristiyaanonni irbaata qulqulluu fudhachuu baranneerra. Erga Phaawulosii fi Kristiyanonni bara sana guyyaa kanatti gooftaa waaqeffatanii irbaata qulqulluus fudhatanii nutis Kristiyaanonni bara kanaas akkas gochuu qabna.

Shanaffaa:- Phaawulos Kristiyaanotaan, torban irraa guyyaa isa jalqabaa waan argattan irraa kennaa kennaa jedha "Waa`ee horii gargaarsa warra amananii Waaqayyoof qulqullaa`an sanaaf bu`u immoo, isinis akkuma ani waldoota kristiyaanaa kutaa Galaatiyaa abboome godhaa. Erga ani dhufee horii walitti buusuu akka hin barbaachifnetti, Sanbata guddaa, torbeedhuma tokkoon tokkoon keessan hamma wal qixxaateef buusee walitti haa qabu" (1 Qorontos 16:1-2). Phaawulos Kristiyaanota warra Galaatiyaa jirtuu fi Qorontosis jirtuuf guyyaa torbaan irraa isa jalqabaa horii akka kennan abboomeera, kennaadhaafis guyyaan kun filatamuun maaliif akka ta`e hubadhu.

Goolabbii dhaaf, guyyaan inni jalqabaa kun, guyyaa sanbataa miti,

guyyaa boqonnaas miti, garuu du`aa ka`uun gooftaa waan ta`eef kan kabajameedha, dhufaatii hafuura qulqulluutiif guyyaan kun filatameera, hundeeffamuu waldaa kristiyaanaatiif guyyaan kun filatameera, kana duwwaa utuu hin ta`in akka walitti qabamnee isa waaqeffannuuf guyyaan kun filatamaa dha, guyyaa kanatti nuyis utuu addaan hin kutin gooftaa waaqeffachuu qabna, barreessaan macaafa Ibrootaa akkas jedha. "Akka jara tokkootti amala ta`e, nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu, guyyaan gooftaa dhi`aachaa akka adeemu in argitu, kanaaf ittuma caalchifnee wal jajjabeessina" (Ibroota 10:25). Nuyi Kristiyaanonni torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa walitti qabamnee gooftaa waaqeffachuuf mirga nuuf kennametti fayyadamnee obbolootaa wajjin waan gooftaan nuuf qopheesse hirmaachuun akkam namatti tolaa!

Ati Kristiyaanaa ? torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa walitti qabamuudhaan in waaqeffattaa ? yoo kana miti ta`e, akka Kristositti amantu, cubbuu kee irraa yaada garaa akka geeddarattu, Kristos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka dhugaa baatu, dhiifamuu cubbuu keetiitiifis bishaan keessatti awwaalamtee akka cuuphamtu sin gorsa. Yoo kana goote gooftaan si fayyisa, waldaa isaattis si dabala, Macaafa Hojii Ergamootaa 2, dubbifadhu. Bara sana keessa warri turan akkuma isaan godhan akka gootuuf kadhannaa keenya.

## Barumsa 28
## Irbaata Qulqulluu Maaliif fudhanna

Galmeen akkas jedha "Utuu nyaachaa jiranii, Yesuus buddeena fuudhee, eebbisee cabsees bartoota isaatiif kennee, "Fudhdhaa nyaadhaa, kun dhagna koo ti" jedhe.Xoofoos fuudhatee Waaqayyoof galata galchee, isaaniifis kennee, "Hundumti keessan kanattii dhugaa! Kun dhiiga koo ti, dhiigni kun kakuu dhaabate sana cimsuudhaaf, dhiifamuu cubbuu namoota baayy`eetiif dhangala`a. ammaa jalqabee hamma guyyaa gaafa ani mootummaa abbaa koo keessatti isa haaraa isinii wajjin dhugutti, deebi`ee daadhii wayinii kanaattii akka hin dhugne isinittan hima" jedhe (Maatewos 26:26-29).

Wangeela Maarqos irrattis "Utuu nyaachaa jiranii, Yesuus buddeena fuudhee, eebbisee, cabsees bartoota isaatiif kennee, "Fudhadhaa, kun dhagna koo ti !" jedhe. Xoofoos fuudhatee Waaqayyoof galata galchee, isaaniif kenne, isaanis hundumtuu xooficha keessaa in dhugan. Inni immoo, "Kun dhiiga koo ti, dhiiga kakuu dhabate sana cimsuudhaaf namoota baayy`eedhaaf dhangala`ee dha. Hamma guyyaa gaafa ani mootummaa Waaqayyo keessatti isa haaraa dhugutti, deebi`ee daadhii wayinichaattii akkan hin dhugne dhuguman isinitti hima" isaaniin jedhe. Faarfannaa galataa erga faarfatanii booddee gara gaara ejersaatti ol ba`an" (Maarqos 14:22-26).

Dhuma irratti Luuqaas akkas jedha, “Yeroon itti irbaata Faasikaa nyaatan geenyaan, Yesuus ergamoota isaa wajjin maaddiitti taa`e. inni isaaniin, “Dhiphachuu koo fuul dura irbaata Faasikaa miilanaa isinii wajjin nyaachuudhaaf garaa koo guutuu hawweera. Hamma gaafa mootummaa Waaqayyoo keessatti guutummaatti raawwatamutti, ani deebi`ee irbaata Faasikaa akkan hin nyaanne isinittan hima” jedhe. Xoofoo fuudhatee, Waaqayyoof galata galchee, “Ho`aa wal harkaa fuudhaa, dhugaa. Ammaa jalqabee mootummaan Waaqayyoo hamma dhufutti daadhii wayinichaattii akka ani hin dhugne isinittan hima” jedhe. Buddeenas fuudhee, Waaqayyoof galata galchee, cabsee isaaniifis kennee, “Kun dhagna koo ti isiniif kan kennamu, kanas seenaa kootiif godhadhaa” jedhe” (Luuqaas 22:14-19). Dhugumattti yeroo waan kana fudhannu buddeenichi foon Yesuus isa dhugaa sana akka hin taane beekna, Xoofoon sunis dhiiga Yesuus isa dhugaa sana akka hin taane in beekna. Garuu fakkeenya foonii fi dhiiga isaatiiti, isa iddoo bu`a jedhamee amanameeti kan fudhannu. Akkuma bartoonni isaa Buddeena kanaa fi Xoofoo kan bukoo sirriitti hin bukoofne maxinoo irraa, xoofoos cuunfaa wayinii irraa hojjetametti, yaadannoo foon isaa fi dhiiga isaatii goone nuyis fudhanna jechuu dha.amma mootummaa Waaqayyootti deebi`ee isinii wajjin hin nyyadhu jechuun isaa Yeroo sana Kristoos fannifamee du`uuf yeroo xinnootu isa hafe kanaaf akkas jedha. Gooftaan du`aa ka`ee erga gara abbaatti ol ba`ee booda, waldaan Kristiyaanaa hundeeffamtee ergamoonnii fi warri amananii cuuphaman kan isaan godhan akkasitti dubbifanna, “Amantoonnis barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan” (Hojiii Ergamootaa 2:42), buddeena Cabsachuu inni jedhu kun irbaata qulqulluu iddoo bu`a. egaa mootummaa Waaqayyoo keessatti hamma nyaadhutti jedhee abdii kennee ture, kana jechuun isaa hafuuraan yeroo hundumaa nu wajjin irbaata qulqulluu kana fudhachaa jira, akkas jedheera waan ta`eef, “Ani immoo hamma dhuma bara baraatti isinii wajjin nan jiraadha” jedheera (Maatewos 28:20). Kanaaf egaa Kristiyaanonni yeroo hundumaa torban irraa guyyaa isa jalqabaa irbaata qulqulluu in fudhanna gooftaanis yeroo hundumaa nu wajjin in jiraata.

Amma walii wajjin gara 1 Qorontos 11 deemna, “Brsiifni ani isinitti dabarse, isuma ani gooftaa biraa fudhadhe ture. Innis, Yesuus gooftaan halkanuma itti dabarfamee kenname sanatti buddeena fuudhee. Waaqayyoon galateeffatee, buddeenicha cabsee,. Inni isiniif cabe kun dhagna koo ti, kanas seenaa kootiif godhadhaa !” jedhe. Erga nyaatanii booddees akkuma sanatti xooficha fudhatee, “Xoofoon kun kakuu isa haaraa, dhiiga kootiin dhaabatuu

dha, yeroodhuma isa keessaa dhugdanitti seenaa kootiif godhadhaa !" jedhe. Yeroodhuma buddeena kana nyaattanitti, yeroodhuma xoofoo kana dhugdanitti, hamma gooftaan deebi`ee dhufutti akka inni namootaaf du`e in labsitu. Kanaafis sababii maaliitiif akka dhi`aatu utuu gargar hin basin namni buddeenicha nyaatu, xoofoo gooftaa keessaas dhugu, dhagna gooftaa dhiiga isaas in yakka. Egaa, namni qoree of haa ilaalu. Egasiis buddeenicha irraa haa nyyatu, xooficha keessaas haa dhugu. Dhagna gooftaa ta`uu isaa yaadatee utuu gargar hin basin namni buddeenicha byaatu xooficha keessaas dhugu, firdii of irratti fiduudhaaf in nyaata in dhugas" (1 Qorontos 11:23-29).

Barreeffamni nuti armaa olitti ilaalle xiyyeeffannoon hubachuu barbaachisa. Inni duraa Phaauloos waa`ee yaadannoo gooftaa kana akka gooftaa irraa fuudhe dubbateera. Lammaffaa fakkeenyi dhiiga Kristoos buddeenaa fi xoofoon kun mallattoo dhiiga isaa isa dhangala`ee dha jedheera. Sadaffaa, yeroo buddeena kana nyaatan xoofoo kanas dhugan, amma Kristoos deebi`ee dhufutti du`a isaa akka dubbatanii jedheera. Garuu yeroo meeqa fudhatu, kana Hojii Ergamootaa 20:7, irratti deebii qabna. Torban irraa guyyaan jalqaba torban keessatti yeroo meeqa dhufa? Al tokko ta`uun isaa beekkamaa dha. Kanaaf iyyuu waggaatti yeroo tokko ykn lama, ykn sadii gochuuf aboo hin qabnu, akkuma isaanii torban torbaniin nuyis gochuu qabna. Yaadannoo gooftaatiif waan ta`eef nuyis isaan duukkaa buunee akka isaanii godhuutu nu irraa eeggama. Afraffaa :- Irbaata gooftaa fudhachuudhaaf, isa inni aarsaa nuu kaffaleef gara fannoo ilaalaa isas yaadachaa fudhanna. Shanaffaan :- irbaata Qulqulluu kana Seera isaa malee yoo fudhanne, utuu gooftaaf hin amanamin yoo fudhanne dhiiga gooftaa fi foon isaa yakkuu ta`a. kunis yakkineerra jedhama.akkaataa hin barbaachifneen yoo fudhanne abaarsa mataa keenya irratti fidna jechuudha. Garuu yaadannoon gooftaa kun nuu fi gooftaadhaaf maal akka ta`e beekne yaada garaa geeddarannee fudhachuu qabna.

Dhuma jahaffaa:- irratti yaadannoo kana fudhachuu keenyaan dura of qoruun akka nurra jiru nu jajjabeessa. Kanaaf iyyuu jireenyi keenya fuula gooftaa duratti sirrii ta`uu isaa of ilaallee adda baafannee, akka inni nu irraa barbaadutti godhaa jiraachuu keenya yoo beekne irabaata qulqulluu kana fudhachuu dandeenya. Yoo dogoggorri jiraate badii keenyaaf gooftaan akka nuuf araaramuuf dhiifama gaafannee achii booda fudhachuu qabna.

Irbaata qulqulluu kun miseensa Waldaa Kristosiif baayyee barbaachisaa dha. Akkasumatti ofumaa nyaachuu fi dhuguu utuu hin ta`in , ulfina isaa beknee, kristoosiin dhugaa ba`uudhaaf, namootas hafeeruudhaaf waan kun carroota jiran keessaa isa tokkoo dha.

Ati Kristiyaanaa ? Waldaa keessatti torban torban irraa irbaata qulqulluu kana in fudhattaa ? yoo Kristiyaana miti taate, akka taatuuf sin jajjabeessa, kana gochuuf Kristoositti Amani, cubbuu kee irraa yaada garaa geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu fi dhiqamuu cubbuu keetiitiif Bishan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphami (Maarqos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38), achii booda akka miseensa Waldaa Kristiyaanaatti, akka maatii Kristoositti torban irraa guyyaa isa jalqabaa obbolootaa wajjin irbaata qulqulluu in fudhatta, irratti hirmaatta. Jireenya Kristiyaanummaa yommuu jiraattu, amantii kee Kristoos irratti qabdu mirkaneessuuf Atis Kristoosiin labsita.

## Barumsa 29
## Maaliif Sagalee Keenya duwwaan faarfanna

Nuyi miseensi Waldaa Kristoos Waaqeffannaa irratti yeroo faarfannu, dhaba amantaa Kristiyaana ofiin jedhan irraa adda. Wanti adda nu godhes, akka isaanii meshaa Muuziqaatiin hin faarfannu. Kanas nuti adda ta`uu barbaannee utuu hin ta`in akka Caaffata qulqullaa`ootii fi Akka Kristiyaanonni dur durii Waaqeffatanitti waan Waaqeffachuu qabnuufi.

Muuziiqaan gosa lamatu jira, inni tokko Muuziqaa Vookalii qooqa namaa yeroo ta`u inni kaan immoo Mekaanikaalii, meeshaa muuziqaa dha, Vookaalii inni jedhamu kun utuu meehsaa biraatiin hin fayyadamin sagalee dhuma ofiitiin qooqa garaa garaatiin wal harkaa fuudhanii faarfachuu dha. Inni kun Kan baayyee namatti tolu dha, faarfannaa dhugaatis kun kan inni dhufe Uumaa irraa kan namaaf kenname, kan nama keessattis Uumameedha, sagalee keenya Kanaan Uumaa keenyaaf kan ittiin galateeffannu, Waaqeffannuu dha, Kun kan dhugaa of keessaa qabu, kan hafuuraanis ta`e, kan jireenyas qabuu dha. Inni Mekaanikaalii garuu, kan ofii lubbuu hin qabne, kan harka namaatiin hojjetame, kan cabu, kan badu, kan hafuuras hin qabneedha. Kan inni sagalee kennu yoo namni isa tume, isa tuttuqe duwwaadha. Amma gaaffiin ka`uu qabu, Waaqayyo waan kana in barbaadaa? Ittis in gammadaa? Isa jedhuudha. Dhugumatti Waaqayyo biratti kan fudhatamu kami ? barreessaan Macaafa Ibrootaa akkas Jedha “Egaa kottaa karaa isaa utuu gargar hin kutin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhi`eessinaa, Aarsichis maqaa isaa beeksisuudhaaf wanta afaan keenya keessaa ba`uu dha.” (Ibroota 13:15). Galata afaan keenya keessaa ba`uun jechuu isaa hubadhu. Wanti afaan keenya keessaa ba`u maalinni? Innis dubbii keenya, galata keenya, faarfannaa keenya, kadhata keenya. Isaan kun hundi eessa dhaqu laata? Shakkii tokko malee Waaqayyo bira dhaqu.

Wanta afaan keenya keessaa ba`uun galata dhi`eessaa isa jedhu Phaawulos akkasitti hima, "Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galatatiin, weedduu hafuuraatiinis wal harkaa fuudhaa ! Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa. Yeroo hundumaa waan hundumaafuu maqaa gooftaa keenya Yesuus Kristoosiin Waaqayyo abbbaadhaaf galata galchaa" (Efeesoon 5:19-20). Wal harkaa fuudhaa isa jedhu sagalee keessaniin jechuu isaa hubadhu. Weedduu hafuuraatiin isa jedhu immoo meeshaa mekanikaalii utuu hin ta`in garaa keessan keessaa kan ba`u hafuuraan jechuu isaas hubadhu. Egaa Kristyaanonni faarfachuu in danda`uu ? gaaffii jedhuuf eeyyee in danda`u jechuu dandeessa, garuu meeshaa muuziqaatiin faarfachuun hoo? Gaaffii jedhuuf, maal qaba yoo faarfatan ? jetta yoo ta`e, Caaffanni qulqullaa`oon kana hin barsiifne, eessatti kana dubbata? Iddoo tokkottuu kakuu haaraa keessatti kun hin caafamne, kanaaf iyyuu waan hin caafamne itti dabaluun hin barbaachisu, erga caaffanni hin jedhu ta`ee, nuti itti dabaluun, fedhii Waaqayyoo gooneerra jechuu dandeenyaa?

Phaawulos asittis akkas jedha "Dubbiin Kristos akka badhaadhuumaa isaatti isin keessa haa jiraatu, ogummaa hundumaan wal barsiisaa, wal gorsaas, Qooqa garaa garaatiin, faarfannaa galataatiin, weedduu hafuuraatiinis galata garaa keessanii Waaqayyoof faarfadhaa" jedha (Qolosaayis 3:16). Kanas hubadhu, meeshaa mekaanikaalii kan jedhu jiraa ree? Erga hin jirree immoo nuti meeshaa muuziqaa mekaanikaaliitiin faarfachuun dubbii Waaqayyoo irratti yaada keenya, fedhii keenya dabaluu hin ta`uu ree?

Tarii waan kana irratti yaada kee kaaftee mormuu dandeessa. Fakkeenyaaf warra dandeettii meeshaa muuziqaa mekaanikaalii Kanaan taphachuu dandaa`an kaaftee isaaniif falmuu dandeessa, ogummaa kana Waaqayyo akka ittiin faarfataniif kenne faa jechuu dandeessa, garuu hin gowwoomiin dandeettii ogummaa baayyeetu biyya lafaa keessa jira, dandeettii hundi ulfina Waaqayyootiif fayyada jechuun hin ta`u, dandeettii kana qabaataniif waan caaffanni hin abboomimin Waaqeffannaa irra oolchina jechuu akkamitti jechuu dandeenya ? waan Kristiyaanonni durii hin gooneen nuyi nuyi kana gochuudhaan ykn akka godhan jajjabeessuu dandeenyaa? Mee gaaffilee kanaa gaditti ka`an hubannaadhaan caqasi.

Meeshaa Muuziqaa jaallachuu dandeessa, kanaafis barootaaf mana kee keessatti fayyadamteetta, sammuun kee qaamni kee isaa wajjin wal fudhateera, kanaaf waan ofii jaallattu kana Waaqeffannaa irrattis fayyadamuuf rakkoo hin qabu jettee yaaduu dandeessa, haa ta`u malee waan jaallannu hundumaa mana Waaqayyo itti waaqeffamutti fiduu hin dandeenyu. Hundumti keenya meeshaa muuziqaa mekaanikaalii kana raadiyoo keessattis in

dhaggeeffanna, televizina keessattis in arginas in dhageenyas garuu mana Waaqeffannaa keessatti fiduu hin qabnu. Wanta alatti ykn mana keenyatti nu gammachiisu fiduu hin qabnu, iddoo sanatti wanti xiyyeeffannaa godhuu qabnu wanta fayyadamnu hunda Waaqayyoo in gammachiisaa jennee of gaafachuu qabna, inni immoo waan godhuu qabnu nutti himeera waan ta`eef akka dubbii isaatii godhuu qabna.

Mormii Waa`ee meeshaa muuziqaa mekaanikaalii ilaalchisee kan yeroo baayyee ka`u, `kakuu moofaa keessatti Daawwit faa fayyadamaniiruuti yoo fayyadamne maal ta`a` kan jedhu, kun egaa dhugaa dha bara sana hojjeteera, garu Kristos fannoo irratti du`ee erga du`aa ka`e seera sana karaa irraa maqseera, amma kan itti jiraannu seera kakuu moofaa utuu hin ta`in seera kakuu haaraa, seera kristiyaanaa, seera kristoosi." Seerri Museedhaan kenname, Ayyaannii fi dhugaan garuu Kristosin Argaman" (Yohaannis 1:17). Kristos seerri sun amma raawwatutti hin darbu jedheera."Yesuus "Seeraa fi barsiisa raajotaa diiguudhaaf waanan dhufe hin se`inaa, ani isaan raawwachuudhaafan dhufe malee, diiguudhaaf hin dhufne, Ani dhuguman isinitti hima, hamma waaqnii fi laftin badanitti seericha keessaa fidalli xinnaan tokko yookiis gar tokkoon fidalaa utuu fiixaan hin ba`in hin badu" jedheera (Maatewos 5:17-18). Yesuus yeroo fannoo irratti fannifamee du`e seera moofaa sana karaa irraa mqaseera (Qolosaayis 2:14) kana waan ta`eef harra`a, meeshaa mekaanikaalii fayyadamuudhaaf seera kakuu moofaa ykn Daawwitiin madda godhachuu hin dandeenyu. Bara sana keessa waan nuti godhuu hin qabne baayyeetu godhamaa ture, isaanis bara isaanii keessatti hojjetaniiru, harra`a garuu kakuu haaraadha.

Mormii mekaanikaaliidhaan faarfanna jedhu keessaa inni tokko meeshaan muuziqaa bantii Waaqaa irra jira waan ta`eef asitti fayyadamuu dandeenya kan jedhuu dha, tarii dubbiin akkas jedhu Mullata Yohaannis keessa ykn iddoo biraa jiraatus, isin ittiin faarfadhaa kan jedhu kan caafame hin jiru, bantii waaqaa ykn jannata keessa jira jechuun as lafa irrattis itti fayadamuu dandeenya jechuu miti. Wanti jannata keessa jira garuu as itti amma kan nuti itti hin fayyadamne baayyeetu jiru.

Beektonni ykn hayyoonni macaafa qulqulluu dureen amantaa baayyeen Warri Kristiyaanotaa, jaarrota dhibboota dura, waa`ee meeshaa muuziqaatiin faarfachuu dubbii Waaqayyoo keessa sakattaa`anii argachuu waan hin dandeenyeef dhiisaniiru. Booda irra garuu gargar ba`insa Waldaa Kaatooliikiif kan sababa ta`e meeshaa muuziqaatiin waaqeffachuu fi waaqeffachuu dhiisuu irratti ta`e. kaatooliikiin Roomaa amma illee itti fayyadamu, warri kaan immoo Ortodooksii tewahidoo Griikii jedhamanii gargar ba`an,

kana gidduutti sochii haaromsaa jedhanii Kan akka Maartiin Luuter, kan akka Joon Wisilii, dubbii Waaqayyo irratti dabalamuu isaatiif Mormii isaanii ifaa ifatti labsanii adda ba`aniiru.

Gara Caaffata Qulqullaa`aatti yeroo deebinu, waa`ee Faarfannaa iddoo baayyeetti dubbifna fakkeenyaaf kan akkas jedhu "Faarfannaa galataa erga faarfatanii immoo gara gaara Ejersaatti ol ba`an" jedha (Maatewos 26:30). Phaawulosii fi Silasis, mana hidhaatti waa`ee wangeela lallabuu isaaniitiif yeroo hidhaman sana faarfataniiru akkas jedha, "Gara halkan walakkaatti Phaawulosii Siilaas Waaqayyoon kadhatanii faarfatan, warri hidhaman immoo isaan in dhaggeeffatu turan. Dingatas hamma hundeen manicha hidhaa raafamutti socho`I lafaa guddaan ta`e, achumaan balbaloonni manicha hidhaa hundinuu banamanii, hidhaan warra hidhamanii, hundinuus in hiikaman" (Hojii Ergamootaa 16:25-26). Phaawulos Kristiyaanota Warra Qorontoosin akkas jedhee Caafeef, "Ani afaan hin beekamneen yoon kadhadhe, hafuurri koo in kadhata, qalbiin koo garuu isa duukkaa hin kadhatu, egaa Maal wayya ree? Ani hafuuraan nan kadhadha, qalbii kootiinis immoo nan kadhadha, hafuuraan nan faarfadha, qalbii kootiinis immoo nan faarfadha" jedha (1 Qorontos 14:14-15). Yaaqoobis akkas jedha "Isin keessaa namni rakkinni itti dhufe jiraa? Inni haa kadhatu, Namni gammadu immoo jiraa? Inni haa faarfatu" jedha (Yaaqob 5:13). Yohannis mullata keessatti akkas jedheera " Isaan faarfannaa haaraa yommuu faarfatan, "Ati macaaficha fudhachuudhaaf, mallattoo isaas banuudhaaf, kan maltee dha, ati ofii keetii qalamtee, gosa hundumaa keessaa, afaan hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, saba hundumaa keessaas, namoota dhiiga keetiin Waaqayyoof bitte" kan jedhuudha (Mullata Yohannis 5:9). "Isaan faarfannaa Musee garbicha Waaqayyoo, faarfannaa hoolichaas in faarfatu. "Yaa Waaqayyo gooftaa hundumaa dandeessu, hojiin kee guddaa dha, dinqisiisaadhas ! Ati yaa mootii saba hundumaa, karaan kee hundinuu qajeelaa dha dhugaadhas" jedhan (Mullata Yohannis 15:3) "Sagalee akka huursaa bishaan baayy`ee, akka guungummii qaqawwee guddaas waaqakeessaa nan dhaga`e, sagaleen ani dhaga`es waan akka sagalee kiraara gurguddaa warri kiraara rukutan dhagaeessisanii ture" (Mullata Yohannis 14:2). Achumaanis sagalee kana booda kan ta`e "Isaan faarfannaa haaraa fuula teessichaa fuula uumama lubbuu qaban afranii, fuula maanguddootaa duratti in faarfatu, faarfannaa sana immoo warra kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii arfan, biyya lafaa keessaa furaman sana malee, namni biraa tokko illee baruu hin danda`u" (Mullata Yohannis 14:3) as irratti Yohaannis fakkeenya baayyeetiin ibseera, kan inni ibses waan dhaga`e Sanaa ibse, haa ta`u malee wantoonni inni ibse

faarfannaan sun as lafa irrattis in hojjeta kan jedhu of keessaa hin qabu.

Faarfannaa ilaalchisee waaqeffannaa meeshaa muuziqaatiin akka faarfatamu aboon kan eenyuuti? Yeroo macaafni dubbatu dubbachuu, yeroo inni calluma jedhu Calluma jechuu moo, yeroo inni calluma jedhu nuyi yaada keenya itti fufuu qabnaa? macaafni qulqulluun Waaqaa fi lafa irratti aboon Kristosif kenname jedha. Kana erga ta`e isa inni barsiise, isa inni godhes kabajnee, akka barreeffama kakuu haaraatti afaan keenyaan faarfannee, waaqeffannee Waaqayyoon gammachiisu qabna, malee akka warra kaaniitti of gammachiisuuf waan hin caafamne itti hin daballu.

Ati in Waaqeffattaa ? ati Kristiyaanaa ? waaqeffannaan barbaachisaa ta`uu isaa beektaa? Yoo Kristiyaana miti taate, akka taatuuf si jajjabeessa Kristos "Kan amane kan Cuuphames in fayya, kan hin amanin garuu itti faradama" jedha (Marqos 16:16). Warra fayyanis gooftaan Waldaa isaatti in dabala (Hojii Ergamootaa 2:47). Yoo wangeelaaf abboomamtee kana goote, atis Kristiyaana, miseensa Waldaa Kristoos taatee, dhugaa fi hafuuraan waaqeffatta. Akka kana gootuuf yeroo hundaa siif kadhanna.

## Barumsa 30
## Kadhannaatti maaliif Amanna

Kadhannaan dhugaa macaafni deggaruu dha. Hiikkaan isaas, Waaqayyotti dubbachuu, Waaqayyotti himachuudha. Waaqayyoon gaafachuu, Waaqayyoon kadhachuu dha. Phaawulos akkas jedha "Gaarummaan keessan nama hundumaa biratti haa beekamu ! Gooftaan dhi`oo dha, dhi`ootti in dhufas. Waan hundumaatti kadhataa fi himataan galataa wajjin wanti barbaachisu Waaqayyo duratti akka beekkamu godhaa malee, waanuma tokkotti yaaddoo hin godhatinaa" (Filiphisiiyus 4:5-6).

Walitti dhufeenyi Waaqayyoo wajjin qabnu, inni Abbaa keenya, nuyi immoo akka Kristiyaanaatti ijoollee isaati. Waaqayyoon wanti isa barbaachisu tokko illee hin jiru, inni jiraataa bara baraati, inni dandaa`aa waan hundumaati, eebbi hundinuu kan dhufan isa biraa dhufu, Yaaqob yeroo dubbatu, "Kennaan gaariin hundinuu , kennaan guutuun hundinuus abbaa ifaa biraa ol waaqa gubbaadhaa in dhufa, abbaa ifaa bira gegeeddaramuun, yookiis gaaddisi gara galuun iyyuu hin jiru" (Yaaqob 1:17). Nuyi ijoollee isaa waan taaneef, isa in barbaaddanna, inni abbaa keenya, kanaaf nuyi waan nu barbaachisuuf

Qormaataa fi cubbuu nu mudatuufis dhiifama argachuuf gara isaatti deebinee kadhachuu qabna.

Amma waa`ee kadhataa ilaalchisee, akka inni kadhata keenya nuuf

dhaga`u, kan nu gargaaran gara caaffata qulqullaa`oota dhaqna, Yesuus bartoota isaatiin akkas jedhe "Abbaan ilma isaatiin ulfina akka argatutti, waanuma isin maqaa kootiin kadhattan abi nan raawwadha. Waanuma tokko isin maqaa kootiin yoo kadhattan, ani nan raawwadha" jedheen. (Yohaannis 14:13-14). Ammas akkas jedheen "Isin anatti qabamtanii yoo jiraattan, dubbiin koos isin keessa yoo jiraate, waan feetan in kadhattu, isiniif in ta`as. Kanaan, ija baay`ee godhachuu keessaniin, bartoota koo akka taatanis mul`isuu keessaniin ulfinni abbaa koo in argama" (Yohaannis 15:7-8). Itti aa`ansees "Isin ana hin fo`anne, anatu isin fo`ate, dhaqxanii akka ija godhattaniif, iji keessanis akka jiraatuuf, maqaa kootiin abbaa waan kadhattanis akka inni isiniif kennuuf, ani isin kaaseera" (Yohannis 15:16).

Lallaba isaa gaaraa irrattis akkas jedhe "Yesuus itti fufee, "Kadhadhaa isiniif in kennamaa, barbaadaa in argattuu, balbala rukutaa isiniif in banama,. Kan kadhatu hundinuu in fudhata, kan barbaadus in argata, balbala kan rukutuufis in banama" jedhe (Maatewos 7:7-8).

Yohannis akkas jedheera "Akka fedha isaatti yoo isa kadhanne inni nuuf in dhaga`a, akka kanatti isa in amananna. Kadhata keenya akka inni nuuf dhaga`u yoo beekne, waan kadhanne akka isa biraa argannus in beekna" jedhe (1 Yohannis 5:14-15)

Akka kanaa olitti dubbifnetti kadhata keenya ulaagaa tokko malee akka nuuf dhaga`u dubbifanneerra, garuu Caaffata qulqullaa`oo gadi fageessinee yeroo dubbifannu, kadhata fudhatama hin qabmnes akka jiran hubanna. Kadhata fudhatama qaban kan gooftaan deebisus ilaalla.

Duraan dursa kadhatni tokko Gooftaa biratti akka fudhatamee deebisaa argatuuf, namni kadhatu Kristiyaana /ilmoo Waaqayyoo/ ta`uu qaba, nama fayye ta`uu qaba. akka Yohaannis 9:31, irratti caafametti Waaqayyo kadhata cubbamootaa hin dhaga`u. Waaqayyo maaliif kadhata cubbamootaa hin dhageenye? Sababni isaa cubbuu dha, Cubbuun Waaqayyoo fi Cubbamaa isa Waaqayyoon kadhatu sana gidduu goreera. Kana immoo caaffanni qulqullaa`aan akkas jedha "Kunoo harki Waaqayyoo gababaabbatee isin fayyisuu hin dhaabne, gurri isaas duudee iyya keessan dhaga`uu hin dhaabne, Yakki keessan isinii fi Waaqayyoo keessan gidduu goree gargar isin ittise, akka isiniif hin dhageenyettis sababii cubbuu keessaniitiif Waaqayyo fuula isaa isin irraa in deebise" jedha (Isayas 59:1-2). Cubbamaa utuu mucaa Waaqayyoo hin ta`in , Waaqayyos utuu abbaa isaa hin ta`in akkamitti fuula Waaqayyoo duratti dhihaachuu danda`a ree? Erga cubbamaan tokko kadhatee Waaqayyo biraa in argata ta`ee, erga Waaqayyo in deebisaaf ta`ee, Bu`aan yookiin adda ta`uun Kristiyaanotaa maali ree? Namoonni baayy`een waan kana ir-

ratti yaada wal faallaa addaa addaa qabu.

Lammaffaa:- ijoolleen Waaqayyoo kasdhannaan isaanii akka dhagaa`amuuf, fuula gooftaa duratti amanamummaadhaan jiraachuu qabu, Pheexroos akkas jedha "Iji gooftichaa gara warra qajeelotaa in ilala, gurri isaas kadhata isaanii in dhaga`a, garuu fuulli gooftichaa warra hamaa godhanitti nyaara guureera" (1 Pheexroos 3:12). Kristiyaanni yoo cubbuu hojjete, yaada garaa geeddaratee, cubbuu isaa gooftaatti himee, dhiifama gaafachuu qaba. yaaqoob akkas jedha "Yoos dhukkubattii akka fayyifamtanitti cubbuu keessan walitti himadhaa, waliifis kadhadhaa, kadhannaan nama qajeelaa waan baayyee hojjechuu in danda`a" jedha (Yaaqoob 5:16). Simoon Xonqaayiin sun, erga amanee fayyee booda yeroo Pheexroosii fi Yohannis harka nama irra kaa`anii human hafuura dabarsan argee, human sana horiidhaan bituuf gaafannaan Pheexroos akkas jedheen "Pheexroos deebiseefi "Kennaan Waaqayyoo horiidhaan in bitama jettee waan yaaddeef, horiin kee si wajjin haa badu, yaadni garaa kee Waaqayyo duratti qajeelaa waan hin taaneef, ati dubbii kana keessaa qooda hin qabdu, kanaaf hammina kanattii yaada garaa kee geeddaradhu, gooftichas kadhadhu, hamaa yaaduu kee kana dhiifamuu siif godha ta`a. yaadni hadhaa`aan akka si keessa guutee fi cubbuun akka si hidhatee jiru nan arga" jedhe. Kana irratti siimoon deebisee "adaraa jecha isin anaan jettan keessaa tokko illee ana irra akka hin geenyeef gooftaa anaaf kadhadhaa" jedhe." (Hojii Ergamootaa 8:20-24). Dhugaa kana yeroo ilaallu Siimoon yaada garaa geeddaratee yoo Waaqayyoon kadhachuudhaa baate, Waaqayyo biratti fudhatama in argata jennee yaaduu in dandeenyaa? Tasumaa hin dandeenyu.

Gooftaan Ergamoota isaatiin akkas jedhe "…Maqaa kootiin waan kadhattan hundumaa ani nan godha" jedheera (Yohannis 14:14), jedheera kana haa jedhu malee itti Aa`ansee akkas jedha "Yesuus itti fufee "Isin yoo na jaallattan abboommoota koo in eegdu" jedhe, egaa kana irratti namni abboommii isaa hin eegne, deebisaa kadhannaa in argata jennee yaaduu dandeenyaa? Ammas Yohannis 15:7 irratti "Isin yoo na keessa jiraattan, dubbiin koos isin keessa yoo jiraate, waan feetan in kadhattu isiniifis in ta`a" jedheera. As irratti ijoon dubbichaa "Isin anatti yoo qabamtan dubbiin ko yo isin keessa jiraate" isa jedhuudha. Namni dubbiin gooftaa isa keessa jiru nama akkamiiti? Nama akka dubbii isaatiitti amanamee jiraatuu dha. Ilmoo Waaqayyootis. Dhuguma namni tokko gooftaatti yoo hin qabamin, dubbiin gooftaas yoo isa keessa hin jiraatin kadhannaan isaa deebisaa in qaba? dhugumatti deebisaa hin argatu.

Kristos akkas jedheera "… dhaqxanii akka ija godhattaniif, ijji keessan-

is akka jiraatuuf, maqaa kootiin abbaa waan kadhattanis akka inni isiniif kennuuf ani isin kaaseera" (Yohaannis 15:16), darbees Kristoos "waan kadhatan hunda akka fudhatan` dubbateera (Maatewos 7:8) itti aansees akkas jedheera, "Isin keessaa nama attamiitu ilmi isaa buddeena yoo isa kadhate dhagaa kennaafii ree? Yookiis ilmi isaa qurxummii yoo kadhate bofa kennaafii ree! Egaa isin hamoota taatanii utuu jirtanii, ijoollee keessaniif kennaa gaarii kennuu erga beektanii, abbaan keessan inni waaqa keessaa immoo hammam isin caalaa warra isa kadhataniif waan gaggaarii kenna" (Maatewos 7:9-10). Kristos ergamoota isaatti yeroo dubbatu kana Waaqayyo wajjin walitti dhufeenya abbaa fi ilaanii ta`uu isaa ibsaa jira. Egaa akka caaffata qulqullaa`ootti, warra abboomamuuf Waaqayyo eebba isaa deebisaa kadhannaa isaanii in kennaaf, garuu Waaqayyo kadhannaa jal`iootaatiif deebisaa hin kennu.

Dhuma irratti 1 Yohannis 5:14-15, irratti Waaqayyoon akka fedhii isaatiitti yoo kadhanne nuuf kenna jechuu isaa yaadadhu. Abbaan ilmaan isaa jaallatu ilmaan isaatiif waan faayidaa qabu beeka in godhaafis, akkasuma abbaan keenya inni Waaqa irraas waan kadhannu hunda utuu hin ta`in waan kadhannu keessaa waan faayidaa nuuf qabu, nu caalaa beeka waan ta`eef nuuf kenna, inni faayidaa nutti fakkaatee garu Waaqayyo akka nu miidhu yoo arge, waan nu miidhuuf dabarsee nu hin kennu. Phaawulos warra Waaqayyoon jaallataniif wanti hundumtuu gaarummaadhaafi jedha (Roomaa 8:28).

Akka Kristiyaanaatti yeroo hundumaa Abbaa gara isaa dhaqnu qabaachuu keenyaaf nuyi Ayyaanomoo dha, eebbifamoodhas. Kristos Namoonni yeroo hundumaa akka kadhachuu qaban barsiiseera. (Luuqaas 8:1). Phawulos utuu gargar hin kutin kadhadhaa jedheera (1 Tasalonqee 5:17), Kristiyaanonni dur duri sun barsiisa ergamootaa fi kadhannaattis Akka ciman dubbifanneerra. (Hojii Ergamootaa 2:42). Yaaqobis warri rakkina keessa jiran haa kadhatan jedheera (Yaaqob 5:13) kadhannaan nama qajeelaa human qaba jedheera (Yaaqob 5:16). Waaqayyo dhukkubsatootaaf kadhannaa keenya dinqqidhaan nuuf deebisuu abdii kennuu baatus, warra dhukkubsataniif yeroo kadhannu, ogeessa fayyaa keessaan marfee fi qoricha isaaniif kennamu keessaan akka Waaqayyo itti darbee fayyisuuf in kadhanna. Yeroo tokko tokko dinqiidhaan waa gochuu yaaduu dandeenya, kanaafis hirrina amantiis jechuu dandeenya, achi keessa seenuu nu hin barbaachisu, Kristos dhukkubsatootaaf ogeessa qorichaatu barbaachisa waan jedheef, gooftaa akka hin qorre of eeggachuu qabna. (Maatewos 9:12, 4:7).

Kadhanni keenya akka fudhatama argatutti kadhata keenya maqaa Yesuusiin gochuu qabna, inni anga lubaa keenya, inni abukaattoo keenya, inni

Nuu fi Waaqa gidduutti araarsaa dha (2 Yohannis 2:1, 1 Ximotewos 2:5, Ibroota 3:1).

Kadhannaatti in Amantaa? Abbaan kee kadhata kee akka dhaga`u amantee kadhachuu dandeessaa? Yoo Kristiyaan hin taane , kadhanni kee abbaa bira hin ga`u, kana gochuu dhaaf, Kristoositti Amani, cuubbuu kee irraa yaada garaa keetii geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu cubbuu keetiifis bishaan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphami,(Ibroota 11:6, Yohannis 14:1, Maatewos 10:32, Hojii Ergamootaa 2:38), kana yoo goote gooftaan Waldaa isaa irratti si dabala (Hojii Ergamootaa 2:47), kana booda ati Kristiyaana, amanamummaadhaan yoo isaa wajjin jiraatte, abba akee biraa akka kadhanni kee siif deebi`u sagalee dubbii Waaqayyoo qabda jechuu dha.

## Barumsa 31

## Karaan Mootummaa Waaqayyootti geessu maaliif tokko ta`e

Biyya lafaa kana irratti dhaabni amantaa baayyeen "Gara mootummaa Waaqayyootti karaan geessan baayyee dha" kan jedhanii fi "Karaan keenya addaa adda ta`us hundi keenya iddoodhuma tokko dhaqna" kan jedhanis jiru. Jechoota akkasii yeroo baaayyee dhageenya, kuni yeroo dhaggeeffatan gaarii fakkaata, garuu kun barsiisa caaffata qulqullaa`oo irraa baayyee fagoodha, keessummaadhas.

Caaffanni qulqullaa`oon Waa`ee jannataa bareedina isaa, warra isaaf abboomamaniif qopheessuu isaas nutti hima, Kristoos akkas jedha "Yesuus itti fufee bartoota isaatiin "Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa. Mana abbaa koo keessa iddoon jireenyaa baay`eetu jira, utuu inni hin jiru ta`ee, isinitti nan himan ture, iddoo jiru sana isiniif qopheessuudhaaf nan adeema. Yommuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif deebi`ee dhufeetan gara ofii kootiitti isin fudhadha" (Yohannis 14:1-3). Jedhe.Egaa dhugaadhumatti Warri Kristoositti Amananii fi warri jannatatti amanan itti galuu in barbaadu, haa ta`u malee, itti galuu dhaaf ulaagaan isaa maali isa jedhuu dha. Karaan itti galuu warra jannataa ta`an kun tokko moo karaalee baayyeetu jiru?

Yesuus akkas jedhe "Karichis dhugaanis jireenyis ana, anaan malee gara abbaa dhaquun hin dandaa`amu" jedheera (Yohannis 14:6).egaa hubadhu karaan jiru tokko duwwadha, innis Kristoosi, Utuu karaan baayyeetu jiru ta`e, "Karichi ana" jedhee Kristos hin labsu ture.

Yesuus ofii isaa akka Tiksee gaarii, Kristiyaanota immoo akka hoolotaati, Waldaa Kristiyaanaa immoo akka gola hoolotaatti ibsa. Yesuus amma im-

moo waa`ee Balball waan jedhe ilaali “Yesuus ammas “Dhuguma dhuguman isinitti hima, ana balballi hoolotaa” jedha. (Yohannis 10:7). Itti fufee ammas “Balbalichi ana , inni anaan ol galu in fayya, ol in gala, gadis in ba`a, dheedichas in argata” jedha (Yohannis 10:9) ammas akkas jedha “ Dhuguma dhuguman isinitti hima, namni gola hoolotaatti balbalaan ol galuu dhiisee, karaa biraatiin lixu, inni hattuu dha, saamtuudhas” jedha (Yohannis 10:1). Yesuus karaa biraa akka jechaa jiru, inni balbala gola Sanaa ta`uu isaa, kan Waldaa Kristiyaanaatti galan isa keessaan duwwaa ta`uu isaa himaa jira.gara waldaatti gara mootummaa Waaqayyotti galuu dhaaf balballi biraa hin jiru isa malee. Kana himaa jira. Namni tokko balbala Kanaan utuu hin ta`in karaa biraatiin kan ba`u inni hattuu dha saamtuu dhas jechaa jira. Phaawulosis yoo yaada garaa geeddaratanii wangeelaaf abboomamuudhaabaatan mootummaa Waaqayyootti, waldaa kristiyaanaati galuu akka hin dandeenye barsiiseera. Dhugumattis namni tokko ulaagaa dubbiin sagalee Waaqayyoo kaa`een ala gara mootummaa Waaqayyootti ykn Waldaa Kristiyaanaatti galuu kan barbaadu hundi itti hin galu, jahaannamatti gala malee.

Yeroo tokko Yesuus lallaba isaa gaaraa irratti akkas jedhee ture “Yesuus, “Karra isa dhiphaadhaan ol galaa ! Karaan gara badiisaatti geessu boochoo dha, karri isaas bal`aa dha, namoonni ittiin ol galan immoo baayy`ee dha. Karaan gara jireenyaatti geessu rakkoo dha, karri isaas dhiphaa dha, namoonni isa argatan muraasa” jedhe (Maatewos 7:13-14). Yesuus namni hundinuu karaa isa dhiphaa sanaan akka galan jajjabeessuutti jiraachuu isaa yaadadhu. Karaan dhiphoon kun Kristoosiin iddoo bu`uu isaati, gara mootummaa Waaqayyootti gara Waldaa Kristoositti galuu dhaaf warri Kristoos itti amanan karaa dhiphoo kana irra jiraachuu isaanii dubbachuu isaati. Kana waan ta`eef, karaa tokkotu, jira, karra ykn balbala tokkotu jira, karaan kunis gara mootummaa Waaqayyootti, gara waldaa Kristiyaanaatti nama geessa, innis Kristos Duwwaadha. Warri kanatti galu eenyuu dha? Isaanis qulqullootta, qajeelota, warra Kristoositti amananii, wangeelaaf abboomamanii, miseensa Waldaa Kristoos warra ta`anii dha. Karaa dhiphoo kana dhiisanii karaa biraa warri galuuf yaadan, immoo eessatti akka deemaa jiran xiinxaluu in dandeenyaa? Kristos waa`ee jara karaa boochoo kana irra deemaa jiranii dubbateera. Isaan kun eenyuu dha? Isaan gara badiisaatti deemaa jiran kun, Warra maqaa amantaatiin jira, warra soda Waaqayyoo hin qabne, warra Abboommii Kristoos tuffatanii abboomamuu didan, wangeela warra ganan, hojii isaaniitiin, dandeettii isaaniitiin fayyna jedhanii warra yaadanii dha. Isaan kun warra waldaa namni hundeessetti makaman, maqaa Kristoos dhiisanii maqaa namootaa warra uffatanii dha. Akka dubbii Waaqayyoo

utuu hin ta`in akka ofii jaallatanitti warra Waaqeffatanii dha. Warra ofiifis gowwoomanii namas gowwoomsanii, Kristiyaanonni hin amanamnes warra kanatti dabalamu. Karaan kun eessatti geessa? Gara badiiisa bara baraatti geessa.jarreen kana keessaa garri tokko namoota gaarii, namoota amantaa qaban, namoota namoota gargaaran ta`uu danda`u, garuu eenyuunis ha ta`an eenyuun namni Wangeelaaf hin abboomamin hundi, karaa boochoo irra jiru waan ta`eef gara badiisaatti deemu.

Jaallewwan koo ! Kristoos Waaqaa fi lafa irratti aboon isa duwwaadhaaf kenname, egaa abbaan taayitaa waan hundumaa kun "Karaan ana" erga jedhee, utuu dhageessanii, utuu dubbiftanii, abbaa taayitaa kana diddanii maaliif gara badiisaatti deemtu ree? Kanaaf waan hundumaa dhiifnee gara isaatti deemuu qabna.

Waa`ee mootummaa Waaqayyoo namni baayyeen akka yaada namaatti hiikuun rakkina isa guddaa dha. Akka jireenya biyya lafaatti iddoo tokko dhaquudhaaf karaa addaa addaatiin deemuun in dandaa`ama ta`a, akka hafuuraatti garuu karaan mootummaa Waaqayyootti nama geessu tokko duwwaadha. Dhugaa kana baruudhaaf immoo kan nuyi godhuu qabnu Macaafa qulqulluu dubbifachuu fi qu`achuu duwwaadha. Kristoos akkas jedhe "Ana Waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu, isa jedhe ba`eessa dubbate" (Maatewos 15:9). Iddoo biraattis akkas jedhe "Yesuus "Jaalala abbaa ko isa waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa Waaqayyootti gala malee, namni "Yaa gooftaa, yaa gooftaa naan jechuu duwwaadhaan itti gala miti. Guyyaa isa dhumaa sanatti namoonni baayyeen `Yaa gooftaa, yaa gooftaa, nuyi maqaa keetiin raajii dubbanneerra, maqaa keetiinis hafuurota hamaa baafneerra, hojii aangoos maqaa keetiin baayy`ee hojjenneerra mitii? Anaan jedhu. Ani immoo yeroo sanatti Matumaa ani isin hin beeku, isin yaa warra hamaa hojjettanii, ija koo duraa badaa ! jedheen muli`natti isaanitti hima" jedhe (Maatewos 7:21-23). Caaffata qulqullaa`oo keessatti waa`ee kana baayy`eetu barreeffamee jira. Nuyis mee waldaa namoonni hundeessanitti, waldaa maqaa namaatiin hundeeffamtetti, maqaa namaa uffattetti, akka yaada namaatti kan waaqeffattutti, akka fedhanis kan ta`anitti makamanii mootummaa Waaqayyootti galla jedhanii yaaduun in ta`a? akkasitti yaadna yoo ta`e dogoggora keessa jirra. Mee Saa`oliin haa fudhannu, Inni nama Amantaa isaatiif hinaaffaa qabu ture, nama Amantaa isaas jabeessu ture, Waldaa Kristiyaanaa haa ar`iatu malee, nama yaada gaarii jedhamu qabu ture. Booda irra dhugaa yommuttii bare, akka dogoggora keessa jiru hubatee, yaada garaa geeddaratee Wangeelaafis abboomamee, karaa isa sirriitti mootummaa Waaqayyootti nama galchu irra

deeme (Hojii Ergamootaa 9 fi 22). Waa`ee Qorneliyuusii fi maatii isaatiis yoo ilaalle akkasuma, isaan warra Waaqayyoon sodaatanii dha, warra Waaqayyoonis waaqeffatanii dha, rakkatootas gargaaruu, soomaa fi sagadanis fuula Waaqayyoo duratti nama gad of deebisuu dha, haa ta`u malee Waaqayyo karaa sirrii yeroo itti agarsiise, Pheexroos lallabeefii isaanis Wangeela sirrii abboomamanii, karaa Mootummaa Waaqayyo irra deeman. (Hojii Ergamootaa 10:1-48). Egaa ragaaleen karaa mootummaa Waaqayyoo ittin argatan caaffata qulqullaa`oo irra baayyeetu jiru.

Jaallewwan koo ! kana yaadaa mee Caaffaanni qulqullaa`oon ! Waaqa tokkotu jira, gooftaa fayyisaa tokkotu jira, hafuura tokkotu jira, abdii tokko, dhagna ykn Waldaa Kristiyaanaa tokkotu jira, cuuphaa tokkotu jira jedhanii barsiisu (Efeesoon 4:1-6). Macaafni qulqulluun Wangeela tokko duwwaan akka jiru, Waaqayyoos karaan fayyinaa tokko duwwaan akka jiru isa qofa akka dhaga`uu qabnus nutti hima (Maatewos 17:5), akka isatti Amannu (Yohannis 8:24), cubbuu keenya irraa yaada garaa akka geeddarannu (Luuqaas 13:3), Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka dhugaa baanu (Maatewos 10:32), dhiifama cubbuu keenyaatiif bishaan keessatti akka cuuphamnu (Hojii Ergamootaa 2:38, Maarqos 16:16), kana booda Kristoos immoo Waldaa isaa ishee ofii isaatii du`eef, ishee inni mataa ta`eef, ishee inni dhiiga isaatiin bitate, ishee inni jaallate, ishee inni guyyaa tokko dhufee fudhatutti nu dabala (Hojii Ergamootaa 2:47, Maatewos 16:18, Efeesoon 5, Hojii Ergamootaa 20:28). Macaafni qulqulluun Namni akka dhugaa fi hafuuraan Waaqayyoon waaqeffatan barsiisa (Yohannis 4:24), kanaaf hundumti Kristiyaanaa torbaan irraa guyyaa isa jalqabaa, Faarfachuudhaan, dubbii isaa qua`achuudhaan, kadhachuudhaan, waan qaban irraa kennaa kennuudhaan, irbaata qulqulluu ykn yaadannoo gooftaa hirmaachuudhaan waaqeffatu (Hojii Ergamootaa 20:7, 2 Ximotewos 2:15, Hojii Ergamootaa 2:45, Efeesoon 5:19). Waaqayyo namni hundinuu waan godhan hunda maqaa Yesuusiin akka godhan barbaada ykn abboomas (Qolosaayis 3:17), kana jechuunis hundumtuu maqaa Kristoosiin uffachuu qabu (Hojii Ergamootaa 11:26), hundumtuu jireenya amanamaa Kristiyaanummaa jiraachuu qabu (Mullata Yohannis 2:10).

Hundumti keenya kan dubbifnee qu`annee, abboomanu kan biyya lafaa hundumaaf kenname macaafni tokkuma innis Macaafa qulqulluu dha. Yoo isaaf abboomamne, hundi keenya walii wajjin gara mootummaa Waaqayyootti galla, Warra cubbamootaaf, warra jalli`ootaaf warra wangeela mormaniif immoo kan qophaa`etu jira innis ibidda bara baraati (Maatewos 25:46).

Egaa wantoonni caafaman kun erga sirrii ta`anii, atis erga Caaffata kana qu`attee, akkamittiin karaaleen biraa kan mootummaa Waaqayyootti nama

geessan jiru jedhama ree? Dhugumatti karaan jiru tokko duwwaadha, innis Kristoosi, isaaf abboomanee gara mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf isa filachuun gamnummaa dha. Ogeessi tokko akkas jedhee “Karaan namootatti gaarii fakkaattu jirti, dhumni isaa garuu du`a” jedhe (Fakkeenya 14:12).

Karaa kam irra adeemaa jirta? Karaa dhiphoo mo, karaa boochoodha? Karaa jannata nama geessu moo, karaa jahaannma nama geessu irra deemaa jirta? Al takkaa karaa lamaan irra deemuun hin dandaa`amu. Kristoos akkas jedhe “Namni tokko gooftota lamaaf bitamuu hin danda`u “ jedheera (Maatewos 6:24). Isaa wajjin ta`uu yookaan immoo isaan mormuu filachuu dha (Maatewos 12:30). Kanaaf ilmi namaa hundi karaa isaaf ta`u in filata. Ati garuu karaa jireenya bara baraatti nama geessu akka filattuuf sin kadhadha.

## Barumsa 32
## Jiraachuu Seexaanaa Maaliif Amanna

Amma bara kana namoonni baayyeen, jiraachuu Seexaanaatti maaliif amanu jedhanii kan dinqisiifatan jiru. Seexaana namumatu sammuu isaa keessatti uuma malee, ilaalcha namaati malee seexaanni hin jiru kan jedhanis jiru. Warri akkas jedhan kun Of gowwoomsaa jiru.

Akkuma Waaqayyos jiru, Akkuma Kristoosis jiru, Seexaannis jira. Inni biyya lafaa hunda keessa jira, hojiin isaas guyyaa guyyaa irraa in mul`ata, dhiibbaan inni godhus hunduma keessatti in argama. Kana duwwaa utuu hin ta`in Macaafni qulqulluun jiraachuu isaa in barsiisa, inni nama utuu hin ta`in hafuura,inni hafuura hamaa dha, hafuura Xuraa`aa dha, inni Warra Waaqayoo fi Kristoosiin iddoo bu`anii wajjin faallaa dha, in morma. Yeroo hundumaa waan gadhee fi waan hammeenyaa duuba isatu jira. Inni Diyaablos, Hamaa, Abbaa sobaa, himataa, dogogorsaa, waaqa biyya lafaa, dha. Inni gadda, duukkana, bikka bu`a. inni diina keenya waan ta`eef isa beekuu qabna. Isaan wal qunnamuuf of qopheessuu qabna. Beekumsa dubbii Waaqayyootiin ala yoo taane, hidhannoo dubbii Waaqayyoo hin qabnu yoo ta`e, inni nu gowwoomsuu, nu balleessuu fi nu mo`uu danda`a.

Mee Amma gara dubbii Waaqayyoo dhaqnee waa`ee isaatii fi waa`ee hojii isaatii ilaalla. Yesuus waa`ee Inkirdaadaa yeroo dubbatu inkirdaadni ijoollee hammeenyaati jedha. Qotiisichi biyya lafaati,sanyiin gaariin ilmaan mootummaati, inkirdaadis ilmaan isa hamaati. Diinichi inkirdaada facaase, Seexaana, yeroon itti midhaan sassaabamu dhuma biyya lafaati, warri midhaan sassaabanis ergamoota Waaqayyooti” jedheera (Maatewos 13:38-39). Pheexroosis Kristiyaanota bara isaa keessa jiraniif akkas jedhee Caafeera, “ Of qabaa, dammaqaas ! Seexanni hamajaajiin keessan akka leenci

yeroo beela`utti aadaa naanna`utti, nama liqimsuu barbaadee in naanna`a" (1 Pheexroos 5:8) phaawulosis warra Tasaloonqeetiif akkas jedhee barreesse "Sababii kanaaf kana caalaa obsuu waanan dadhabeef, inni nama qoru isin qoreera yoo ta`e, wanti nuyi itti dadhabaa turre kan waa`ee hin baafne akka hin taanetti amantii keessan beekuufan isa gara keessanitti erge" (1 Tasalonqee 3:5). Warri bara Yesuus turan gareen Amantaa, Yesuusiin Bi`el Zebuuliin baasa jedhaniin, "Yommus namicha hafuurri Hamaan keessa jiru, iji isaa jaamaa, arrabni isaas diidaa tokko gara Yesuusitti Fidan, inni immoo arrabni namichaa akka dubbatu, ijji isaas akka argu godhee isa fayyise. Yommus namoonni hundinuu na`anii dinqisifatanii "Kun ilma Daawit ta`uu hin danda`uu? Jedhan. Warri Fariisotaa yommuu kana dhaga`an garuu "Namichi kun Bi`el Zebul angafa Seexaanootaa duwwaadhaan hafuurota hamoota baasa" jedhan. Yesuus immoo yaada isaanii beekee, "Biyya kam illee taanaan tokkummaan isaa yoo gargar cabe, mootummaan isaa dhaabatee hin turu, mandarri tokko yookiis maatiin tokko ofii isaa irratti ka`ee yoo gargar cabe, dhaabbachuu hindanda`u/ seexaannis Seexaana yoo baase ofii isaatii gargar in caba, egaa mootummaan isaa attamitti dhaabachuu danda`a ree? Yoo ani human Bi`el Zebuliin hafuurota hamoota baase, ijoolleen keessan immoo human eenyuutiin isaan baasu? Kanaafis ijoolleedhumti keessan isinitti in farachiisu. Ani garuu hafuura Waaqayyootiin hafuurota hamoota kanan baasu erga ta`ee, mootummaan Waaqayyoo isin irratti dhufeera. Yookiis namicha jabaa sana duraan dursee yoo hidhe malee, attamitti namni mana nama jabaa tokko lixee mi`a isaa saamuu danda`a ree? Erga isa hidhee garuu dhuguma mana isaa akka jirutti saamuu in danda`a. eenyu illee gara koo yoo ta`uu dhaabaate mormituu koo ti, akkasumas na gargaaree kan walitti hin qabne, in bittimsa" (Maatewos 12:22-30). Yohannisis Akkas jedheera "Isin Abbota nana. Isa jalqabaa jalqabee jiru sana akka beektan isiniif caafeera. Isin dargargoota nana ! Isin jaboo akka taatan, dubbiin Waaqayyoos isin keessa akka jiraatu, isa hamaas akka mootan isiniif caafeera" (1 Yohannis 2:14). Itti fufee Yohannis akkas jedhe "Ergichi isin jalqabaa jalqabdanii dhageessan "Wal jaallachuun nuuf ta`a" isa jedhuu dha. Akka Qaayin ta`uun hin ta`u. inn ikan isa hamaa Sanaa ture, obboleessa isaas in ajjeese. Sababii maaliitiif immoo isa ajjeese? Hojiin ofii isaa hamaa ta`ee, hojiin obboleessa isaa qajeelaa waan ta`eef isa ajjeese" (1 Yohannis 3:11-12). Booda irras dabalee akkas jedha "Namni mucaa Waaqayyoo ta`e cubbuutti qabamee akka hin jiraanne in beekna, ilmi Waaqayyoo isa in eega, inni hamaanis isa hin tuqu. Nuyi kan Waaqayyoo akka taane, guutummaan biyya lafaa immoo harka isa hamaa jala akka jiru in beekna" (1 Yohannis 5:18-19). Yohaannis ammas

mullata keessatti “Bineensichi guddichi akka jawwee sun, bofni bara durii, inni Diiyaabilos, Seexaanas jedhame, inni guutummaa biyya lafaa Wallaalchisu gara biyya lafaatti gad in darbatame, ergamoonni isaas isaa wajjin gad in darbataman” (Mullata Yohannis 12:9). Caalaatti ibsuudhaaf, gocha isaa akkasitti ibsa “Kana booddees ergamaan banaa iddoo isa lafa jalaa Sanaa, fuuncaa guddaas of harkaa qabu tokko, waaqa keessaa gad bu`uu isaa nan arge. Inni bineensa akka jawwee, bofa bara durii, Diiyaabilos, Seexana sana qabee, wagga kuma tokkoof in hidhe. Waggaan kumni sun hamma raawwatamutti, akka inni deebi`ee saba biyya lafaa hin Wallaalchifnetti, iddoo isa lafa jalaa sanatti darbatee, balbala itti cufee mallattoo itti godhe, isa boddee garuu yeroo muraasaaf gad dhiifamuun in ta`aaf” (Mullata Yohannis 20:1-3)

Yesuus warroota bara isaa keessa jiraniin akkas jedhe “Isin kan abbaa isa tokkoo, kan Seexaanaati, kajeellaa hamaa isa kan abbaa keessaniis gochuu in feetu. Jalqabumaa jalqabee inni sun nama ajjeesaa ture, dhugaan isa keessa waan hin jirreef, inni dhugaa irra hin dhaabbanne. Inni sobaa dha, abbaa sobaatis, kanaaf yommuu sobu isa garaa isaa keessa jiru in dubbata. Ani garuu isa dhugaa waanan isinitti dubbadhuuf ana hin amantan” jedhe (Yohaannis 8:44-45). Yesuus bartoota isaatiin akkas jedhe “Kanatti dabalee si`achi waan baayy`ee isinii wajjin hin dubbadhu, inni biyya lafaa kana seerratu dhufuutti jira, haa ta`u iyyuu malee, inni ana irratti aboo hin qabu” jedhe (Yohannis 14:30). Phaawulos Akkas jedheera “Wangeelli nuyi lallabnu yoo haguugame immoo, warra karaa badiisaa irra jiran duwwaadhaaf haguugame. Inni hamaan waaqayyicha

Bara si`anaa kana ta`e, yaada warra warra hin amanin Sanaa jaamseera, inni ifa ulfina Kristoos, isa fakkaattii Waaqayyoo wangeela keessaa ibsu sana, akka hin argineef isaan dhwweera” (2 Qorontos 4:3-4).

Garuu Seexaanni Eessaa dhufe? jettee gaafatta ta`a. waaqayyo waan hundumaa Uume (Seera Uumamaa 1:1). Waaqayyo isaa wajjin kan hojjetanis Ergamoota uumeera, garuu Ergamoota kana keessaa o lol of qabuudhaan Waaqayyoon mormuu jalqaban. Phheexroos akkas jedhee ibsa “Waaqayyo ergamoota iyyuu warra cubbuu hojjetan gad darbatee, boolla dukkanaa keessatti funyoo sibiilaatiin hidhamanii guyyaa firdiitiif akka kaa`aman godhe malee, isaan hin qusanne” (2 Pheexroos 2:4). Akkasuma nuyis yoo abboommii Waaqayyo mormine waan ta`uuf jiru Yihudaan akkas jedha “Isa Waaqayyo ergamoota warra warra aboo isaanitti kenname irra darbanii lafa taa`umsa isaanii gad dhiisan, funyoo hidhaa bara baraatiin duukkana jalatti hidhee firdii isa guyyaa guddaa sanaaf isaan eegu yaadadhaa” (Yihudaa 6), gaafa dhuma baraa sanatti Yesuus akkas jedha “ Ergasii mootichi namoo-

ta bitaa isaa jiraniin, `Isin abaaramoo nana, na biraa deemaa! Gara ibidda bara baraa isa Seexaanaa fi ergamoota Seexanaatiif qophaa`e dhaqaa" jedha (Maatewos 25:41).

Yeroo gara Jalqabaatti Deebinu, Waaqayyo Addaamii fi Hewaaniin Uume Eden keessa kaa`ee, ija Mukoota hunda akka nyaatan garuu isa Hamaa fi gaarii nama beeksisu akka hin nyaanne abboomee ture. Mee Caaffata sana haa dubbifnu "Bineensa bakkee Waaqayyo gooftaan uume hundumaa keessaa bofni caalaa haxxee ture, inni dubartittiidhaan, "Dhuguma Waaqayyo, `ija mukeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa hin nyaatinaa isiniin jedhee?" jedhe. Dubartittiin immoo bofichaan, "Nuyi ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran irraa nyaachuu in dandeenya, garuu muka isa iddoo dhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa, Waaqayyo, Ija isaa irraa hin nyaatinaa, isattis hin bu`inaa! kanaa achi in duutu` jedheera, jette. Bofichi immoo deebisee dubartittiidhaan "Hin duutan, isin ija mukichaa irraa yeroo nyaattan iji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka Waaqayyo akka isin taatan Waaqayyo in beeka" jedheen. Dubartittinis iji mukichaa nyaataaf gaarii ta`uu isaa, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta`uu isaa argitee, ija isaa irraa kutattee in nyaatte, abbaa manaa ishee isa ishee wajjin tureefis immoo in laatte, innis in nyaate. Yommus lamaanuu iji isaanii in baname, qullaa ta`uu isaaniis in beekan, kana irratti isaan baala harbuu walitti hulluuqsisanii marxoo isaa hojjetatan. Kana booddee namichii fi haati manaa isaa yeroo qilleensi qabbanaa`aan qilleensa`utti Waaqayyo gooftaan iddoo dhaabaa sana keessa utuu adeemuu sagalee dhaga`aan, isaan Waaqayyo gooftaa duraa mukkeetii iddoo dhaabaa sana gidduu in dhokatan. Waaqayyo gooftaan garuu namicha waamee, "Eessa jirta?" jedheen. Namichis "Ani sagalee miilla kee iddoo dhaabaa keessatti dhaga`ee qullaa koo waanan tureef nan sodaadhe, nan dhokadhes" jedheen. Waaqayyos, "Qullaa kee akka turte eenyu sitti hime? " Sila`oo ija mukichaa isa ani "Hin nyaatin" jedhee si abboome sana irraa nyaattee ree? " jedhe. Nzmichis , "Dubartittii ishee ati naa wajjin akka jiraattuuf naaf laattetu ija mukichaa neef kenne, anis nan nyaadhe" jedhe. Yommus Waaqayyo gooftaan dubartittiidhaan "Wanti ati goote kun maal inni? Jedhe, dubartittiinis "Bofichi na sossobnaanan nyaadhe" jette" (Seera Uumamaa 3:1-13). Dhuguma guyyaa sanatti dhiirrii fi dubartiin du`a hafuuraa du`an. Waaqayyos dhiira sana, dubartii sana bofichaa fi uumama hunda abaare. Maatewos 4 irratti Seexaanni qormaata gaaffii sadii Kristoosiif dhiheessee ture, garuu Krsistoos "Akkas jedhamee caafameera" jechuun dubbii Waaqayyootiin isa mo`ateera. Seexaannis mo`amee dhiisee sokke.

Kristos mo`ichi inni Seexaana irratti argate, kana duwwaa utuu hin ta`in, gaafa du`aa, awwaala keessaa ka`ee Ilma Waaqayyoo ta`uu isaa mirkaneessuu duwwaa utuu hin ta`in, ilmi namaa akka fayyuu danda`uu fi du`aa ka`umsa mirkaneessuu isaatiin mo`icha isaa raggaasise. Warra Kristosiif abboomaman akka fayyisu, Qormaata hundumaa akka mo`atan akka isaan gargaaru, dhuma irrattis mootummaa Waaqayyootti akka isaan fudhatu dubbateera waan ta`eef.

Jaallewwan koo ! Seexaanni Diyaaabiloos moofaan sun jireenya keessan akka dhuunfatu hin hayyaminaafii. Waan meeshaa biyya lafaa Kanaan gar akee akka dhufu hin hayyaminiif. Waan biyya lafaa kanaa kajeellaa foonii, gomjaasisaa ijaa, of tuulummaan isaa akka si irratti hojjetu hin hayyaminiif. Barsiisa dogoggoraa amantaatiin akka si wallaalchisuu fi akka si gowwoomsus hin hayyaminiif. Kristos Seexaana amma du`aatti akka isa jala hin deemne, akka isaan morminu barbaada. Dubbiin Waaqayyo macaafni qulqulluun bareedina dhugaa fi gara jireenya bara baraatti isa nu geessu nuuf ibsa. Akkasumas gara badiisaatti gara du`aatti isa nu geessu sossobbii seexaanaa dogoggorsuu isaa irraa nu akeekkachiisa.

Kanaaf iyyuu Seexaana irraa of Eeggadhaa. Isaanis hin gowwoonfaminaa. Dubbii Waaqayyoo dubbisaa qu`adhaa, gooftaa fi karaa gooftaa baradhaa. Garuu diina kee Seexaana irraa gargar ba`uudhaaf dubbii Waaqayyoo qu`adhu, Waaqayyo abbaatti Ilma Isaa Yesuus Kristoositti Amani. Amantii malee Waaqayyoon gammachiisuun hin dandaa`amu (Ibroota 11:6). Waaqayyoo fi Kristositti akka amanuu qabnu Kristoos dubbateera (Yohannis 14:1-3). Seexaana akka gannuuf, Kristoos duukkaa akka buunuuf, hamaa irraa akka fagaannu Waaqayyo nu irraa barbaada. Hundumtuu akka yaada garaa geeddarannu barbaada. (Hojii Ergamootaa 17:30-31), Kristoos immoo yoo yaada garaa geeddarachuu baanne akka badnu himeera(Luuqaas 13:3). Achiis Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa akka dhugaa baanu himeera (Maatewos 10:32). Dhuma irrattis dhiifamuu cubbuu keenyaaf akka cuuphamnu himeera (Maarqos 16:16). Pheexroos yoo yaada garaa geeddarannee, cuuphamne dhiifama cubbuu akka argannu kennaa hafuura qulqulluus akka fudhannu himeera (Hojii Ergamootaa 2:38). Yeroo kana goonu immoo gooftaan Waldaa isaatti nu dabala (Hojii Ergamootaa 2:47). Kristoosiin immoo uumama haaraa taana (2 Qorontos 5:17). Kanaaf iyyuu nuyi kan Seexaanaa hin taanu Kan Kristoos malee. Kan Kristoos kan taane immoo Kristiyaana jedhamna (1 Pheexroos 4:16). Amma dhumaatti gooftaadhaaf yoo amanamne Waaqa irraa mana qabna (Mullata Yohannis 2:10, 22:14).

## Barumsa 33
## Bantiwwan Waaqaatti Maaliif Amanna

Waa`ee bantiwwan waaqaa yeroon jedhu, waa`ee duumessaa, waa`ee Isa ijaan mullatuu jechaa hin jiru, yeroo baayyee samii mullatu akkas jennee waamna waan ta`eef. Kanin jechaa jiru garuu, iddoo teessoo Waaqayyo, iddoo warri qajeelotaa, warri qulqullootaa jiraatanin jedha.

Mana qulqullootaaf, qajeelotaafis qophaa`ee dha. Iddoon kun Yeruus-Aalem haaraa jedhamtees in waamamti.

Caaffanni qulqullaa`oon waa`ee bantiiwwan Waaqaa in dubbatu.kristos qajeelummaaf jecha waa`ee warra Ari`atamanii akkas jedha."Isaan raajota warra isin duraa akkasuma ari`achaa turan, egaa yeroo hundumaa gammadaa ililchaa waaqa irratti gatiin keessan guddaa in ta`a" isaaniin jedhe.(Maatewos 5:12). Yesuus bartoota isaatiin akkas jedhe "Kana irratti inni, "Yommuu kadhattan akka kanatti fufee jirutti kadhadhaa! "Yaa abbaa, yaa isa waaqa irra jirtu abbaa keenyaa, Maqaan kee haa qulqullaa`u, Mootummaan kee haa dhufu, jaalalli kee waaqa irratti akka ta`u akkasuma immoo lafa irratti haa ta`u" jedheen (Luuqaas 11:2). Akkasuma ammas akkas jedheen "Garuu badhaadhummaa ofii keessaniif waaqa irratti iddoo biliin yookiis daana`oon hin nyaannetti, hattuunis cabsitee iddoo hin hatnetti, walitti qabadhaa, garaan kee lafa badhaadhummaan kee jirutti hidhama" jedhe (Maatewos 6:20-21). Bartoonni isaa inni Ilma Waaqayyoo ta`uu isaa yeroo dhugaa ba`anitti akkas jedheen "Banaa mootummaa Waaqaa siifan kenna, waanumti ati lafa irratti hiite, waaqa irratti hidhamaa in ta`a, waanumti ati lafa irratti hiikte,immoo waaqa irrattis hiikamaa in ta`a" jedhe (Maatewos 16:19). Yeroo jarreen torbaatamii lamaan erges akkas jedhe" Ani kunoo, mar`ataa irra, torbaanqabaa irra, aangoo diinaa hundumaa irras ejjechuu akka dandeessaniif gooftummaa isiniif kenneera, homtinuu isin hin miidhu. Haa ta`u iyyuu malee, hafuuronni hamoonni isiniif abboomamuu isaaniitti hin gammadinaa, maqaan keessan waaqa irratti waan caafameef, guddisaa gammadaa malee" jedheen (Luqaas 10:19-20).

Kristoos fayyina nama cubbamaa tokkootiif Waaqa irratti gammachuutu ta`a jedha.(Luqaas 15:7). Kristos Akka Waaqa irraa bu`e in dubbata (Yohannis 3:13). Yesuus abbaan akka waaqa irraa buddeena kennus in dubbata (Yohannis 6:32). Phaawulos Warra Qorontosin akkas jedha "Godoon jireenya keenyaa, kana jechuunis dhagni keenya, lafa kana irraa yoo jige, ijaarsa harki namaa hin ijaarin, mana bara baraan bantii waaqaa keessa jiraatu Waaqayyo biraa akka qabnu in beekna" (2 Qorontos 5:1). Kristiyaanota Galatiyaatiifis "Haa ta`u iyyuu malee, ani yookiis ergamaan waaqa irraa

tokko, wangeela isa nuyi Kanaan dura isinitti himnettii kan gargar ba`e yoo isinitti hime, abaaramaa haa ta`u" jedha (Galatiyaa 1:8). Kristiyaanota Tasalonqeetiinis "Isin warra rakkachaa jirtan immoo gaafa gooftaan Yesuus ergamoota aangoo isaa wajjin waaqa irraa mul`atu nuyii wajjin kana jalaa isin in baasa. Gooftichi ibidda bobaa`aa wajjin in mul`ata, gaafas warra Waaqayyoon beekuu hin barbaadin, warra wangeela gooftaa keenya Yesuusiif hin abboomaminis in adaba. Isaan kun argaa gooftaa duraa, ulfina aangoo isaa duraas fageeffamanii badiisa bara baraatiin in adabamu" (2 Tasalonqe 1:7-9). Pheexroosis akkas jedheera, "Waaqayyo abbaa gooftaa keenyaa Yesuus Kristoosiif galanin haa ta`u ! Inni araara isaa isa guddaadhaan, Yesuus Kristoos warra du`an keessaa ka`uu isaatiin, abdii isa jiraataa kanatti qabamnee akka jiraannuuf haaraa godhee nu dhaalchiseera. Waan hin badne, waan xurii hin qabne, waan gad deebi`aa hin adeemnes, iswaaqa keessatti isiniif eegamee jirutti darbitanii akka fudhattan godheera. Kunis, isin warra, karaa amantii fayyina bara booddeetti mul`achuuf qophaa`ee taa`u sanaaf, human Waaqayyootiin eegamtanii jiraataniif in ta`a." jedha (1 Phexros 1:3-5). Yohannis waa`ee Waaqaa akkas jedha "Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge, bantiin waaqaa inni duraa, Lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi`ee hin argamu. Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheen haaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsa isheetiif kuulamteetti, qophooftee utuu gad buutuu nan arge" jedha (Mullata Yohannis 21:1-2). Kanaaf Bantiwwan waaqaa, iddoo jireenya Waaqayyoo fi iddoo jireenya qulqullootaa ta`uu isaa caaffata qulqullaa`oo kam iyyuu keessatti kan argachuu dandeenyuu dha.

Eenyutu gara Mootummaa Waaqaa kanatti gala? Kristos akkas jedhe "Deebitanii akka mucoolii kanaa yoo ta`uudhaa baattan mootummaa Waaqaatti matumaa hin galtan" jedha (Matewos 18:3).kana jechuun ijoolleen xixiqqoon daa`imni, warri sadarkaa itti gaafatamuu cubbuu hin geenye, waan garii fi hamaa adda baasanii kan hin beekne yoo du`an mootummaa Waaqayyootti galu. Mootummaan Waaqayyo ykn waldaan Kristiaanaa bantii Waaqaa akka jirtu Phaawulos nutti hima, "Wanti hin badne iddoo wanta badu kanaa yommuu bu`u, wanti hin duunes iddoo wanta du`u kanaa yommuu bu`u, inni "Duuni badduu ba`e, mo`ichi argameera" jedha (1 Qorontos 15:54). Akkasuma kan Efeesooniif caafame "Kristoos mataa waldaa kristiyaanaa akkuma ta`e, abbaan manaas mataa haadha manaa ti, Kristoos fayyisaa waldaa kristiyaanaati, waldaan immoo dhagna isaati" (Efeesoon 5:23). Akkasuma Qolosaayis 1:18, Hojii Ergamootaa 20:28), kana nuuf ibsu. Ammas Efeesooniif "Waldaas xurii fi dirmammuun, wanti kana fakkaatus utuu

irratti hin argaman fudhatamtuu mudaa hin qabne godhee, ulfinaan of dura ishee dhaabuuf jira" (Efeesoon 5:27). Maatewos 13:41, irratti Gooftaan ergamoota isaa ergee mootummaa ykn waldaa isaa keessaa warra gufachiisan walitti qabanii ibiddatti akka darbatan dubbata. Kanaaf Waaqayyoof abboomamnee, mootummaa Waaqayyootti, waldaa Kristiyaanaatti dabalamuun akka nu irra jiru beekuu qabna. Qulqulloonni, gooftaaf amanamoo warri ta`an mootummaa Waaqayyootti akka galan Kristos in dubbata."Dhiphina isa sitti dhufuuf jiru hin sodaatin. Kunoo, Seexaanni, akka isin qoramtanii ilaalamtaniif, isin keessaa kaan mana hidhaatti akka galfamtan gochuuf jedha, guyyaa kudhaniif rakkina argachuuf jirtu, du`a yoo sitti fide iyyuu, ati hamma du`aatti amanamaa ta`I ! Ani immoo gonfoo ittiin jieenya argatan siifan kenna" (Mullata Yohannis 2:10). Yaaqob akkas jedha "Namni qoramsa isatti dhufu obsaan danda`e, haa gammadu ! Qoramee erga ilaalamee booddee, jireenya isa Waaqayyo warra isa jaallatan abdachiise akka gonfootti argachuuf jira" (Yaaqoob 1:12). Yohaannis mullata keessatti akkas jedha "Warri uffata isaanii miiccatan haa gammadan ! Isaan muka jireenyaa namaaf kennu bira ga`uudhaaf aboo qabu, karra sanaanis manadarichatti ol in galu" (Maul`ata Yohannis 22:14).

Akkasuma immoo warri Mootummaa Waaqayyoo keessa jiraachuu hin dandeenye, Seexaanaa fi Ergamoota isaa (Matewos 25:41). Kristiyaanota ganan ykn amanamoo hin taane, (Maatewos 13:41). Hamoota (1 Qorontos 6:9-10, Galatiyaa 5:19-21,M. Yohannis 21:8, "Qoodi warra lugnootaa, warra amantihin qabnee, warra ciigga`amoo, warra gumaa, warra halalee, warra qoricha namatti godhanii, warra waaqayyoolii tolfamoo waaqessanii, warra sobduu, hundumaas garuu kuufama ibiddii fi dhagaan boba`u keessaa balachu in ta`a, Innis du`a lammaffaa dha" naan jedhe "( M.Y. 21:8). Yaadadhu qoodni warra of hin argines achuma (Maatewos 24:51) dhuma irratti warri amantaa dogogoraa fi warri gowwonfamanis achuma. (Roomaa 16:17-18, 2 Ximotewos 3:13).

Bantii Waaqaa irra eenyutu jira? Waaqayyo achi jira. Bantiiwwan Waaqa iddoo jireenya mandara Waaqayyo ta`uu isaa caaffanni in dubbata (Ibroota 12:22). Yesuusis achi jira. (Hojii Ergamootaa 2:32-33). Ergamoonni Waaqayyoos achi jiraatu ( 2 Tasalonqe 1:7-9).

Bantiiwwan Waaqaa maal fakkaata? Yohannis yommuu barreesse akkas jedha "Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge, bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi`ee hin argamu. Yeruusaalem mandarri qulqullittiin ishaan haaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsa isheetiif kuu-

lamteetti, qophooftee utuu gad buutuu nan arge. Yommus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga`e innis teessoo sana biraa. "Kunoo, iddoon Waaqayyo buufatu namoota gidduu dha, inni isaan bira buufachuudhaaf jira, isaanis saba isaa ta`uuf jiru, Waaqayyo ofii isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira. Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa, wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi`ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis, si`achi hin jiru" jedhe. Inni teessoo irra taa`e immoo, "Kunoo, ani waan hundumaa haaraa nan godha" jedhe, itti dabales. Dubbiin kun amanamaa dhugaas waan ta`eef, kana caafi" naan jedhe. Akkasumas, "Ta`eera ! Ani alfaa dha, Omeegaa dhas, isa jalqabaa ti, isa dhumaa tis, ani isa dheeboteef buqituu bishaan isa jireenya kennuu irraa tola nan kenna. Inni mo`u kana itti darbee argachuuf jira, ani Waaqayyo isaa nan ta`a, innis ilma koo in ta`a" jedhe. (Mullata Yohannis 21:1-7). Itti dabalee Yohannis akkas jedha "Kana booddees ergamichi laga bishaan jireenya namaaf kennu, isa bishaan isaa akka cabbii addaatu teessoo Waaqayyootii fi hoolichaa biraa ba`u anatti agarsiise. Bishaanichi karaa mandarichaa walakkaa in yaa`a, lagicha gamaa gamanaas muka jireenyaa namaaf kennu tokkotu dhaabata, mukti kun waggaatti si`a kudha lama ija waan godhatuuf, ji`a ji`aan iji irraa in argama, baalli mukichaas saba biyya lafaa fayyisuudhaaf in ta`a. wanti abaaramaan mandarattii keessatti hin argamu, teessoon Waaqayyoo fi hoolichaa ishee keessa jira, hojjetoonni isaas isaaf in hojjetu. Isaan fuula isaa arguuf jiru, maqaan isaas adda isaanii irratti argamuuf jira. Halkanis deebi`ee hin argamu, Waaqayyo gooftaan ifa isaanii ta`uuf waan jiruuf, ifni ibsaa, ifni aduus isaaniif hin barbaachisu. Isaan baraa hamma baraatti mo`uuf jiru. Yeroo sanatti ergamichi "Dubbiin kun hundinuu amanamaa dha, dhugaadhas, Waaqayyo gooftaan inni hafuurota raajonni ittiin dubbatan abboomu, wanta dafee ta`uun irra jiru hojjetoota isaatti argisiisuudhaaf ergamaa isaa erge" nan jedhe. Inni dhufu sun, "Kunoo, ani dafee nan dhufa, dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame kana eegu, attam haa gammadu" jedhe (Mullata Yohannis 22:1-7).

Dhugumatti guutummaa Mullata Yohannis kana yeroo dubbifnu inni hafuuraan guutamee, karaa bantiiwwan waaqaa warqeedhaan, hundee magalaa ishees dhagoolli ulfaatoodhaan, waan kana fakkaataniin guutamuu ishee ibsa Yohannis. Kunis waan ta`uuf jiruu dha jedha. "Kun Mul`ata Yesuus Kristos, isa inni ittiin wanta dafee ta`uun irra jiru hojjetoota isaatti agarsiisuuf Waaqayyo biraa argatee dha, inni ergamaa isaa waaqa irraa ergee kana hojjetaa isaa Yohannisitti beeksise. Yohannis wanta Waaqayyo dubbate, Yesuus Kristos isaaf dhugaa ba`uu isaa hamma dhaga`ee fi hamma arge dhugaa ba`eera. Barri kun itti raawwatamu waan dhi`aateef, namni isa inni

dhugaa ba`e kana dhageessisee dubbisu, warri dubbii raajii dubbatame kana dhaga`aanii, wanta isa keessatti caafames eegan attam haa gammadan" jedhe (Mulla`ata Yohannis 1:1-3). Kanaaf Yohannis nama waan ta`eef waan ta`ee hin beekne, waan ammuu namaa olii argeera. Waa`ee mootummaa Waaqayyoo fi ulfina isaatiis akka namoonni hubachuu dandaa`anitti ibsuus yaaleera. Kanaaf waan arge hunda fakkii dhaan dhiheessuus yaaleera. Isas warqeetti waan akka albuudotaatiinis kaa`uun isaas dinqisiisaa dha.

Namni tokko akkas jedhe, "Mootummaan Waaqayyoo kan qophaa`eef warra mootummaa Waaqayyoof of qopheessaniifi" jedheera. Iddoon kun kan Waaqayyoo fi sabni Waaqayyoo keessa jiraatanii dha. Iddoon kun iddoo duuti hin jirree dha, iddoo jireenya bara baraati, namni fooniin du`us qulqulloonni hafuuraan bara baraan jiraatu. Kana hubachuudhaaf hamma tattaafannetti hubachuu dandeenya. Waaqayyoof amanamoo taanee, isa jedhame kana amantiidhaan in eegganna. Waaqayyo dhugaa dha, isa abdachiise in raawwata, inni isa yaadnuu fi isa kadhannuu olitti nuuf godhuuf amanamaa dha. Ameen.

Gara mootummaa kanaa dhaquu hin barbaadduu? Waaqayyoo wajjin jiraachuu hin barbaadduu ? jireenyi isuma biyya lafaa kana duwwaa utuu ta`e akkam nama jibbisiisa. Garuu rakkinaa fi gidiraa kana hunda keessa dabarree iddoo gammachuun bara baraan jiru dhaquuf jirra.

Ati Kristiyaana miti yoo taate baddeetta. Awwaalaa ala abdii hin qabaattu. Kana akka hubattuu fi tarkaanfii akka fudhattun si gorsa, Kristoositti Amani, yaada garaa geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu cubbuu keetiitiif immoo bishaan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphami. Yommus gooftaan si fayyisa Waldaa isaattis si dabala (Maarqos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:47). Ammas kana gochuuf carraa waan qabduuf, akka murteessitee gootuuf sin jajjabeessa, siif kadhannas.

## Barumsa 34
## Jahannamni jiraachuu maaliif amanna

Jiraachuu jahaannamaatti in amanna. Yeroo tokko tokko waa`ee jahannamaa, kuufama ibiddaa, dhagaa bob`aa yeroo lallabnu, namoonni nu himatu, hin jaallatan, nuyi garuu beenyaa cubbuu isaaniitiif namoonni achi keessatti darbatamuu isaanii yeroo himnu, in gammanna, sababni isaa waan Caaffanni qulqullaa`oon himaniidha waan ta`eef.. waan Macaafni jedhutti inni amanna, jahaannamni jiraachuutti in amanna. Garuu namni tokko illee gara jahaannama kanaatti akka galuuf fedhii eenyuu iyyuu miti, warra mata jabeenyaan abboomamuu didanii kanatti galuu filatan yeroo yaadan-

nus baayy`ee gaddina.

Gara qu`annaa keenyaatti utuu hin dhaqin waa`ee Jahaannamaa yeroo fudhannee haasofna. Yeroo tokko tokko Sii`ol, yeroo tokko tokkos du`a jedhameera. Fakkeenyaaf Maatewos 16:18, irratti Kristoos Duuti illee Waldaa isaa hundeessuu irraa akka isa hanbisuu hin dandeenye dubbateera "Gooftummaa du`aa matumaa waldicha irratti human hinqabu" jedha waan ta`eef. Jahannamni ykn Si`ol garuu, iddoo dhiphinaa, iddoo kuufama ibiddaa, warri hamoonni baraa hamma baraatti kan keessa jiraataniidha. Mana jireenya bara baraa lubbuu badaniiti.

Garuu maaliif namoonni gara kuufama ibiddaa dhaqa? Waaqayyo Waaqni jaalalaa maaliif namoota gara kanatti darbata? Gaaffiin kun caalaatti Waa`ee Si`oliin akka ibsinuuf nu gargaara.iddoon kun dhugumatti namootaaf hin qophoofne, kan inni qophaa`eef Seexanaa fi Ergamoota isaatiif qophaa`e, garuu, warri hamoonni jal`oonni jall`ina isaaniitiin iddoo Seexaanaa fi ergamoota isaatiif qophaa`e dhaqu. Kristos warra hamootaan akkas jedhe "Ergasii Mootichi namoota bitaa isaa jiraniin, `Isin abaaramoo nana, na biraa adeemaa! Gara ibidda bara baraa Seexanaa fi ergamoota Seexanaatiif qopha`e dhaqa" jedhe (Maatewos 25:41). Kanaaf iyyuu Seexanni, Diyabilos Cubbuu, badiisa, hammina iddoo bu`a, inni mormaa qajeelummaa fi mormaa wantoota gariiti, inni diina Waaqayyooti, inni Ergamoota mataa isaatii qaba. Si`ol isaa fi ergamoota isaatiif qophaa`e, Si`ol namaa akka hin qophoofne beeku qabna, namoonni haama fedhe illee yoo cubbamoo ta`an Waaqayyo Waaqni Jaalalaa karaa ittiin Cubbuu kana jalaa ba`an, haala mijeesseefii jira, ilmi namaa, yeroo Waaqayyoon ganu, mormu, yeroo wangeela fayyinaaf isatti himame, finciluu fi Fayynia karaa Kristoos Yesuus kenname sana dhabutu itti faradama. Kanas kan godhu Waaqayyo utuu hin ta`in Namatu filannoo isaatiin ofitti fida. Kanaaf iyyuu fayyina dhufeef fudhachuu dhiisuudhaan waan isa irra ga`uuf kan inni komachuu qabu matuma isaa malee qama biraa ta`uu hin qabu.

Yeroo baayyee akka Jannatni Ol Waaqa irra, Si`ol immoo lafaa gadi ta`eetti ibsama, haa ta`u malee waa`ee kanaa Macaafni waan jedhe hin qabu, garuu Lamaan isaanii jiraachuu fi Warra qajeelonni gara Jannataa, warri Seexanni, ergamaan isaa fi Warri jall`oonni Si`olitti galuun isaanii qabatamaa dha.

Akkuma durattis ibsame Si`ol iddoo adabbiiti. Kristoos Namni obboleessa isaatiin doofaa jedhe ibidda qileetti darbatama, (Maatewos 5:22), jedhee Akeekkachiisa kennuun isaa of eeggannoo dhaaf ta`uu beekuu qabna. Guyyaa dhumaa sanatti warra hamoota akka walitti qabaniif ergamoota isaa

akka ergu “Ilmi namaa ergamoota isaa in erga, isaanis karaa Waaqayyo irraa waan nama gufachiisu hundumaa, warra hamaa hojjetan hundumaas mootummaa isaa keessaa walitti in qabu. Boolla ibiddaattis isaan in darbatu. Achitti boo`ichii fi ilkaan qaruun isaan irra in ga`a” jedha (Maatewos 13:41-42). Yohannisis akkas jedhee barreesseera “Kana booddees duunii fi mootummaan warra du`anii kuufama ibiddaatti gad in darbataman, kuufamni ibiddaa kun du`a isa lammaffaa dha. Namni maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis kuufama ibiddaatti gad in darbatame” (Mull`ata Yohannis 20:14-15). Itti dabalees akas jedheera “Qoodi warra lugnootaa, warra amantii hin qabnee, warra ciigga`amoo, warra gumaa, warra halalee, warra qoricha namatti godhanii, warra waaqayyolii tolfaman waaqessanii, warra sobduu hundumaas garuu, kuufama ibiddii fi dhagaan boba`u keessaa balalchu in ta`a, innis du`a lammaffaa dha” jedhe (Mull`ata Yohannis 21:8). Duuti foonii hundumaaf akka jiru beekkamaa dha, duuti inni kun immoo du`a lammaffaa isa Waaqayyo irraa adda ba`uudha. Iddoo adabbii bara baraa isa ta`e jahaannamatti gatamuu dha. Nama kun itti ta`eef abdiin tokko illee hin jiruuf.

Yohaannis cuuphaan waa`ee dhufaatii Yesuus yeroo labse akkas jedhe “Yohannis itti fufee, “Yaada garaa keessanii geeddarachuu keessaniif bishaaniin isin nan cuupha, inni ana booddee dhufu garuu ana irra in jabaata, anis kophee miilla isaatii illee baachuudhaaf nama ta`u miti, inni hafuura qulqulluudhaa fi ibiddaan isin cuupha. Oobdii isaa keessatti midhaan kan ittiin qulleessu hafarsaa of harkaa qaba, midhaan isa qulleeffames gombisaa isaatti in sassaaba, habaqii isaa garuu ibidda hin dhaamneen in guba” jedhe (Maatewos 3:11-12). As irratti Kristoos hafuura qulqulluutiin akka cuuphu ibsameera. Kunis bartoota isaa ilaalchisee gorsaa kan ta`e hafuura akka ergu abdii kenneera (Yohannis 16:13, Hojii Ergamootaa 2). Ammas Kristoos akka ibiddaan cuuphus himameera, innis guyyaa isa dhumaa warra cubbamoota warra wangeela fudhachuu didan irratti kan godhu himaa jira. Qamadiin ykn qajeelonni gombisaatti naqamu, habaqiin ykn cubbamoonni ibiddatti darbatamu. Isa jedhu ibsa.

Yohannis ammas akkas jedha, “Innis ofii isaatii dadhii wayinii dheekkamsa isatti buufame dhuguuf jira, fuula ergamoota qulqullootaatti, fuula hoolichaa durattis ibiddaa fi dhagaa boba`uun dhiphifamuuf jira” (M. Yohannis 14:10).

Yesuus akkas jedhe “Warra foon namaa ajjeesani lubbuu garuu ajjeesuu hin dandeenye hin sodaatinaa ! Kanaa manna isa lubbuu fi foon qilillee keessatti balleessuu danda`u sodaadhaa” (Maatewos 10:28). Ammas akkas

jedhe “Isin bofoota, ijoollee mar`ataa nana ! qilillee keessatti adabamuu jalaa attamitti baatu ree? Jedhe (Maatewos 23:33). Yesuus farisotaa fi Barreessota bara isaa jiraanif kana luqqiseef.

Barreessaan Macaafa Ibrootaas “Namni Seera Musee hojii irra akka hin oolle godhe, dhuga-baatonni lama yookiis sadii erga dhugaa itti ba`anii oo`a malee in ajjeefama. Nama ilma Waaqayyootti miilla haxaa`atuuf, nama dhiiga kakuu isa ittiin qullaa`e sana waan xuraa`aatti lakkaa`uuf, hafuura ayyaana namaaf kennu isa arrabsiisuufis, adaba isa irra hammaatu hammamiitu isaaf mala jettanii yaaddu ree? (Ibroota 10:28-29). Phaawulosis Isin warra rakkachaa jirtan immoo gaafa gooftaan Yesuus ergamoota aangoo isaa wajjin kana jalaa isin baasa. Gooftichi ibidda bobaa`a wajjin in mull`ata gaafas warra Waaqayyoon beekuu hin barbaadin, warra wangeela gooftaa keenya Yesuusiif hin abboomaminis in adaba. Isaan kun argaa gooftaa duraa, ulfina aangoo isaa duraas fageeffamanii badiisa bara baraatiin in adabamu” (2 Tasalonqee 1:7-9). Kristos waa`ee warra Hamoo fi qajeelotaa akkas jedheera “Isaan gara adaba bara baraa, warri qajeelonni garuu gara jireenya bara baraa in dhaqu” jedhe (Maatewos 25:46). Ammas “Warri ijoollee mootummichaa ta`uudhaaf yaadaman garuu, dukkana isa alaatti in darbatamu, achitti namoonni in boo`u ilkaanis in qaru” (Maatewos 8:12). Phaawulos Kristiyaana warra Roomaatiif “Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du`a, Kennaan Waaqayyoo inni Kristoos Yesuus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuu jireenya bara baraati” (Roomaa 6:23). Yohannis akkas jedha “Seexaanni inni isaan gowwoomses kuufama ibiddaa fi dhagaa boba`u, lafa bineensichii fi raajiin sobduun sun jiranitti gad in darbatame, isaan baraa hamma baraatti halkanii I guyyaa dhiphifamuuf jiru” (Mullata Yohannis 20:10).

Yesuus Waa`ee namicha Sooressaa fi Hiyyeessa tokko akkas jedhe “Amma immoo “Al tokko namichi sooressi tokko ture, innis uffata irraa fi jalaan dhagnatti tolu fi ijatti miidhagu gatiin isaa baayy`eek an guddate geggeeddaruudhaan guyyuma guyyaatti qannootti jiraata ture. Deegaan Alaazaar jedhamu, namummaan isaa guutummaatti madaa`e tokko immoo balbala kellaa isaa dura kaa`amee ture. Inni achi ciisee hurraa harca`ee gatamu illee nyaachuudhaaf in kajeela ture, saroonni immoo dhufanii madaa isaa in arraabu turan. Gaaf tokko namichi deegaan sun du`ee. Ergamoota Waaqayyootiin gara bukkee Abrahaamitti geeffame, sooreschis immoo du`ee awwaalames. Qiliillee keessas dhiphachaa utuma jiruu ol ilaalee, Abrahaam fagootti arge. Achumaanis, `Yaa abbaa ko Abrahaam, naa oo`I fiixee quba isaa bishaan cuuphee, arraba koo anaaf haa qabbaneessuufis Alaazaariin as anaaf ergi. Anoo ibidda kana keessatti dhiphachaan jira` jedhee waammate/ Abraham

garuu, “Yaa ilma ko, bara jireenya keetti carraa gaggaarii akka argatte yaadadhu, yommus Alaazaar immoo carraa gaggadhee argachaa ture. Amma garuu inni bal`inatti jira, ati immoo dhiphinatti jirta. Kana hundumaa irratti immoo as gama keenyaa gara keessanitti darbuu warri barbaadan, akka hin dandeenyetti, achis gara keenyatti akka hin ceenetti, bowwaa guddaan isaa nu gidduu jira ittiin jedhe. Inni immoo deebisee “Egaa immoo yaa abbaa koo, mana abbaa kootii akka isa ergitu sin kadhadha. Anoo obboloota shan qaba,isaanis as iddoo dhiphinaa kana akka hin dhufneef isaan haa akeekkachiisuu` jedhe/ arahaam garuu, `Isaan Museedhaa fi raajota qabu, isaan haa dhaggeeffatan` jedhe deebiseef. Inni immoo, `Waawuu, yaa abbaa ko Abrahaam, warra du`an keessaa tokko deebi`ee gara isaanii yoo dhaqe, yaada garaa isaanii geeddaratu malee,` jedhe. Abrahaam immoo `Museedhaa fi raajota yoo dhaga`uu dhaabaatan, warra du`an keessaa tokko deebi`ee ka`u iyyuu dhugaa dha hin jedhan` ittiin jedhe” jedhe (Luqaas 16:19-31). Kanaaf iyyuu Jahaannamni sirri dha, nuyis akka itti hin galle of eeggachuu qabna.

Waan kanaa olitti qu`anne yoo goolabnu Diyaabloosii fi Ergamoonni isaa Si`ool keessa jiraatu. Namoonni hamoon, warri Amantaadhaan gowwoonfaman, warri jall`oonni, warri hin amanamne hundis Iddoo kana jiraaachuuf jiru.

Jaallwwan ko! akeekkachiifni nuuf kennameera.Kristoos karaa fayyinaas nu barsiiseera. Mootummaa Waaqayyoottis akka galluuf, Sii`ol jalaas akka baanuuf waan hundumaa nuu mijeesseera. Garuu Gooftaan Eenyuun iyyuu hin dirqisiisu, fedhii ofii irratti hundaa`eeti, fudhachuu fi fudhachuu dhiisuun ga`ee keeti. Kadhannaan nuyi siif kadhannu Fayyina Kristoos kenne kana akka fudhattuu dha. Phawulos akkas jedha “Waaqayyo, “Yeroo ana biratti jaallatamee fudhatametti siif dhaga`eera” jedha. Kunoo yeroon jaallatamee fudhatame amma, kunoo guyyaan fayyinaa amma” (2 Qorontos 6:2). Kristoos ba`aa keenyaa wajjin akka gara isaa dhufnu nu waama.(Maatewos 11:28). Barreessaan Macaafa Ibrootaas fayyina keenyaaf yaaduu akka qabnu nu gorsa (Ibroota 2:3).

Fayyiteettaa ? mootummaa Waaqayyootti galuuf qophoofteettaa? Yoo kana hin goone ta`e baddeetta. Si`oltu si eeggata jechuudha. Jaala ko, gooftaa dhaggeeffadhu, Kristoositti Amani, cubbuu kee irraa yaada garaa geeddaradhu, Kristos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu cubbuu keetiitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphami. Yoo kana goote, gooftaan Si fayyisa, Waldaa isaattis si dabala. (Maarqoos 16:16, Hojii Ergamootaa 2:38, 47). Adaraa Sii`olitti hin galin.

## Barumsa 35
## Guyyaa Firdiitti , Maaliif amanna

Macaafni qulqulluun waa`ee guyyaa firdii in barsiisa. Kana jechuun guyyaa dhumaatti biyya lafaa kana irratti waan goone, waan hojjenne, waan dubbanne hundumaaf kan deebisaa itti deebifnu jechuu dha. Namoonni baayyeen waa`ee kanaa jechuunis biyya lafaa kana irratti waan hojjetan hundaaf itti gaafatama akka qabanii fi dhuma irratti itti gaafatamuuf akka jiran yaaduus dhaga`uus hin barbaadan, yeroo badii hojjetan, yeroo yakka hojjetan, poolisaan gaafatamuu, biyya isaaniitiif gibira kaffaluu, waan isaan irraa barbaadamu, gaafatamnii akka raawwataniif ajajamuu hin jaallatan, haa ta`u malee kun dhugaa jireenya keessatti ta`uu qabuudha. Jiruu isaanii keessatti qajeelfama hojjechiisaa isaanii irraa argataniin qajeelfamuun, gaaffii hojjechiisaan isaanii gaafatuufis deebisaa kennuun isaan irraa eeggama, mana barumsaa keessatti waan barataniif qormaataaf dhihaachuun qormaata sana irratti gaaffii dhihaatuuf deebisaa kennuun dirqama isaaniiti,mana waraanaa keessatti qondaalota isaaniitiifis gabaasa waan hojjetanii dhiheessuus dirqii dha. Akkasuma kallattii hundumaan biyya lafaa kana irratti waan hojjennu hundumaaf qaama ilaallatuuf waan deebisuu qabnu, waan gabaasuu qabnu akka jiru beekkamaa dha. Egaa kun jireenya biyya lafaa irratti waan nu mudatuu dha. Akkuma kana guyyaa isa dhumaa Sooressis, hiyyeessis, beekaa wallaalaa, xinnaa guddaa, ilmi namaa hundinuu fuula Waaqayyoo duratti firdii dhaaf gaafatamuuf jira.

Barreessaan Macaafa Ibrootaa akkas jedha "Namoonni al tokko du`uuf kaa`amaniiru, isa booddee immoo firdiitti in dhi`aatu" jedha.(Ibroota 9:27). Iddoo sana eenyutu jira? Phaawulos akkas jedha "Namni adduma addaan dhagna isaa kanatti utuu jiruu gaariis ta`e hamaas ta`e, akkuma hojjetetti waan isaaf ta`u akka argatuuf, nuyi hundumti keenya barcuma firdii Kristos duratti dhi`aachuuf jirra" (2 Qorontos 5:10) gaafa sana namni hundumtuu achitti argama, namni hunduinuu Kristos isa haqaan faradu duratti, akka hojii isaatiitti hamaas yoo hojjete gaarii itti faradama.

Phaawulos Warra Roomaatiif akkas jedhee barreesse "Nu keessaa tokko illee akeeka ofii isaatiif hin du`u. yoo jiraanne, akkeka gooftichaatiin jiraanna, yoo duunes akeeka gooftichaatiin duuna, egaa jiraannus duunus nuyi kan gooftichaati. Gooftaa warra du`aniif warra jiranii ta`uudhaaf, Kristos du`ee deebi`ee jiraate. Ati garuu maaliif obboleessa keetti faradda ree? Yookiis ati maaliif obboleessa kee ceephaata ree? Hundumti keenya barcuma firdii Waaqayyoo duratti dhi`aachuuf jirra. Caaffata qulqullaa`aa keessatti "Dhugaa ana isa jiraataa! Jilbi hundinuu anaaf jilbeenfachuuf, arrabni hun-

dinuus Ani Waaqayyo akkan ta`e beeksisuuf jiru` jedha gooftichi" kan jedhu caafameera. Kanaafis nu keessaa hundumtinuu adda addaan waan godhe sababii isaa wajjin Waaqayyotti himuuf jira" jedha. (Roomaa 14:7-12).

Phawulos warra Ateenaatiif Akkas jedhee barreesse "Bara wallaluma isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa`uu dhiiseera, amma garuu namni hundinuu iddo hundumaatti yaada garaa isaa akka geeddaratu abbomeera. Guyyaa itti harka nama fo`ate sanaatiin biyya lafaatti qajeeltootti faraduuf jedhu muree kaa`eera, namicha fo`ate sana du`aa kaasuu isaatiin , kana nama hundumaaf cimseera jedhe." (Hojii Ergamootaa 17:30-31). Akka Waaqayyo qajeeltootti faradu hubadhu. Kana jechuunis waan hundumaa firdiif qopheesseera jechuu dha, firdiin Waaqayyoo immoo sirrii dha. Firdii kanas karaa malee hin faradu, hin loogu, walis hin lolchiisu guyyaan kun yoom akka ta`e hin beeknu, Waaqayyo garuu beeka. Guyyaan dhufaatii gooftaas akkasuma eenyu iyyuu hin beeku abbaa malee jedheera Yesuus, erga akkas ta`e namni guyyaa kana beekuu hin danda`u jechuu dha.

Phaawulos yeroo fuula feeliks dura dhaabbate sana waan inni lallabe dubbatamuu baatus, Feeliksii fi Drusilaan halalumma keessa jiraachuu isaanii galmeen in dubbata "Yeroo Phawulos dubbii isaa kana keessatti waa`ee qajeel mmaa waa`ee of dhowwuu akkasumas waa`ee firdii isa dhufuu dubbatetti garuu, feelks in sodaate, "Ammaaf dhaquu In dandeessa, yommuu ani fucha argadu immoo sin waamsisa" ittiin jedhe"( Hojii Ergamootaa 24:25). Phawulos waan Feelks keessa jiru waan bareef, dhuma irratti waan hojjetu hundaaf firdii akka eeggatu gara jabinaan itti dubbate. Hin galleef waan ta`eef boodan si wa aama jedhee, utuu hin waamsisin booda irra du`eera, utuu yaada garaa hin jijj jratin du`uun isaa nama gaddisiisa.

Yesuus warroota amantaa bara isaa keessa jiraniin akkas jedhe "Isin ijoollee mar`ataa ! Ofii keessanii hamoota erga taatanii, attamitti gaarii dubbachuu dandeessu? Waan garaa namaa keessa guute afaan dubbata. Namni gaariin gaarummaa garaa isaa keessaa gaarii in baasa, namni hamaanis hammina garaa isaa keessaa hamaa in baasa. Ani isinittan hima, namoonni dubbii yaada malee afaan isaanii keessaa ba`e hundumaatti gaafatamanii, guyyaa firdiitti deebii deebisuuf jiru. Dubbii kee hundumaan siif in faradama, dubbii kee hundumaanis sitti in faradama" (Wangeela Maatewos 12:34-37). Kanaaf namni tokko waan yaaduu fi waan yaadee dubbatu sana utuu hin dubbatin duraan itti yaaduu qaba. sababni isaa waan dubbate sanatti itti gaafatama qaba, yoon waan gaarii ta`e badhaasa, yoo waan hamaa ta`e firdii adabaa qaba. kana beekuun isaa waan dubbatu itti yaadee madaalee, wanti ani dubbachuuf deemu kun faayidaa qabaa? Miidhaa qabaa? Waaqayyoon

in gammachiisaa? Gaaffilee jedhan of akka gaafatu isa godha jechuudha.

Phawulos Roomaa 2:16 irratti " Akka wangeela ani barsiisuutti, guyyaa Waaqayyo harka Yesuus Kristosiin dhoksaa namootaa bakkee baasee faradutti wanti kun in beekkama" jedha (Roomaa 2:16). Barreessaan macaafa Ibrootaas akkas jedha "Dubbiin Waaqayyoo jiraataa dha, human hojjetus of keessaa qaba, billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba, inni lubbuu fi afuura, buusaa fi dhuka gargar in baasa, yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf in danda`a. wanti Waaqayyo Uume tokko illee isa duraa dhokachuu hin danda`u, wanti hundinuu saaqamaa ija isaa durattis mul`ataa dha, nus waan goone sababii isaa wajjin isatti himuun nu irra jira" (Ibroota 4:12-13). Phaawulos warra Qorontoosiin akkas jedha "Inni isin anatti faraddan yookiis inni yaa`iin namaa anatti faradu, anaaf homaa miti, anis ofii kootii iyyuu hin faradu. Ani waan tokko iyyuu of irratti hin qeeqqadhu, garuu Kanaan "Yakka hin qabu jedhamee anaaf faradame" jechuu koo miti, gooftaatu anatti farada jechuu kooti malee. Kanaafis yeroon utuu hin ga`in, gooftaan utuu hin dhufin isin hin faradinaa ! Innoo waan dukkana keessa dhokatee jiru ifatti, yaada garaa namaas bakkeetti in baasa, gaafas adduma addaan Waaqayyo biraa galata argachuuf jiru" (1 Qorontos 4:3-5), ammas akkas jedha "Waaqayyo duratti, Kristos Yesuus isa warra jiranii fi warra du`anitti faraduuf jiru durattis, maqaa isa deebi`ee mul`ate, mootummaa isaas argisiisu sanaan cimsee sin gorsa" (2 Ximotewos 4:1). Guyyaa dhumaatti kan badhaasus isa ta`uu asitti nutti hima "Kanaa achis gonfoo qajeelummaa anaaf kaa`amee jira, gooftichi abbaan firdii inni qajeelaan guyyaa sanatti gonficha anaaf in kenna, ana duwwaaf utuu hin ta`in, warra deebi`ee mul`inatti dhufuu isaa jaallatan hundumaafis in kenna." (2 Ximotewos 4:8). Phaawulos gooftaan firdii qajeelaa guyyaa sanatti akka faraduu fi, gonfoos akka badhaasu, kana immoo warra isa jaallatan warra isaaf abboomaman hundumaaf ta`uu isaa nu barsiisaa jira.

Barreessaan macaafa Ibrootaa akkas jedha "Waldaa angafoota warra maqaan isaanii waaqa irratti caafamee, Waaqayyo abbaa firdii namoota hundumaa, lubbuu qajeeloa warra fiixaan ba`anii bira ga`uu keessan" jedha. (Ibroota 12:23), akkasuma 13:4, irratti "Gaa`elli hundumaa biratti ulfina-qabeessa haa ta`u, ciisichi gaa`elaas hin xureeffamin ! Waaqayyo warra halalee fi ejjituutti faraduuf jira" (13:4).

Yesuus immoo "Ilmi namaa ulfina isaatiin, ergamoonni Waaqaayyoos hundinuu isaa wajjin in dhufu, yommus inni teessoo ulfina isaatii irra in ta`a. yommus namoonni biyya lafaa hundinuu fuula isaa duratti walitti in qabamu, tikseen, hoolota re`ootattii akka gargar fo`u, innis namoota sana gargar in fo`a. warra hoolotaatti fakkeeffaman gara mirga isaa, warra re`oot-

atti fakkeeffamanis gara bitaa isaa in dhaaba" (Maatewos 25:31-33). As irratti gooftaan guyyaa tokko firdii akka kennu hima, guyyaa sana namoonni hundi fuula isaa duratti ba`u, warra cubbamoota jal`oota gara bitaa isaa, warra qajeelotaa gara mirga isaa dhaaba, qajeelonni Kristiyaanota amanamoo dha. Egaa yeroo firdiin kun raawwatamu warri gara bitaa jiran Si`oolitti yeroo ergaman warri mirgaa isaatii immoo gara jireenya bara baraatti ergamu. (Maatewos 25:46).

Amma kanneen goolabuudhaaf mee hubannaadhaan haa ilaallu.

1. Waaqayyo firdii kenna, kunis du`a booda, yookaan gaafa lammata dhufuu Yesuus ta`a.

2. Guyyaa sana namni hundinuu achitti walitti qabamuuf, jira, achi irraa kan oolu hin jiraatu, warri du`anis du`aa ka`anii warri jiranis dhihaachuuf jiru, sooressa, hiyyeessa, beekaa wallaalaa, guddaa xinnaa, jechuun hin jiru namni hundi fuula barcuma Waaqayyo duratti dhi`aata.

3. Waaqayyo karaa Ilma isaa Yesuus Kristos farada.

4. Namni hundinuu hamaas gaariis kan hojjete akka hojii isaatiitti itti faradama

5. Jechi hamaan dubbiin dhokataan hundi guyyaa sana bakkeetti ba`ee faradam.

6. Firdiin kun kan maayyiiti, kana booda carraan tokko illee hin jiraatu.

7. Guyyaa sana qajeelonni jireenya bara baraa itti galu, cubbamoonni warri hamoonni immoo Iddoo Diyabloosii fi ergamoota isaatiif qophaa`e badiisa bara baraatti galuuf jiru.

Ati hoo guyyaa Firdii sanaaf qophoofteettaa? Dubbii Yesuus Kristoos jedhe Yaadadhu "Nama ana tuffate, dubbii koo fudhachuu didetti kan faradu jira, dubbii ani dubbadhetu guyyaa isa dhumaatti isatti farada" jedheera" (Yohannis 12:48). Ammas akkas jedhe "Dhuguma dhuguman isinitti hima, yerichi warri du`an sagalee ilma Waaqayyoo itti dhaga`an dhufuuf jira, ammuma iyyuu dhufeera, warri isa dhagaa`anis in jiraatu. Abbaan ofumaa isaatii burqa jireenyaa akka ta`e, akkuma kanatti ilmi isaas immoo burqa jireenyaa akka ta`uuf isaaf kenneera. Inni ilma namaa isa ulfina-qabeessa waan ta`eef, abbaan isaa firdii akka inni faraduuf gooftummaa kenneeraaf. Waa`ee kanaa hin dinqisiifatinaa, warri du`anii awwaalaman sagalee isaa yeroon itti dhaga`an in dhufa. Isaan awwaala keessaa in ba`u, warri waan gaarii hojjetan jireenya argachuudhaaf in ka`u, warri waan hamaa hojjetan immoo firdiitti dhihaachuudhaaf in ka`u. Yesuus itti dabalee "Ani human kootiin homaa gochuu hin danda`u, abbaa koo irraa akkan dhaga`etti nan farada, firdiin ani faradus qajeelaa dha. Anoo yaada koo duukaa bu`uu hin barbaadu, yaada isa na ergee

duukaan bu`a malee" jedhe (Yohannis 5:25-30).

Jaallewwan ko ! Guyyaa firdii kanaaf qophaa`uu qabdu ! Kristositti amani, cubbuu kee irraa yaada garaa geeddaradhu, Kristoos ilma Waaqayyoo ta`uu isaa dhugaa ba`I, dhiifamuu cubbuu keetiitiif bishaan keessatti awwaalamuudhaan cuuphami, yoo kana goote, Kristoos si fayyisa, Waldaa isaattis si dabala. Yoo hamma dhumaatti amanamaa taatee isaa wajjin jiraatte, guyyaa tokko fuula isaa duratti sagalee akkas jedhu dhageessa " ati garbicha Amanamaa gaarii kan taate, kottu iddoo gammachuu gooftaa keetiitti gali" isa jedhu dhageessa. Gammachuun gooftaa si hin dinqisiisuu? Kunoo yeroo qabdaati itti qophaa`I, murteessi, firdii jalaas ba`i. akka Waaqayyo si gargaaruuf siif kadhanna.

## Barumsa 36
## Kristiyaanummaan Maaliif Adda ta`e

Kristiyaanni guutuu addunyaa keessa lakkoofsa miliyoonotaan lakkaa`amaniin jiru, kristiyaanonni yeroo ergaa isaan harka jiru dabarsanii himan immoo baayyachaa deemu.

Kristiyaanummaan kan irratti hundaa`e, Kristoositti amanuu irratti. Nama biraa, qulqulloota, raajota, barsiisa namootaa, ergamoota irratti miti. Ilma Waaqayyo kan ta`e cubbuu ilma namaatiif kan du`ee du`a mo`ate ka`e Kristos Yesuus irratti hundeeffame. Pheexroosii fi Ergamoonni Maatewos 16:18, irratti Ati Kristoos ilma Waaqayyo jiraataati jedhaniin. Waaqayyos sagalee Ilma koo isa Ani jaalladheedha isa dhagaa`a kan jedhu sagalee ergeera (Maatewos 17:5).

Kristiyaanummaa duwwaatu, hoogganaa jiraataatiin, hoogganamaa jira, hoogantoonni ykn hundeessitoonni Amantoota biraa hundi isaanii lubbuun hin Jirani, du`anii Awwaalcha keessatti hafaniiru, Kristoos jiraataan garuu du`ee du`as mo`ate Awwaala keessaas ba`ee gara mirga abbaa isaatii jira. Kristoos utuu hin du`iniin dura akka du`u du`aas akka gaafa guyyaa sadii ka`u, of dura dubbateera, akkuma jedhes ka`eera (Matewos 28:1-6, Yohannis 11:35). Utuu abdii kenne sana, raajii dubbate sana hin raawwanne ta`eetii silaa inni sobaa, ture. Utuu Kristoos du`aa hin kaane ta`eeti silaa Kristiyaanummaan hin dagaagu, hin jiraatus ture. Garuu kunoo Kristiyanonni jiru, in jiraatus, Waldaan Kristiyaanaas jirti in jiraattis, Jireenyi Waldaa Kristiyaanaa jiraachuu Kristoos irratti hundaa`eeti. Inni jiraataa waan ta`eefi.

Kristiyanummaan Amantii jaallatamaa dha. Amantaalee jiran hundumaa keessaa kristiyanummaa duwwaatu addunyaa gara gaariitti, gara nagaatti jijjiiruu danda`a. jijjiiraa jiras. Guyyoonni lakkofsi yeroo wagga addunyaa irratti kan ka`umsa godhate du`aa ka`uu Kristoos irratti, guyyoota keessa ad-

dunyaan guutuun Sanbata duraa fi sanbata guddaaf ilaalcha addaa kan qabaatan Kristoos irraa kan ka`eefi, sanbata guddaa guyyaa Kristoos du`aa ka`ee mullateedha, guyyaan kun guyyaa gooftaa jedhameeras, guyyaa kana guyyaa itti Kristoos waaqeffamuudha. (Maatewos 28:1-6, Hojii Ergamootaa 20:7).

Kristyaanummaan, Naamusa barsiisuudhaan, Kristiyaanummaan, haqaan hojjechuudhaan, Kristiyaanummaan, wal jaallachuu wal kabajuu, walliif gadduu, waliif yaadu, wal ta`iinsa maatii, abbaan manaa haadha manaa tokko duwwaa qabaachuu, waliif kadhachuu, diinaaf illee kadhachuu, Abbaan manaa mataa haadha manaa ta`uu, garuu isaan lameen ga`ee mataa mataa isaanii qabaachuu isaanii barsiisa kristiyaanummaan, jireeny kristiyaanummaa biyyaafis, hawaasaafis, maatiifis baayyee barbaachisaa dha.

Kristiyaanummaan Amantaa yeroo ta`u amantaa jechuun immoo Waaqayyoonis Namootaas tajaajiluu jechuu dha. Yaaqob akkas jedha "Waaqayyoon sodaachuun inni Waaqayyo keenyaa fi abbaa keenya duratti qulqullaa`ee, fi xurii hin qabne dubartoota abbaan manaa irraa du`es rakkina isaanii ilaalanii gargaaruu dha. Xuraa`ummaa biyya lafaa irraas of eeggachuu dha." (Yaaqoob 1:27). Jara kana ilaaluun gargaaruun jireenya haawaasaa irra isa caaleedha, kunuunsuudha. Karaa biraa Phawulos akkas jedha "Ba`aa walii baadhaa! Akkasittis seera Kristoos in raawwattu" jedha (Galatiyaa 6:2).

Kristiyaanummaan kan iddoo bu`u Waaqayyo isa Uumaa waan hundumaati (Seera Uumamaa 1:1). Waaqayyo Kristoosiin gara biyya lafaatti ergee, cubbuu ilmaan namootaatiif du`ee warri isatti amanan akka fayyan amanu Kristiyaann Kristos akkas jedha "Cubbuu keessaniin akka duutan isinitti himeera, ani eenyu akkan ta`e beektanii yoo amanuu dhaabaattan, cubbuu keessaniin in duutu isaaniin jedhe" (Yohannis 8:24). Kristiyaanonni Caaffata qulqullaa`aa Hafuurri qulqulluun akka barreessan gochuu isaa amanu (2 Phexros 1:21, 2 Ximotewos 3:16-17, Maatewos 24:35). Waldaa Kristiyaanaa kan hundeesse Kristoos ta`uu isaa, warra fayyan immoo Kristoos Waldaa isaatti akka dabalu Amanna Kristiyaanonni. (Maatewos 16:18, Efeesoon 4:1-6, Hojii Ergamootaa 2:47). Du`uu Awwaalamuu fi Awwaala keessaa ka`uu Kristoositti amanna, kunis misiraachoo biyya lafaatti lallabamuu ta`uu isaa amanna. Krsistoos akkas jedhe gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa, Uumama hundumatti wangeela lallabaa kana mane kan Cuuphames in fayya, kan hin amanne garuu itti faradama" jedhe (Maarqoos 16:15-16). Kristiyaanonni warri gooftaaf abboomaman akka fayyanii, fi Torban irraa guyyaa isa jalqabaa akka Gooftaa Waaqeffatan, kanas warri godhan warra ayyanii waldaa isaatti dabalaman akka ta`e amanna. (Maatewos 7:21, 1 Phexros 4:16, Yo-

hannis 4:24, Hojii Ergamootaa 20:7, Luuqas 9:23).

Kristiyaanummaan Warra Kristositti amanan tokkummaandhaan deggara (` Qorontos 1:10) hundinuu Kristoosiin tokko ta`uu isaanii Phawulos akkas jedha "Amantiidhaan isin hundumti keessan karaa Kristoos Yesuus ilmaan Waaqayyooti. Warri Kristoositti dabalamuudhaaf cuuphamtan Kristosin akka uffataatti uffattaniittu. Karaa Kristoos Yesuus isin hundumti keessan tokko, Yihudii yookiis Griikii, garba yookiis birmaduu, dhiira yookiis dubartii gidduu garaagarummaan hin jiru" (Galaatiyaa 3:26-28).

Namni fooniin gooftaa irraa dhalachuu hin danda`u, hafuuraan malee, yeroo hafuuraan dhalatu guddachaa deema. (Yohannis 3:3-5). Karaa biraatiin gooftaan duukka buutota isaa waa`ee isaa akka barsiisaniif ergeera, kanas akka isatti amananii abboomamanii fayyaniif Wangeela lallabaa jedhee erge, isatti amananii abboomamaniii hafuuraan isa irraa dhalatu, amanuun dubbii Waaqayyoo irraa waan ta`eef (Roomaa 10:17). Amantiidhaan malee Waaqayyoon gammachiisuun hin dandaa`amu (Ibroota 11:6), Ammas barreessaan Macaafa Ibrootaa akkas Jedha "Yesuuus biyya lafaa kana irra yeroo jiraachaa turetti, sagalee guddaadhaan imimmaaniin, kadhataa fi waammata gara isa du`a isa oolchuu danda`utti dhi`eessee, sababii inni ulfina Waaqayyoof gad of deebisee, isatti of kennateefis, kadhanni isaa in dhagaa`ameef. Utuma ilma Waaqayyoo ta`ee jiruu immoo, dhiphina isatti dhufe hundumaa keessaa abboomamuu bare. Inni isa waan hundumaa fiixaan baase ta`ee erga argamee immoo, warra isaaf abboomaman hundumaaf sababii fayyinaa bara baraa ta`e." (Ibroota 5:7-9). Abboomamuun isaa akka hundumti keenya fakkeenya isa godhannuuf nuuf himaa jira.

Kristiyaanummaan hundumtuu akka du`aa ka`u, akka firdii dhaafis fuula Waaqayyoo duratti firdiif dhihaatan in amana. Dhuma irratti qajeelonni gara jannataa, warri jall`oonni cubbamoonni wangeelaaf abboomamuu didan gara Jahaannamaa akka dhaqan amanna.kristos yeroo dubbatu akkas jedheera "Waa`ee kanaa hin dinqisiifatinaa warri du`anii awwaalaman sagalee isaa yeroon itti dhagaa`an in dhufa. Isaan awwaala keessaa in ba`u, warri waan gaarii hojjetan jireenya argachuudhaaf in ka`u, warri waan hamaa hojjetan immoo firdiitti dhi`aachuudhaaf in ka`u" jedhe (Yohannis 5:28-29). Barreessaan Ibrootaas "Namoonni al tokko du`uuf kaa`amaniiru, isa booddee immoo firdiitti in dhi`aatu" jedhe (Ibroota 9:27). Phaawulosis "Namni adduma addaan dhagna isaa kanatti utuu jiruu gaariis ta`e hamaas ta`e, akkuma hojjetetti waan isaaf ta`u akka argatuuf, nuyi hundumti keenya barcuma firdii Kristos duratti dhi`aachuuf jirra" ( 2Qorontos 5:10) firdii booda Hamooonni Gara du`a bara baraa qajeelonni gara jireenya bara baraatti

galuuf jiru. (Maatewos 25:46).

Kristiyaanonni wanti isaan morman jiru. Seexana, Biyya lafaa, hojii fooniitin mormu. (1 Yohannis 2:15-17; Galatiyaa 5:19-21). Dabalataanis, Lola, malaanmaltummaa, Machii, qumaara, Baala adoochaa, ulfa garaa baasuu, wal qunnamtii saalaa walfakkaatuu (sodoom), kanneenii fi kan kana fakkaatan morma kristiyaanummaan. Waaqolii tolfamoo waaqessuu, Amantaa dogoggoraa, warra ofii isaanii Waaqa of godhan hunda mormina. Miseensa isaa foon akka hin nyaanne kristianummaan hin dhowwu. "Isaan kun fuudhuunii fi Heerumuun, nyaata akkasii fi akkasii nyaachuun dhowwaadha" jedhu, Waaqayyo garuu, nyaata adda addaa kana, warri amanan, warri dhugaa beekuu bira ga`anis, galataan fudhatanii akka nyaataniif uume. Wanti Waaqayyo uume hundinuu gaarii dha, wanta galatan fudhatamu keessaas hirmiin hin jiru dubbiin Waaqayyo kadhannis isa in qulleessa" (1 Xiimotewos 4:3-5).

Waan Kristosiin ordofnuuf sagalee dubbii Waaqayyoo irratti kan hin hundoofne Amantaa Kristiyaanummaa hunda iyyuu hin fudhannu. Karaa biraatiin Biyyi lafaa Maqaa Kristiyaanaatiin lallaba sobaatiin guutamtee jirti, waldaan yeroo gargar baatu, krstiyaanonni yeroo wal lolanii, gargara ba`an dhaga`amaa jira kuni Kristiyaana bikka bu`uu hin danda`u. kanaaf Kristiyaanummaan akka Macaafa qulqulluu, barsiisa sobaa itti hin maktu, kanaaf nuyi warra akkasiis dhugaa Caaffataa barsiisuu qabna. Biyya lafaa kana Iddoo jireenya nagaa, jireenya wayyaa gochuudhaaf kristiyaanummaa isa Waaqayyo fo`ate sana ibsuu qabna.

Birmaduu Amantaaleen qaban in kabjna, garuu duukka buutuu kristoos jedhanii gareetti hin amannu. Waaqayyo amantaa sobaa hin ayyamne, garuu waan calluma jedheef isatu beeka. Eenyu iyyuu amantaa isaa dirqiitti na ordofaa jechuu hin danda`u, dhiibbaadhaanis gochuu hin qabu, kana in fudhanna. Namni tokko yoo Dhugaan birmaduu isa baase malee wanti biraa isa birmaduu hin baasu.(Yohannis 8:32). Namoota kan Waaqayyoo wajjin walitti fidee, birmaduu baasu, karaa cubbuu irraas kan deebisu, dubbii Waaqayyoo duwwaadha. Inni immoo dhugaa dha.

Ati Amantaa kam ordofta? Maaliif kana filattee Shaakalte? Ati fooniin dhalatte moo barsiisa kana barattee dhugaan siif gallaan fudhatte?

Amantaan ke siif hiikkaa maalii qaba? akkuma bara kanaa qaroomina irratti hundaa`e moo, akka Kristiyaanota duraati? Miira akkamii sirraati uumee jira?

Namoonni mirga dubbisuu, qu`achuu, waan tokko adda baafachuu hanga qabaatanitti Kristiyaanummaan waan nama sodaachisu hin qabu.

Kristiyaanummaan, hubannoo kennuun, Seenaa jijjiiruunis kan beekkame ta`uu isaa ilaalanii arguun in dandaa`ama, kristiyaanummaan hojiitti yoo jijjiirame, gara jireenya gaariitti kan geessu ta`uun isaa mirkanaa`aa dha.

Kristoositti hin amanne yoo taate, macaafa qulqulluu waaqeffannaas kakuu haaraa dubbiftee qu`attee kristiyaana ta`uudhaaf akka ati yaaduu jalqabdu sin jajjabeessa. Kanaan Kristoositti Amantee, Yaada garaa keetii geeddarattee, Kristoos ilma Waaqayyo ta`uu isaas dhugaa baatee, dhiifamuu cubbuu keetiitiif Bishan keessatti Awwaalamuudhaan cuuphamtee jennaan Kristoos si fayyisa, Waldaa isaattis si dabala. (Ibroota 11:6, Yohaannis 14:1-3, Hojii Ergamootaa 17:30-31, Roomaa 10:10, Maatewos 10:32, Hojii Ergamootaa 2:38, 47) kana booda Ati Kristiyaana taata. (1 Pheexroos 4:16), kana gochuun salphaa mitii? Kun waan nama Rakkisu hin qabuutii yeroon kees Ammaatii dafii murtessi. Nuyis siif kadhanna.